



# *Crisis In The Muslim Mind*

*Dr. Abdulhamid Ahmad Abu Sulayman*

*Burjaaja'iinsa Hubannoo  
Muslimaa*

**Qopheessaan:**

*Dr. Abdulhamiid Ahmad Abuu Suleeymaan*

**Hiikaan:**

*Faawundeeshiinii Daar Al Fikri*

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2017 G.C

# **CRISIS IN THE MUSLIM MIND**

**Dr. Abdulhamid Ahmad Abu  
Sulayman**

**Burjaaja'iinsa Hubannoo Muslimaa**

**Qopheessaan:**

**Dr. Abdulhamiid Ahmad Abuu  
Suleeymaan**

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al  
Fikiriitiif Seeraan Eggamaadha*

Finfinnee, Itiyoophiyaa 2018 G.C

**DF-E-TrBs-18/40**



# Giddu Gala Odeeffannoo Islaamaa

## Waliingahumsa Islaamaa-ABIM

Tooftaa Qo'annoos Islaamaa(1)

Mirgi Maxxansaa Mirgaan Eggamaadha

Kolleejjii Xiinxala Islaamaa Idil-Addunyaa

Herndon, Verjiiniyaa, Mootummoota Walta'an, Ameerikaa

© mirgi koppii 14/4/1993 kan

Inistiitiyuutii Yaad-rimee Islaamaa Idil-Addunyaa

555 Daandii Gruuv, Herndon, VA 22070-4705

Mana Kitaabaa, Kongiras Kaatalogiing Daataa Maxxansaa

Keessatti

Abuuusuleeymaan, Abdulhamiid, 1936-/1355-

Gaaga'ama Sammuu Muslimaa Keessa jiru/ Abdulhamiid

Abuuusuleeymaan

Ingiliffatti kan hiike, Yuusuf Xalaal DeLorenzoo

Teessoona:

p. 160 cm. 22 15 (Islamic Methodology: 1)

ISBN 1-56564-137-X -- ISBN 1-56564-138-8 (pbk.)

1. Islam--Psychology. 2. Civilization, Islamic--Miscellanea.

3. Muslims--Intellectual Life. I. DeLorenzo, Yusuf Talal. II.

AbiiSulaymiin, 'AbdulHamid. Azmat al-'Aql al-Muslim. ID.Series.

BPI 75.A27 1993, 297'.2--dc20

IIIT In-hou.se Desktop Publishing

**by Yusuf DeLorenzo**

**Printed in the United States of America by  
International Graphics Printing Services**

**4411 41st Street**

**Brentwood, Maryland 22072, U.S.A.**

**Tel: (301) 779-7774, Fax: (301) 779-0570, Printed in  
Malaysia, by :Institut Kajian Dasar**

**(The Institute For Policy Research)  
Malaysia**

<b>Baafata</b>	<b>Fuula</b>
SEENSA .....	VI
SEENSA MAXXANSA ARABIFFAATIIF .....	XI
SEENSA MAXXANSA INGILIFFAATTIF .....	XV
BOQONNAA TOKKO.....	1
Hundee Islaamaa Kan Ammayyaa: Furmaata Tokkicha Jiru.....	1
Tooftaa Furmaatichaa .....	1
Tooftaa Ragaa fi Mala Bu'uuraa (Asalah) Islaamaa .....	22
Seenaa Ka'umsa Gaaga'amaa .....	27
Burqaa Gaaga'amaa fi Hegeree Hawaasichaa .....	34
BOQONNAA LAMA:.....	44
Tooftaa Durii Kan Yaad-rimee Islaamaa:.....	44
Gamaaggamaa fi Xiinxala.....	44
Saayinsiwwan Shari'aa fi al-Shari'aa .....	48
Irraanfatiinsa Saayinsiwwan Hawaasaa.....	55
Walitti Bu'iinsa Jidduu Sababaa fi Ergaa Waaqaa Buufamanii	58
Dhaala Beekumsaa Keenya: Dur, Ammaa fi Fuuldura.....	74
BOQONNAA SADI .....	79
Qajeelfamoota Tooftaa Yaad-rimee Islaamaa Keessaa. ....	79
Bu'uuraawwan Tooftaa fi Yaad-Rimee Islaamaa .....	88
Yaadota Bu'uura Tooftaa Islaamaa: .....	98
Amala Bu'a Qabeessummaa Uumamaa.....	98
Alloogummaa Dhugaa fi Hariiroo Haalotaa .....	101
Bilisummaa .....	104
Qajeelfama Bu'uura Irkannaa [Tawakkul] .....	117
Sababa Ta'uu Uumama Namaa .....	121
BOQONNAA AFUR.....	132

Barbaachisummaa Saaynsiwwan Qarooma Islaamaa.....	132
Barruulee Islaamaa Qoqqooduu .....	133
Kallattiwwan Argama Namaa Islaamummaa Keessatti .....	144
BOQONNAA SHAN.....	156
Leecalloowwan Saayinsiilee Hawaasaa.....	156
Islaamessuu fi Saayinsii Barnootaa .....	158
Islaamessuu fi Saayinsii Siyaasaa .....	167
Islaamessuu, Saayinsii fi Teknoolojii .....	180
BOQONNAA JAHA .....	184
Islaamaa fi Fuuldura (Hegeree) .....	184
Islaamessuu fi Dhaabbilee Barnootaa.....	189
Karaa Fuuldura Dhala Namaa .....	194

## SEENSA

Yeroo ammaa hawaasni Muslimaa sadarkaa hamaa keessa darbaa jiraachuun beekamaa dha. Diigamaa fi qoqooddaan, eenyummaa dhabuun, dhaabbileen isaanii kufuun, taateewwan amma isa qunnaman keessaa of baasuu dadhabuun isaan tokko.

Ammas wanti irratti walii galamu tokko jijiiramni barbaachisuu isaati. Keessattuu, hawaasni Muslimaa rakkolee isaa kan qaroomni warra Dhihaa Gibxii fi Turkii irraan gahe irraa siritti waa bareera. Dhalota lamaan darban keessatti, hawaasichi gochaalee abbootiin irree irra geessan kan akka siyaasaa fi bulchiinsaa, aadaa fi hojii daldalaa, lammummaa fi hawaasummaa, saayinsii fi aartiin hedduu miidhamaa turan. Kanneen keessaa tokkoyyuu bu'aa hawaasichi fedhu ykn hawwu hin argamsiifne. Hinumaayyu, hawaasichi geengoo marfataa/dhamaatii keessatti of arge.

Kana jechuun hooggansi hawaasichaa adeemsa sirrii ta'e kan jijiirama barbaachisu fiduu fi gara kallattii kaayoo dhugaa geessu murteessuu hin dandeenye. Dhimmicha yeroo dheeraa fi itti yaaduun, kallattii adda addaatiin ilaaluun, yaalii hawaasichi of baraaruuf godhaa ture irraa ka'uun, adeemsi jijiiramaa yaad-rimee hawaasa Muslimaa akka jijiiramuu qabu itti amanameera. Sababnis, yaad-rimeen uumamaan gocha dursaa, sirrii ta'us ta'uun dhabus.

Xiinxala sirrii qofatu deebisanii of ijaaruu sirrii fida, xiinxala kanatu hawaasicha raafama keessaa bahuun hin danda'amne kana keessaa baasa. Islaamummaan hundee yaad-rimee hawaasichaa fi qor-qalbii dhugaa waan ta'eef, akka

inni[hawaasichi] kaka'umsa horatu, sababa angoo isa keessa jiru ittiin baasee waa uumu, ijaaruu fi gahee isaa bahu godha.

Kanaaf, amantii guutuun kan dubbachuu qabnu jijjiiramni barbaadamu kan bu'uureffatu yaad-rimee Islaamaarratti, barnoottan isaatiin qajeelfama, adeemsa barumsa Islaamaa keessatti hundee qabate, sonoota, safuu fi eenyummaa isaa maddoota ykn ragaawwan Islaamaa irraa qabsiifata..

Akka walii galaatti, yaad-rimeen Islaamaa fi hiikni isaaS adda adda. Hiikni isaa murteessaa waan ta'eef, kitaabichi kun hiika tooftaa isaa addeessu, qajeelfamoota bu'uraa adda baasuu fi, yaadota isaa cimsee gadi dhaabu barbaada.

Kitaabichi kan jalqabu marii haalaan murteessaa ta'e kan yaad-rimee Islaamaa isa duriitiin. Itti aansees jalqabaa fi hundeeawan lafa kaa'a. Eegasii gara mala barumsaa fi raawwii tooftaa kanaa keessattuu bal'inaa fi maalummaan walqabatee ni ilaala. Dhumarratti, wal bira qabiinsi waliigalaa tooftaawan Islaamaatii fi saayinsii giddutti ni godhama.

Kanaaf, barreessaan saayinsii hawaasaa fi namummaa kallattii beekumsa Islaamessuutiin walitti qabee xiinxala.

Xumura kitaabichaarratti, barreessaan dhimmoota lama dubbata: Islaamaa fi fuuldura (hegeree), ammas hegeree dhala nاما. Gara guduunfaarratti, inni (barreessaan) yaada Islaamessuun dhimma hawaasicha dursu kan hedduu barbaachisaa ta'e , hegeree hawaasichaa, hawwii isaa, kaayoo isaa, mala ittin kufaatii keessaa bahu, karaa qarooma haaraa ittiin ijaaruu fi haaromsa isaa ta'uutti quufuu ibsa.

Shakkii malee, tooftaa yaad-rimee Muslimaa fooyyessuun, bu'uura sababoota dhimmichaatti deebi'uun, sochii

baal-tokkerraan gara walii gala adeemuun, mallatoo osoo hin taane sababa dhibee(dhibdee) yaaluun, waa cufaa akka barnoonni Islaamaa ajajuun hojiirra oolchuun wabii milkaa'inaa fi sirraa'insa adeemsa jijiiramaati. Yaad-rimeen kun hawaasicha kallattii sirriirratti qajeelcha. Kitaabni kunis kanuma ibsuu yaala.

Namni gariin barreessichi barbaachisummaa dhimmichi qabuu olitti ol kaasee maxxanse se'a. Garuu dhimmichi yaad-rimee bu'uuraa fi kan hayyoota Muslimaa hunda yaaddessuudha. Dabalataanis, dhimmichi caalmaatu kennameef malee kanneen biro dagatamanii [irraanfatamanii] miti. Faallaa isaa, haaromsi kan dhufu yoo dhimmoonni cuftuu bu'uura Islaamaatiin hiikaman qofa.

Yeroo ammaa gaaga'ama yaad-rimee, maalummaa sammuu Arabaa, deebisanii jaaruu sammuu Muslimaa fi waa'ee sammuu Islaamaarratti hojiiwan qo'annoo baay'een maxxanfamaniiru. Qa'noon ammaa kun garuu adeemsa ykn haala adda ta'e qaba.

Xiinxala isaa kan waa'ee hawaasaa Muslimaa fi beekumsa isaa, kallattiilee tooftaa fi seenaarratti, barreessichi haala adda ta'een keessa gadi bu'ee rakkoo jiru hubata. Dandeettiin hariiroo dhimmoottaa hubachuu fi barumsaaf qarooma irraa argachuu kun cimina barreessichaati fi hojii isaa ibsaniidha. Inni dhimmoota cinaa jiraniin, ykn mariwwan barumsaa fi teknikaa kan yaada nama dubbisutiin hin jeeqamu. Sababa kanaaf ta'a kan jalqabarratti dubbistoonni muraasni akkaataa barreessaan kun ittiin barreesse ulfaataa ta'ee argan. Irra deebi'anii dudubbisuun garuu, ifaan kaayoo barreessichaati fi

yaadni hundee ifa waan ta'uuf, isaanummaanuu waan barreessichi yaade hordofuun hin rakkisu.

Akka dubbistootatti, kitaaba kana gadi fageenyaan dubbisuun, oduu durii ykn ibsa ijannoo akka dubbisaa hin jirre ta'uu ni hubatu. Haa ta'uutii, dubbistoonni yaadaa fi kallattii haaraa keessa isaanii turee seenu ta'uu hubatan. Gabaabumatti barreessaan nama jajjaba kan dhimma waamichaa [da'awaa], ulfaatinaa fi ba'aa qabsaa Islaamummaatiif jecha baateedha.

Dhibee fi dhibdeen hawaasichaa kanuma ykn kallattima barumsi warra baratee yaaluun qofaa miti. Dhibeen hawaasichaa adaduma inni[hawaasichi] dhibamuun dabalaan deema. Inni osoo walaleessaa ta'ee, silaa barumsicharratti mana kitaabaa buufata walalootiin guuta ture. Osoo barreessaan beekamaa ta'ee ammoo, seenaan hojii isaa silaa qabiyyee hedduu ta'a ture. Dhugumatti, barreessaan beekamaan silaa waan barreessitoonni yaadan walitti qabuun kitaaba kophaa baasa ture.

Barreessaan kitaabichaa, haa ta'uutii, nama yaada addaa qabu kan dhimmi isaa kaayyoo fi jiraachuu hawaasichaa ta'ee dha. Yeroof, dubbistoonni jechoonni isaa jajjaboo akka qabsaa'aa (nama karaa Rabbii keessatti duuluu) ykn qajeelaa fi mul'ataa ta'uu hubatu. Barreffamni isaa ifa, waan hojjachuuf hawwe saniiif qajeelaan itti deema waan ta'eef. Karaa marfataa fayyadamuurra, dubbistoota ibsa isaatiin, yaada isaa ammoo dandeettiin fayadama.

Maxxansi kitaaba kanaa kan afaan Arabifaatiin qophaa'e yoo ta'u, waggoota hedduuf waqtii hooggansi siyaasaa fi beektota hawaasichaa dhimma isaarraatti haqummaaniif bal'inaan ilaaluuf xiinxaluudha. Yeroo ammaa garuu, kitaaba kana hiikuuf mata-

dureewwan isaa beekuun waan barbaachisummaa hedduu qabuudha. Wanni abdannu tokko, kitaabichi dhimma yaada beektotaa fi hooggantoota hawaasichaa, akkasumas kan dargaggotaa calaqqisiisuu keessatti bakka argachuu isaati.

Rabbiin hundarra Ol-tahe kitaabni isaa akkuma nu abdannu akka bu'a-qabeessa ta'uuf haa nuu godhu; milkii kan kennu Isa!

Galatni hundi kan Rabbiiti[Allah] ti, Gooftaa Addunya!

Dr. Xaahaa jaabir al Alwaanii

Prezidaantii, IIIT

Ji'a hajjii 1314AH/Onkololeessa 1993AC

Hernidon, Verjiiniyaa, Amerikaa

## **SEENSA MAXXANSA ARABIFFAATIIF**

Galatni kan Rabii [Allah], Mootii Addunyaatiif  
Nagayaa fi Rahmatni Ergamaa fi Gabricha Isaa Nabi  
Muhammadhiif haa ta'u

Kitaabni harka keesssan jiru kun kan adda ta'eedha. Kan bakka birootii walitti sassaabame, ykn walitti qabamee miti. Garuu, qorannoodha; Ibsaa fi xiinxala yeroo jirenya kiyyaa narraa qabateedha.

Ijoollummaa kootirraa jalqabee, onnee fi qalbii koo akkuma bareessitooni fi walaleessitooni isbsanitii, yaalii miidhaa hawaasa Muslimaarra gahaniif bane. Makkaatti guddadhe; gola bakka qolli kitaaba koo fi fuulli seenaa ija koo dura itti banametti. Akka ilaalcha kootti, waqtiilee gaggaarii fi fokkatoo hawaasni Muslimaa cimina gootota isaatiin keessa darbe argeera. Hadhaa fi abdii kutannaan ture qalbii kiyya keessa gadi fagaateera; garuu raafamni ykn rakkoon kun akka jijiiramuu danda'u kutanna fi ofitti amanamummaa natti uumeera.

Addeemsi jirenyaa muxannoo fi beekumsa naaf kenne. Akkasumas, sababa hawaasni Muslimaa ittiin dadhabee fi kufe maal akka ta'e of gaafachurraa deebi'ee hin beeku. Sodaachisa kamifuu harka hin kenu; deebii quubsaa hin ta'in kamuu fudhachuuf qophii miti. Dabalataanis, muxannoo dhuunfaa fi qo'anno barumsa yaad-rimee Islaamaa fi beekumsa ammayyaatiin gargaarsifadhee, rakkoo hawaasa Muslimaa walitti fufiinsaan itti yaadaa, sababa isaas barbaadaa, deebii fi furmaatas soqaa ture.

Takkaabooyicha, aarii fi mufii hamaa ykn immoo yaada hawwii warroonni abdii qofaa ibsanitti quufee hinbeeku. Anaaf,

rakkoolleen hawaasa Muslimaa kan hundaa'an qorannoo fi xiinxalarratti. Kanaaf kan ani qaamaa fi dandeettii koo, barumsaa fi gahumsa koos hojii kanarra kaa'e. Guyyaa fi halkanis an kan yaadu seenaa hawaasa Muslimaa, taatee taateen, gadi fageenyaan qayyabachaati kan ture. Wanti fedhes dhugaa fi furmaata qofa.

Hogguu barreessu, rakkoleen hawaasichaa rakkolee kootis akka ta'an godheeti kan fudhe. Wanti barreessu kamiyyuu mormii, saaxila baassuu ykn mormii ykn fuulaan dhahuu miti. Garuu haasawa srrataa kan dhugummaa fi iftoominni isaa qar-qabeessaa fi hidhaa ta'eedha.

Yeroo kana isinitti dubbadhu, qabeenyi bareedina hawaasichaa, gaarummaan jalqaba isaa, ciminni adeemsa isaa, beekamummaan amantii isaa, wareegama kafaluuf qophiinii fi haqni jiru ifa akka ta'e naaf gala. Qeeqa gadibuusuuf miti; dhiifamas barbaaduuf miti; barbaachisummaa isaas hamma barbaadamuu gadi gochuuf miti; garuu dirqamni of irratti fudhe: wanta barbaachisuu fi duubatti-hafiinsa jiru adda baasuu fi kallattii ittin keessaa bahan saaquaifi.

Bu'aawwan hanga ammaa hawaasichi argate, namoota bebbeekamoo, beektota, hayyu-dureewan, dargaggoota, ykn warra karaa Rabbii keessatti qabsaa'an kanfaarsu yoo ta'e; wanti dhiifama gaafachuu qabu, osoo dhibeen hammaataa jiruu, dhugaa jiru dhoksuu ykn haguuguu fi akka yaala hin arganne godhoo kootiif. Wanti kitaaba kana keessatti barreesu dhugaa moo soba jedhee hin yaadu/dhiphatu. Dhimmi kiyya guddaan dubbistoonni kitaaba kanaa mul'ata koo kana fudhatanii sababa hawaasni Muslimaa kufef akka qo'ataniif. Osoo kitaabni kun marii cimaan akka godhamu kan gargaaru ta'ee namni san caala gammadu hin

jiru. Barruu bareeda ta'us, kitaabni kun dubbnisutti salphaa miti, dhimmicha isaa, kan walxaxaa fi hawaasa, dhaloota fi jaarrota heddu waan ammateef jecha.

Yaadota kitaabichaa hordofuuf, dubbisaan kitaabichaa seenaa hawaasichaa fi seera uumamaa kan Rabiin [Allaah] ummattootaa fi qaroomman irratti murteesse ykn hojiirra oolche beekuu qaba. Yaadni ani qabu dubbistoonni dhugaa jiru hubachuuf yeroo fi obsa gahaa akka qabaachuu qabaniidha. Fuula takka garagalchuun irra-keessaan kan hafe, ergaa jechichaa ni hubatu jedheeti hin yaadu. Kanaaf xiyyeffanna fi irra deebiin dubbisu qofatu mul'ata jiru hubachuuf gargaara. Dhimmichi bal'aa waan ta'eef, carraan yaada cufa gadi fageenyaan ibsuu ,ykn raagaa seenaa ifa baasuu, ykn immoo yaadota biro itti galchuu xinnaadha. Hinumaayyuu, xiyyeffannaan isaa yaadota gurguddoo fi mataa ta'an irrattidha.

Ani kan amanu geengooawan barumsaa fi aadaa kan hawaasicha keessa jiran, akkasumas geggeessummaan hawaasummaa, yaad-riimee fi mul'ata kitaabichaa waliin kan deeman ta'uu isaaniiti. Abdiin koo, kitaabichi kaka'umsa ol'aanaa fi marii ifa ta'e kan qo'annoo fi xiinxala dabalataaf karaa saaqu akka ta'uudha.

Dhaabbatni ykn gareen hawasichaa kamiyyuu sababa Kanaan akka hojii ofii dhaabu tattaaffin godhame hin jiru. Amantaan, ciminni, sammuu baldhinniif tattaaffin hawaasicha keessa akka jiru nan beeka. Hojiin kun kaayyoo hawaasicha keessa jiru irra gahuuf kan yaalameedha.Taateewwan akka inni karaarraa maqu godhan ykn kaartaa maleessa ta'u, kan sababa san kaayyoon dhiphattee fi filannoон biro itti dhabame beekuudha.

Ani kan yaadu xiinxaltooni hawaasichaa, gaggeessitoonni ,beektonnii fi dargaggooni dhimma gufuwwan kanneenii ni kaasu, ifaa fi amanamummaan irratti hojjachuufis itti gaafatatummaan fudhatu jedheeti. Dabalataanis, kan ani itti amanu, gufuwwan kanniin karaa maqsuuf waan isaan barbaachisu hundaan fayyadamu jedheeti. Wanti ifata'uu qabu, eenyummaa fi uumama keenya irraanfachuun ykn immoo qabeenyaaa fi wareegamaan gumaachuu dhichisuun kaayyo kana galmaan hin gahan. Dhugumatti, jijiirama kan fidu, waa hunda dura, kallaattii ittiin yaadnu adda baafachuudha. Kun ammo kallattii ittiin barsiifnu qulqulleeffachuuuf nu fayyada. Achi booda sirna hawaasummaa fi dhaabbilee keenya ittiin tolfannu baafanna. Karaa kana qofaan hawaasichi deebisee of guddisuu danda'a.

“ Yaa Waaqa, haqa haqummaa isaatiin nutti muldhisi; akka hordofnus nu godhi. Soba sobummaa isaa nutti muldhisi; irraa fageenyas nuu keenni!” Rabbiin Olaane akka hawaasichaaf qajeelluma, kallattii sirrii, irratti qabiinsa, tumsaa fi dandeettii kennu nan kadha. Dhugumatti, Inni ni dhagaha; warra Isa kadhateef deebiis ni deebisa.

Abdulhamiid A. Abuu Suleeymaan, 1412A.L.H/1992  
A.C., Herndon, Virjiinyaa, USA

## **SEENSA MAXXANSA INGILIFFAATTIF**

Hojiin kun, gaaga'ama sammuu Muslimaa keessa jiru, kan jedhu cee'umsaa fi hiikkaa barreeffama Afaan Arabaa kan seeraan qophaa'eeti. Dhimmichi, nama hordofuuf salphaa hin ta'in kun kan xiyyeefatu hayyooni Muslimaa rakkooowwan hawaasni Muslimaa keessa jiruu fi sababa isaa irratti mariiwwan ciccimoo akka geggeessaniif. Hojiin akkanaa nama kamiifuu ulfaataa akka ta'e shakkii malee ni hubatama. Kan hiiksiseefis kanumaaf. Akka carraa ta'uun dhabee, ani hiikuudhaaf yeroos ta'ee carraa hin arganne. Garuu, Yuusuf Xalaal Deloreenzoo fi warroonni kitaabicha gulaalan fi keessa deebi'anii laalan ergaa kitaabichaa kan bu'uuraa akka dabarsan amantii guddaa irraa qaba. Kitaabichi yeroo hawaasni Muslimaa adeemsa kufaatii Gamtaa Sooviyeetii fi ajaja adunyaa gar-lamee keessattiif of arge hiikame.

Addunyaa keessatti, diinonni Islaamaa wareera Muslimarratti banan bakkoota akka Bosniyaa, Kashmiir, Kurdistaan, Suudaan Kibbaa, Somaaliyaa, Pilippiinsi, Burmaa, Filisxeem, Afgaanistaan, Aljeeriyya fi bakka biroottis kan itti fufan ta'uun isaati. Dhimmoonni fokkisoon akkasii kan tajaajilan gaaga'ama hawaasichaa hammeessuu qofaaf. Muslimoonni yeroo gabaabaaf haalota kanneen qolachuu yaalanis, wanti nu irraanfachuu hin qabne dhugaa duubatti hafiinsaa fi hanqina keenna waliin walqabateedha. Akka tasaa garaa garummaan guddaan dhaloota Muslimaa durii fi warra isaan hordofan gidduu jiru isaan durii qaamaa fi xiin-sammuunn ciccimoo ta'uun isaaniiti.

Adeemsi qajeelfamoota Nabiyii osoo Makkaa hin qabatin warra naannawan ykn Xawaafaa ibsaa turan Muslimoota hunda biraa kan irraanfatamee miti. Kitaabichi gabaabinaan kan ibsu dhimmoota akkataa fi walitti dhufeenyaa Qur'aanaa fi Sunnaa jidduu jiru, yeroo fi bakka Sunnaa keessatti jiru, gadi fageenya gaggeessummaa siyaasaatiif hayyoota amantii hawaasichaa gidduu jiruu dha. Dhimma gocha kanaatu hoggaagaggeessitoonni siyaasaa humnaan namoota ajajan, kanneen amantii ammoo kaka'umsaa fi xiin-sammuu fayyadamanii ofirraa deebisuu akka yaalan godhe. Bu'aan dhiibbaa sanii sammuu Muslimaa keessatti hidhaa wahii kan ilaalcha hawaasichaa akka bu'uura hin qabnee fi ofiif yaaduu hin dandeenye godhee dha.

Yeroo ammaa hawaasichi rakkolee kanniin kara ifaa fi amansiisaa ta'een furuu ykn hiikuu qaba. Akka haal-dureetti, wanti jalqabaa hawaasni akka walii galaatti hanqinaa fi gad-aantummaa irra aanuun Qur'aanaa fi Sunnaa qayyabachuu fi hiikuu qaba.

Xumuruuf, barumsaa fi dhaloota haaraa hawaasa Muslimaa tolchanii guddisutu dhimma dursaa ta'uu qaba. Itti gaafatamni jijiirama barbaadamu kana dhaabbatatti jijiiruu kan jiru hayyootaa fi beektota Muslimaarra. Isaantu hidhaalee xiin-sammuu kan jaarrota darban hedduuf hawaasicha haguugan kuta. Isaantu dhibdee ture qoratee yaala sirrii ta'e ajajaaf. Yoo kana ta'e qofa hawaasni Muslimaa kallattii Islaamaa sirrii ta'e kan tokkichummaan, bakka bu'ummaanii fi obbolummaan itti qajeelchitu kan qabatu. Dhumarratti, Muslimni takkuma cimina, gootummaa fi kaka'umsa isaa deebisee argannaan, bu'aa isaanii

qofa osoo hin ta'in qaroomina addunyaatiifuu galtee gahee  
guddaabaha.

Abdulhamiid A. Abuu Suleeymaan, 1414A.L.H/1993 A.C.,  
Herndon, Virjiiniyaa, USA

[xviii]

## **BOQONNAA TOKKO**

### **Hundee Islaamaa Kan Ammayyaa: Furmaata Tokkicha Jiru Tooftaa Furmaatichaa**

Namni tokoo kan waa'ee hawaasichaa qo'atu duubatti hafiinsa aadaa, siyaasaa, miidhaa isaa hubachuuf kan rakkatu hin jiru; qabeenyaa namaa fi leecaloo akkasumas sonootaa fi qajeelfamoota bu'uuraa qabaatus. Sun gaaga'ama hawaasaa kan onnee keessa gadi seeneedha. Dubatti hafiinsaa fi kaayyoodhabdummaan dhimma yeroon gaafatu ol aanaa ta'uun qor-qalbii hawaasa Muslimaa keessatti kan eeggamuudha. Kanas, namoonni yaadaa gaarii qaban bebbeekamoon kan yeroo hedduu ibsanii dha. Kanaaf kan hawaasichi haaromsaa fi deebissee of baraarsuu barbaadu.

Rakkoolee ijaarsa hawaasichaarratti hojjachuu fi yaalii milkaa'aa gochuuf haal-duree guutuuf, sababa hundee (bu'uura) kan rakkowwan kanniinii qayyabachuun dirqama. Akka haqatti, duubatti hafiinsi hawaasichaa kan ammaa kan siritti beekame, yeroo adeemsi jirenyaa, yaad-rimeenii fi dhaabbileen isaa qormaata qaroomina warra Dhihaatiin sodaachifamaniidha. Wanti jedhamuu qabu, qo'annoo xiinxalaa kan gadi fageenya qabu kan tokkoo tokkoo hawaasichaarratti godhamu kan inni qofti kallattii hawaasicha kufaatii keessatti galchee fi galchaa jiru xiinxaluudha.

Jaarraa hedduuf hawaasichi dadhabaati kan dhufe. Walumaagala, naannolee fagoog muraasa qofa hambifatee, humnaan koloneeffataa Awurooppaa jala seene. Tarii,, dhugaan

jiru kan san daran nama dhukkubsu, hawaasichi, har'umayyuu, dhiibbaa bal'aa simachaa jiraachuu isaati. Addunyaan guutuun daangaa bulchiinsa isaaniirratti oolaantumaa qaalii karoorfatanii, industirii alaatiif gabaa barbaachisu, meeshaa dheedhii, humna namaa rakasaa fi kan hin leenji'an barbaadutti ka'an. Kun kan ta'aa jiru yeroo hawaasichi ofumayyuu nyaachisuu dadhabettii fi fedhii industirii fi bu'urri saayinsii fi teknolojiji, muxxannoon ogummaa, dhaabbileen teknolojiji fi ulaagaaleen aangoo of danda'iinsaa isa keessatti gogetti.

Sababoонни dadhabbi fagoo gara seenaa duubaa deebi'a; dhimmoonni hunduu ammuma hin raawwanne. Ummatni baay'een kan dadhabe hogguu guddinnii fi dagaaginni isaan qabaataa turan kufuudha. Kun hawaasa Muslimatiifis dhugaadhaa, kan sadarkaa duriittii, qabeenya, giddu-gala barnootaa, carraawan nam-tokkee fi hajiiwwan hawaasaa itti dagaagee ture. Garuu, mallattoon kufaatii hawaasichaa kan mul'ataa dhufe yeroo babal'ifanaa daangaa bulchiinsaa fi malaammaltummaa, jijiirama haleellaarraa gara ofirraa ittisaatti, kufaatii Bagdaad, Quds, Qurxubaatiif bakka yeroo hedduuti ta'e irraati. Dadhabina keenya, maaltu akka dhibdee san fide, maaltu mallattoo isaatii fi walxaxiinsa jiru beekuun daran barbaachisa. Babal'inni gartuu (adeemsota haaraa) jiraachuun hawaasichaaf haaraa miti. Haalli kun kan jalqabe, dhufaatii Saabaaiyyaa, Ismaaa'iliyyaa, Nureeyriyyaa, Doruuzii fi kan biroos wajjiin walqabateeti. Har'as qoqqoodamni bifa Bahaa'iyaa, Ahmadiyyaa, Qaadi'aaniyyaa fi Gosummaa itti fufeera.

Adeemsonni kunniin ifatti mallattoolee dhibdee bara durii hawaasicha keessatti hidda qabatanii fi yeroo Muslimoonni bulchiinsa Roomaa fi Peershiyaan miidhamaa turan irraa jalqabeeti. Isaanis dhiibbaalee isaanii baraaruuf madaala nama sivilii fi humna hidhatee eeguuf kan dirqamanii gosoota Araba kanneen dhiheenya amantii fudhatan kakaasaa turan. Qor-qalbiin gosoota Araba duuchaadhumatti gara barnoota Islaamaa waan hin galiniif battalumatti sababa warraaqasaa uumanii kan Kaliifaa sadaffaa, Usmaan Ibni Affaan kuffisan, hogguu Madiinaa, magaalaa bulchiinsaa Nabiyyii wareeranitti. Taateen kun bulchiinsota gosaa kan barumsa gosummaa, haftee durii fi amantiin makaa ta'an uume.

Hogguu xiqqueenyaa hawaasichi keessa jiru, hammeenyaar rakkoolee isaa mudatanii, sadarkaa kufaatii isa dhukkubsaa jirtuu ilaallu, ulfaatinni dhimmichaa fi barbaachisumma tattaaffii miidhaa dabalataarraa isa baraaruuf godhamuu qabuu ni hubanna. Kunis akka hawaasichi daran hin kufnee fi miidhamneef.

Guddinni faaydaa hin qabane kunniin kan mul'atanii fi kaayyoo dhimmichaarratti namni yaadu kamuu irratti walii galus, deebii ykn haala furmaataarratti mul'anni ifaan hin jiru. Hinumaayyuu kan kanarra hammaatu gosummaan, sabummaan, naannummaanii fi aantummaan babal'achuudha. Muraasni warrra haromsoota jedhamaniis diina hawaasichaa ta'an, ilaalchooni alaa akka bala'ataniif beeksisaa turan. Wanti jedhanis, ilaalchonni kunniin hawaasa fayya-qabeessa uumuuf, jalqaba guddinaa fi haaromsa fiduuti jedhu.

Waan hunda dura, wanti murteessuu qabnu, gaaga'amaa fi kufatii nurra ture sana balleessuuf dhuguma jalqaba ta'uua isaati. Kanaaf jalqaba mee bakka ka'umsaa fi filannoowwan hawaasichaa haa keenninuu. Kunniinis kallattii sadii gurguddootti qoodamuu danda'a:

1. *Akkeessa furmaata alaa*: kun yeroo hedduu furmaata alaa jedhama, furmaata muxannoo aadaa kan akka amantiif mootummaan adda (secular), meeshaaleyyummaa [materialism] fa'a warraa Dhihaa kan ammayyomerra ergifachuuti.
2. *Akkeessa furmaata seenaa*: kun kan ibsu seenaa muxannoo Islaamaa kan duriiratti irkachuu fi dhugummaa isaa bakkaa fi yeroon osoo addaan hin baafatin jechuudha.
3. *Furmaata Islaamaa Kan Bu'uuraa [Asaalaa]*: adeemsa kanatu furmaata sirri hojitti hiikuu feessisa; kan dhufes ragaalee Islaamaa amanamoo irraa rakkoo hawaasichaa hiikuuf jecha.

Adeemsa hawaasni guddina ofii deebisee gonfachuuf godhu keessatti, kallattiowan afurtu jiru:(1) Adeemsa ykn mala sirrii ta'e adda baafachu; (2) mala sanitti sirnaan amanuu;(3) kaayyoo isaa galmaan gahuuf wanta barbaachisan cufaa qopheessu; (4) wantoota dhimma kana fiixa baasuuf qabatamaan barbaachisan hunda kennuu ykn gadi lakkisuudha.

Adeemsa sirrii beeksisuun jalqabuu dandeenya; waan hunda caala barbaachisu kallatimaan hawaasaan, barreessitoota hawaasichaatiif, xiinxaltootaaf, akkasumas hooggantootaaf

gahuu dha. Karaa Kanaan isaanis yaada keenya, akka hunda caalu amananii fudhachuu danda'an. Tarii, furmaata keenya beeksifachuuf malli irra bu'a-qabeesssaa: dadhabina adeemsa dogongoraatiin dhufe, rakkoo isaa fi deebii sirrii ta'e, akkasumas maaf akka fudhatamuu qabu ibsuun ta'uu danda'a. Tooftaa kanatu kitaabicha kana keesssatti hojiirra oole. Yeroo hawaasni adamsitoota aadaa warra hawaasicha dhamaasanii of dagachiisaniin wareera jala jiru kanatti, furmaatni kun maaf akka barbaadame ni hubatu, deebiin biroos akka hin hojjanne ni beeku. Yoo qixa kanaan ta'e hawaasni furmaata daran srrataa ta'e kaa'ee hiikuuf deema.

### Furmaata akkeessaa Seenaa

Adeemsi ykn adeemsi seenaa duraan filannoo hawaasichaa ture. Garuu, adeemsi kun uumamaan waan akka galtee, naannoo dhihoo fi waan tasa ta'u irra dabra. Yeroo ammaa, hawaasichi dhiibbaawwan ammayyaa fi humnoota baraarama isaatiif yaad-rimee isaa dhiiban dandamachuu dadhabeti kufe. Osoo furmaataawwan durii ammas kan hojjatan ta'ee, har'a gaaga'amni ykn kufaatiin, dhibdeen argamus hin jiru ture. Dabalataanis, adeemsi durii kun akka hanqina qabu dhiifama gaafachuun hin barbaachisu. Yoo xinneessuuf hin ta'in, adeemsi durii sun dhugumatti rakkolee dabran kanniin ilaaluu qaba ture. Gochuma kam keessattuu, rakkoo jiru bal'inaan laaluu ykn irratti hojjachuu hin dandeenye.

Hanqinni guddaan adeemsa durii, jalqabuma irraayyuu, ofitti amanurraa ta'uu qaba, garee ykn cifraa cufaa, adeemsotaa fi

taateewwan biroo kan isaan walii hin galle hin simatu. Adeemsawarra faallaa wajjiin walgargaaruun ykn waltumsuun gonkumaa keessatti hin hojjanneedha. Hinumaayyuu, innumtuu mallaattoo rakkoo hawaasichaati. Jalqabummaa, adeemsi yaad-rimee ummataa yeroo dheeraaf irra dhahee ture kun bara Islaamaa akka warqii san kunuunsuu hin danda'u ture. Adeemsi durii dhugaa seenaa fi misooma meeshaa ni irraanfata. Kanaaf walitti dhaabee kufa, hawaasni Islaamummatti amanus. Kun ammas wanti ibsu beektonni Muslimaa maaliif akka waljijiirraa ammayyaa dhiisanii karaa amantiitti fi namoomaatti gabaabbatan kan jedhuudha.

Fakkeenyi akkamitti adeemsi durii daangaa dabriinsatti nama qajeelchuu ibsu tokkoo warra haaromsa Muslimaa kan walitti hidhamiinsa gidduu sirna hawaasummaa fi siyaasaa ammayyaa isa kan bakka bu'ootaa faallessee addeesseedha. Yaadni adeemsa duriirratti hundaa'e wanti jedhu, hawaasni kan haaromsamu, abaa irrummaa haqaatiin [just dictatorship]. Kun, akkuma barataan saayinsii siyaasaa kamu beeku, jechaan walfaallessa. Kunis, abbaairrummaa fi haqni lamaan waliif faallaadha ykn karaa kamiinuu wal hin simatan, kitaaaba Rabbii keessatti dhimma yeroo hedduu ibsame.

كَلَّا إِنَّ الْإِنْسَنَ لَيُطْغِي ﴿٦﴾ لِلْفَوْقَ: 7-6

*garuu namni garuma hundaan jallata, kana keessatti akkuma waan of danda'uutti of ilaala (96:6-7),*

وَشَاءُرُهُمْ فِي أَمْرٍ ﴿١٥٩﴾ عِمَرَانٌ : 159

*ammas dhimmoota (yeroo) keessatti isaan mari'achiisi (3:159)*

وَأَمْرُهُمْ شُرَكَىٰ لِيَنْهَمْ وَمَا رَدَقُهُمْ يُفَقِّهُنَّ ﴿٣٨﴾ الشُّورَى: 38

*dhimmoonni issaanii (kan raawatu) marii jidduu isaaniitti godhamuun (42:38)*

Adda bahiinsi geggeessitoota amantii Islaamaa fi geggeessitoota siyaasaa yeroo dur waldhabiinsi gidduu bakka-bu'iinsa (kulafa) duraatii fi garee gosootaatiin. Kun ragaa walitti bu'iinsa sarara hooggansa durii kan akka al Huseeyni ilma Alii, Abdallah ilma Zubeeyri, Muhammad al Nafs al Zakiyah, Zeeydi ilma Alii fi kanneen biroo warra adabaa fi safuu Islaamaa kan sarara bulchiinsa Islaamaa isa jalqabaa Madiinatti, akkasumas hooggansa siyaasaa haaraa gosummaa fi naannummaa keessatti uumanii dha. Siyaasni garee duraa garee lammataatiin injifatamnaan, miseensonni isaa, beektota wajjiin, waliin jireny hawaasummaa keessaa bahan. Akkuma yeroon dabruun, fooyinsi beektota Muslimaa dhiibbaa jireny hawaasummaa irraa godhamu ifa ta'e. Bu'aan argame yaad-rimee tooftaa kan adda baaftotaa fi ofeegdota (Shari'aa fi dhiibbaa bulchitootaa sodaachuu) ti.Warri yaad-rimee barnoota kanaa fudhatan dagaagina hawaasa Muslimaa fi aadaa isaas laamshessan. Kanas kan godhan barruu isaanii keessatti gochaa Islaamaa durii (yeroo Rasuulaa fi waggota soddomman itti aanan) bal'inaan ibsuudhaan. Haala kanaan kan hoggansa hawaasaa fi siyaasaa hawaasichaa dabarsanii warra beekumsaa fi siyaasaan gahumsa hin qabnetti kennan.

Fooyama kana booda kan hawaasichi abbaa irree gabbaruu, hiyyumma fi kufaatii hawaasummaatii fi siyaasaatiif

saaxilame. Yeroo wareera Mongoolii fi duula qaxxaammuraa haalli hawaasichaa kanuma. Yeroo amma kanas, hawwasichi humnootaa koloneeffattoota alaa jalatti kufeeti akkanumaan ija qabatee qarooma biyya alaa hawwiin ykn dhiibbaan hordofa. Gara cufaanuu, akkeeffachuuun (imitation) daran xiqqeenyaa fi kufaatii fide. Kanaaf qaawwi aadaa, diinagdee fi teknoolojii jidduu kaabaa fi kibbaa baldhate, gidduu ummata industiriin dagaagee fi hin guddatin kan addunyaa sadaffaatti, hedduun isaanii Muslima kan ta'an.

Barumsi kanarraa barannu adeemsi durii gati-dhabaa adeemsa haaraa kan boqonnaa hin qabne biratti abjuun yeroo durii bakkaa fi yaad-rimeenis akka bu'aa hin qabneedha. Gabaabinnumaan, bu'aawwan ifa jiran kan adeemsa kanaa duubatti hafiinsa, dadhabinaa fi kufaatii dha.

### **Furmaata Akkeessaa Alaa**

Kunis adeemsa biraan addunyaa Muslimaa keessatti maallaqa argateedha. Seenaa keessatti, jalqaba kan fudhatame jaarraa lama dura yeroo Impaayerri Usmaaniyyaa kan Turkii human aanga'ooata Awurooppaatiin wareerametti. Saalim III jalatti Impaayerri Usmaaniyyaa imaammata Awurooppaa akkeessuu jalqabe, kunis karaa ittiin humna isaa kan dadhabe haromfataniitu kana jechuun yaadeeti.

Akka kanaan marroon ona ta'uun fi mul'ata dhabuu bu'uura fakkeeffatuurraa sababa tattaaffii beekumsaa fi muuxannoo teknikaa alaa galchuutiin eegale. Bulchiinsi Turkii

kolleejjii injinariingii kan ammayyaa yeroo ijaartee fi acaadaamii ittisaa adeemsaa warra Dhihaatiin dhaabdee Ofisaroota (hooggantoota poolisaa) leenjifteedha. Sulxaanonne Usmaaniyyaa murteessaniiti, karoorsaniiti, aangoo fi sadarkaa isaanii deebifachuuf jecha bulchiinsa ittisa duraanii diiganii warra mormees goorra'anii humna ittisa isaanii haaromsan.

Haata'u malee, karoora warra dhihaa fakkeessuunis ta'ee, malli filatame mootummaa Usmaaniyaatiif aangoo deebisutti hin milkoofne, dhiibbaalee warroota impaayera isaanii weeraran san ofirraa qolachuufis ta'ee beekumsa hawaasichaa ceesssiuuuf akkasuma. San daran, mucucni mootummaa Usmaaniyyaa ittuma fufuun anga'oota ittisaa kan Dhihaa jalatti kufan. Furmaatni isaan taatee hin eegin kanaaf kaayan warra Dhihaa akkeessuuf tattaafachuun barattoota hedduu gara Dhihaa erguun imaammata dabalataan Dhiha fakkeessuu jajjabeessan. Kun mataan isaa kallattii akkeessuu haaraan as bahe: ilaalcha Turkootaa kan haaromsi hawaasummaa fi siyaasaa kallattii warra Dhihaatiin cinatti adeemsifamuu qaba jedhuu dha. Yoo kana hin yaadin, haala mijataa barumsa, bulchiinsaa fi ittisaa haroomsa impaayerattii deebisanii ijaaruuf atattamaan barbaachisu hin qabaatu.

Yaadni akkanaa haaromsa siyaasaa fi hawaasummaa bilisaa hedduu uume. Haroomsi kunis kan uumame walakkaa jaarraa 19ffaatti yoo ta'u, kunis waan 'Dhaabbata Midhaat Paashaa' jedhamuun. Seenaa keessatti kan beekamu haaromsi kun isa kan duriirra milkaa'aa ta'uu dhabuu isaatiini. Kanaafi kan Sulxaan al Hamiid II kophaa isaa guutuu impaayeratti akka

bulchuuf yaalii abdi-dhabeettii dhumaan keessatti jajjabeeffame, moodeelii seena-qabeessa sirna mootummaa Islaamaa durii fi kan hawaasummaas baraaaruuf jecha.

Adeemsi haaromsaa kun, haala akkeessa alaarratti hundaa'ee, dagaagee kallattii haaraa Awurooppaa dabale: barbaachisummaa sabummaa adeemsa ummataa ijaaruu keessatti. Turkoota keessaa, dursitoonni adeemsa haaromsaa fudhatanii barbaachisummaa sabummaa jajjabeessuu eegalan. Yemmuun siritti ibsu, 'Turaaniyaan Naashinaalizim' kan jedhu uuman. Kun jalqabni isaa sabummaa Paan-Turkish kan Turkootaa dhihaatii fi Asiyaa (Eeshiyaa) walitti qabata. Adeemsi haaromsa ammayyaa Turki keessatti kara aangotti kan ol guddate xumura jaarraa 19ffaa fi jalqaba jaarraa 20ffaattii, yemmuu maqaa gamtaa fi paartii guddinaatiin Sulxaanota Usmaaniyyaa rakkisee, Sulxaan Abdu Hamiid II aangoo irraa fonqolchee, sirna aangoo qabate. Kanaan haaromsi yaalamee ture. Garuu Turkoonni sunniin lola xumuraa Giriikota waliin godhanii handhuura Anaatooliyyaa Giriikkoni qabataniin (ammas akka dhimma yeroo isaanii dheeraatti yaadan) injifatama yaaddessaa kan seera Usmaaniyyaa daran caala rakkisaa ture.

Adeemsi kun hundi jiraatus, yaaliin haaromsaa warra alaarratti irkate bu'aa dhabuun itti fufee, hinumaayyuu haala bal'aa ta'een bulchiinsa Sulxaanota Usmaaniyyaa harka warroota Ripaablikii Turkii Ammaayyaa bu'uressaniitt, Jeneraal Musxafaa Kamaal Ataturkii fi humna ittisa isaa fa'a xumuraaf geessee. Gareen kun akkeessa alaa hanga qacceetti hojiitti hiikanii, hooggantoonni isaanii jijiirama bu'uuraa kan waliigalaa

bifa Awurooppaatiin uumanii, seera Islaamaa fi hawaasummaa Islaamaa balleessanii, yaada mootummaa fi amantiin adda (Islaamummaa fi bulchiinsi) jedhu kan Awurooppaa fudhatan. Dabalataanis, seera Islaamaa fi dhaabbilee Usmaaniyyaa cufa balleessanii ykn diiganii, seera koodii biyyoota Awurooppaa, warra siritti guddatan jedhanii amananiin (Siiwzarlaandi) bakka buusan. Yaalii aadaa Islaamaa kan hegeree dhabamsiisuuf jecha, barruun qubee Arabaa haqameet kan Laatiniin bakka buufame. Hawaasichi akka haala uffannaaw Awurooppaa hordofu taassifame; dubartiin akka hijaaba dhiiftuu fi kadhannaan amantiis (Azaanni fa'a) Turki keessatti akka hin lallabamne taassifame.

Osso seerri Ataaturk hin xumuramin dura, mootummaan imaammata mootummaan dhaabbilee misoomaa fi hawaasummaa keessa qaxaammura seenu hayyamu hedduu fudhatee hojiirra oolche. Keessattu toowannaan mootummaa dhaabbilee hedduu barbaachisoo ta'an kanneen akka dhaabbilee maallaqaa fi misoomaa kan akka kubbaaniyaalee baankii fi inshuraansii fa'a irratti jechuudha. Garuu, misoomman kunniin haala Turkii fooyyessuu hin dandeenye. Hinumaayuu, dadhabinni ishii sadarkaalee furmaata akkeessaa cufa keessa dabrus walitti dhaabee itti fufe. Akkeessaan isaan silaa godhan keessaa: saayinsii fi teknoolojii galchuu, humna ittisa ammayyaa uumuu, bulchiinsa sivilii ammayyoomsuu, yaadota bilisaa seensisuu, aadaa warroota Dhihaa babal'isuu, haroomsa siyaasaa fi dhaabbataa, sabummaa, gosummaa fi adda-bahiinsa amantii fi mootummaa, ijaarsa seerotaa fi dhaabbilee Awurooppaa fi

toowannaa motummaa kan dhaabbilee murteessoo ta'an kanneen akka: hawaasummaa, misoomaaa fi maallaqaa fa'a.

Hanga ammaatti, wanti akkeeffachuun sun hundi fide yoo jiraate dabalataan dadhabaa deemuu bulchiinsa Turkii fi guutuun guututti humnoota warroota Dhihaatiin caalamuu dha.

Jeneraal Ismaat Inoonuu, kan Ataaturki booda dhufee yeroo dheeraaf michuu ture, sababa imaammatootaa fi dhiibbaa warrota dhihaatiin, bulchiinsa mootummaa tokkee (Partii Rippaablikii) balleessee, irra deebiin paartii haaraa haarumsa siyaasaa bilisaatti deebi'e. kanarrraa ka'uun, filannoon haarofni adeemsifamee, paartiin mormaan dimokraatawaa Adnaan Mendiriisiin durfame aangoo qabate.

Isaanis tarkaanfilee jajjaboo hedduu fudhatanis, Turkii aangoo fi sadarkaa duritti deebisurrtatti yaaliin kamuu fiixa hin baane. Faallaa sanii, hammeenyi itti fufeeti, bara 1960 Mendiriis fonqolcha yeroo duraaf taasifame fannifamee guutummatti gara abbaa irrummaa fi ukkaamsaatti seename. Kanaaf, Turkii kan har'as akkuma dur 'Nama dhibamaa Awurooppaa' taatee hafte. Haqumatti, Hammeenyi Turkii keessa jirtu dhibee caala. Maxxantuu moonaa warra Dhihaa hordoftu tan takkumaa waan ofii fooyyeffachuuf abdii hin horatin taate.

Yoo muxannoo Gibxii ykn Masrii itti dhiheenyaan ilaalle, yeroo Muhammad Aliirraa, jaaraa 19ffaa A.L.A/13ffaa A.L.H irraa hanga ammaatti, akkasumas, muxannoolee biyyoota Islaamaa kan akka: Arabaa, Eeshiyaa fi Afrikaa yoo laalle, wanti

arginu waan Turkitti ta'ee fi bu'aa fokkisaa argame kanaan addaa miti. Jaarraa hedduuf, addunyaan Islaamaa, waan akkeessuu jedhamu kan alaa kanaan, dhibamaa fi qaama caccabe ta'e. Ammas akkasuma ta'ee itti fufe hamma galoon qaroominaa warra guddaterraanisa adda maqsu dabalaad deemu.

Sababa kufaatiin adeemsa kanaa qayyabachuuuf salphaadha. Sabni, akka hawaasa waliin jiraatuutti, wanti keessa jiraniin, haalli fagoo daran dhunfaa caala walxaxaa fi anniisaan isaan kakaasu fi dhiibbaa san qolachuuf. Sabni kamuu, haaluma kanaan, kaka'umsa, xiin-sammuu fi seenaatiin waan irraa walitti qabamu kan akka amantaa fi yaadaatiin walfakkeenyaa mataa isaa qaba. Dhimmooni kunniin yoo sirritti namaa hin galin, hawwasicha kakaasanii cimina dur dhokatee ture akka deebifatan gochuun hin danda'amu.

Wanti nama tokko kakaasu kan biroo kakaasuu dhabuu danda'a. Sabaafis akkasuma, sabni kamuu waan isa jajjabeessuu fi filannoo ofii waan qabuuf. Kanaaf, filannoo saba tokkoo irraanfatuunii fi duuchaadhumaan karoorama biroo akkeessuun sirrii miti. Haaromsi osoo saba hin hubatin godhamu hawaasichi akkuma jaarrota darbanii alaa galchuu fi akkeeffachuun fuuldurri isaa homaa fooyee hin fidu.

### **Fakkeenyota Seenaa Ammaa Irraa**

Dhimma armaan oliitiif, fakkeenyota hedduu salphoo fi kan sirritti namaa galan keessaa tokko miidhaa sirni baankii warra Dhihaa hawaasarraan gaheedha. Dhihatti, yeroo jalqaba mul'ate, sirni baankii gaafii misoomaa fi daldalaa kan warra hawaasa

Dhihaa deebisuuf ture. Dhaabbileen alaa galan kun dhiibbaa faallaa hamaa bu'uura Islaamaarratti uuman. Bakka silaa misooma fi ijaarsa diinagdee hawaasichaa ijaaruu, dhiibbaa dabalataa alaatiif saaxile. Sababni guddaan dhiibbaan faallaan baay'ateef garaa garummaa amantaa fi sadarkaati. Akka haqaatti, baankiin dhihaa kun qoqqooddaa fi walitti bu'iinsa uumuun, ciminna hawaasichaa barbadeesseeti, kaka'umsa isaa laaffiseeti, humna isaa bittinneesseeti, qabeenya isaarratti warri alaa akka irra dhahu haala mijeesse; hamma silaa guddinaa fi misooma diinagdee guddisuu qabu.

Kan san caalu, sababni baankii warra Dhihaa Dhiha keessatti milkaa'ee hawaasa Islaamaa keessatti kufeef, maloota isaan fayyadaman kan jalqaba Dhiharraa dhufantu sirna misooma Islaamaa keessa seenuuudhaan, namoota dhuunfaa fi hawaasichas filannoo akkaan hamaa keessa galche: qabeenya fi misoomni diinagdee addunyaa kanarrraa bu'uurri deddeebisaa (transaction) dagaagina fida; yoo barmaatilee fi sirnnooni Islaamaa hordofame ammoo duubatti hafiinsaa fi hiyyummaa fida jedhu.

Wanti Muslimni irratti walii galu tokko, har'a addunyaa kanarratti jiruu bareeda, boru (addunyaa itti aanu) tti ammoo nagaya, mindaa fi jaalala ol'aanaa argatuudha. Haalli walmadaalu ykn walfaallessu kan wanti addaa lamaan gaarii fi badaan har'as borus itti walfakkaatu hin jiru. Baankiin Islaamaa har'a addunyaa Islaamaa keessa jiru yaalii furmaata Islaamummaa gar-tokkee fi filannoo godhamaa jiru keessaa isa tokko. Kun abdii fi hawwii Islaamummaan ammayyaa barbaadu, kan akka tajajaajila

maallaqaa fi misooma karaa namummaa, yaad-rimee fi onnee Muslimaa tasgabbeessuun fa'a ta'u qaba.

### **Hawaasichaa fi Furmaata Alaa Gale**

Furmaanni alaa gale, mallattoof malee, deebii agarsiisaa kan akka diraamaa taphumaa fi gaadisaa dhugaa fakeeffamuu dha; wanti guddaan dhageeffattoonni yeroo agarsiisaa godhan iyyiinsa ykn jibbiinsa waan mul'ataa jiruraa qaban ibsuudha. Kana jechuun, waan ta'aa juru (gaggeessa siyaasaafi hawaasummaa) keessatti hawaasichi gahee wayyaba kan hin qabne ta'uu isaati. Kun wanti ibsu sababa yeroo hundaa tokkoon taphoota kanaa tasuma xumuramuuf, ykn hoogganaan aangoraa kufuuf, gaheen jiru dhumatuuf, hawaasni socho'eetuma akka waan homaa hin raawwatinii deebi'ee qabbanaa'a. Fagoo osoo hin deemin, taphni biraa kan mul'atu, diigama biroo, aangoo biroo fi bulchiinsa biroo fi fakeeffata ykn akkeeffata marsaa biroo fi furmaatilee alaati.

Garaagarummaan gidduu yaad-rimee ummata guddatanii, hooggansa isaaniifi dhaabbilee daangaa isaanii jiranii fi akkasumas yaad-rimeen ummata duubatti hafanii, hooggansaa fi dhaabbilee isaanii ifa ta'uudha: warri guddatan dhugaadha; waan kallattiin bu'uura, hawwii fi namummaa akkasumas fedhii ummata saniiraa waan ka'aniif jecha. Kannintu galteewwan yaad-rimee, imaammataa fi barmaatilee isaanii kan hooggansaa fi ummata garee tokkoo kan guddinaaf hojjatuu fi fooyya'iinsa bu'a-qabeessa jirenya ummataatiif hojjatu uume.

Xiyyeffannaan bu'uuraa kan addeessu, ibsa sirrii wajjiin, waan 'baachuu siyaasaa fi warra siyaasaa' jedhu, kan bal'inaan addunyaa Islaamaa, waliigalatti addunyaa sadaffaa keesssatti argamuudha. Inni kun adda addummaa akaakuu siyaasaa, mootummaa fi bulchiinsaa biyyoota guddataniiti. Ammas kan ibsu, walitti dhufeenyaa fi raawwii hawaasichaa, adeemsaa fi sochii dhiibbaa godhuu fi karama saniiin deebi'ee dhiibbaa irraatti godhamuu danda'uu dha.

Wanti nurraa barbaadamu, kallattiwwan beekkumsaa fi aadaa deebiwwan alaa galfamanii san qayyabachuudha. Yoo kana dalagne, isaan akkeessuu fi irraa waraabuu irratti yeroo dabalataa hin gubnu; ofii keenyaa fi hawaasa hafan gaaga'ama dabalataa fi dhibeerraa baraarr. Ifaan ifatti, hawaasni kan hoogganamuun sodaa ykn haqa ittiin durfamu sabboonaa, kan adda-bahiinsatti ykn kan biraa godhateeti kan jaarrraa hedduuf gar-malee kufe. Maaliif akka hawaasicha kallattii bu'a-dhabeeessa walfakkaaturra qajeelchan hayyamamaaf?

Beektotnni Muslimaa bilchinna qabanii fi hooggantoonni karaa sirrii fi banaa ta'e tokko hordofuuf ijjanoo qabaatuu qaban; jalqaba kan hedduu itti ulfaatu fakkaatus. Kan qulqulleeffachuu qaban, deebiin isaan barbaadan kan maddu amantii isaaniirraa, biyya isaaniirraa, seenaa fi kan qormaata ammaa kana deebisuu danda'an ta'u qaba. Yoo kana hin hojjatin, kufaatiiwwan hadhaa'aan addunyaan Muslimaa yeroo darban keessaa dhamdhamaa turan walitti kuufamanii rakkolee dhufaniifis daran karaa banu.

Ofii, hooggantootaa fi beektonni Muslimaaa, barmaatilee fi filannoowwan adda addaa qaban wajjiin, akkasumas, hawaasa Muslimaa waliigalaa wajjiin, abjuu bilisummaa, dagaaginaa, kabajaa fi aangoo hawwuu itti fufan. Garuu, adeemsa, malaa fi kallattii amma itti yadan kana yoo hin jijirin, dhumaratti wanti eegan gaaga'amaa fi kufaatii daran kan durii caala hadhaa ta'ee dha. Gaggeessitoonni beekumsaa fi hawaasummaa kanuma barbaaduu qaban, kana jechuun: deebii haqaa gara biroo kan Islaamummaa, keessa yaadaa, aadaa, barmaatilee fi dhaabbilee isaa gadi fageenyaa irraa baasanii haala hawaasni amma keessa jiruun walqabsiisuudha.

### **Hawaasichaa fi Furmmaata Seena-Qabeessa**

Hawaasichi adeemsa akkeessaa san hojiitti jijjiiruu yaalee ture. Garuu, adeemsi sun, haala nama dhibuun, mallattoolee yeroo fi bakki hawaasichaa barbaadduu fi dhufatii seenaa dhiiseeti irra dabre. Jaarrota muraasa dabran keessatti, adeemsi kun itti fufiinsaan hawaasicha faallessaa, dhiibaa, jirenyaa ammayyaa kana qofa faarsaa qor-qalbii Muslimaa fi yaad-rimee isaa fuggisoo godhe. Ifatti, deebiin kun hawaasicha baraaruu dadhabee, hawaasichi dafee gadi deemee, diinonni isaa humnaan cimaanii, rakoolee hammana hin jedhamne facaasan. Osoo adeemsi kun milkaa'eera ta'ee, dhiifamni sababoonni waan hin mul'anne takka takkaan uumamanii kunniin fudhatama hin argatan turan. Kan beekamuu qabu, deebiin fi bu'aan gaarii kan ta'an, yoo waan hin eegnes tilmaama ykn xiinxala keessa galchaniidha; yoo kana hin ta'in, deebiin quubsaa hin ta'u; wanti hin eeginis qaama rakkoo sanii waan ta'eef.

Furmaanni akkeeffata seenaa waan hedduu salphissee kan ilaaluu fi inni cimaa, kan biraa ammoo kan gahumsa hin qabne godhee waan ilaaluuf; wanti furmaata milkaa'uuf haal-duree barbaaduuf dinonni isaas akka tumsaniif waan fedhuuf jecha. Qoree ykn gufuu karaarra keenyaan, waan takkaa hiikuun hin danda'amu. Kunuu rakkoo hiikamuu qabu.

Jalqaba, seenaan furmaata akkeeffataa kan sammuu Muslimoota hedduu yeroo dheeraaf qabate, akka waqtii Islaamaa warqii jedhamu sanitti akka hin deebine godhe. Jijirama meeshaas ta'ee kan yaadaa hin ammanne ykn ofitti hin fudhanne. Kanaaf jecha adeemsi Islaamaa kan silaa hawaasicha sochii kanarrraa baaaru kufe; hawaasichi amantiin Islaama ta'us, akkuma seena keessattis ture.

Kunis wanti ibsu, adeemsi aadaa fiqhii (beekumsa amantii) bu'uureffaate aadaa kadhannaa fi ilaalcha nam-tokee keessas akka seenedha.

Tarii, fakkeenyi sobaa kan furmaata keessa dalga seene tokko kan Sayyidjamaal Al Diin Al Afgaaniiti. Inni nama cimaa fi warroota haaromsa Muslimaa ammayyaa keessaa tokko ta'us, sirna siyaasaafi hawaasumaa durii (yeroo bakka bu'ootaa) kallattii sirrii hin taaneen hubatee, hawaasichaaf kan ta'u 'abbaa-irrummaa haqaa' ti jedhe. Ifatti, abbaa-irrummaa fi haqummaan sadarkaa bulchiinsaa fi siyaasaa qaccee faallaa jiran lamaanirra jiru. Ammas, dabalataan, kun ifatti keewwatoota qur'aanaa keessatti ibsamaniiru:

...*garuu namni karaa cufaan jallatee, akka waan of gahaa ta'etti of ilaala* (96:6-7).

Haala seenaa akkeeffataa akka qayyabatamuuf, dursinee wanti laaluu qabnu, akka adeemsi sun hawaasicha keessatti itti uumameedha. Jalqabni adeemsaa dur yeroo qoqqoodamiinsi gaggeessitoota beekumsaa fi siyaasaa keessatti uumame irraati: guyyoota dhumaan kan bakka bu'oota durii irraa eegale jechuudha. Yeroo san qabsoon hooggantoota mootuma Muslimaa fi gosoota Arabaa, warra sochii adda addaatiin gara fincilaatti deeggaramaniin kaka'anii siyaasaa caccabsan jidduutti godhamaa ture. Dhumarratti waldhibdeen gara fuul-dura waldhaabatuutti ol guddatee, hooggantoota mootummaa Madiinaa warroota imaammata Islaamaa waliigalaa bakka bu'an (namoota akka: Al Huseeyn Ilma Alii, Abdallah Ilma Zubeeyr, Muhammad Zu Al Nafs Al Zakiyyah, Zeeydi Ilma Alii fi kan biro) fi hooggantoota siyaasaa kan mootummoota gosaa gidduutti lolli baname. Waldhibdeen kun injifatamuu hooggansi beekumsaa fi amantii fideeti, siyaasaa fi gahee haaraa keessaa (akka yaada isaaniitti) of baasanii mormitoota beekumsaa fi amantii ta'an. Adda of baasuun isaanii jaarrottaaf itti fufteeti, yaad-rimee Islaamaa fi xiinxaltoota Islaamaa keessatti mallattoo hin fayyine uume. Akkuma hayyooni kunniin rakkolee kanniiniif kallattii dhiphisanii ilaaluutti fufaniin, keewwatoota buufaman kara fedhatti hiikuu fi barmaatileen ykn barnoonni dabalataa (school of taqlid) ykn dangaa dabruun uumame. Tattaaffiin hayyoonni shira kana qolachuu fi Shari'aa eeguuf godhanis, hanqinaa muxannoo fi ilaalchaa waan qabaniif adeemsa giddu-galeessa

(conservative approach) isaan qaban calaqqisiise. Hanga ammaas, bu'aan uumamaan argame, akkuma yeroon dabruun yaad-rimee Islaamaa deebi'uus, guutuuguututti akka yeroo duraa san ta'uu fi kabaja ture deebisuun hin danda'amne.

Akkuma kun dagaagaa dhufuun bu'urri beekumsa gaggeessa siyaasaa fi hawaasummaa gogeeti du'e. Yeroo gaggeessi xumurarratti duuchaadhumatti wanta qabu dhabetti, hawaasichi jaamee akkeeffatutti, hayyooni amantii ammoo riphani, gahee, tattaaffii fi sochii hawaas-siyaasaa taphachuu dadhaban. Ukkaamsaan, abbaa-irrummaanii fi olaantummaan hawaasicharra qubate. Kunis akkuma hooggansi siyaasaa fi hawaasummaa bu'ura deebii irraa argatu dhabee, hawaasa misoomsuu, filannoowwanii fi waan bakka bu'u hojjachuuf hundee hayyummaa dhabeen ture.

Gara biraatiin, hawaasichi ilaalcha akkeessuutiin kan laaqame kara humnaa fi irree abbootii humnaatiin. Kun haqumatti fakkii sirrii seenaa hawaasichaa kan sababa eega weerara Mongoolii fi duula Qaxxaammuraatii as hawaasichi warra Dhihaatii akka jilbiiffatuu fi har'a ol'aantummaa isaanii jalatti akka kufu ka godheedha.

Asitti wanti barbaachisu, dadhabinni hawaasichaa, kufaatiin dhaabbilee isaa fi akkeeffata seenaa kana caalaa yaaduu dadhabuun isaa, hammeenyaa daran guddaa ta'e fide: sunis ilaalcha deebiin rakkolee kan argamu akkeeffata warra alaatiin adeemsa jedhuudha. Haa ta'u malee, furmaatileen adeemsa akkeeffata sanii kufaattii hawaasichaa ariifachiisanii fi daran ykn dur caalaa isa laaffisan. Karaa kana hordofuun kan hawaasni

waan qoaroomina itti fufiinsa qabu galoo (misoomaa fi teknoolojii) gidduu Kaabaa fi Kibbaa, ykn biyyota guddatanii fi dagaagan fi warra addunyaa sadaffaa, hedduun isaanii, gidduu Muslimaa bane. Wanti kufaatii adeemsa kanaarraa baratamu tokko abjuu duubatti hafiinsaa kan seera sochii uumamaa, yeroon, bakkii fi yaad-rimeen gaafatu faallessuu isaati. Dabalataanis, yaadaa fi adeemsa kana bifaa haaromsaatiin itti fufuun fuuldura warra qalqala yaada alaa harkisu biratti duubatti hafiinsa, dadhabinaa fi injifatama mul'isa.

Hawaasni karaa qabatu haaraa argachuu qaba. Hayyooni fi gaggeessitoonni siyaasaa yaalii gochuu kan qaban kallattii fi mala haaromsaa haraa argachuu dha. Garuu karaa haarofni sun maali? Akkasumas, adeemsi haarofni hoo? Bu'urri maali? Amaloonni isaa hoo? Akkamitti akka inni karaa duraa caalu yaalii goona? Akkamii fi eessatti kufu kan jedhu (akkamitti laalla?).

Deebii kanniin deebisuuf, haala kana dursinee qayyabachuu qabna. Akkamitti jalqabe? akkamitti, yoomii fi maaliif dadhabini argame? Haalli akkamitti diigame? Sirrimatti, dhibdee kana mataa isaa beekuun, jalqaba isaa, mallattoolee isaa, eegasii adeemsa inni itti qaama Islaamaa uree seenee fi seenaa isaa beekuun dursa yaala isaa beekuuf godhamu yoo ta'u, gosa haroomsaa fi tattaaffii barbaachisu, dursitoota tattaaffii sanii fi karoora hojii beekuu ta'a.

## **Tooftaa Ragaa fi Mala Bu'uuraa (Asalah) Islaamaa**

Akkuma maqaan ibsutti, adeemsi kun kan hundaa'u kaayyoo, amantaa, ilaalchaa fi yaada Islaamaarratti. Sababni isaas, hawaasichi guddachuuf gochoonni sirrii fi haaromsi yaadamu amantaan, sadarkaan, beekumsaa fi qor-qalbiin(sammuun) Islaama ta'uu qaba . Kanaaf, karaan itti isa dammaqsan hin jiraatu yoo waa'ee namummaarratti hundeen haqaa fi, ciminni dhokatee adeemsis dhiifame.

Ifumatti, Islaamummaan tun karaa saniinii fi deebii san keessa dabarte jennee qoqooduun qofti gahaa miti. Sababnisaas Islaamummaan akaakuu lamaan, akkeessaa fi kan bu'uuraa keessa darbeera. Kanaaf, adda addummaa isa kan lammataa kana ibsuun dirqama ta'a.

Mallattooleen kunnin kan barbaadaman kallatii ammayaatiini fi haqummaa adeemsa Islaamaatiin ta'uu qabu. Kana jechuun deebiin fedhamu amantaa, safuu fi sadarkaa islaamaarraa baqaffamuu ykn qabsiifamuu qaba jechuudha. Kanatu ijjanloo fi eenyumaa hawaasichaa ibsa waan ta'eef. Kana jechuun ammas, dhimmoota sanniin qayyabachuu, karaa tokkoon bakkaa fi yeroo dhaalmaya Islaamaa fi muxannoон dur irraa argamte beekuu, karaa birootiin ammoo guddina hangaa fi lakkoofsaa kan ilmi namaa ittiin jijiirame beekuudha. Kun furmaata akkeeffataa sanirra adda; waan fedhii hawaasichaarratti hundaa'ee bu'uura Islaamummaa godhatee, deebii rakkolee isa mudataniif safuu, yaadaa fi kaayoo Islaamaatiin walsimatu waan kennuuf jecha. Kallatti kanaan, hawaasichaa fi dandeettin isaas

qubsuma hooggansaarra qubatanii, safuu fi kaayyoo isaatiin hawaasichi fuul-dura namoomaa qajeelfachuu mala.

Bu'uura ammayyaa yoo jennu, haalota ammaa jalqaba amala isalaamaarra ka'anii dhufan, karaalee babal'oo jechuudha. Kun, gara biraatiin, itti fayyadama afoolaa fi seenaa Islaamaa durii,yeroo fi bakka wajjiin beekuu jechuudha.kunilleen kan ibsu kaayyoo Islaamaa fi dhimma isaa ol'aanaa, akkasumas walitti dhufinsa isaa siritti hubachuudha. Kun waan akka hundee walitti dhufeenyaa kan jireenyaa fi hawaasa ammayyaati. Kanaan kan hawaasichi bakka hooggansa isaa deebifatee qarooma isaa guddifatu.

Bu'uura ammayyaa jechuun dandeettii, muxannoo teknikaa fi adeemsa sirrii jechuudha. Kana jechuun ammas, adeemsa barumsaa fi hayyummaa kan beekumsa seera uumamaa fi muxannoorratti hundaa'eedha. Muxannoон kun kan irraa maddu dhimmoota dhugaa, rakkolee, wantoonni ta'uu malan kallattii yaad-rimee Islaamaatiin, adeemsa, kaayoo, safuu fi barsiisa isaa irrati. Adeemsa barumsaa fi muxannoo bal'aa jechuun beekumsaa fi qaroomaa barbaadamu tikfata, qonnaa fi hojii xiqqorraa gara addunyaa awutoomaatikii, walqunnamtii fi sochii hin dhumnetti cessisuuf yaad-rimeen Islaamaa ni gaha jechuudha. Kunis kan ibsamu jijjiirama dandeettii, qabeenyaa fi oomishaa, fedhii nam-tokkee fi garee, muxannoo, hawaasummaa fi sirna misoomaatiin. Karaa kanaan qormaatileen, wanti hamaanii fi carraan gaariin addunyaan bu'aa fi miidhaa irra dhamdhamte argama.

Kanaaf adeemsa kana bal'innaan yaaduurraa garri itti bahan hinjiru; sochiilee fi dhimmoota hawaasummaa garee ilma namaati jechuudha. Kana jechuun, hunda caala, , duuchaadhumatti bu'aa shari'aa ol'aanaa, adeemsota isaa, safuulee, tooftaalee bu'uura barruulee beekuu jechuudha. Kunniin jalqaba yaad-rimee hawaasummaa Islaamaa kan ta'uu qabanii fi dhaabbilee ittiin sirreessuu fi danbiilee kallattiin sochii isaa qajeelchan ta'uu qaba.Yoo kaayoon kunniin dhugooman, hawaasni Islaamaa haqummaan, mariin, waldanda'iinsaan, obbolummaanii fi haalota birootiinis kabaja argata; Islaamummaan jechuudha.

Kaayoo bu'uura ammayyooma Islaamaa galmaan gahuuf malli qorannoo Islaamaa ittiin adeemsisan irra deebi'amee hojjatamuu qaba. Haala kanaan ka'umsa muxannoo irraa taasisuun Islaamummaa fi kayoo, kabaja, kallatti hawaasummaa fi misoomaa itti fufuu feessisa. Wanti kun himu deebisanii waltaasisuu dameelee barumsaa lama kan sadarkaa cufarratti ta'uu dha: kan amantii, xiyyeffanna isaa kan adabaa waliinii fi, kan teknikaa, xiyyeffanna isaa kan itti-fayyadamaati.

Xiyyeffannaan ammas kan itti kennamuu qabu adeemsotaa fi falaasama Islaamaa kan tokkoo tokoo damee barnootaa, keessatuu, namummaa fi saayinsii hawaasaarratti.

Xiinxala dhuma keesssatti, ammayyoomni hundee Islaamaa filannoolee jiran deebisee tartiiba itti kennuun, adeemsaa fi yaad-rimee ture deebisee ijaaruun, haalli barnoota Islaamaa bareeda ittiin kennan ni jiraata. Dabalataanis, deebisanii

ijaaruun dhaabbilee, sirnoota hawaasummaa fi dhaabbilee siyaasaas kan taassifamu yemmuu ta'u, tarkaanfiin guuutuu ta'e fudhatamuun hawaasichi bu'uura adabaa fi kaayoo Islaamaatiin ijaarama.

Adeemsi ammayyooma hundee Islaamaatiin hojiirra oole kun, yoo dhugaan kan haaromsa gageessaa fi kan qarooma namaa fiduuf yaalu ta'e, waan lama of keessatti qabata. Akka qorannoон seenaa qarooma jijiiramaa ibsutti dhimmoonni sunniin: humna ilaalacha amantii srrataa fi cimina yaad-rimee milkaa'aadha.

Guyyota Islaamaa kan durii keessatti kun kan dhufe aqidaa Islaamaa qulqulluuii fi ol'aantumaa yaad-rimee Islaamaatiini. Walitti hidhamiinsi akkasii hojiileen gagaariin hedduun akka mul'ataniif karaa baneera; keessattuu dhaloota jalqaba Muslimaa keessatti. Sunis: karaa daldalaa kan warroota baadiyyaa Arabaa, mala dhahiinsa human ittisaa fi dippiloomaasii gaafa lola *Kandaqii fi Hudeeybiyyaa*, wareera makkaa, gammoojji Suuriyaa kutanii deemuun lola Yarmookitti Baayzantaayinoota waliin ta'een, mala gal mee, imaammataa ykn poolisaa, dhaabbilee ijaaruu, masjida akka mana barumsaa fi giddu-gala leenjiitti ijaaruu fi beekumsaa fi bu'aa saayinsii qoqqooduu fa'a. kun cufti kan ibsu olta'iinsa aadaa hawaasa Muslimaa kan jalqaba seenaa durii kan yeroo malaammaltummaa, qaroomsa kufaa fi warra baadiyyaa garajabeeyyiin marfamaniidha.

Haaromsa Awurooppaatiifis kanuma; yeroo amantiini fi ilaalchi haarofni (pheenxee) adeemsa haaraa bu'a-qabeessa fidee

ol'aantummaa fi gatiinsa baroota giddu-galeessa haqe. Kanaaf, haaromsa yaad-rimee awurooppaa (kan hamma yeroo saniitti kitaaba qulqulluu hiika adda addaa itti kennuun addunyaa raase)tiin walittii qabamee, makaa jajjaba ta'ee ture. [20] Wanti yeroo sanitti Islaama keessatti ta.e, ilaalchi amantii sirrataa fi yaad-rimeen milkaa'aan ykn cimaan, Awurooppaa keessattis ta'ee guddina walfakkaatu fide: bu'uura qarooma haaraa, haaromsa Awurooppaa. Adeemsi ammayyooma bu'uuraa dhimmoota lamaan kana irrattis ni hundaa'a.

Kanaaf, adeemsa sirrii osoo hin qabaatin haaromsa amantii qofa jabeessuun sochii ammayyooma Islaamaa hin fayyadu. Hinumaayyuu, adda bahiinsi amantii fi mootummaa hin milkaa'u yoo dhimmuma yaad-rimee fi sochiilee isaa babbareedoo qofa kan faarsu ta'e. kanarra, miseensonni lamaanuu walitti makamuu fi moonaan lamaanuu tokko ta'uun waan hoogannsaa fi qarooma haaraaf barbaachisu fiduu qaban.

Adeemsi miseensota amantii fi Sekulaarizimii walitti fiduu kun, kara ilaalach Islaamaatiin: sababaa fi ergaa sama'aa walsimachiisuu, ykn jidduu gahee ergaa sama'aa qor-qalbiin dinqisiifachuu (qayyabachuu fi hiikkachuu) fi qor-qalbii ammoo kaayoo ergaa sama'aatiin qajeelchuu, ilaalcha waliigalaatiinii fi waan qaroominaa fi jirenyaaaf barbaachisaniin walitti fiduu barbaachisa. Kanaaf, kooluu lamaan adeemsaa fi akaakuun walitti fiduun adeemsa haaraa qaama barateeti. Gara biraatiin, gaaga'amni amma hawaasicharra gahe tokkoo yaad-rimee kanaati.

Wanti ta'uu qabu, waamichi adeemsa sirriitiif godhamu, ibsi adeemsicharratti godhamuu fi filannooleen isaa fi karoorri isa ittiin rawwachiisan beektota, barreessitoota, aanga'oota hawaasummaa fi siyaasaa dhimmichi ilaaluun godhamuu qaba. Hawaasni amma jiru, fakkaattii tana isbuu, rakkoo kana hawaasichaaf ibsuu, sanyii haaromsaa tan guddattee firii buuftu dhaabuu ykn biqilchuu qaba. Yeroo takka takka karaan waanuma marame fakkaata. Kun, haata'uutii, haaluma waan jalqabamu hundaati, kan haaraa hojjatamu. Jalqabni ulfaataa ta'uu malus, hawasni karaa waanuma salphaa ta'ee fi danda'u qofaaf hin filatu. Kallattiwwan filataman sababa gara kaayoowwan hawaasichi jalqaba achiirra kaa'atetti waan geessaniif jecha.

### **Seenaa Ka'umsa Gaaga'amaa**

Jijjiirama Bu'uura Siyaasaa  
Warroota Baadiyaa, Lola Waliin Waliinii fi Kufaatii Bakka-Bu'ummaa

Xiinxala as duraarraa wanti hubatamu, furmaanni Islaamaa hojirra ooluu qaba yoo kan hawaasichi gaaga'ama dadhabiinsa, duubatti-hafiinsaa fi doofummaa hiikuuf hojjatamu ta'e. Fuula hojii kanaa banuun tattaaffii hawaasichaa kan gaaga'ama kana keessaa bahuu fi haaromuuf godhamuun aadaa ammayyaa kan warra Dhihaatiin fulaa fulatti walitti bu'uun hadhaa injifatamaa kan harka Dhihaarratti dhandhaman irraa bilisa of baasuuf. Yeroo duraatiif hawaasichi diina diigaa kan qarooma isaa sodaachiseen falme. Ammaan dura akka hawaasni Muslimaa dhiibbaa warra Dhihaa jalatti deddeebi'ee kufe laallee turre. Akka xiinxala darbee fi waan har'a arginurraa,

ammayyoomni bu'uura Islaamaa qofti kan hawaasicha badii amma keessa jirurraa baraaruu fi geengoo marfataa [vicious circle] kan inni keessatti of argerraa keessaaittin bahuu dha. Kanaaf wanti hunda caala barbaachisu gosa gaaga'amaa fi bakka inni irra naanna'u beekuu dha. Yoo kun hojiirra oole qofa gaaga'ama keessa seenuun danda'ama. Haqumatti, hanga ammaa, dadhabina keennatu akaakuu gaaga'ama kanaa fi haala inni ittiin akka nu raawwii qaroominaa hin madaalle nu godhee, kallattii guddinaa jaarraa hedduuf itti fufuu nu dhoowwe.

Yeroo kana hojiitti hiiknu, gadi fageenyaan qorachuu fi irrakeessa dhiisuu (haalli itti guddanne rakkoo qabaatus), hanqina ilaalcha keenyaas dhiisuu fi waan qabnuun boonuu fi kabaja sobaa barbaaduu dhiisuu qabna.

Shakkii tokko malee, yeroo dheeraaf sochiilee siyaasaa fi beekumsaa kan jaarrota hedduuf bakka qabatanii dhiibbaan narratti godhamee, xiqlaatus, ykn guddatus maal akka ta'aa turan agarree jirra. Kancaalu, dhiibaaleen kunniin osoo nuti of eeggannoo goonu riphanii, sammuu fi qor-qalbi keenya laamshessanii, akka sirnaan qaroo keenya fayyadamnee itti hin yaanne nu godhanii, kallattii kara dhugatti geessutti qajeeluu nu dhoowwan.

Mallattoon gaaga'ama hawaasichaa inni jalqabaa qormaata (fitnaa) dha, kan lola waliin waliinii hamaa mootummaa Islaamaa keessatti bane. Bakka bu'aan sadaffaan, Usmaan Ilmi Affaan yeroo san wareegame, akkuma itti aanaan isaa Aliyyi Ilmi Abii Xaalibis ta'e (wareegame). Dhumarratti

bakka bu'ummaan xumuramtee yariiwan, abbaa irreetii fi gosummaan bulchitoota haaraa hawaasichaa taatee, bulchiinsi Umayyaas dhufe.

Fitnaan deemtee deemtee bakka-bu'ummaa kuffifte sun taatee seenaa hawaasichaa keessatti hamtuu fi kan osoo akkamitti, maalii fi eenyuun dhufte, maal fiddee hin beekne bira hin darbineedha. Odeeffanno kanatti wanti haajamnuuf, fitnaa tanatu ammas itti fufee, guyyaa har'aas haalaa fi amala hawaasichaarratti dhiibbaa godhaa jira.

Sababni irra caalaan fitnaa fide jijiirama aangoo siyaasaa tasaa kan bu'uurri hooggansa bakka-bu'ooma seerummaa isaa irraa qabsiifatee dha. Kunis, sahaabaan humna ittisaas ta'e aangoo kan argatan bu'uura mootuma Nabiyyiirraa ti. Yeroo bakka-bu'oomaas hojima walfakkaatuun sadarkaa, qulqullina, leenjii, qaroomaa fi hamilema tureen hojjatan.

Yeroo taateewan kunniin walitti fufiinsaan raawatanitti, dabalataanis waqtii dhiibbaa ammayyaa kan Pershiyaa fi Impaayera Roomaa bahaa san, gosoota baadiyaa Arabaatiifis karri banamee, gosummaa fi dhifhummaa of keessaatti dhoksanii, humna ittisa Muslimaa keessa seenan. Akkuma lakkofsi warra baadiyaa sun dabaluun, lakkofsi Sahaabaa haqaan lolanii xinnaachaa dhufe; hedduun isaanii jalqaba wareeraarratti waan wareegamanifi. Haqni kun warra baadiyaa san akka jabaatanii bayyanatan taassissee, barumsa Islaamaa cinatti gosummaa fi naannummaan baratamee, kabajanii fi

guiddinni Nabiyyiin barsiisaa turan onnee fi sammuu Sahaabaa keessaa haqamaa dhufe.

Haala kanaan bu'uurri siyaasa bakka-bu'oomaa jijiirama hamaa keessa darbee kan warra baadiyaa saniin bakka bu'e. Sonoonni, kaayyoonii fi qajeelfamoonni Islaamaa qulqulluun Nabiyyiin barsiisaa turan qajeelcha humna ittisaa fi mootummaa haaraa san ta'uun ni hafe. Bu'aan guddaan misooma sanii babal'ina fitnaa fi kufaatii xumuraa bakka-bu'oomaa yoo ta'u, kunis aangoo gosootaa fi abbaa irroota Mootummoota Umayyaatiin bakka bu'e.

Hoggansi Makkaa fi Madiinaas jaarraa tokkoo oliif itti hin fufne; tattaaffiin Huseen Ilma Ali, Abdallah Ilma Zubeeyr, Muhammad Zu Al Nafsi Al Zakiyyaa, Zeeyd Ilma Alii fi kan biroo lola aanga'oota warra baadiyaa ol'aanoo waliin godhameen dhiiga dhangalaase. Akkuma yeroon dabruun, Peershiyaanlonni, Baayzantaayinoonni, Hindoonni, Turkoonni, Afrikaanonnii fi kanneen biroos osoo maalummaa Islaamummaa sirri hin hubatin Islaamummaa seenanii, aadaa fi safuu isa duraa balleesssan. Taateen irra darbame kun miseensota hawaasaa baay'ee kan Islaamummaa jallisan uume (adeemsa, muxannoo fi barsiisa Islaamaa waan hin hubatiniif). Gabaabinnumatti, bu'urri aangoo siyaasaa jijiiramee hawaasichi gaggeessa siyaasaa haala walmakaa Islaamummaa duraa fi isa haaraa keessatti kufe.

## **Qaawwa ykn Baqaqa jidduu Hooggansa Siyaasaa fi Amantii (jiru)**

Yemmuu humni ittisaa warra baadiyaa guutee, bakka bu'ummaa kuffise sababa hundee jijiiramaa fi jallinaa ta'etti, garaa garummaan keessa keessaan uumame daran hamaadha. Jalqaba qaawwi kan argame gidduu gaggeessitoota siyaasaatii fi amantiitti yoo ta'u, kunis humni Islaamaa akka faca'uuf sababa ta'e.

Humnoonni gosootaa fi abbaa irree akkuma sirna siyaasaa Islaamaa keessatti uumamaniin, hayyooni Islaamaa *Hijaaz* jiran dhugaa kana fudhatama dhabsiisanii sababa inni jijiirameefis didan. Bakka san bu'uura ragaa fi yaad-rimeetiin morman, gosoonnii fi humnoonni gosaa kan akka damee Qureyshii kan Umayyaa fudhatanis.

Lolli waliin waliinii dheeraan itti fufeeti, hayyoota amantii dadhabsiisee (gosoota guddisni bade) waan dadhabaniif, baqatanii, gaggeessa siyaasaarrraa fagaatuun yaaliif tattaaffii mormii kamuu dhiisan. Karoorri gaggeessa siyaasaa haaraan hayyootii amantiirratti dhiibbaa gochuun waan issaan fedhan qofa akka hojjatan taassisuu dha. Haala kanaan hayyooni gurguddoon kanneen akka abbootii adeemsa afranii fa'a midhaanii fi hiraarsi ykn qixaaxni cimaan irra gahe. Imam Abuu Haniifaan (bara 150/767 A.H) mana hidhaatti, sababa aangoo nama seera Islaamaan hin fuudhinii dhugoomsuu dideef, du'e. Hogguu Imam Maalik (175/795) waa'ee hiikcaa (niitii) barumsa kenu keessa hin ta'u jedhe tumamee harki isaa laamsha'ee.

Akkasuma Imaam Ahmad Ilmi Hanbal (d. 241/855) sababa sirna siyaasaa aangoorra jiran mormaniif jecha miidhaa hamaan irra gaheera. Imaam al shaafii (d. 204/820) aangota Bagdaad dheessanii akka biyyaa bahan taassifaman; eega Yamanirraa haadaan hidhamanii fidamanii booda. Dhumarratti, biyya Gibxiitti kolu-galtummaa gaafatanii, handhuuraa aangooraa fagaatanii jiraachaa turan.

Qaawwi gaggeessa siyaasaa fi amantii hawaasichaa jidduutti akkuma uumameen jalqaba laafinsa aangoo Muslimatiif sababa ta'ee, haada hawaasa Muslimaa kutee, gaaga'ama yaad-rimee hawaasa Islaamaa fi dhaabbilee isaas fide. Dhimmoonni kunniin hundi karra malaammaltummaa fi dadhabinaa bane. Suutuma suuta Islaamummaan guddina isaa dhabaa dhufe. Haaluma kanaan, hafteewwan barmaatilee amantii qofatu jaarrraa hedduu keessatti dandamate. Qoroomni ol'aanaa isaas ni bade.

Qaawwi jidduu hayyoota siyaasaa fi amantii sababa dhibdee hawaasichaa kanitti ulfaatee dha. Qaawwi hadhaan kun gaggeessi hayyootaa akka hojiin ala ta'u fi itti gaafatummaan hawaasummaa dhabamu godhe. Kun gara biraatiin, sababa irra barbaachisaa qor-qalbii hawaasa Muslimaa laamshesse, kan dhugamaan rakkolee masjidaa keessas seeneedha. Wanti nama yaachisu Qur'aanaa fi Sunnaa hiikuu fi qayyabachuuf adeemsa ittiin ilaallamaniidha. Hayyoonni amantii kan barsiisan, karaa isaan siyaasaa ittiin ittisan yoo ta'u, maalaammaltummaa fi hiika dogongoraa ittisuu qofaaf hojjatu. Bu'aan isaa, hawaasichi hinumaa qarooma warra biroo waliin dorgomuu dadhabuudha,

beekumsaanis ta'ee meeshaan. Haqumatti, jirenyi isaa qarooma misoomaa ammayyaatiin rakkoorra bu'e.

Haalli dhimma nama gaddisiisuu kun waan bal'inaan hula tilmaamaa (ijtihad) cufuu jedhamee beekamutti qajeelche; ifatti garuu, tilmaamni balbala cufamu kan hin qabne ta'us. Haata'uutii, hulaa saamsuun mallatoo muranna fi humna dhabuu gaggeessa siyaasa Islaamaa kan sababa aangoo fi hooggansaas humnaan fudhachuu filaachuutii fi waan inni tuqe cufa bu'aa fii fedhii ofii ykn ergamtoota isaa godhachuuti. Kun hundi beektota ykn Ulamaa'a akka masjiduma keesssatti riphanii fi jijiirama walitti fufiinsa qabu kanarraa fagaatan taassise.

Lammata, qawwichi gaggeessicha siyaasaa akka bu'uura beekumsaarrraa maqee rakkolee mudataniif yaada, imaammata, qajeelchaa fi filannnoolee biraa ykn ibaa hojiirra oolchan godhe. Wanti nama hin dinqisiifne tokko, eegasii, gaggeessi siyaasaa Islaama addunyaa sun akka waliigalaatti, abbaa humnaa fi abbaa irree ta'e.sanuu, xiqqoo xiqoo qofa kan mariin muraasni godhamu; Qur'aanni bal'innaan akka dhimma hawaasichaa murteessuu keesssatti namni hunduu hirmaatu ajajus.Taatema kana fa'atu, waan haaraan osoo hin uumamin, akka hawaasichi dhiqamee eegasii ammoo dhabamuu fi qarooma addunyhaarrraa amaloota, yaad-rimee fi dhaabbilee isaa wajjiin badu karaa saaqlan.

Akka gochootaa fi diigamiinsi siyaasaa kan qaama siyaasaa hawaasaa keessa seene bakka bu'ooma booda itti kuffise hubachuun dubbistootaaf ulfaataa miti. Hinamayyuu kan galuu fi

qabu, haata'uutii, adda addummaa jidduu aangoo ol'aantummaa qaroominaa kan Islaamni dur fide, kuufama qabeenyaa fi bulchiinsaa achi booda dhufe sababa ol'aantummaa duriitiin, kuufama sababa kufaatii impaayeroota Peershiyaa fi Baayzantaayinootaatiin dhufe fa'a. dhibdeeleen adda addaa hawaasa Muslimaa keessa seenus, mallattooleen guddinaa kunniin mul'ataatuma turan; kufuu jedhuun walbira qabuun waan ta'eef jecha. Akka haqaatti, hawaasni yeroo sanaa guddinaa fi kabaja ofii amma hambifatanii jiran. Kanaaf, dubbifoonni waan dhimmota mul'atoo ta'aniin dhokataa ta'e kana qofa osoo hin taane, wanta jajjabina hawaasichaa laaffise ilaaluu qabu.

### **Burqaa Gaaga'amaa fi Hegeree Hawaasichaa**

Gaaga'amni Yaad-rimee Gaaga'ama Amantaatii (Belief) Miti

Walitti fufiinsaan yaaliin fayya-dhabeessi furmaata alaa ykn aadaatiin rakkoo hiikuuf yaalus, hubannaan hawaasichaa ilaalcha Islaamaa ammas ifaa miti. Kun tarii sababa yaad-rimee fi amantaan hin galiniif, kana jechuun yaad-rimee fi amantaa akka qaama tokkoo, kan rakkoo hin qabnee fi abadan kabajamaatti laaluu jechuu dha. Haqatti dogongorri kun bu'aa kalaattii kan diinonni keenya toowannaa aadaa, barnootaa fi dhaabbilee sabaa himaatiin nu keessatti naqaniitiin dhufee dha. Keessattuu, tattaaffileen waroonni waa'ee Muslimaa qoratan sadarkaa dhamaasuu keenyaa sirritti ol kaasaniiru. Sababni tokko kan akka qulquullini ammayyooma mul'ata Islaamaaittiin uumame tokko laaffina xiin-sammuu hawaasa Muslimaa akka bineensa manaa manumatti hafeedha. Jecha biraatiin, hawaasichi jajjabina ykn gotummaa ittiin faana beekumsa isaa bu'ee kajachiisu hin qabu.

Akka bu'aatti, hawaasichi maaltu akka haqaan barbaachisu, maaltu bu'uuraa fi ol'aanaa, maaltu yeroo dheeraa fi gabaabaa, ykn ammo maaltu akka bu'uura, maaltu akkamitti raawwatamakan jedhu qayyabachuu hin dandeenye. Sodaan, ofitti amanuu dhabuun, dognummaan nuti of keessatti biqilchine akka nu dhimmoota, haalota walqabatinii fi hanqinnoota baroota darbanii onnee qulqulluun hin ilaallle nu godhe.

Sammuun Muslimaa, kanaafuu, hidhaa yaadotaa, adeemsotaa fi dogongoroota armaan duraa akka jiranitti akka turan taassisu keessa yoo jiraatu, dandeettii uranii seenuu, adda baafachuu fi adeemsa ofii fooyeffachuu, ykn gadi-fageenya dhimma harkaa qabanii dhugaan hubachuu dhoogge. Kanaaf, adeemsa fuuldura isaa sirritti bocachuu hin dandeenye, waan jaamina dachaatiin fiijee xurii tan duriirra taa'eef.

Yoo adeemsi yaad-rimee hin jijiiramin, akkasuma yoo qajeelchonni isaa hin fooyya'in, sammuun Muslimaa akkuma xiinxala bu'aa qabu yaaduu dhabetti hafa; ilaalcha gadi fageenya wantoota ittin laalus hin qabu. Hinumaayyu, furmaata kufaa kaan keessaa bahee isa kaan keessa seena.[28] Wanti shakkii hin qabne, karaa kanaan itti fufuun dabalataan diigamuu fi kufaatiitti geessa.

Sammuu hawaasa Muslimaa tan doomte ykn gadditerratti dabalee, gageessitooni hawaasichaa siyaasaa fi hayyoонни, dizaayiniinis ta'ee gara birootiin gaggeessa guutuu qabaachurraa abdii kutataniiru. Wanti gareen ykn cifraan kamuu barbaadu, eegasii, shororkeessummaa ofii fedhu hawaasicharratti

fe'uudha. Yaadni isaa waanuma ta'ee ta'u, gaggeessi siyaasaa shororkeessummaa meeshaa hojirra oolcheera, yemmuu gaggeessi hayyootaa ammoo shororkeessummaa xiin-sammuu waan fakkaatu fide. Gareeleen lamaan kunniin gocha akkanaatti kan hirmaatan dadhabina, laafinaa fi ari'atama Muslimaa dhugoomsuu fi gaggeessa dhuunfaa fi jirenya hawaasa isaaniitiin walmadaalchisanii. Wanti nama kofalsiisuu fi gaabbisiisu, garuu, shororkeessummaan kun sadarkaa gaggeessita fi beektota ykn hayyoota siyaasaas miidhurra gahuu isaati. Bu'aan xumuraa, dhibeen hawaasichaa bu'uura aangoo gaggeessummaa fideeti, akka fuuldura humnoota koloneeffattootaa dhaabbatee ofirraa ittisuu hin dandeenyes isa godhe.

Dukkanaawuun mul'ata Muslimaa fi karaan inni ittiin laaffate kan ibsu, Muslimni takkaa waqtii durii jallina isii wajjiin fudhachuu fi addummaa yaad-rimee, hawaasichaa fi dhaabbataa waliin fudhate; ykn immoo baroota san kabaja dhaalaan argame, waliin fudhachuu didan ta'a. jaarraa hedduuf, mul'atni kun laaffachuun ittuma fufaa deemee maalummaan hawaasichaas dhibee hamaa dhugaa fi dhara, jalqabaa fi xumura, amantiin fi afoola, seeraa gaggaarii fi taateewan bakkacufaa, yaada cuunfaa fi akeeffata adda baafachuu dadhabe. Akka hundeetti, samuun Muslimaa giduu garee waa cufa diduu ykn fudhachuu, osoo haqa seenaattif asoosama ykn bu'aa fi xumura adda hin baasin, jedhutti qoqqoodame. Gareen muraasni hawaasicha keessaa wanti jedhan, ummataa fi hawaasni qabeenyi isaa miidhame dhugumaan saaxilamtoota gaaga'ama meeshaan malee ykn dhoksaati.

## **Dhimmoota Yaad-Rimeef Sababaa fi Dhimmota Sonootaa fi Xumuraa**

Wanti beekamuu qabu kan mormii hin qabne sonoota, qajeelfamoota bu'uuraa fi amantaa bu'uura Islaamaati. Hanga ammaa, diinonni Islaamaa waa'ee dhimmoota kanneenii hin dubbatan. Akka ilaalcha isaaniitti, nam-tokko yoo Islaamarraa dubbatu waan dhiphummaa, abbaa irrummaa, ol'aantummaa, hanqinoota hayyummaa fi xiin-sammuu, heddumina daldala garbaa, fi miidhaa dubartootaa fa'a dubbatu. Namoonni akkasii ammas kan himatan amantaan Islaamaa afoola Muslimoottaa fi seenaa dogongora isaanii hin caalu; amantaan isaanii haqumatti barmaatilee fi aadaa, akkasumas wallaala, ol'aantummaa fi dhiibbaa isaaniiti jedhu.

Wanti yaadachuu qabnu namoonni warri Islaamummmaa fudhatan yeroo ummattooni isaanii dadhabanitti. Kan namoonni sun achi booda irra gahan kamuu bu'aa adeemsota, seerotaa fi qajeelchota Islaamaatiin. Gara biraatiin, wanti fokkataan namoonni sunniin keessatti kufan kamiyyuu bu'aa barmaatilee isaanii kan qarooma isaanii duriiti. Tattaaffii Islaamaa, kabajaa fi qajeelchonni islaamaa osoo qaroominaan dhufuu baatee, silaa Muslimoonni shakkii malee haqa-dhabiinsa, malaammaltummaa fi doofummaa keessaa seenan turan.

Wanti amma cabsata kanatti irraa barbaachisuu fi ifa ta'uu qabu, hanqinnoonni jirenya Muslimaa karama kamiinuu sonoota, qajeelfamoota bu'uuraa fi dhimmoota Islaamaa kan bakka hin buune ykn hin ibsine ta'uu isaanii yoo ta'u, garuu,

kallattii Muslimni ittiin yaaduu fi xiinxalu ta'uu danda'a. Kunis yemmuu haaromsarraa dubbannu, wanti nu itti baannuu dubbii yaad-rimee fi qor-qalbii ykn sammuu Muslimaati. Wanti dhugaan irratti hojjatamuu qabu, akkamitti sammuun Muslimaa safuu fi seerota Islaamaa hawaasaa fi dhaabbilee keessatti haala addaatiinii fi dhimmoota gara garaatiin hojiirra oolcha kan jedhuudha.

Hundaa ol, garaagarummaa seerota walii galtee fi walta'uu fi qajeelchonnii fi adeemsonnii seerota sanneen inni qayyabachuu (ykn kan seerota san balleessuu malu) gidduu jira. Ammas gidduu kaayyoo Shari'aa ol'aanoo fi gidduu imaammata isa itti hojiirra oolchanii garaa garummaatu jira; sonootaa fi qajeelfamoota bu'uura Shari'aa fi qajeelchota isaan ittiin hojiirra oolchanii giddus adda addummaatu jira. Wantoonni akka sonootaa fi qajeelfamoota bu'uura kanneen walligala seerota jiraachuu, kan, hanqini yeroo fi bakkaa jiraachus, amaloota namaa sirrii ta'aniidha. Adeemsonni, imaammanni, qajeelchonnii fi tarkaanfileen qabatamaa, gara biraatiin, hunduu fedhii waqtii fi bakkaati.

Kana cufa jechuun adda addummaan amantaa, qajeelfamoota bu'uuraa fi sonoonni, gara biraatiin, yaad-rimeen, qayyabannaannii fi hojiirra oolmaan (dhabamiinsi ykn hanqinni) ammoo dhimma hedduu bu'uuraati. Yoo takkuma karaa keenya fuulduraaf yaadnee fi haaromsa bu'a-qabeessa hojiirra oolchine, dhimma siritti adda baafachuu qabna. Xiinxala xumuraa keessatti, kan nuu dhugoomsu gaaga'amni hawaasichaa kan jalqabe yaad-rimeerraati; kan amantaatii miti; toofaadhaan malee

hiikaanii miti; dhimmi keessa jirrus kan adeemsati malee kan xumuraatii miti.kun, eegasii, bakka qorannoon jabduun irraa jalqabuu maltu. Ammas kana dalaguun, waliindhahiinsa hin barbaachifne kan waa'ee himannaasoftuulinsaa fi barmaatilee tortore itti kenna.

### **Fooyamiinsa Hayyummaa**

#### **Sababa Doofummaa (Taqlid) fi Duubatti-Hafummaa**

Akkuma yeroon dabruun, gaaga'amni sammuu Muslimaa hedduu hedduu ulfaataa dhufiun galaanni gidduu haasawaa fi waan qabatamaa baay'atee ol guddate. Kaayoon Muslimaa abdii bira hin qaqqabane, hawwii yaadaa fakkaatee, bu'aawan Muslimoonni argamsiisan yadannoolee yeroo durirra xiqaataan. Hogguu toowannaan hawaasa Muslimaa harka diinota isaatti galetti, kufaatiin hawaasa Muslimaa fi gaggeessitoota siyaasaa isaa ifatti mul'ate. Qaamni nageenya Muslimaas baay'ee rakkate; haaluma walfakkaatuun, yeroo sanitti isaanis waan siritti dorgomtoota hin ta'iniif. Qaamni kunis, dhiibbaalee wareera aadaa kan warra biyya alaatiin irratti darbameen laaffatan.

Mallattooleen qaroominaa kan yeroo darbe hawaasichaan argaman ifaanifatti bu'aa guddaa jaarraa Islaamaa duriitiin dhufe. Garuu qaanqeen suuta suuta dhaamtee sochiin ture qabbanaa'e.yeroo fi haalli ni jijiirame. Garuu hawaasichi dhugumatti kallatti fi dandeentii ittiin of haaromsus dhabe; yeroo gaggeessonni siyaasaa isaan kan hayyootaa (beektotaa) irraa adda bahan san. Baqaqiinsi kun ammas ofiin-bultummaa, taqliida (akka-feetee) fi fakkeessuun guyyaa guyyaan itti fufe.

Hawaasichi dandeettii yaada haaraa bahuu isaa dhabe; dhaabbilee isaanii haaromsuu ykn ol guddisuu dadhabe; karoora, malaa fi imaammata guddinaa fi dagaagina sadarkaa qaroomaa fiduuf bu'uura ta'anis ni dhabe.

Hamma fotoqiinsa kanaatti,, hawaasichi boca hawaasaakan dhaloota Muslimoota duriin hundee buufateen jiraachaa ture. Garuu, yeroma walfakaatutti, sababoonni kufaatii siyaasaa fi beekumsaa hawaasichaa fi gaggeessa jidduu faffaca'ee mallattoo diddiigama seenaa ijaarsa hawaasa Islaamaa uume.

Gaggeessi hayyootaa, waan adda baheef (sababa humnoota ol'aantummaa siyaasaatiin), itti gaafatamummama hawaasummaayyuu sonaan hin baane. Bakka san, barruulee amantii qo'achutti of kennee, saayinsii amantii qofaaf waadaa seenee, afaan Arabaa akka afaan amantii giddugalaa kan yeroo cufaa dubbatamu godhuu yaale. Gochaaleen kunnii barreeffama saayinsii Qur'aanaa, Sunnaa fi afaan Arabaa cufaa akka itti fayyadaman qopheessuutti qajeelchan. Saayinsiin Beekumsa Islaamaa (fiqh) sochiilee namootaa jalqabarraa sirreessuu dhiisee bifa gocha of kennuutti deebi'e. Haala kanaan kallattii warri Muslimootaa kan dhaloota durii guyyaa guyyaan dalagurraa hin fagaanne. Akkasuma, saayinsiin qabatamaa kan fiqhii amntii [aqiidaa] dhaaf hin hojjanne; kanaaf, akka waliigalaatti, odumaa fi tilmaama qofa ta'e. Kanaaf, saaayinsiin amantii takkumaa hawaasicha qajeelchurratti gahee guddaa taphatee hin beeku.

Inumaa qajeelchonni bu'uuraa kan Islaamaa kanneen qaroo Muslimaa fi hawaasicha yaad-rimee fi gochootaan qajeelchan dhaloota durii keessa turan gartuu adda addaa lamatti qoqqoodaman. Warri duraa, kan irra barbaachisan, qajeelchota sanniin of keessatti qabataniiti kan eegumsaa fi hiikkaan barruulee Islaamaa ittin godhan. Gareen lammataa, sadarkaanis lammatuma ta'anii, qajeellfamoota jiran kan aka seerotaa fi maloota bu'uura haala hawaasaa xiinxalan dagatanii fi gatanii kan turan yemmuu ta'an, isaan kuniin taatee fi jijiiramoota jirenya hawaasichaas akkasuma dagatan.

Sababa qoodama kanaa, qajeelfamoonni barruulee waliin walqabatan gara saayinsii hedduu walxaxaatti yemmuu ol guddatan, qajeelfamoonni lammataa fi dameeleen beekumsaa isaan walqabatan ammo jalqaba irra darbamanii turan. Sababa armaan oliitii fi kan saayinsiin hawaasaa takkaa karaa sirrii ta'een qajeelfamootaa fi tooftaalee Islaamaa bu'uureffatee dagaagee hin beeku. Kun maaf saayinsiin diinagdee, barnootaa, siyaasaa, walqunnamtii, ykn bulchiinsa Islaamaa hin jalqabin kan jedhuuf deebii ta'a. Bakka san, barruuleen sunniin barumsa Islaamaa kan durii keessatti kan ibsaman yoo ta'u, sunis irrakeessuma ibsame. Kanaaf dhimmoonni akka hawaasa Muslimaa keessatti kaadiree ijaaruu, gurmeessuu fi poolisii hawaasaa ijaaruu fa'a sossobumaa fi tasa fakkeessuuf malee haala laaffataa dhufe hin jijiiru. Garaagarummaan ilaalcha yeroodhaa kan haala hawaasichaarratti godhamuu fi fayyadama saayinsii hawaasaa kan sirrii ta'e gidduu jiru, qorannooleen kallattii sirriitiin hojjataman kan eegalan dhugaa jirurraa, uumama qayyabachurraa

fi eegasii gara kaayoosee, qajeelfamootaa fi sonootaa kan deeman ta'uu isaaniiti. Saayinsiiwan hawaasaa kan toowataman bu'aalee haqaan argamaniin malee, akka yeroo heduu ta'u, dhokatanii jechumaa fi gaalee qofaa kan ibsamaniit miti.

Gaaga'amni sammuu Muslimaa keessaa kan walqabatu argannoowwan Islaamaa kan kaayoo ol'aanoo ta'anii fi fakkeenyaa sonoota Islaamaatiin. Kanaaf, gaaga'ama yaad-rimee, jaqlabaa fi tooftaati; akkasumas, goolama adeemsaa ykn malaati kan hawaasichi keessa jiru. Gaaga'amni yaad-rimee Muslimaa tokkoo bu'uura saayinsii hawaasaa kan hawaasicha akka yaada, dhaabbataafi imaammata mataa ofii qabaatu godhaniiti.

Saayinsii hawasarraa yemmuu haasofnu, dameelee qorannoo tooftaati; osoo raga tiyoorii (haasaa ragaan hin qulqulla'in) ykn barumsa addaa kamuu hin laalin (Kan Dhihaa, Kan Bitaa, kan Bahaa, kamiyyuu). Shakkii malee, sammuin Muslimaa, hundee beekumsa isaa kan guutuu fi cuunfamaa ta'e wajjiin, gatii guddaa saayinsiilee fi kuusaawwan barnootaatiif kennu.

Yeroo amma waa'ee dhimmoottaa fi rakkolee saayinsii hawaasaa dubbachuun xiqqoo ni hafa. San irra, wantoota, akkuma yeroon dabruun, mul'ataa dhufantu jiru. Foormulaama ta'eenuu haa ta'uu, qabxiin jiru bakka dura beekamurraa eegaluu fi bakka ilmi namaa dura bira baherra (kuusaalee barnootaa fayyadanitti) fayyadamuu dha. Wanti armatti barbaachisu bakki irraa jalqabamu bakka dur *asaalaa* (hundee), bilchinaa fi banaa ta'erraa ta'ee, adeemsi eegaluu barmaatilee isa duubatti

deebisanirraa fagaatuu qaba. Isaan hawaasichaa waggootaaf  
booji'amaa waan godhaniif jecha.

**BOQONNAA LAMA:  
Tooftaa Durii Kan Yaad-rimee Islaamaa:  
Gamaaggamaa fi Xiinxala**

Mariwwan adeemsifamaa jiranirraa wanti mul'atu furmaatileen durii, kan seenaa ta'us kan warra alaa, wanti kufaniif sababa tooftaa sirrii kan haaromsaaf ta'u bakka hin buuneef. Gaaga'amni hawaasaa dandeettii fi qabeenyaan osoo hin taane rakkoo hubannaati. Hubannaan gaaga'amaa kun gaaga'ama amantaa, bu'aawwanii fi qajeelfamoota bu'uuraa osoo hin taane gaaga'amoota yeroo dheeraa ilaalchaa fi tooftaalee ilaalchaa jijiirama bu'uura siyaasa uummataa fi bu'aa fageenya hooggansi itti gaafatatumummaa hawaasarraa qabuudha. Misoomni inni qeenxeen kun qarummaa, guddina saayinsaawaa fi hir'ina dandeettii uummataa gadi buusudhaan jijiirama, misoomaa fi gufuuwaan itti fufsiisuun gara kufatiitti fida.

Adeemsa qaroominaa itti fufuu dadhabuun kun madda yookin bu'uura gaaga'amaati. Garuu haalli kun sirraa'uuf dhiimmoonni biroos irratti hirmaachuu qabu: hanga adeemsi ilaalcha sammuu Muslimaa kallattii sirrii qabatutti, karaa ittiin yaad-rimeen Muslimaa fooyya'ee, tooftaaleen isaa baayyeen sirratanii, karaa ta'iiwan, qormaatota, walitti dhufeenyaa fi jirenya hawaasummaa fooyya'uu qaba jechuudha. Yoo tooftaan jirenya hawaasichaa sirraa'e, ilaalchi isaa dandeettii ittiin anniisaa jijiirama barbaachisu tattaaffii fi rakkolee mudatan ofirraa qolachuuf dandeessisu argata.

Sababa kanaaf, tooftaa sammuu Muslimaa fi yaad-rimee isaa itti dhiheenyaan ilaaluu qabna; akka baayessatti nuu galuu fi dadhabinaa fi kufaatii isaas salphaadhummatti akka beeknuuf jecha. Kanaaf, akkamitti sammuu Muslimaa deebisanii haaromsan kan jedhuuf guduunfa yeroodhaaf ta'e tokko kaayuu ni dandeenya.

### **Al Usuaal (Bu'uuricha): Hiikaa fi Ibsa**

Saayinsiin bu'uura beekumsaa (Usuul alfiqh) tooftaa seena kan yaad-rimee Islaamaati. Saayinsin kun kan bakka bu'u irra barbaachisaa qaama tooftaa kanaa kan barnoota Islaamaa durii (yeroo dheeraa) ti. Hayyoota warra saayinsii kanaa fi dameelee isaa sirritti qoratan ykn baratanitti xiyyeefchachuun, dhaloota dur duriirraa hanga ammaatti, maqaa toofataa qorannoo Islaamaa kan aadaa ykn durii jedhamuus ni danda'a; kallattiin isaa kan yeroo hundaa callisumaan fudhatamu waan ta'eef.

Guyyota Islaamaa durii sanniin keessatti, qajeelfamoonni gurguddoonii fi waliigalaa kan tooftaa kanaa wanti ibsan yaadrimema Islaamaa kanaa fi walqunnamtii inni amantiifi ergaa Islaamaa waliin qabuudha. Fakkeenyi gaariin hafuuraa fi faaydaa isaa bareedaan kan argamu kan yeroo bakka-bu'ootaati; yeroo ergaan beeksisaa (wahyi) akka madda qajeellumaa fi kallattiiti; sababaa fi tilmaamni ammo akka meeshaa ergaa san itti qayyabachuuf oolaniitti fayyadan, akkasumas, dhimmoottarratti furmaata kennuu fi imaammata qopheessuuf fayyadan.

Bara tilmaamaa itti aanuu keessatti, yeroo qoodamni gaggeessimoota siyaasaa fi beekumsa amantii giduutti uumametti,

xiinxaltoonni Muslimaa fi beektonni hanga yeroo sanii ergaa hafuuraa fi tooftaalee Islaamaa kan bara durii irratti cichaa turan. Kanumarraa ka'eeti kan tooftaa duriitiin barreessani fi barsiisaa turan. Haa ta'u malee, akkuma addummaan siyaasaa dagaaguun, akaadaamiirraan kan hafe barumsa hundaa dhoowwuu eegalaniif barruulee Qur'aanaa fi Sunnaa haala fedhii nam-tokkee guutuun hiikuu ykn barsiisuu eegalaniif, kadhannaa fi kennaa fa'a malee, siyaasa, mootummaa, dhaaba hawaasummaa fi walumaagala haala garee fi hawaasaa dhiisan. Bu'aan argame, tooftaan bu'uuraa kan isaan fayyadaman dhimmota isaan fedhaniin walqabte; haalota silaa ittiin ijaarameef faallessee; akkasumas, haala beektonni Islaamaa isa toowachuu hin dandeenyeen.

Kanumaa ta'ee, qajeelfamoonni bu'uuraa kan tooftaa isaanii dagaagsuu fi gahee isaa bahuuf akka ta'uti banameetuma hafe. Garuu dagaaginni itti fufe sun qor-qalbii waan haaraauumuutiin malee akka taqliidaa sanii miti. Dagaaginni sunis itti gaafatama dhaloota itti aanuu ta'e. qor-qalbii dagaaginnaa qofaan tooftaa jiru irratti sirriitti hojjachuun danda'ama, bu'aa irraa argachuuf, ammas isarraa ka'uun dhiibbaalee haalota geggedaraman kanniin wajjiin dhufan toowachuun. Qor-qalbiin akkasii tooftaan gara sirrii ta'ee fi haala bu'a-qabeessaan akka dagaagu taassisaa; ammas jirenya ol'aantummaa nam-tokkee hin taaneef gahee taphata..qor-qalbiin kun ammas akka yaad-rimeen Islaamaa guutummaa ofii fi uumama jalqabaa eeguuf, akkasumas, tilmaamaa fi ragaalee fi barnoota isaan walqabatanis.

Asirratti wanti bu'aa qabu tooftaa yaad-rimee Islaamaa kan durii san akka har'a beeknutti gabaabinaan sassaabuun

gamaaggamuudha. Kanatti aanee kan dhufu dhimmoota utubaa mormii muraasa fi tooftaa hedduu barbaachisoo irratti mari'achuudha.

Tooftaan yaad-rimee Islaamaa kan har'e beeknu kun saayinsii hundeewwan beekumsaa (usul al fiqh), kan gara birootiin, qajeelfamoota waliigalaa bakka bu'an yemmuu ta'an, dhugaa bu'uuraalee ilaalcha qor-qalbi Islaamaati. Garuu, hundeewwan beekumsaa, akka dame barnootaatti, kan jalqaban beektota warra dhaloota hordoftootaatiin (tabi'in) fi warra isaan hordofaniin (taba'u al tabi'in), akkasumas, dhaloottan achi booda dhufan, bakka bu'oota qaqqajeeeloo (al khulafa al rashidin]. Kanaaf, al risalah, kan jedhu, barruun imam al Shaafi'iin barreeffame akka waliigalaatti, dursaa barreeffama akaadaamii tooftaa yaad-rimee Islaamaa yoo ta'u, keessattuu saayinsii hundeenwwan beekumsaatiif bu'uura.

Qajeelfamoonni bu'uuraa kan saayinsiifi tooftaan kun irratti hundaa'an gosoota lamatti qoodamu: kan jalqabaa fi kan lammataati. Utubaaleen duraa qorannoolee bu'uuraa kan Qur'aanaa, Sunnaa,Waliigaltee (Ijmaa'a) fi Walbira qabiinsa (Qiyyas) irratti yemmuu hundaa'an, bu'uuraaleen lammataa ammoo qo'annoowwan ragaalee akkamittii fi haala kamiin akka hojiirra oolan iratti walii hin galaminii, [al hadisul al mukhtalif fihi] , kanneen akka bu'uura adeemsa tillmaamaatti fayyadaniidha. Ragaalee lammataa daran barbaachisoo ta'an keessaa:Istihsaan (walbira qabiinsa daran sirrii) (al masaалиح al mursalah) kan bal'inaan fedhii hawaasaarratti hundaa'e), sad al zaraa'ii (yakka ittisu), urf (barmaata, aadaa itti fayyadama

seeraa), jechoota hordoftootaa (sahaabaa) fi barmaatilee hawaasa Madiinaa fa'a.

### **Saayinsiwwan Shari'aa fi al-Shari'aa**

Bu'uura qoodama kanaarraa ka'uun, saayinsiilee fi dameeleen barnootaa, dhalootuma jalqabaarraayuu eegalee Saayinsiilee Shari'aa fi al-Shari'aa (kan shari'aa) hin ta'in jedhamee qoodama. Dhaloota duriirraa eegalee mallattoon saayinsii Shari'aa adda godhu haala isaan qo'annoowwan hiika Qur'aanaa fi Sunnaa ittiin ilaalanii dha. Bu'uura kanaan kan Qur'aanaa fi Sunnaa, hundeeawan beekumsaa, qorannoон amantii fi bu'uura afaan Arabaa gara saayinsii Shari'aatti dagaage. Wanti afaan Arabaa akka saayinsii Shari'aatti laalameef (seeneef) Afaanichi bu'uura qorannoo Qur'aanaa fi Sunaa waan ta'eef.

Qoodamni ykn Adda bahiinsi tooftaa yaad-rimee Islaamaa kun kan ibsu saayinsiilee Shari'aa keessatti sadarkaa daran xiqqaa saayinsiilee amantii (ilmu al kalaam) ti. Dhimmi gido-galeessi saayinsii amantii (theology) waa'ee amantaa fi qajeelcha Islaamaa, ol'aantumaa fi walbira qabiinsa amantii fi yaadota Aristootilii fi falaasama Griikootaa kan ilaalu ta'us, faalamni sun dhimma itti hin kennine; wal mormii fi qoqqooddaa beektonni isaanii (Muslimaa) keessa lixan uume.

Kanaaf qorannoон amantii bu'uura dadhabinaa ta'ee yaad-rimee hawaasichaa keessatti hafe. Kanarraa kan ka'e, hawaasichi dhaabbilee hawaasummaa fi qaroominaa isaaniitiif gochootaa fi hojilee raawwataman ittiin qajeelfachuu hin

dandeenye. Bu'aan biro kan mormiigidduu bal'ina saayinsii seeraa fi waan inni jirenya nam-tokkeerratti qabu fi kan saayinsii amantii bal'aati ti. Osoo saayinsiileen kunniin walhin simatinii, mul'anni Islaamaa bal'aan hin uumamu ture; saayinsiileen lamaanuu hanqina horatu ture; sababa san saayinsiileen kunniin jijiiramaa fi dhiibbaalee hawaasicha mudataa turan qolachuu hin danda'u ture.

Bakka kanatii xiinxala ykn marii keenya keessatti kan dirqama nutti ta'u, tokko tokkoo dhimmoota bu'uuraa kallattii ykn ijaarsa yaad-rimee Islaamaa kan duriitiin ilaaluudha. Kun sababoota hanqinoota isaa fi akkamitti haala gaariin taateewwan kanniin ilaalla ykn irratti hojjanna kan jedhu akka qayyabannu nu dandeessisa.

Ragaaleen bu'uuraa kan Islaamaa Qur'anaa fi Sunnaadha. Mala durii jalatti gahumsaaleen qorannoo kanaaf iraa barbaachisaa ta'an sunneen kan seenaa, kan hafuuraa(afoola) fi kan beekumsa afaniiti. Qorannooleen Islaamaa kan durii cuftuu bifa afoolaatiin turan; hogguu gurguddoon biroo hedduun isaanii bu'uura lama (hiika ykn tilmaamaa fi haala qabatama jiruun kan walsimate) sadarkaa lammataarra jiru. Itti fayyadamni wantoota kanneenii carraa, duuba hayyichaa fi haala jirenya namummaa beekaa saniirratti hundaa'a. Haalli kun sababa toofaan nama sodaachisu kun saayinsiilee fi qorannoowwan Islaamaa keessa itti seeneef tilmaamni(ijihad) dadhabeef nuuf ibsa ykn nu hubachiisa. Dabalataanis, dandeettii beektonni Islaamaa jaarrraa hedduuf tilmaamatti fayyadamuuun dhaabbilee isaanii laaffatan tumsaa turan dinqisiifachuu akka qabnu nu gargaara. Ciminni

isaanii sababa muuxannoo jirenya siyaasaa fi hawaasummaarraa argataniin kan dhufee fi kan akka isaan saayinsiilee yeroo san keessa turan tolchanii beekan, waliigala haalota hawaasichaa jiran hubatanii fi rakkolee haala ifa ta'een qayyabatan taassise; osoo caluma jedhanii kallattii afoolaa fi afaaniitiin hin laalin, iraa kan dhufeedha.

Wanti qabatamaan mul'atu tokko ammas qorannooleen Qur'aanaa fi Sunnaa durii yeroo hedduu namoota isa kan birootii hin galan, ijjannoorratti waldhaban, karaa ittiin hiikamaniinis. Qorannoolee kanniin karaan ittiin gaheelee isaanii adda baasan nama rakkisa.kanaaf qorannooleen saayinsii yeroo walfakaatan sanii irra keessa seenaa duriitiin (traditional historical taqlid) if taatee haqiinsaa (nask) tiin gaaddiseeffamanii sababa badiinsa qorannoo Shari'aa fi beekumsa Islaamaa ta'an. Dabalataanis, hayyooni amantii, yeroo fi bakka, akkasumas, haala Qur'aanni ittiin hiikamu kan waliigalaa, akkaataa dhala namaa fi hawaarratti waldhabanii (dhama'anii) turan.

Dhimmoonni akkasii barruulee Sunnaa nuti agarre ykn jirenya bakka bu'oottaa nuti beeknuu fi haala yeroo san isaan keessa turaniin walfalessa. Kanaaf, fakkeenyaaaf, qorannoon Sunnaa gara qorannoo seerota hadiisaa (haasaa-gochaa-argii Nabiyyii) ittiin dabarsan ykn sirreessaniiti jijjirame. Kun barbaachisummaa qorannoolee kanaa waakkachuu osoo hin taane, hanga dhimmoonni kunniin furmaata argatan, qoqqoodamanii fi barreeffaman jarraan hedduu darbeera. Kan nama dhibu, hiikaa fi barbaachisummaan hadiisa kanaa ammatti xiyyeffannaakkaa akkasii hin arganne.

Akkasuma, bu'uura dhimma waliigaltee (Ijmaa'a) itti dhiheenyaan ilaaalle, kan arginu dhimmooni dur usuula keessatti qorataman akka haala waliigalaatiin wal hin fakkaatan, garuu hula waldhabdee ykn mormii hin banan. Kanaaf, warri waliigaltee qoratan wanti hubatan, isa kana dhimma amantii ykn murtee gurguddoof fayyadamuun gonkumaa kan hin danda'amnee fi keessattuu barruulee bu'uuraa ragaalee dur keessatti tuqaman kan ibsuu dha. Kan ta'uu qabu, dhimmoota sanniin keessatti, bakka barruun ifa ta'e hundee irraa argamutti, waliigaltee hin barbaachisu.

Kan caalu, akaakuun waliigaltee durii kan hayyota hundeeawan beekumsaatiin addeeffame takkumaa hayyoota ykn warroota akaadaamii kan Qur'aanaa fi hadiisa qorataniin itti fayyadamamee hin beekamu. Kanaaf, waliigalteen, osoo hojiirra ooleeyyuu, dhimma afoolaa ykn tiyoorii kan haala fedhii waliin jireenyaa Muslimaa keessatti hojiirra hin oollee dha. Dhimmi kun ilaalcha keenyaan alaa fi dhimma keenya ammaa keessatti kan bakka hin qabneedha. Haalli kun tiyoorii fi kallattii akaadamii qofa osoo hin ta'in hawwasummaa fi siyaasaas dabalata; akka waliigalteen dhimma hulaa gidduu gaggeessa beekumsa amantii fi siyaasaa kan dhiphisu waan ta'eef. Bu'aan argame, hawaasichi akkuma jirutti rakkataa ture. Kun, haala qabatamaan, xumura hiika hawaasa Muslimaa kan waldanda'uu fi tokkummaa, seerummaa garee gaggeessa lamaanii kan ibsuu dha.

Kanaaf, waliigalteen, akka hayyoota usuulaatiin yaadametti, guutumatti tiyoorii fi kan qabatama ykn hundee amanamaa hawaasummaa fi siyaasaa Islaama ibsu hin qabu.

Kanaaf, waliigalteen hawaasa Islaamaa keessatti gahee siyaasaa, mootumaa, ykn bulchiinsa seeraa kan hin qabu.

Muslimoonni akaakuu waliigaltee biroo kan tiltaamaa fi marii (Shuura) gorsitoota muxannoo qabanii fi hooggantoota hawaasaa Islaamaa murannoo qaban ilaalcha siyaasaa, beekumsa amantii fi barmaatilee garagaraa qabaatan horachuu barbaachisa. Waliigalteen barbaachisu kan yaada kan caalu ni bulcha jedhu, caalmaa haqummaa fi itti gaafatamummaan gaggeessummaa keessatti calaqqisiifamu jedhu ibsa. Waliigalteen akkasii kan barbaachisu yeroo hawaasichi yaada tokkoratti waliigaluu dadhabaniidha. Haala kana keessatti, haaluma salphaan gidduu qorannoo tiyoorii kan yaada namtokkeerratti hundaa'e (keessattuu dhimoota akka daddabarsaa, dhaabbilee fi imaammata ummataa) fi seerota siyaasaa fi seeraan wal qabatan kanneen kallattii jirenya Muslimaa qabatamaan, yaaddanii fi amalaan miidhan adda baasuu dandeenyaa.

Utubaan bu'uuraa atrafaan Qiyaasa (dhimmoota ragaan qabatamaa Qur'aanaa fi Sunnaa hin argaminiif raga jiruun walitti ciibsuu) dha. Kaayoon isaa walfakkeenya gidduu taatee argamtee fi taatee bara jirenya Nabiyyii ture walbira qabuun, raga walfakkaatu fayyadamuu jechuudha. Garuu barmaata kanaaf muxannoo cimaa tokkotu jira: haalonni hawaasaa dhimmoota lameen keessattu walfakkaatu. Yoo wanti tokko keessaa adda ta'e, kan qulqulleeffamuu qabu adda addummaan sun xinnaa moo dhimmaa keessooti; bu'uuraa fi xiyyeeffannoo harkisu hin qabne ta'uu qaba. Yoo adda addummaan sunneen xixinnoo ta'an,

walfaana taatee seenaarraa dhufan, seerri walfakkaatu hojiirra ooluu danda'a.

Yeroo babal'achuu Islaamaa guddichaarraa eegalee, yeroo bakka bu'aa Umar, jijiiramoonni gurguddoon mul'atanii turan. Kanaaf, walbira qabiinsi gabaabaan sun dhimmoota rakkolee fi jijiirama waliin deeman murteessuti bakka hin arganne. Kun beektotuma yeroo san turan kan mul'ate yoo ta'u, isaanis gara kallattii biraaykn tolfachuu (Istihsan) jedhamutti siquun, tooftaan kun dursa Iraaq, Peershiyaa fi Aasiyaa giddu galaa keessatti fudhatama kan argateedha. Kana kan caalu, sababni tooftaan kun bulchiinsota san keessatti fudhatama argateef waan yeroo bakka bu'ootaa misoomni hawaasummaa dagaagee, Islaamummaan gara Peershiyaa babal'atee, impaayerri Abbaasiyyaas dhaabbateef. Waqtii sun yeroo jijiiramni sanyii, hawaasummaa fi siyaasaa guddaan haala armaan dura Islaama keessatti argamee hin beekneen mul'atedha. Yeroo san sululli Arabiyaa bakka gaheen siyaasaa beektota Islaamaa laaffatee human dhabeedha; eega bakka bu'aan duraa dabree booda.

Tolfachiinsi tartiiba bu'uura saayinsii hundeeawan beekumsaa keessatti akka ragaa lammaffaatti ilaalam. Dagaaginni isaa kan ibsu jijiirama fedhii seeraa fi hawaasummaa, keessattuu haala magaalaa gurguddoo naannawa Islaamummaan dura qaroominni keessatti dagaagetti. Walbira qabiinsi durii fi malli taatee takka isa biraajijiin walfakkaatu (haala caalaan) hedduu salphaadha. Tooftaan akkasii haqatti dogongorsaadha; waan beektota sababoota dhugaa rakkolee

hawaasicha mudataniif barbaadurraa dhoowwuu fi bu'uura seeraa fi murttiwwan dhimmoota dhugaa hin ta'in ibsuu waan malaniif.

Kanaaf, fedhiin tolfaachiinsaa ifa; waan isa malee hayyooni seeraa tooftaa tilmaamaa (qiyaasaa) dhiphaa sanii dhimmoota Shari'aa gurguddoo murteessuu waan hin dandeenneef. Kallattii kana qofaan abbootiin seeraa dhimmoota rakkolee murtaa'aniin walqabatan ykn isaan qunnamanirratti murtee seeraa kan Shari'aa fi kaayoo gurguddoo irratti murteessan. Adeemsa dheeraa keessa seeronni akkasii yeroo hedduu akka gaarii ta'an shakkiin hin jiru.

Dhimma guddaa dhaabbilee Islaamaa fi jijiirama hawaasummaa qayyabachuuf, kan beekuu qabnu hedduun abbootii murtee bebbeekamoon, keessattuu ni beekan jedhaman, jijiirama hawaasummaa kana hubachuuf ykn irratti hojjachuuf mala biro hin filatan; miidhama turee isaanirra qubatu kana fudhachuun alatti. Filannoobiraa isaaniif hin turre garuu tooftaa beekumsa isaanii bira darbanii (daangaa cehanii) dhimmoota, qajeelfamootaa fi caalmaaleen Shari'aan kaayeen ala deman malee.

Fakkeenyota taatee haaraa kanaa keessaa tokko bakkitee beektota warra gatii toowatuuti. Toowanna kana kan dhoowwu barruuleen Sunnaa keessa jiraatus, ammas beektonni waan Sunnaa keessa jiru cufa kan fudhatan ta'uu ibsanis, haqa dhabdummaa diinagdee sirreessuuf jecha towannaan akka barbaachisu murteessan. Dhimmicha karaa bal'aa ta'een ilaaluu waan dadhabaniif wal qixxummaa hawaasummaa fi diinagdees

deebisuu waan hin danda'iniif toowannaa gabaa fi giddu-seensa mootummaa, keessattuu gatii murteessuu iraatti murteessaa turan.

### **Irraanfatiinsa Saayinsiwwan Hawaasaa**

Ilaalchonni kunniin akka waliigalaatti hundee fi tooftaan duriis itti aanee, jalqabaa fi dagaaginni isaaniis, kan ibsan akkamitti hundeen lammataa qajeelfamootaa fi tooftaalee dhugummaa fi jireenyaa Islaama madaalawaa ta'eetti adeemu kan jedhuudha. Haata'uutii, qajeelchonni kunniin bu'uura tilmaamaa fi qabatama hojiirra oolmaa isaa ta'anis, barbaachisummaan isaanii sadarkaa lammaffaarra jiraachuun isaanii akkamitti akka miidhaan kun yaad-rimee Islaamaarraa fi tooftaaleerras dhahe kan ibsuudha. Kunniin, eegasii, mallattoo karaa hawaasummaa, dhaabbataa fi duubatti hafummaa aadaa kan deemanii deemanii hawaasa Muslimaa dadhabbiif kufaatiif saaxilaniiti.

Bu'aan ifa jiru kan hayyooni amantii gageessa keessaa bahuun (dhiibaman ykn kan birootiin) jirenya ummataa mudate qajeelfamootaa fi tooftaaleen turan takkumaa guddina Islaamaa keessatti hojiitti hiikamanii hin beekan; saayinsii uumamaa fi hawaasa Muslimaa keessattis (akka har'a saayinsii hawaasaa fi namummaa jedhamu kanatti). Sababuma kufaatii siyaasaa addunyaa Islaamaa mudate Kanaan, yeroo fitnaa guddittii fi ajjeefamuu Usmaanirraa eegalee, eegasii mootummaan Umawiyyas dhaabbattee, gaggeessi siyaasaa fi hayoota amantii qoqoodamaa dhufe. Addabahiinsa hayyoota Islaamaa jajjaaboo kan jirenya aangootirraa godhame wajjiin, yaad-rimeen Islaamaa kan dagaagina saayinsiilee fi dameelee barnootaa fi oolu

hundee isaarraa maqee, dhaabbilee fi guddinni hawasaa rincicee, hayyoonni kunniin bakka san fedhima amantii fi hafuuraa kan nam-tokkeerratti xiyyeefatan.

Taateewwan dagaagina yaad-rimee Islaamaa fi tooftaalee isaatiis gahee taphatan xiinxaluun, amma nuti kan dinqisiifachuu qabnu sababa kufaatii walmadaalinsa Islaamaa fi balballi (hulaan) tilmaama dhugaa, akkasumas kaka'umsi hayyummaa duruma seenaa hawasichaa keessatti ittiin cufamee dha. Dameelee sanneeniif gumaachi hedduun godhamus dhiibba namtokkee irraan kan hafe akka jaarmaya sochii hayyootaatti wanti hojjatame hin turre. Kun kan ibsu saayinsii beekumsaa keessatti namoonni beekkamoonii fi hojjiwwan hawaasichaa hedduun mul'achuu isaaniiti. Garuu, yaad-rimeewwan kophaa baafaman kunniin karaa kamiinuu akka 'saayinsii hawaasaa kan Islaamaa'tti ilaallamuu dadhabuu isaanii fi akka ilaalachaa Islaamaa haaraattis kan hawaasichaa fi dhaabbilee isaa qajeelchan ta'uu dhabuu isaaniiti. Rakkoolee isaaniitiifis deebii ta'u jedhamanii hin eegamne.

Kanarratti hundaa'ee wanti nuti dagaagina yaad-rimee Islaamaarraa beeknu, salphumatti sababa qorannoon hayyoota Islaamaa dhaabbata hawaasummaa waliigalaarratti, dhimmoota aangoorratti, mootumaa fi bakka bu'ootarratti, siyaasaarratti, sirriitti qoratamuu dhabeefidha. Kanaaf, gaafileen barbaachisoon hundikan hawaasichaa fi jirenya isaa ilaalan gatamanii ykn irra darbamanii ykn immoo hojima xinnaa bu'aa hin qabneen ibsaman.

Ijaarsi hayyoomaa kan adda bahiinsa siyaasaa fi beekumsa hawaasichaarraa dhufe tooftaa fi qabiyee yaad-rimee islamaarrattis ta'ee saayinsiwwan Islaamaa fi dhimmoota isaa babal'oo irrattis ni mul'ate. Bu'aan kanaa qaranoo fi qo'annoowwan hedduun ibsuma aadaa fi tilmaama abdii hin qabne ta'ee hafe. Dagaaginni kun akka hayyooni xiyyeffanna ofii gara afaanii fi barreffamaa deebisaniif barumsa gadi fagoo barruuma qofa akka siritti qo'atan godhe.

Galaanni hayyootaa dhangala'e kun hawaasicha keessatti qoodama ifa ta'e uume. Gara tokkoon nam-tokkee, gara biroon ammoo hawaasichatu ture. Hayyooni Islaamaa yeroo san turan xiyyeffanna guddaa gara nama dhuunfaa godhanii, keessattuu dhimmoota kadhannaa, hafuuraa, seera nam-tokkee fi waljijiirraa keessatti. Kanaaf dhimmoonni Muslimoota namtokkee bal'inaan abbootii murtiitiin osoo hin hafin ibsamaa (murteen itti kennamaa) ture. Dhimmoonni hawaasichaa akka waliigalaatti, akkasumas dhimmoonni biyyattii, dhimma abboonni aangoo fi ijaaramni abbootii lafaa ykn namoonni humna qaban (dhageettii qaban) itti taphatan ta'e. Gaggeessitootaa fi aanga'oonni kunniin namoota badheetii fi hayootaanis akka of eeggannoo fi shakkiin ilaalaman ta'e.

Adeemsi haarofni hayyummaa fi xiin-sammuu kun, beektota durii akka walumaagalatti qayyabannaah gahaa gara siyaasaa fi hawaasummaa hin qabaanne godhe. Eegasii, barumsaa fi qajeelcha hayyootatiin alatti waan ta'eef, imaammatootaa fi dhaabbileen hawaasicha miidhaman. Yaada hayyootatiin ala waan ta'eef, dhaabbileen hawaasaa dhugaa

(haqaa) ijaaramuu hin dandeenye. Bakka san, dhaabbilee kamuu dhaabatan ykn mul'atan yeroma san kufu, galanni harka malaammaltummaa barateef haa ta'uu. Kanaaf, yaadni qaama, garee, biyya ykn hawaasa fayyaa ijaaruu takkumaa keessoo ummatichaa ibsee hin beeku.

Bu'aan ibaa (biraa) kan galoo kanaan dhufe dadhabiinsa murannoo gaggeessitoota hoogansa siyaasaa kan barumsa Islaamaa fi qajeelfamoota bu'uura isaa barsiisuuti; akkasumas dhabiinsa sirna barnootaa fi sagantaalee aadaa fooya'aa, kan hunda of keessatti qabatu, ti. Akkuma hawaasichaa dhaabbileen isaa dadhabaa dhufaniin, gaheen gaggeessaa fi seera isaas dadhabaa dhufuun hanga hawaasni garee, gosa, gooxii fi gareewwan walfaallessanitti qoqqoodamanii amantiinis ta'ee qor-qalbiin ajajamuu didanitti itti fufe.

Dhiibbaa dhimmoota kanaa jalatti, qajeelfamni yaad-rimee Islaamaa fi barumsaas gara sodaachisaa, dirqisiisaa fi harka kennachuutti geeddaram. Kallatti hedduun kun hojiiraa oolee, tatamsa'ee, jajjaabeeffamee, beekamees ta'u osoo hin beekin, sektara hawaasichaa kan akka gaggeessa siyaasaa, hawaasummaa fi beekumsaa (barnootaa) tiin.

### **Walitti Bu'iinsa Jidduu Sababaa fi Ergaa Waaqaa Buufamanii**

Bu'aalee daran barbaachisoo haaromsa hayootaa fi siyaasaa gidduutti walitti bu'iinsa uuman keessaa tokko qabsoo hin mul'anne kan sababaa fi ergaa Waaqaa fidaniidha. Qabsoon kun qaawwa hamaa saayinsii seeraa, fiqh fi kan amantii, barumsa

afaanii, gidduutti uume. Qaawwi uumame irruma keessatti ykn dhimmoottuma adda ta'anii fi barumsaatti hin dhaabanne, baqaqa cimaa waan ta'eef walitti dhufeenyaa hiikaa fi kaayyoo amantii Islaamaa fi jirenyaa hawaasaa fi dhaabbilee jidduu hula gadi fageesse. Bu'aan tokko saayinsiin afaanii mormilee falaasamaa fi wal-mormii madaalawaa (kessattuu waan hin mul'anne) sammuu Islaamaa keesssatti bakka hin qabnetti yeroo gubaa turan. Taphni beekumsa akkasii sun suuta suuta sammuu Muslimaa seenee, mul'ata Muslimaa dhugaa xureessee, beektota Muslimaas faalee ykn miidhee, kan mul'atu, hin mul'anne, kana jechuun ergaa buufamte, sababa, amantii, murteessummaa fi fedhii bilisaa, maqoota kabajamoo fi haalotaa fi waan hayyooni irratti hojjachuu qaban cufa kan garuu hawaasichaa fi, yaad-rimee fi amantii isaafis homaa hin arjoomne, keessa isaan galche. Bu'aan kanaa saayinsiin beekumsaa fi yaad-rimeen Islaamaa waliigalaa, barumsa afaanii, kaayyoo fi qajeelfamoota hawaasummaa fi dhaabbilee akka guddisuu danda'u bu'urri tokkollee osoo hin buufamin hafuu isaati. Haala Kanaan, sammuu Islaamaa fi yaad-rimeen isaa mana hidhaa tooftaalee murtawoo ta'anii ta'ee dagaaginaa fi jijiirama barbaachisu, fedhii fi carraalee barbaachisan argamsiisuu hin dandeenyee.

Wanti biroo kan dur yaad-rimee Islaamaa yaada armaan olii kana kan ibsu, galoo jidduu hayyootaa fi gaggeessitoota siyaasaa jirus dabalatee, kan hin furaminis dabalatee, haqama barruulee Qur'aanaa fi Sunnaati. Wanti kanarratti bal'innaan beekamuu fi fudhatama qabu tokko yaada sirna barumsa seera-qabeessa kan dhiheenyaa buufamaniin hiikaa fi seerotni isaan dura

buufaman haqaman. Haqiinsi kun, garuu, dhimmoota keewwanni (ayat) ykn seerronni sunniin irratti buufaman ykn beekumsa keewwata duraa keessa ture hin ilaalle. Karaa Kanaan, dhimmota lamaan gidduu harca'iinsi jiraatus, waa'een haqiinsaa seera Islaamaa kessaa akkuma seera ilma nاما kan dur haqamee seerri haaraa fudhatamu godhame; yoo haalonni gargar ta'an. Yaadni kun, akkuma waliigalaatti, tilmaama gara seeronni fi dhaabbanni Islaamaa eega fakkeenya Madiinaatii (waqtilee Nabiyyii fi banamuu Makkaa hordofee) ni fooyya'a kan jedhu uume. Kun 'Waqtii Madiinaa Lammataa' jedhamee ibsamuu danda'a. Jalqabni waqtii Madiinaa kan ibsamun: sodaa, dhiphummaa fi hanqina yoo ta'u, kunis yeroo qilleensa hamaa uumuu waan ta'eef. Akka yaada kiyyaatti, waqtin Nabiyyii sadarkaalee adda addaa saditti qoodamuu danda'a: 'Waqtii Makkaa (cehumsa jalqabaa yeroo Islaamatti waamuu namtokkeen hojjatan). Yeroon kun waqtii bu'uuraaleen amantaa fi qajeelfamoonni jijiiramaa hawaasichaaf dhihaatanii dha. Kan lammataa 'Waqtii Madiinaa kan duraa' fi sadaffaan 'Waqtii Madiinaa lammataa' ti.

Ilaalchi waliigalaad adeemsa ergaa Waqaqaa fi ergama Nabiyyii kan mul'isu imaammatoonnii fi yaaliin dhimmoota garaa furuuf godhamanii fi qajeelfamoonni bu'uuraa madda ol'aanaa tokkorraa burqan. Waqtin Makkaa, akkuma sadarkaa waamicha amantii fi haaromsa qajeelfamoota ol'aanoo haaraarratti godhameen, kan xiyyeffate hundeelee fi haala waliigalaarratti irratti walmari'achuudha. Sababa kanaaf, ammas, Nabiyyiin jajjabeessanii hordoftoota isaatiif waa'ee haala

walfaallessaa ykn wal afoo dhaabbatuu dhabuu fi hamtuu hamtuun akka hin deebifne gorsaa turan.

Dabalataan karaa kanaan, waliigalatti yoo dubbanne, dhimmi siyaasaafi kan hayyoota siyaasaarratti dhiibbaa geessu siyaasuma qofa. Ammas, deebii nagayaa goolii uumameef kennuun abbaa humnaa fuula addunyaarraatti saaxilee; yeroo dhimma mormiin irra ture akkuma xiyyefannaan itti godhametti ture, keessattuu xiinxalaa irratti.

Waqtiiin Madiinaa kan durii kan eegale waliigaltee lola dhaabuu hudeeybiyyaa durseeti; yeroo Muslimoonni munaafiqootaa (warra irra keessa amanan) fi gosoota baadiyaa Arabaa fi Yahuudota waliin waliigaltee uumatan. Yeroo kana, haalli bal'inaan mul'atu adabaa ykn safuu fi wareegama akkasumas humna fayyadamuun humnoota alaa ofirraa deebisuu ykn diinota rifachiisuuf akka lamuu yaalii akkasii Muslimarratti hin raawwanne, gochuu fa'a ture.

Waqtiiin Madiinaa lammataa, Hudeeybiyyaa irraa hanga yeroo mootummaan Muslimaa haaraan dhuftee hawaasni hawaasichi diinota isaarratti ol'ta'eetti kan itti fufe yoo ta'u kan beekamus: xumura ijaarama dhaabbata Islaamaa fi tartiiba hawaasummaa kan guddinaa fi eeggumsa godhuutti. Kun ammas, waqtii motummaan haarofni diinaa fi firaat isaa ykn ollaa isaa adda baasee itti hubateedha.

Asi irratti wanti nuti beekuu qabnu karaa gochoonni ittiin raawwatamanii fi bifaa seera yeroo san tureeti; isaan mul'ataa fi

kaayoo walfakkaatan mul'isanis, kan ibsan imaammatoota dhugaa yeroo sana turaniitiin walqabatanii fi sadarkaa guddinaati. Kan caalu, kunniin kan haalota turan sanirratti xiyyeeffatanii dhiibuu, qajeelchuu fi jijiirama firi qabu fiduudha.

Waqtii san keessatti, yaadni gochaa ykn seerri haala gochaa hawaasaa san giddu-gala hin godhanne akka yakka yaada hawaasicharratti godhametti ilaallamu; qajeelluma Islaamaa gara xaxaa tiyoorii naannoo sanitti argamiiniin xaxamaa waan jedhamuuf sadarkaa guddinaa kamuu keessatti imaammataa fi karoори hojiirra hin oolle.

Kanaaf yaadni haqiinsaa, kan isa durii kan haaraatiin haquun godhamu, seera cimaa akaadamii fi seerra ammee (*legalistic fashion*) keessaa, waan amma ykn waggootaaf, kan dhaabbilee seera bulchiinsaa ciccimoo qabaniin alatti hojiirra hin oolle ta'uu isaati. Dhaabbileen kunniin isaan qajeelchota raawwii seeraa qabaniidha. Kanaaf, wanti dhimmi addaa tokkorratti seeraan murtaa'e tokko kallattimaan seera isa duraa hojin ala godha. Kuni, garuu, duuchaadhumatti waan addaa kan dhimmi Qur'aana ykn keewwata hiikuu jedhuu irraa adda yoo ta'u, dhimma ilmi namaa qajeelumaafis yeroo fi bakka kamittuu itti fayyadamuu miti.

Yaadni haaqiinsaa, akkuma bara durii ol guddifame, kan ibsu hubannaayaa yaad-rimee Islaamaa dhaabbataadha; waan barruulee Qur'aanaa bal'ina qaban hunduma of keessatti qabatuuf, akka Sunnaa yaada dhiphaa fi xiqqaa irratti waa hin xiyyeeffanneef. Yaadni haqiinsaa kan durii ammas kan addeessu

qaamota yeroo fi bakkaan dhufan kan barruulee hiikuuf dhufan dinqisiifachuu dhabuu fi isaanis walmadaalchisuu fi xiinxaluu dhabuudha. Dhimmi kun ifaan kan fakkeeffame ykn ibsame tarkaanfii hamma xiyyeeffannaan xiqqoo sababa bu'insaa (sababa maaf keewwanni Qur'aanaa tokko buufame) fi beektonnis barnoota sanirratti hojjachuu hin turre waan ta'eef. Xiyyeeffannaan hayyootaan jechootaa fi gochoota Nabiyyiirratti kennname hinumaa xiqqaataa dhufe.

Yaadni haqiinsaa kan durii tooftaa hundee qorannoo keessatti beekamaan, yaada faallaa fi haaqiinsaa kan seera namtolcheef jecha raawwatu, atattamaan kan kaka'umsa beekaa ammayyaa, xiinxala, seera baasaa ykn gaggeessaa waqtii qajeelluma Nabiyyii, seera bulmaataa, imaammatoota, yaadotaa fi deebiwwan dhimmoota ammaatii murteessa. Haalonni ammaa taateewwan bara Nabiyyiittin waan walfakkaatan qabaatanis, garaagarummaatu daran irra hedдуммаата.

Barataan Muslimaa har'a kan hubatu yaadni haqiinsaa bifa duriitiin jiru qabatamaan ragaalee bu'uura keewwata Qur'aanaa waliin walhaba; keessattuu bal'ina hojii irra oolmaa isaa akka waqtiii Madiinaa lammaffaa san dhiphisuun.

Fakkeenyonni lamakanneen yaada haqiinsaa kana miidhan keessaa tokko: dhimma walittidhufeeyna gidduu Muslimaa fi isaan Muslima hin ta'inii fi miidhaa hiikni sirrii hin ta'in dhimmoota akka waamichaa, walittidhufeeyna addunyaa, seera Islaamaa fi tarsiimoo siyaasaarratti qabuu dha. Haala walitti

dhufeenya Muslimaa fi warra Muslima hin ta'inii ilaalchisee kan arginu 'keewwata haaduuti'.

Warra didan (Kaafira) bakka argitetti loliin [9:5], kan jedhu fakkeenya dhugaa kan sababa hiika sirrii hin ta'inii ykn haqiinsa godhameen miidhaa faallaa geesseedha. Keewwanni sun kan buute wqtii Madiinaa lammataa yeroo Muslimoonni diinota isaanii ykn awaama Arabaa warra ganna digdama jalaaf ergaa fi ergama Islaamaa didanii daba, miidhaa, ganuu hedduu diiguun walitti dhufeenya, nagaya buusuu fi obsa Muslimaa fi mootummaa Muslimaa didan, irratti aangoo fi ol'aantummaa gonfatanitti ture. Yeroo san Qur'aanni Muslimoota akka finciltoota baadiya sanniin lolan (hanga isaan harka kennatanii Islaamummaa fudhatanii miseensota ijaarsaa fi qarooma hawaasichaa ta'anitti) ajajni itti kennname.

Yeroo san qofa haalli Muslimaa fooyya'ee wareerris isaanirraa dhaabbata. Garuu asi irratti wanti hubannu hiikni durii kan waa'ee haqiinsaa haala kanaaf kallatti barbaadamu mul'isuu dadhabee, warra haaromsaa, amala gaarii, haqa dabee fi weerara humna cimaan ofirraa deebisuufis homaa hin fayyadne. Bakka san, hiikni durii caljedheetuma dameelee akka waamichaa ykn da'awa, walitti dhufeenya kan biroo wajjiinii fi waliin jireenya gosa biraa kan warra Muslima hin ta'in waliin godhamurratti hojjatame. Taateewan kanniin irraa walfakteenya baasuudhaan, cufuma waan walfakaatuu akka irratti hojjatan, kan gaarii dalageef gaarii kennuun, warra gara Islaamaa dhufuuf fedhu ykn yaaduuf onnee ofii laaffisuun ni dhabame. Kanaaf, waldanda'uun akka yaadaatti dhimmi gatii qabuutti, kan waanuma bareedaa fi

dhimmoota muraasarratti hojjatu qofa ta'ee, yaadni bilisummaa namni tokko amantii fedhe hordofuu danda'a jedhu dhiphatee seerri hamaa fi daddaffii irratti bahe.

Akkuma san, hiikni jecha Qur'aanaa kan 'Warra kitaabaa' mariin Nabiyyiin isaan waliin qabu, bal'ina isaa dhabee naannolee biraan kan misoomaniif dagaagan keessaa baasan. Bakka san, jechichi kan hubatame warroota ifatti dubbataman Yahuudotaa fi Kiristaanota, akkasumas Maajiyaanota irratti.

Dhimmi kanaafii miidhaan isaas kitaaba kiyya 'Tiyoorii Islaamaa kan Walittidhufeenyaa Addunyaa: Kallattiwwan haaraa tooftaa fi yaad-rimee Islaamaa'keessaatti ibsameera. Achitti, wanti goolabameen walfaallessuun keeyyata buufamee fi seerota Shari'aa jidduu jiru dirqama tokkoon isaa haa haqamu kan jedhu akka hin ta'iniidha. Hinumaayyuu, barbaachisummaan dhugaa walfaallessa sanii jireenyi ilma namaa fi hawaasni, yoo taatee gara garaa simatan, danbii adda addaa akka barbaadan mul'isa. Kanaaf, hojiirra oolmaan seera Shari'aa tokkoo kan hundaaa'u haalota argaman bu'uureffateeti. Fakkeenyaaaf, yeroo warri Muslima hin taane Muslimoota wajjiin jiraatanii fi nagayaan walin mari'atan, Muslimoonni dirqama deebii deebisuu qabu. Garuu yoo isaan (warri Muslima hin taane) Islaamaa fi Muslimarratti gocha gara-jabeenyaa hajjatan, yoo san deebiin Muslimaa sirriin ofirraa deebisuudha.

Wanti dogongoramuu hin qabne tokko sababa hubannaa dogongoraa haqiinsaatiin dogongoruun hin ta'u. Jecha biraatiin, seerri murteeffamee hojiirra oolu dhimmuma saniraatti hundaa'a.

Garuu, yoo haalli jijiirame, seera sirrii hin taane itti fufuun hiika hin kenuu ykn fudhatama hin qabu. Bakka san, seeri haaraan taatee haaraa san ilaalu barbaadamuu qaba. Karaa kanaan, keewwata haaduu (verse of sward) akka isaani keewwattoota Qur'aanaa waliin guutumatti walsimatan kan tolina ykn waldanda'u fi obsatti ajajan (warra Muslima hin taane danda'u) hubachuu dandeenya.

Sababa kanaaf, hiikni keewwata tanaa, jecha xumuraa dhimma kanarratti buufamtee fi gochaalee Nabiyyii kan xumuraa, akkasumas ergaa waliigalaa yaada Islaamaa kan faallessu ta'ee mul'ate.

Yeroo Nabiyyiin Dabran ykn Du'an san, hawaasni Islaamaa haarofni jalqaba sulula Arabiyaatti ol'aantummaa argatee ture. Waqtii bulchiinsa Umayyaa fi bakka bu'iinsa Abbaasiyyaa, yeroo tilmaamni lubbuu horatee barumsi beekumsaa dagaage, dhimmoonni sunniin ittuma fufan. Har'a garuu, hawaasni Muslimaa laaffatee gara hedduun haalota warri Muslimoota durii[Makkaa] keessa turan san, yeroo baqannaan duraa gara Itiyoophiyaa, waqtii Madiinaa kan duraa san, waliigaltee Hudeeybiyaatiin dura fi baniinsa Makkaa fa'a fakaate. Yeroo sanniin Muslimoonni kallattii cufaan diinota du'aa fi diigamaan isaan sodaachisuu turaniin marfamanii dha.

Osso Muslimoonni yeroo sanii barnoota Islaamaa, caalmaalee, imaammattoota, dhaabbilee fi tarsiimoo Nabiyyichaa of eeggannoон xiinxalan taatee, waliigaltee Hudeeybiyyaa fi baniinsa Makkaa dura, silaa akka itti hawaasni miidhame,

laafatee fi qophii hin qabne dhiibbaalee diinonni irra geessan iraa waa baratu ture. Ifatti, baayinni Muslimootaa har'a dhiibamanii fi laaffatan kunniin waa heddu maloota Nabiyyichi diinagdeef, siyaasaa fi, dagaagina humna ittisaatiif hawaasa Muslimaa dadhaabaa fi carra-dhabbeessa saniif baasanirraa baratuu qaba.

Fakkeenyi lammataa kan hiika haqiinsaa durii ijannoo yaad-rimeen Islaamaa tarsiimoo waamichaa fi hojirra oolmaa seeraa Islaamaatiin walqabata. Jalqabumaa, dhimmoota kanniin irratti barmaatilee lamatu jira. Gareen tokko, haalonni addunyaa Muslimaa har'aa isa kan Makkaa fi Madiinaa duraa saniin walfakkaata; Muslimoonni kan xiyyeefattuu qaban dhimmoota akka amantii (iman) fi waamichaa irratti akkuma Muslimoota isaan duriitti haa dalagan kan jedhuudha. Haalonni akka daddabarsa ykn jijiirraa mallaqaa, soneessaa fi bulchiinsaa kan waqtii Madiinaa lammataa asitti tuqamuu ykn ilaallamuu hin qaban. Gareen biraa, garuu, kan qabatan haalli Muslimoota ammaa haala Madiinaa kan lammataa saniin walfakkaata; Muslimoonni baay'innaan waan caalmaa qabaniif sulula Arabiyaa keessatti ol'aantummaa waan qabaniif jedha. Dabalataanis, gareen lammataa kunniin kan hubatan, seerotaa fi imammatoonni Madiinaa kan lammataa isa yeroo durii sanniin haqe jedhanii waan ta'eef, barnoota isaanii isa boodaarratti gabaabsan.

Seeronni ykn barmaatileen muraasni isa kan boodaatiin bakka buufamu shakkuu dhabnus, kan amanuu qabnu amantii fi ergamni Islaamaa haqumatti waan lama kan lamaanuu tokkooti. Kanaaf, ilaalchi sirrii hin ta'in: namni ykn dhaabbanni muraasi

sadarkaa isa Makkaah fakkaatu hordofu, kan Madiinaa lammataa dhiisanii jechuun sirii miti.

Kanarra, kan hubachuu qabnu, ijaarsi amantii fi adda addummaan ergamaa sadarkaaleen bacaan (baay'ee) keessa darbeera; isaan kan ammaatiin walmadaalchisuu hin dandeenyu; wanti hedduun waan guutumatti geeddaramee jiruuf. Ammas kan fudhatama hin qabne, waqtii seenaa darbeetiin walfakkeessuu yaaluun, keessattuu warra eega keewwattoonni buufaman jiraatanii fi isaan yeroo keeyyanni buufamus jiraatan walbira qabuu dha.

Asitti dhimmoonni qabatamaa, isaan dhuunfaa fi waliigaalaa, tooftaa yaad-rimee Islaamaa, taateewwan hawaasicha keessatti yeroo fi bakkaan argaman dinqisiifachuu dhabuu, yaada keewwatoota buufamanii kan hundee beekumsaa sababaa fi uumama of keessatti qabatanii dacheerratti ilmi namaa dalagaa gaarii dalagee gahee isaa bahuu dhabuudha. Namootaa fi hawasni yeroo fi bakka adda addaa haalota, carraalee, fedhiwwanii fi rakkolee irratti hundaa'anii gargar ta'uud danda'a. Kanaaf imaammatootaa fi dhaabbannis gargar ta'a. Hawaasni waliin jiraachaa turaniyyuu hedduu gargar ta'uuf waan danda'aniif, adda addummaan yeroo fi bakkaas baay'ee adda hin fagaatan. Kanaaf yoo dhimmichi haala bal'aan xiinxalamu, haalli Makkaa fi Madiinaa keessa ture hedduu adda hin fagaatu. Dhamumaa, namni kan ilaaluu qabu haalota sanniin bu'uura seera uumamaa fi kayyoo gurguddoo Shari'aa fi qajeelfamootatiin. Dabalataanis, akaakuun beekumsaa fiqhii cimaan barbaachisaadha; isa yaadota qabatamaa taateewwaniin

walqabatanii hawaasicha keessa jiranirratti murteessu; osoo seera wal biraqabiinsaa dulloomee tortore ykn qiyaasa baroota darbanii hin hordofin.

Rakkoon tokko kan yeroo ammaa hawaasicha faalaa jiru *Dhala*. Asirratti, tooftaa seera Islaamaa hayyoonnii fi barattoonni durii hojiirra oolchan fayyadamuun dhimma kana dhaabuun gahaa miti. tooftaa kanaan qajeelcha Qur'aanaa fi dalagaa Nabiyyii hubachuunis hin danda'amu. Xiinxalli dabalataa, rakkoleen kunniin kan argamaniif hanqinni muxannoo fi mul'ataa, akka waliigalaatti, dhimmoota akka saayinsii diinagdee fi hawaasumaarratti hayyoota Islaamaarraa kan mul'atu ta'uusisaati. Bu'aan argame, yaaliin isaanii hiika jechaa fi barbaachisummaa keessatti haalota walfaallessan hedduu uume.

Akka barbaachisaatti, yaadonni barnoota akkanaa haddisa sirrii ta'e baay'ee gatanii, kan osoo kallattii diinagdeetiin ilaallamanii, imaammata diinagdee Nabiyyiin kaa'anitti kan akeekuu danda'anii fi inni keessa darbe sababa ibsu fa'a argan. Hadiisni kun, Usmaan ilma Zeeydiin kan gabaafame, akka dhalli kafaltii turiinsaa (riba al nasi'ah) kan waljijiirraa meeshaa daldalaa walfakkaatu irratti hundaa'e ibsa. Mul'ataa fi tooftaa isaanii gabaabaarratti hundaa'anii, beektonni durii gariin keewwata seeraa kanakka isaan seera dhugaa diigan godhan baafatan; ergaa barruu kanaas osoo hin dhiisin.

Wanti hiika hadiisa Raafii ilma Kudayyi gabaase keessatti dubbatame; waa'ee Nabiyyiin warri lafa qabuu kireessee bu'aa ykn sanyii argamurraa dhibbantaa wahii akka qoodaman jedhu

dhoogganii walqabatuu dha. Abbootiin seeraa yeroo sanii kan murteessan yoo abbaan lafaa sanyii ofii kan kennu ta'e, yoo san abbaan lafaa gahee wahii bu'aa irraa fudhachuu danda'a jedhu. Kan kanneen biro (Fuqaha) ammoo, yaada hanga seerri Shari'aa akka harka kennatu beeksifamee fi kaayyoon qarooma diinagdee dhiifamee, dhalli dhimma amantiiti, meeshaalee hadiisa keessatti dubbataman qofarratti hojjata (dhala dabalataa, warqii, meetaa fi sooqidda) kan jedhuudha. Akka isaan abboomanitti hojirra oolmaan bal'aan hin barbaachisu ykn dirqamaa miti.

Hanqinoonni tooftaa fi yaad-rimee akkanaa imaammattoonni diinagdee Muslimaa akka jijiirama cimaa keessa darban kan taassise yoo ta'u, yeroo hayyoonni diinagdee Muslimaa gaafii hamaa waa'ee diinagdee Muslimaa gaafachuu itti jalqabaniidha. Ilaalchi haaraan kun hidhama bareeda qo'annoo akaadamii fi beektotaa kan jabeessee fi qo'annoo diinagdee Islaamaaf bu'uura buusee adeemsa yaad-rimee fi tooftaa haaromsa diinagdee Islaamaa akka eegalu godhe. Jijiiramoонни kunniin gara biraatiin akka yaad-rimee Islaamaa deebi'ee dagaaguu fi babal'atu taassisa.

Hanqinni biraa kan tooftaa durii fi warra jechootaa fi yaadonni warra duraa ykn saalaaf kabajamuu hin qaban jedhan. Kun keessattuu tilmaamaa fi hiika warra duraatiin walqabatee yaada dhugaa yemmuu ta'u, hedduun isaanii gara sadarkaa keewwata buufamteetti ol kaafaman. Haala hanqina ilma namaa yeroo fi bakkaan walqabateef beekamummaa kenninus, akkasumas yaada keenya kan keewwata buuteen ala wamtuu hin kabajamu jedhu jiraatus, Muslimoonni waa'ee warra duraa

qoratan yaada dhimmichaarratti kallattii Islaamaa dhugaa tokko irraa qabsiifatuuf akka hin ta'in; garuu dhimma ofii ofii fi hordoftoota ofii irrattis seeruma walmadaaliinsaa kan jaarrota darban keessa baafatan san fe'uuf yaalan.

Osoo nutti hin dhaga'amin, hubannaan sobaa kan kabajni warra duraa gara keenya darbe jedhu kun ulee ittiin of adabneedha. Yaadni dogongoraa akkasii sun yaalii nuti haaromsaa fi dagaaginaaf goonu haguuga ykn golga. Sababakanaaf ammas yaada hayyoota ammayyaa kan ilaalcha duriitiin laaqamee yaadni cuftuu isa kan yeroo duriitiin walii galii galuu qaba jedha. Yoo Muslimoonni dhaala warri duriiitti dhiisan didanii yaaduma ofii fi hojii ofii qulqulleessuu itti fufan, yaadni warra duraa fi muxannoon rakkoo amma Muslimootarra jiru hiikuu fi Muslimoota dhugaa jirenya dhala namaatii fi hawaasaatti hin maku.

Guduunfuuf, amma kan ifa ta'uu qabu tooftaan Islaamaa kan durii yeroo isaatti rakkoleen siyaasaa fi qaroomaa hiikuuf hedduu rakkachaa turee ammas kanumatu isa mudate. Hanqinoonni hedduun tooftaa san keessa turan kan dhufan sababa haalonni hawaasicha rakkoo yeroo dheeraa keessaa baasuu fi bakka san dhimmoota guddinaa fi dagaaginaa walitti kuufamanii turaniif. Barruuleen ykn dameeleen barnootaa durii firiilee tooftaa bu'uuraa saayinsii hawaasaa ittiin qo'atan waan qaban tureef, dhaloota hayyootaa kan itti aananiif tasa hin yaadne ture. Ammas wanti hubachuun nu barbaachisu bakka tooftaan durii itti kufee fi rakkoo ammaa furuu dadhabeedha; kan bu'aa dhabe

tooftaa qofa osoo hin taane yaaliwwan hayyoota duriin isa raawwachiisuuf godhamanis waan ta'eef.

Dhimmi tooftaan walqabatuuf barbaachisaa ta'e kan biroo ammo barruulee Sunnaati. Kan nama dinqisiisu, hamma Sunnaan argamee fi barreeffame yeroo dheeraa dabarsus, barruuleen isaa hanga ammaas hayyootatti ni ulfaata; haqummaa ragaalee fi argama isaaniitiin walqabatee. Akkasumas, jechi teknikaa ol'aanaa hayyoota duriitiin dagaage kun hayyoota hadiisaa durii biratti afanfaajjii uummu ittuma fufee; yeroo barreessaan tokko hadiisa wahii barreessu, si'anuma mormiin itti ka'uun akka dubbistoonnis hin dubbisne ykn waldhaban taassissee daddabarsaa isaa irratti rakkoo uuma.

Kan dursuu qabu barruuleen Sunnaa walitti qabamanii, qoqqoodamanii, bakka hayyooni, qo'attoonni fi speeshaalistoonni dame adda addaa qaqqabuu danda'an kaa'amuu qaba. Barruun sun tartiiba akaakuu barnootaatiin goodamee kaa'amuu qaba. Sunnaa akkasitti gooduun kun akka armaan gadiitti ta'uu danda'a.

Gosa Hadiisaa, sanada tartiibni odeeffannoo (chain) sirrii ta'een gabaafame ta'ee kan fudhatama ol'aanaa qabuu fi akka ragaa qabatamaatti fayyaduudha.

Akaakuu hadiisaa, hiika isaaniitiin, akka ragaatti fudhatamuu malan, tartiibni odeeffannoo isaanii mormii qabaatanis.

Akaakuu hadiisaa, dhugummaan isaanii ykn tartiibni odeeefannoo isaanii mormii qabaatanis qabaatuu baatanis, hiika isaaniirratti gaaffii keessa galan (hiikni isaanii qajeelfamoota bu'uuraa ykn kaayyoo Shari'atiin walfaallessu)

Akaakuu hadiisaa, sababa shakkii dhugummaa tartiibni odeeefannoo isaatiinis ta'ee hiikaan walfaallessan yoo ta'u, akka ragaatti kan hin ilaallamneedha.

Barbaachisummaan dhimma tooftaa kanaa Sunnaa qabatuu dhabuu qofarratti hin hundaa'u, haalota hedduu keessatti, sammuun Muslimaa waan sirrii hin ta'iniin sodaachifamee, bu'aan argame waan sirrii hin ta'in sirrii jedhee yoo fudhatu, dandeettii wantoota dhugaa adda baasee dhugummaan fudhachuu dhabsiisa. Dhumarratti sammuun Muslimaa, yaad-rimeenii fi tooftaan sona hunda dhaban, yemmuu qajeelfama ergaa buufamteen (Qur'aanaa fi hadiisaa) alaa fudhatan.

Ifaanifatti, eegasii, dammaqinsi ykn kaka'umsi qajeelfamootaa fi tooftaalee yaad-rimee akkasumas qajeelfamoota, sonootaa fi kaayoo Shari'aa ulaagaalee ykn sadarkaalee keewwatoota Qur'aanaa fi Sunnaa keessatti argaman, ergaa Nabiyyii fi Shari'aa badii fi hiika sirrii hin ta'inirraa eeguudha. Haaluma walfakkaatuun, isaan kunniin sadarkaalee barbaachisoo bilisummaa fi haqummaa sammuu Muslimaa fi tooftaa isaati. Dabalataanis, sammuu Muslimaa fi tooftaa isaa eeguu jechuun akka Islaama mataa isaa eeguuti.

Wanti Sunnaa ilaachisee dhugaa ta'e barruulee dhaalaan arganne hunda keessattis dhugaa ta'a. Hayyootaaf banaa ta'ee qoratamuu, xiinxalamuu fi karaa sirrii ta'een barnoota Islaamaa keessattigalee dhiibbaa ture furuu qaba. Karaa kanaan, qaamni barreeffama akkanaa kun kan tajaajilu akka fakkeenyaa fi gargaarsa ilaalcha Muslimaa giddu-galaa yoo ta'u, waldhabdee hayyootaa dur ture, isa silaa bara dheeraa dura awwaalamuu qabnu, haroomsuun hin barbaachisu. Dhimmoota biroo asitti dubbatamuu barbaachisu keessaa tokko dhamaatii gahee keewwata buufamtee fi sababaa kan tooftaa Islaamaati. Kun kan raawwate yeroo jaarrota babal'ina Islaamaa kan Muslimoota Falaasamaa fi qaroomaa fi amantii (Girikii fi Roomaan)n walitti fidee akka gaaffii barnoota amantii kaasan taassise. Keessattuu xiinxaltoonni Islaamaa dursitoonni, kan akka Mu'utazilaa fa'a, dhiibbaa hamaa gaaffilee uumamaa (argama, dhugummaa fi beekumsaa) tti cichan. Beektonni Islaamaa giddu-galeeyyiin hedduun ammoo gara sababaa fi seera isaas waakkatuutti seenuun, yaad-rimee Islaamaa gabaabsanii (hiikaa fi ibsa keewwattootaa) ibsuun qofa gaaffi ifa ta'errattis shakkii uuma

### **Dhaala Beekumsaa Keenya: Dur, Ammaa fi Fuuldura**

Waa'ee toftaa Islaamaa durii ilalchisee, xumura jecha dhimmoota barbaachisoo kanatti, yaadni bu'uuraa gaaffilee fi haalota Islaamaa ammayyaa fi rakkolee sababa addunyaa ammayyaatiin iiti dabalamaniitti xiyyeffachuu dhaabuu qabna.

Amma gaafiin cimaan tokko: haala amma keessa jirru kanaaf eenyutu balaaleffatamuu qaba? Deebiin gaaffi sanii,

garuu, gaafii akkasiitiif bakki hin jiru, itti gaafatama kana waqtii ykn nam-tokkorra kaayuun hin barbaachisu. Yaaliin akkasii tasa akka nuti rakkoo san hin hubanne nu godhee jijiirama hawaasichaa argamee tures nu irraanfachiisa. Kanarra gaafiin ka'uu qabu: ijaarsi ittiin kallattii dhimoota keessa jirruu hubannuu fi irrattis hojjannu maal ta'uu qaba kan jedhuu dha. Ammas akkamitti muxannoo arganne fudhannee xiyyeffannaan keenya barruulee sirrii qofarratti ta'a kan jedhuudha. Gaafilee kannniin deebisuuf wantoota armaan gadii hojjachuu qabna:

Dur durii keenya hubachuu qabna, muxannoorra fayyadamuu qabna. Akkasumas, yaada gaarii bu'uura jabeenya keenyaa ta'e qabannee gadherraa fagaannee hojjachuu qabna. Waqtii keenya jaarrota hedduuf balleessineerra. Amma dhimmoota akkasiirratti yeroo qisaasnu hin qabnu.

Guddachuuf wanti hojjachuu qabnu, dogongorri dur hojjataman yaada[hamilee] bareedaan ture. Amma garuu, durduuba keenya qorachuu qabna; akka roga gaariif bu'aa qabu qofa irraa baafannu. Dabalataanis, boqonnaa diigama seenaa durii deebifnee banuuf yeroo hin qabnu. Wanti yaadachuu qabnu garuu argannoowwan seenaa kan mul'atan waan ilaalcha, yaadaa fi tooftaa Islaamaatti dhihaataniif. Addunyaarratti, Islaamaa fi Islaama qofatu hawaasichaaf akka qaroomaa fi aadaa ofii dagaagsu hayyameef. Hanga ammaa, kaayyoon qo'annoo kanaa xiyyeffanna dubbistootaagara fuuldura hawaasichaa ittiin guddisanii jijiirama haaraarra gahan gochuudha. Kara Kanaan qofa yoo yaadne hawaasichi cimina isaa deeffatee, humna haaromsaa fi dagaagina isaa jabeeffata.

Hawaasichi ammas rakkoo siyaasaa, humna ittisaa, aadaa fi diinagdee isa mudatuuf deebiisaa warra dhihaarra barbaachuu [fabrication] dhaabuu qaba. Akkeessuu fi fakkeessuunis akka Islaamni durii fi adeemsi durii akkeessaa ofirra deebisu san gochuu qaba. Adeemsi akkasii sochii beekumsaa fi haaromsaa kan tooftaa, Islaamaa, kaayoowwanii fi sonoota dhugaa barbaadaniidha. Xiinxala dhumaa keessatti, haata'uu, gaafii beekumsa Islaamaa of danda'aa saayinsii hawaasaa Islaamaatiin argamee ragaalee beekkamoo bakka adda ta'ee fi tooftaalee qaban barbaada.

Kana hunda jechuun mul'anni jalqabaa fi sirnaa'aa ta'e jiraachuu qaba; argannoowwan isa kan warra biraatiin miidhamuurra, faallaa san, argannoowwan (injifannoowwan) sanniin fudhatee sadarkaa ofiirratti kallattii ofiitiin akka madaalu ta'uu qaba.

Yeroo babal'ina duriitiin as dhibdeen hawaasicharra qubatte dhibdee kufaatii bakka bu'oomaatti geessite yoo taatu, kun yaad-rimee Islaamaa ykn dogongoroota gaggeessitoota siyaasaatiin uumamanitti hin maxxantu. Garuu, sababni dhibdee sanii dhufaatii ummattootaa fi namoota hedduu gara Islaamaa godhame; kan isaan osoo maalummaa jirenya Islaamaa fi kaayyoo fi sonoota isaa sirritti hin hubatin (hin baratin) hawaasa Islaamaatti makamaniidha. Bu'aa Kanaan, gaggeessi siyaasaa kan haaraa hin dagaagne; amma ta'uu qabu hin bilchaannes. Bakka san, gaggeessi siyaasaa fi humna ittisaa haaraan kan bakka bu'an: cehumsa gidduu karaa Islaamaa duraa fi isa haaraati. Eegasii kan nama hin dinqisiifne, keessattuu eega gaggeessi siyaasaa fi

amantii gar gar hiramee, ciminni yaad-rimee Islaamaa sadarkaa bulchiinsaa ykn saayinsii jabaatti hin babal’anne.

Garuu, kun cufti ta’ee, argannoowwan (injifannoowwan) yeroo dur sunniin ifaa, qajeellumaa fi beekumsa dhala namaa beekuuf gahaa turan. Hojjiwwan dhaloota Muslimoota duraanii yoo laalle, dhugumatti waan isaan argamsiisuu dadhabaniif isaan balaaleffachuu sababa qabnaa?

Haalota sanniin jalatti, kan nu ajaa’ibsiiusuu hin qabne, adeemsa keessa mul’anni Islaamaa haguugamee, humnooni hundee Islaamaa laafanii, duuchaadhumatti dhiqamanii, yaad-rimeen hawaasichaa kara dogongoraan, jecha qofaa,dhaloota itti aanuun dhaala kabajamaa garuu kara sirrii hin taaneen hubatame uume. Akka waliigalaatti, yaad-rimee Islaamaa hawaasichaa fi dhala namaa hunda fooyyessaniin boonuu qabna. Ammas, argannoowwan seenaa keenyaa hundi bu’aa gumaacha yaada, qaroomaa fi haaromsa Islaamaati jennee amanna. Kanaaf, waan silaa gumaachuu qabu cufa kennuu dhabus, wanti waakatamuu hin qabne waan heddu gumaachuu ykn kennuu isaati; karaan baay’een itti cufamutti.

Wanti hubachuu qabnu wanti nu mudate waanuma ummataa fi hawaasa cufa mudateedha. Garuu yeroo dagaaginni ummataa gufatu, mul’ata bu’uraa kan hin faalamin deeffachuu feessisa; karaa ofi deebisanii saaqachuun deemsa itti fufuuf.

Kanaaf, asitti gaaffii irra sirreessinee gaaffuu dandeenya: adeemsi guddina keennaa maaf qancare? Akkamitti mul’ataa fi

jabeenya keenya ture sana deebifannee karaa keennas sirreffanna? Kaayoon qo'anno fi qorannoo keenyaa kan ta'uu qabu mul'ata, haaromsa tooftaa fi hundee jabeenya cimsuuf karaa saaqamuu qabu kan qoratu ta'uu qaba.

Bakka kanatti, qo'anno keenya keessatti bakka sirrii irraa bal'inaan yaad-rimee fi tooftaa rakkolee nu mudataa jiran ittin xiinxallinu irra geenyeerra.

Islaamni kan dhufe akka ergaa qajeellumaa Rabbi (Allah) biraan gara uumama cufaatti, yeroo doofummaan seenaa babal'atee, keewwatoonni durii badanii, malaammaltummaan beekamummaa argatetti. Islaamni dhufeeti sammuu namootaa fi qor-qalbiisaaniis gara ifaatti, barnootaatti fi qaroomaatti bane.

Tooftaan Islaamaa baroota duraa keessa ture kan uumaa fi mala ykn adaba seera uumamaa kan yaaduu fi tilmaamu dhalata ilma namaa (uumama, fixraa) irraa ka'een wal-qabatuudha. Kanaaf, baroonni Nabiyyiif bakka bu'oottaa fakkeenyota gaggaarii qor-qalbi namaa kan dhaloota itti aanan cufaaf ta'aniidha. wanti gaarummaan wlqabatu kan har'a hafe dachee Islaamaarra yoo jiraate kallattimaan, amala ykn kaayoowwan Islaamaati. Kanaaf, Islaamni, kan hawaasichi itti dheessu, hafeera (dandamateera), wantoonni hedduun isa diiganis isa qunnaman.

## **BOQONNAA SADI**

### **Qajeelfamoota Tooftaa Yaad-rimee Islaamaa Keessaa**

Hawaasni addunyaa Islaamaa mataa ofitiif seenaa kan bakka bu'ummaa fi qarooma kallattii qajeelfamoota Islaamaa qulqulluuttin haaromsuuf itti gaafatama qaba. Haala addunyaa ammaa hogguu ilaallu, dhalli namaa fi hawaasni Muslimaa Islaamummaan ala filannoo biraa hin qabu. Islaamummaa kan keessaan qofa haaromsi qarooma addunyaatiif dhufa. Barnoota Islaamaa hubachuuf, dursa ijaarsa yaad-rimee Islaamaa bal'aa sana addeessuun dirqama ta'a; inni bakka ka'umsaa kan yaad-rimeen Islaamaa irra naannawuudha.

### **Ijaarsa Tooftaa Yaad-rimee Islaamaa**

Wanti hubachuun barbaachisu jalqabni yaad-rimee ilaalcha Islaamaa jirenyaa fi addunyaa (hawaa) bal'aa ibsa. Kana beekuun, hariiroowwan, yaadota fi qajeelfamoota bu'uuraa kan yaad-rimee Islaamaa ibsuu fi murteessuu (bulchuu) beekuu qabna. Egaa, yaad-rimee fi tooftaa uumama Islaamaa dinqisiifachuu yoo hawwine, ammas, yoo galmoota Islaamni itti gahuu fedhu hubachuu feene, wanti murteessaa ta'e tokko Islaamummaa keessatti, nuti dursinee yaadota wantoota “mul'atanii” fi “hin mul'annee” beekuun barbaachisaadha.

Yaadonni kunniin kaayoo jirenyaa ibsuun isa addunyaa kana duuba jiruun walitti hidhuudha. Addunyaan hin mul'anee Rabbi qofa biratti beekamu. Addunyaa san irraa Inni waan fedhe gabroota isaa abbaa fedheef addeessa, eegasii qajeelluma dhala namaatiif akka fidanii fi hiika argama isaanii ibsaaf. Akkaataa yaada Islaamaatiin waa'ee waan hin mul'annee, hariiroon namaa

waan hin mul'anne wajjiin jiru bareedaa fi yaada ijaarsaati. Kaayoon isaas dhugaa fi haqa dachee irratti gadi dhaabuu fi malaammaltummaa irraa eeguudha.

الَّذِي خَلَقَ الْمَوْتَ وَالْحَيَاةَ لِبَلَوْمٍ أَنْكُمْ أَحْسَنُ عَمَلاً وَهُوَ أَعْزَىُ الْغَفُورِ ﴿٦﴾ الْمُهَاجَرُونَ 2

Inni Isaa du'aa fi jirenya uume, eenyuu keessantu gochaan gaariidhaa isin qoratuuf(67:2).

إِنَّ اللَّهَ يَأْمُرُ بِالْعَدْلِ وَالْإِحْسَانِ وَإِيتَاءِ ذِي الْقُرْبَاتِ وَيَنْهَا عَنِ الْفَحْشَاءِ وَالْمُنْكَرِ  
وَالْبَغْيِ يَعِظُكُمْ لَعَلَّكُمْ تَذَكَّرُونَ ﴿٩٠﴾

Rabbi haqatti ajaja, gaarii dalaguttii fi dubartii fi firaaf tola oolutti, ammas Inni gocha fokkataa, safuu fi badii dalaguu irraa isin dhoowwa(16:90).

Qajeelfamoota waan hin mul'annee fi daran barbaachisoo ta'ee fi waan inni namaa kenu akka armaan gadiitti guduunfuu dandeenyaa:

Jirenya kaayoo qabu, sunis gaarummaa hamileeti; inni kaayoon ala hin uumamne.

أَفَحَسِبْتُمْ أَنَّمَا خَلَقْنَاكُمْ عَبْثًا وَأَنَّكُمْ إِلَيْنَا لَا تُرْجِعُونَ ﴿١١٥﴾ الْمُؤْمِنُونَ 115

Sila wanti isin uumneef taphumaa fi, gara Keenya hin deebitanii yaaddanii?(23:115).

Hariiroon jalqabaa fi abadaa hawaa keessatti gidduu waa hundaa jiru hamma sammuun namaa yaaduu dandeettuu fi hubattuu oli.

Mallattoon (amalli) irra barbaachisaa addunyaa hin mul'annee, kan keessattuu dhimmi namaa ta'e, jiraachuu

Rabbiiti, Uumaa Abadaa Isaa tokkicha kan Isa fakkaatu hin jirree fi Inni waan hundaa ni beeka.

Guyyaa boru(kaafamaa) Kaafamni nabsee(lubbuu) cufaa waqtii herregaati, namni akkaataa gochaawwan jirenya isaatti raawwateen takka badhaafamu, yookaa adabamu.

Addunyaan tun ijaarsaa fi waa tartiibaan kaayuuf bakka hojii gaariiti. Wanti ishii keessa jiru kamiyyuu akka bakka bu'aa dacheetti, keessatti horuutti, karoorsuutti, fedhii namaa fi ergama isaa guutuuf dirqamti. Namni dachee irratti waan hundaa gara fedhii ofii gaariitti harkisa, kunuunsa isiitti fi akka malaammaltummaan hin balleessine eega.

Fedhiin bilisaa dhala namaa kan maddu beekumsa Rabbii irraa fi kan jiraatus ajajuma Isaatiin. Inni tokkoo wantoota dinqisiisoo waan Rabbi uumee fi mallatto Guddinaa fi aangoo Isaati.

Rabbi hawaa uumeeti seera uumamaatiif akka ajajamu taassise. Akkaataa seerota kanaatiin hojjachuun, hojjawan hojjataman, galmoonni dhugoomfaman, fedhii namaa murtii fi kallattii isaa addeessa. Osoo seerota kanatti hin fayyadamin, garuu, fedhiin ykn murteen hin jiraatu, galmoonni hin qaqqabaman, ammas homtuu hin ibsamu. Eega namni amane tokko seerota uumamaa hubatanii fi itti hojjachuu fedhee booda, Rabbiin, Isaa waan hin mul'anne beekuu fi hawaas toowatu, irratti irkata. Wanti Rabbiin gabroota isaa irratti murteessu ykn ajaju kamiyyuu, yoo gabrichi akka seerota uumamaatiin itti

gaafatama isaa bahe, isumatu addunyaa fi guyyaa boodaa(aakiraa) itti fayyadama.

Ergaan hafuuraa ykn buufame raga kabajamaa namaaf beekumsa inni waan hin mul'anneef barbaadu kennuu fi; hogga sababni ammoo meeshaa namni beekumsa san addunyaa tana(tan mul'attu) irratti ergama bakka bu'ummaatti gahuuf hojiirra oolchuuf fayyadamuu dha. Haala Kanaan dhugaa, haqaa fi qajeelluma ykn gaarummaa gadi dhaaba ykn ijaara.

Bakka uumamani amala namaa (fixraa), tokkichummaa Rabbiitti amanuunii fi qajeelchi ergaa hafuuraa jirutti, waa'ee ergaa hafuuraa, sababaa fi uumama ykn mala hawaarratti kallattiin ilaalcha Islaamaa walfaalleessu bakka hin qabaatu. Ergaa beeksisaa (wahy) kan xiyyeefatu addunyaa hin mul'annee fi dhugaa ergaa hafuuraatiin dhufte fudhachuun garaagarummaa beekumsa sirrii fi badaa (corrupt) adda baasuudha. Kun ulaagaa beekumsa Malaa'ikaa kan kallattii qajeelaarra jiruufi beekumsaafi xiinxala ykn yaada badaa Iblis adda fooyu:

فَالْوَسْبَحْنَكَ لَا عِلْمَ لَنَا إِلَّا مَا عَلَّمْتَنَا إِنَّكَ أَنْتَ الْعَلِيمُ الْحَكِيمُ ﴿٣٢﴾ القراءة : 32

*Isaan jedhan...beekumsa irraa homaa hin qabnu waan Ati nu barsifte malee(2:32).*

*Iblis boonaa yaada ol fuudhee inni waan caalu irraa waan uumameef(akkana jedhe):*

خَلَقْنَيْ مِنْ نَارٍ وَخَلَقْتَهُ مِنْ طِينٍ ﴿١٢﴾ أَلْعَرَافُ : 12

*Ana ibiddarraa uumte, isa(Adam) immoo biyyeerraa uumte(7:12).*

*Rabbi, Inni beekumsaa fi aangoo guutuu qabu, (akkana) jedhe:*

فَلَمْ يَعْلَمْ مَا لَمْ يَعْلَمُونَ ﴿٢﴾

*Ani waan ati beekne beeka(2:30).*

Ijaarsa bal'aa beekumsaa kana keessatti, dhaloonti duraa kan Muslimootaa gaafiiwwan isaanii cufaaf deebiwwan argatan. Wanti isaan jalaa hin dhokatin tokko: Rabbi amantii(iman) Qur'aana keessattihojji gaariin walitti hidhe:

إِلَّا الَّذِينَ آمَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ ﴿٣﴾ الْعُجُورُ

*Isaan amananii hojiwwani gaarii hojjatan(103:3).*

Jechi hojiwwani gaggaarrii jedhu wanti ibsu hubannaa tattaaffiwwan ciccimoo ifaa ti. Yaadni(niyya) gaarii qofti, gara biraatiin, gahaa miti. Qor-qalbiin Muslimaa jajjabina isii deebifachuuf, dura dirqama ilaalcha ofii deebifachuu qabdi. Yoo kun ta'u, namaa fi yaad-rimeen isaas ni qajeelu, tattaaffiwwan isaas badhaasa ykn mindaa qabu, waadaan Rabbii kan ciminaa fi injifannoos ni guutama.

### **Hundeeawan Tooftaa Islaamaa: Ergaa Sama'aa, Sababa fi Addunyaa (Hawaa) Ergaa Beeksisaa (Wahy)**

Ergaa hafuuraa akka hundee beekumsaa fi qajeelluma jirenya dhala namaatti, dhugaa Rabbi Ergamtoota Isaatiif buusee akka isaan ergaa kanniin dhala namaatiif geessanii fi, ergaa kanaanis qajeellumaa fi barumsa hiikaa fi kaayoo argama isaanii akka barsiisanifi. Handhurri ergaa kanaa, kan ergaan hafuuraa namaaf fide, ibsa walitti dhufeenya isaan Rabbiin waliin qabaniit

fi kaayoowwan hawaa ykn addunyaa tana keessatti argamuu isaanii ti.

Ilmaan namaa irra kabajamoo uumamtoota Rabbiiti, sababnis Rabbi fedhii bilisaa kennee fi. Yoo ofumaan dhugaa jiru hordofan, hunda caaltota ta'an, gaariis hojjatan. Garuu, yoo hawwii ofii qofa hordofanii dhugaa jiru irraanfatan, ni badu, abbaa humna ta'u.

Hariiroon namaa, uumamaa, Rabbiin, Uumaa, wajjiinii, amala ajajammaa fi towatamaa keessaa tokko, gabroomfamuu fi kuffiffamuu osoo hin taane; inni hariiroo bakka bu'ummaa fi kabajaati, kan jibbaa fi itti fayyadama miidhaa osoo hin taane. Akka namaatti gara Rabbii deebi'uun, ajaja Isaa hordofuunii fi waan Inni irraa dhoowwerraa dhoowwerraa dhoowwamuun hariiroo kabajaa fi ulfinaati. Sababnis, dhugaatti gahuun, dhugaa fi haqaa, kallatii qajeelaa, kaayoo itti gahuun danda'amu kan warri amantii sirri qaban qabsaa 'aniif kabajaa fi ulfina. Namoonni kan dagaagan tattaaffiwwan isaaniitiin, hariiroon kun yaada akka kufiinsaa, itti fayyadama qisaasaa fi jibbaaf bakka hin qabu. Kana ilaalchisee, Nabiyyiin akka jedhan: "Hafuurri afaan nama soomuu irraa bahu Rabbi biratti urgaa shittoo caala (Bukaarii fi Muslim).

Rabbitiin nama(gabricha Isaa) gara isaatti deebi'e(toowbate), tokkoon keessan osoo gammoojjii keessa karaa deemu gaalli nyaataa fi dhugaatii isaa baatu jalaa bade, eegasii isa barbaadee dadhabee gaaddisa mukaa jala ciisee jiruu, gaalicha gara isaatti deebi'ee isa cinaa dhaabbatu argee caala gammada(Muslim).

Rabbiti (akka) jedhe:

فَدَّ جَاهَةَ كُمْ مِنْ أَلَّهُ نُورٌ وَكِتَابٌ مُبِينٌ ﴿١٥﴾ يَهِدِي بِهِ اللَّهُ مَنْ أَتَّبَعَ  
رِضْوَانَكُمْ سُبْلَ السَّلَكِ وَيُخْرِجُهُمْ مِنَ الظُّلْمَاتِ إِلَى النُّورِ بِإِذْنِهِ وَيَهِدِيهِمْ  
إِلَى صَرْطَطِ مُسْتَقِبِهِ ﴿١٦﴾

الآية 15-16 :

*Ifaa fi kitaabni kabajamaan(qaaliin), kan isa keessatti Rabbiin  
nama jaalala isaa fedhe karaa nagayaan fi nageenyummaa,  
ammas dukkana keessaa fedhi Isatiin ifatti isaan baasu, karaa  
sirriitti isaan qajeelchuun isinitti dhufee jira(5:15-16).*

### Sababa

Sababni meeshaa ilmi namaa mul'ata ittiin hubatu, adda baasuu fi wal madaalchisu yoo ta'u, mala itti gaafatama addunyaa qabatamaa(mul'attu) keessatti ittiin bahaniidha. Hubannoodhaaf bu'uura ta'uun cinatti, sababni waan dhalli namaa walitti dhufeenya jireenyaa, hawaa fi uumamtoota biraa ittiin dinqisiifataniidha. Bu'uura Kanaan, argama mataa isaanii irraatti hubannaay ykn qayyabannaay ijaaruu danda'u. sababaan ala namnuu hin jiraatu, beekumsi, dinqisiifannaanii fi itti gaafatamnis hin jiraatu.

Sababatu ergaa hafuuraa dhugaa fi sobaa, kijibaa, waan hin jirre odeessuu fi olola ykn oduu durii adda baasa. Akkasuma, sababatu akka namni waa filatuu fi waan filannoo kana hordofee dhufuufis itti gaafatama.

Hogguu ergaawwan sama'aa ummata as duraatti keennaman jijiiramanii fi waliin dhahamanii amanamummaa isaanii dhaban,

sammuun Muslimaa wanti beekamtuuun ergaa sama'aa guutuu fi dhugaa qabachuudhaan, bu'urri beekumsaas addunyaa mul'attuu fi hin mul'anne of keessatti qabatuudha. Kanaaf, raagaaleen bu'uuraa lamaan, ergaan hafuuraa fi sababni, addunyaa (hawaa) dhaan walitti hidhatanii namni akka kaayoo uumamaa fi gahee itti gaafatamummaa isaa bahu dandeessisu.

Gaheen sababaa addunyaa mul'attu tana karaa ergaa hafuuraa dhugaatiin beekanii ykn hubatanii eegasii kaayoo ilmi namaa addunyaa mul'attuu irratti argameefis hubachuudha. Gaheen qor-qalbii(sammuu) Muslimaa addunyaa mul'attu tana boca itti godhuun dirqama bakka bu'ummaa akkaataa qajeelchotaa fi kaayoowwan ajaja Waaqaatiin hojjachuudha.

Sammuun Muslimaa jabeenya, tasgabbii fi gad-dhaabannaan kan argatu hubanna ergaa hafuuraa irraayi. Sammuun Muslimaa amanaa, qajeelaa fi ofitti amanaa dha. Jallataa miti, shakkiidhaaf adda baafachuu, dukkanaaf ifa barbaaduu, dogongoraaf qajeeluma hin irraanfattu. Sammuu dandeettuudha, duuchaadhumatti gahee bakka bu'ummaa keessaa kan lixxe. Yeroo fi humna isaa shakkii fi dhimmoota kaayoo hin qabnerratti balleessitu. Kallattii ilaalcha shakkii hin qabne kanaatiin, sammuun Muslimaa dhimmoota waan hin mul'anneerratti mormii hin kaasu, kaayoo ergaa hafuuraa hubachuu fi hiikuuf gahee sababaas hin irraanfatu, hojii iraas ni oolchuu akkasuma. Akkaataa ilaalcha Islaamaa Kanaan, uumamaa fi taateewwan ykn sirnoota ijaaruu ykn itti gaafatama baatuuf gaheen sababaa irraanfatamuu hin qabu.

Ilaalchi akkasii namni akka gahee bakka bu'ummaa bahuuf, ergamtootaa fi qeessota maqaa amantiitiin ummata toowachuu irraa isaan dhoowwa, gochaawwan abbootii irree ittisa, kaayoo Shari'aa faallessuuf jecha qabeenya amantiwwanii qixa sirrii hin ta'inii qisaasunis xumura argata. Ilaalcha Islaamaa sirrii keessatti, maqaa sababaatiin ykn amantiitiin jallachuu ykn haqarrraa maquun bakka hin qabaatu.

Waldhibdeen gidduu ergaa hafuuraa fi sababaa kan seenaa yaad-rimee Islaamaa keessa ture, gara tokkoon, ibsi walitti bu'iinsa siyaasaa fi kaayoo, gara biraatiin, bu'aa waliindhahiinsa aadaawanbara Islaamaa dura turaniin kan dhufe yoo ta'u, yeroo gosoonnii fi namoonni gara Islaamaa dhufan ykn seenan sana jalqabe. Bu'aan argame yoo jiraate yaad-rimeen Islaamaa gara kallatiwwan fuggisoo lamatti dhiibamuu isaati. Seenaa keessatti, Muslimoonni yeroo waa'ee dhimmoota waan hin mul'annee, amantii fi falaasama sobaa irratti mari'achuu eegalan humna guddaa qisaasessanii turan; dhimmoota akka murtiwwan Waaqaarratti fa'a. kijibnii fi ololli sobaa(fallacies) ittuma fufe; hawaasichis hamma ammaatti waa'ee amantiis waluma morma, mormiin hammaataa itti fufeera. Wanti daran fokkataan fedhiwwan badii kunniin yaaliwwan balleessaa kanniin gargaaraa fi jajjaabeessaa itti fufuun hawaasichi akka gufuwwan jirenya isaa mudan irratti hin hojjanne godhuu isaati. Xiinxala dhuma keessatti, kun diinota hawaasaa qofa akka kaayooawan ofii galmaan gahan tumsa.

Wanti barbaachisu, qo'annoo tooftaa Islaamaa keessatti, hundeeawan beekumsa Islaamaa irratti(ergaa hafuuraa, sabaa fi

seerota uumama hawaa), galteewwan qo'annoo fi qorannoo wajjiin, waliin dhahiinsi jiraachuun hin ta'u. barnooni saayinsii kamuu qabeenya ykn meeshaa galtee mataa ofii qaba. Ifatti, barruuleen ykn barnoonni Islaamaa ergaa hafuuraa, sababaa, seerotaa fi sadarkaalee Rabbi uumamaaf kenne irratti hundaa'uu qaba. Egaa, hundee Kanaan, barnoonni Islaamaa haarofni bal'inaa fi beekumsa namaaf bu'aa qabu kennuuf banaa ta'uun adda baafama.

Bara ammayaa kana keessatti, sammuun Muslimaa qixa sirnaawaa ta'een ragaalee beekumsaa irraa fayyadamtee hin beektu. Hundeewwan ragaalee Kanaan, karaa ilaalcha Islaamaatiin qo'annaa fi qoranna hojjachuun, saayinsii hawaasatiif bu'uura buusuun dirqama ta'a. kun gara biraatiin hawaasichi akka dargaggoota isaa barsiifatu taassisa. Garuu osoo sammuun Muslimaa saayinsii hawaasaa mataa isii hin qopheessin dura, qajeelfamootaa fi yaadota yaad-rimeen Islaamaa irratti hundaa'an ifa ta'uun dirqama.

### **Bu'uuraawwan Tooftaa fi Yaad-Rimeen Islaamaa**

Tooftaa fi yaad-rimeen Islaamaa kan adda bahaniin qajeelfamoota bu'uuraa muraasaan. Yoo qajeelfamoota kanniin hubachuu dadhabne, isaan irratti hojjachuun fi ittiin hojjachuus hin dandeenyu. Qajeelfamoonni kunniin hundee tilmaamaa sammuu Muslimaa gara sochii waa uumuu fi hayyummaatti, akkasumas gara jireenya, addunyaa/uumamaa fi hariiroo isaan walitti fufisaan waliin qaban hubachuutti qajeelchu addeessa.

Bu'uuraawwan kunniin tokkichummaa, bakka bu'ummaa fi itti gaafatamummaadha; qajeelfamoota sadiin kunniin ilaalchota sammuu Muslimaa boca itti godhan, kallatii itti mul'isan, kaayoowwan isaas ibsaniif. Wanti kamuu kan qajeelfamoota kanarratti hin hundoofne, qor-qalbi Muslimaa gonkumaa hin kakaasau ykn hin kabachiisu. Kufaatiin yaad-rimee Islaamaa yeroo durii kan ture, gara caalu, sababa Muslimoonni barbaachisummaa qajeelfamoota kanniinii hubachuu dhabuutiinii fi takkaa ammas, sababa dhamaatii sammuu Muslimaa fi bu'aa dhabdummaa isii kan yeroo ammaa siritti ibsuu dadhabdeef. Wanti itti aanu, qajeelfamoota kanniin tokko tokkoon ilaalla.

### Tokkichummaa

Qajeelfamni kun wanti ijaaru, akka kalimal al shahadah keessaatti barreeffametti ammas akka Qur'aanaa fi Sunnaa keessatti ibsametti, yaad-rimee fi toofaa Islaamaa bu'uura dhugaan walii gala, hundee fi hawwii xumura addunyaa, ammas hawaa dhimma hammaf akka argame, xumurri hawaa ammoo gara Rabbii akka ta'e, Isaa hiriyyaa ykn qixa hin qabne; hawaa(universe) madda tokko irraa argamuu fi dhugaa takka akka bakka bu'u, ammas namni adda(unique) ta'uu- Rabbi isa uumee, fedhii bilisaa fi hawaairratti itti gaafatama bakka bu'ummaa bu'uura dhugaafu haqummaatiin isaa kennuu dha.

سَيِّدُ الْأَعْمَالِ اللَّهُ خَلَقَ فَسَوَىٰ وَاللَّهُ أَكْبَرُ هَدَىٰ ۖ أَلْفَىٰ : ۳-۱

Maqaa Rabbii keetii ol aaanaa guddisi, Isa uumee walqixxesee, Isa seera dabarse, qajelches(87:1-3)

مَا أَنْخَذَ اللَّهُ مِنْ وَلَيْوَمَا كَانَ مَعَهُ وَمِنْ إِلَيْهِ إِذَا لَدَهُبَ كُلُّ إِلَيْهِ بِمَا خَلَقَ وَلَمَّا بَعْضُهُمْ عَلَى بَعْضٍ

سُبْحَانَ اللَّهِ عَمَّا يَصْفُرُ ۝ الْمُؤْمِنُونَ : ۹۱

Rabbi homaa ilma hin godhanne, Isa wajjiinis rabbiin biraan hin turre: yeroo san (osoo rabbiin biraan jiraatee), silaa rabbiin hunduu waan uumeen taree(adda bahee) ture, cinaan isaaniis kaanneen irratti ol aanu ture, Rabbi waan isaan Isaan walqixxeessan hundarraa bilisa!(23:91).

أَمْ حُلُقوْمِنْ عَنْ شَيْءٍ أَمْ هُمْ أَخْلَقُونَ ۝ الْطُّورُ : ۳۵

Si isaan homaa irraayyuu hin uumamnee, ykn isaan ofumaafuu uumtotaa?(52:35).

فَالَّرَبُّنَا الَّذِي أَعْطَنَا كُلَّ شَيْءٍ خَلَقَهُ ثُمَّ هَدَى ۝ طَهٌ : ۵۰

Inni akkas jedhe “Rabbiin keenya Isa waan kamiiyyuu ijaarsaa fi amala kennee fi, ammas dabalataan qajeellumas kenneef(20:50).

صَنَعَ اللَّهُ الَّذِي أَنْقَنَ كُلَّ شَيْءٍ إِنَّهُ خَيْرٌ بِمَا تَقْعُدُونَ ۝ الْنَّمَلُ : ۸۸

(Sun) ogummaa Rabbiiti, kan waan hunda tolche, Inni waan isin hojjattan cufa gadi fageenyaan beekaadha(27:88)

خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ بِالْحَقِيقَةِ وَصَوَرَ كُلَّ فَاحِسنَ صُورَكُو وَإِلَيْهِ أَمْبَصِيرُ ۝ لِتَعْبُدُنِي : ۳

Inni samiiwanii fi dachee haala gaariin uumee, siifis boca bareeda kennee ijaarsa buusaa keetis bareeche: galmi xumuraas gara isaati(64:3).

مَا تَرَىٰ فِي خَلْقِ الرَّحْمَنِ مِنْ تَفَوُّتٍ فَإِنِّي جَاعِلٌ لَّكُمْ هَلْ تَرَىٰ مِنْ قُطُورٍ ۝ لِلْفَاتِحَةِ : ۳

Uumaa Rabbii keessatti wal caalmaa(wal jala darbiinsa) hin argitu,ija kee deebisi,baqaqa wahii ni argitaa?(67:3)

لَوْ كَانَ فِي مَا أَهْلَكَ إِلَّا اللَّهُ لَفَسَدَتَا فَسَيَحْنَ اللَّهُ رَبُّ الْعَرْشِ عَمَّا يَصْنَعُونَ ﴿٢٢﴾ الفياء: 22

Osoo isaan lamaan (samiiwanii fi dachee) keessa rabbiiwan biraa, Rabbi malee, jiraatanii silaa ni badu(dham'a'u) ture, garuu guddinni Rabbiif haa ta'u, Rabbii aangoo ol aanaa(throne); Inni waan namni jedhu hunda irraa bilisa ykn qulqullaa'e (21:22).

لَيْسَ كَثِيلَهُ شَقِّ ئُّوهُ السَّمِيعُ الْبَصِيرُ ﴿١١﴾ الشورى: 11

Fakkaataan akka Isaa homtuu hin jiru, Inni ni dhagaha, ni argas(42:11).

وَمَنْ يُؤْمِنُ بِاللَّهِ يَهْدِ فَلَبَّى، وَاللَّهُ يُكَلِّ شَقِّ عَلِيمٌ ﴿٦﴾ التغابن : 11

Nama Rabbitti amane, (Rabbi) isa qajeelcha:Rabbi waan hunda beekaadha(64:11).

ذَلِكَ يَأْكُلُ اللَّهُ هُوَ الْحَقُّ وَأَكْمَلُكُمْ عُوْنَانُ مِنْ دُونِهِ هُوَ الْبَطِئُ وَأَكْبَرُكُمْ اللَّهُ هُوَ الْعَلِيُّ

الْكَبِيرُ ﴿٦٢﴾ لحج: 62

Kun Rabbi Inni dhugaa waan ta'eef isa malee wanti kadhhatamu(gabbaramu) hundi kufaa dha, Rabbiin Inni waan hunda caala ol'aanaa dha(22:62)

## Baka Bu'ummaa

Bakka bu'ummaan ilma namaa dachee irrattii fi samii keessatti kan ibsamuu eegumsa isaa fi bakka bu'aa Rabbii ta'ee dachee, samii fi uumamtoota biroo kunuunsuu dha. Muslimni, uumama isaa(fixra), amantii(aqiidaa), tooftaalee yaad-rimee, fedhiil bilisaa fi dandeettii waa barachuu kan Rabbi kenneefiin wajjiin, hawaa keessatti sadarkaa namaa bakka bu'ummaa fi itti gaafatatummaan ala hin argu. Namni kaayoo ofiitti gahuu kan

danda'u, jirenya isaa keessatti gahee isaa kan bahu, ykn nagaya sammuu kan argatu, yoo hawaa uumamaa kana keessatti dalagaa fi murtiiwwan adda addaa naannawa isaa walitti fufiinsaan raawwateedha. Qajeelfamni bakka bu'ummaa, akka yaad-rimee Islaamaatti, kaayoo fedhii uumama namaa fkan addeessuu fi qajeelchuudha. Haala Kanaan, fedhiwwan uumamaa kunnin gara dhugummaa, haqummaa fi haaromsaatti qajeelfamu.

أَفَحَسِبْتُمْ أَنَّمَا خَلَقْنَاكُمْ عَبْرَةً وَأَنَّكُمْ إِلَيْنَا لَا تُرْجَعُونَ ﴿١١٥﴾ الْمُؤْمِنُونَ : 115

*Sila wanti isin uumneef taphumaa fi, gara keenya hin deebifamtanii yaaddanii? (23:115).*

الَّذِي خَلَقَ الْمَوْتَ وَالْحَيَاةَ لِبَلْوَثَمْ أَنْكُمْ أَحَسَنُ عَمَلاً وَهُوَ الْغَيْرُ مُعْلَمٌ الْغَفُورُ ﴿٢﴾ الْمُبَشِّرُونَ : 2

*Inni Isaa Du'aa fi Jirenyas uume, Inni eenyuu keessantu hojiidhaan hunda caalaa (akka ta'e) isin qoratuuf(67:2).*

وَإِذْ قَالَ رَبُّكَ لِلْمَلَائِكَةِ إِنِّي جَاعِلٌ فِي الْأَرْضِ خَلِيفَةً ﴿٣﴾ الْقَرْآنَ : 30

*Ilaali! Rabbiin kee Malaa'ikaan (akkana) jedhe: “ Ani dacheerratti bakka bu'aa godha”... (2:30).*

هُوَ الَّذِي جَعَلَ لَكُمُ الْأَرْضَ ذُلُولًا فَامْشُوا فِي مَنَاكِبِهَا وَلْكُوْنُوا مِنْ رَّزْقِهِ وَإِلَيْهِ النُّشُورُ ﴿١٥﴾ الْمُكَافِرُونَ : 15

*Inni Isaa dacheen akka isiniif laaffattu(ajajamtu) godhe, kanaaf karaa isinii laaffate san keessa deemaa, kennaa(hiree) Isaa irraayis nyaadhaha, garuu gara Isaa deebifamtan (kaafamtan)(67:15).*

Kallattiin bakka bu'ummaa yaad-rimee Islaamaa keessatti wanti ibsu, humna guddaa Muslimoota durii fi humna Nabiyyii fi Sahaabotaa kan dorgomaa hin qabne, isaan takkaa dadhabuuu, wareegamuu fi qabsaa'uu irraa laafanii hin beeknee dha.

Qajeellumni Waaqaa dhala namaatiif ni haaromfame, sochiin qaroomaa fi haaromsaas dachee tanarraa bakkuma hundaan eegale.

### **Itti Gaafatamummaa Hamilee**

Qajeelfamni sadaffaa kan yaad-rimee fi toofaan Islaamaa irratti ijaaramu itti gaafatamummaa hamilee ti. Yaad-rimee Muslimaa hubachuu hin dandeenyu yoo kallattii itti gaafatama sanii hin beekin ykn hin ilaalin. Waqtima fokkataa duubatti hafiinsaa sanuu, wanti sammuu fi qaroo Muslimaa dhabamaa ta'uu isaa hubachuu iraa dhoowwe safuu, kaka'umsa itti gafatamamummaa fi hanqinnoota isaati. Sababa kanaaf sammuun Muslimaa boqonnaa dhabee dhugummaa kufiinsaa fi duubatti hafiinsaa fudhatuu dide. Akka dhugaatti, hanga maatti sanuma hojjataa jira. [75] sababnis yoo sammuun Muslimaa itti gaafatama hamilee kana beeke(hubate), kana caala qoqqoodamee hin hafu. Kanaaf seenaan hawaasa Muslimaa yeroo as duraa, yoo karaa irraa kufee dalgatti kufe, seenaah dhiphachuu fi yaadda'uutti. Wanti hafe yoo jiraate, kan quusatamee hafe, miira gahee itti gaafatamummaa isaati akka bakka bu'aatti. Waan ta'eef, qajeelfamni itti gaafatamamummaa kan ibsu bakka bu'ummaa sammuu Muslimaa sirreessuuti. Bakka bu'ummaan(khilafa), kaayoo isa cimaa fi gahumsoota barbaachisan keessaa fedhii bilisaa, sababa dhiheessuu danda'uut fi dandeettii baay'ee barachuu fa'a yoo ta'u, isaan fayyadamuun itti gaafatamummaa hamilee, gaheewwanii fi murteewan inni hojjatuun ibsama.

Muslimni, fedhii fi dandeettiwwan kanniin fayyadamuun kayoo argama isaa beekuun, dirqama isaa yoo bahe,

boruuf(aakiraaf) bakka qubsumaa kabachiifata. Yoo ammo fedhii fi dandeettii isaa kayoon Kanaan alatiif dhimmi itti bahe, (abbaa-irrummaaf, malaammaltummaa fa'a yoo dalage), dirqama isaas hin bahu, kabaja hojii ofiis ni diiga, kaayoo argama isaas ni irraanfata. Eegasii, xumurri isaa boru(Dhaabbata fuula Rabbii ykn Qiyaamatti) warra irra gadi aanan caala gadi aana.!

فَلَمَّا آتَنَا بَشَرًا مِثْلَكُمْ يُوحَى إِلَيْهِ أَنَّا لِهُمْ لَهُ وَحْدَهُ فَنَّاكَنَّ يَرْجُو الْقَاتَةَ رَبِّهِ فَلَمَّا عَمِلُوا مُعَلَّمًا صَنِعُوكُمْ<sup>١٦١</sup>

وَلَا يُشِّرِّكُ بِعِبَادَةِ رَبِّهِ أَهْدَى<sup>١٦٢</sup> اللَّهُ مَفْ: 110

Jedhi: “Ani namuma akka keessaniiti malee, ergaa hafuuraa kan Rabbiin Tokko jedhutu natti dhufe: namni Waaqa isaatiin wal quunnamuu fedhe, hojii gaarii haa hojatu, Waaqa ofiis haa kadhatu, qama tokko Isaaf(Rabbiif) akka hin hiriyyoomsine “18:110).

الَّذِي حَلَّنَ الْمَوْتَ وَالْحَيَاةَ لِبَلْوَهٍ أَيْكُمْ أَحَسْنُ عَمَلاً وَهُوَ أَعْزَى الْعَفْوَ<sup>١٦٣</sup> الْمِنْ: 2

Inni Isaa Du'aa fi Jireenya uume, Inni isin qorata eenyuu keessantu dalagaan gaariidha; Inni ol tahaadha, Dhiifamas namaa godha(67:2).

يَأَيُّهَا النَّاسُ كُلُّمَا فِي الْأَرْضِ حَلَّا طَيْبًا وَلَا تَنْعِمُ أَخْطُوَتِ الشَّيْطَانُ إِنَّهُ لَكُمْ عَدُوٌّ مُّبِينٌ<sup>١٦٤</sup>

للقرة: 168

Yaa ummata! Waan Dacheerra jiru nyaadhaa, kan hayyamamuu fi gaarii, ammas duukaa ykn faana isa jallataa hin hordofinaa, Inni isiniif diina beekamaadha(2:168).

وَابْرَعَ فِيمَا أَنْتَكَ اللَّهُ الدَّارُ الْآخِرَةَ وَلَا تَنْسِكْ نَصِيبَكَ مِنِ الدُّنْيَا وَاحْسِنْ كَمَا أَحْسَنَ اللَّهُ<sup>١٦٥</sup>

إِلَيْكَ وَلَا تَمْضِيَ الْفَسَادَ فِي الْأَرْضِ إِنَّ اللَّهَ لَا يُحِبُّ الْمُفْسِدِينَ<sup>١٦٦</sup> القصص: 77

*Garuu waan(qabeenya) Rabbi isinii kenneen Mana of duraa barbaadaa, addunyaa tana iraayis qooda keessan hin irraanfatinaa, dacheerratti badii hin hojjatinaa; Rabbiin warra badii ykn daba dalagu hin jaalatu(28:77).*

وَأَنَّهُمْ يَوْمًا تُرْجَمُونَ فِيهِ إِلَى اللَّهِ ثُمَّ تُوَفَّ كُلُّ نَفْسٍ مَا كَسَبَتْ وَهُمْ لَا يُظْهَرُونَ ﴿٢٨١﴾

لقرة: 281

*Isin gara Rabbiitti deebitu. Eegasii nabseen hunduu waan dalagatte kennamti, takkalleen haqaan ala hin miidhamtu (2:281).*

﴿إِنَّ اللَّهَ يَأْمُرُ بِالْعَدْلِ وَالْإِحْسَانِ وَإِيتَاءِ ذِي الْقُرْبَاتِ وَيَنْهَا عَنِ الْفَحْشَاءِ وَالْمُنْكَرِ

وَالْبَغْيِ يَعْظُمُ لَعَلَّكُمْ تَذَكَّرُونَ ﴿٩٠﴾ اللحن: 90

*Rabbi haqatti, gaarii dalagutti, ammas aanaa fi firaaf kennuutti ajaja; hojjiawan sagaagalummaa, haq-dhabdummaa fi rooroo irraa dhoowwa: Inni akka hubattaniif isin yaadachiisa(16:90)*

منْ عَمَلَ صَلِحًا فَلَنْقِسَهُ وَمَنْ أَسَءَ فَلَيَهُمْ إِلَيْنَا رَيْكُنْ تُرْجَمُونَ ﴿١٥﴾ لـ جـ ١٥:

*Namni hojji gaarii hojjate, nabseema ofitiif, yoo hamaa hojjates nabsema isaa irratti(hojjate). Xumurarratti isin (cuftuu) gara Gooftaa keessanii deebitan(45:15).*

أَلَا نَزَدُ وَارِزَةً وَرَأْخَرَى ﴿٢٨﴾ وَأَنَّ لَسَنَ الْإِنْسَانِ إِلَّا مَا سَعَى ﴿٢٩﴾ وَأَنَّ سَعْيَهُ سَوْفَ يُرَى

الْمُمْبَحِزَنُهُ الْعَرَاءُ الْأَوَّفُ ﴿٤١﴾ اللـ حـ 38 - 41

*Lubuun yakka baattu takka yakka nama biroo hin baattu, namni hunduu waan hojjate malee kan biraat hin qabu, (bu'aan) hojji isaa of duratti ilaallama(53:38-41)*

بِسْمِ رَحْمَةِ اللَّهِ رَبِّ الْعَالَمِينَ وَهُوَ أَكْبَرُ الْحَسِينِ ﴿٦٢﴾ الْفَاتِحَةُ: 62

Eegasii (isaan) gara Rabbii isaan eeguutti deebifamuun, Isa Dhugaa, Dhagayaa, murtiin kan Isaa ti, Inni warra nama toowatu keessa daran ariifataadha(6:62).

فَمَنْ يَعْمَلْ مِثْقَالَ ذَرَّةٍ خَيْرًا يَرَهُ ۚ ۗ وَمَنْ يَعْمَلْ مِثْقَالَ ذَرَّةٍ شَرًّا يَرَهُ ۚ ۗ  
الْأَنْجَلِيَّةُ: 8-7

Eegasii namni hanga firii raafuu gaarii dalage, isuma arga! namni hanga firii xinnoo(atoomii) badii dalage, isuma arga(99:7-8).

Qajeelfamni itti gaafatamummaa, akka qajeelfaman sammuu Muslimaa keessatti isa bakka bu'ummaa sanii walitti hidhatee, wanti nuuf ibsu aangoo jaalalaa fi wareegamaa kan dhaloottan darban, isaan dhala namaa fi hawaasa cufaaf fakkeenyta ta'aniin dhuunfatamaniidha. Ammas wanti nuuf addeessu hubanna Muslimota durii kanneen fakkeenyta nuu ta'an, warra dognummaa(greed), keessaan amantu dhabuu(munafiq) fi jallinna irraa bilisa ta'an, isaan fedhii duniyaa walitti sassaabuu fi qabeenya horachuu hin qabne san. Isaan warra Qur'aana keessatti akkanatti ibsaman:

تَكَادُ تَمِيزُ مِنَ الْغَيْظِ كُلَّمَا أَلْقَى فِيهَا فَوْجٌ سَلَّمُهُمْ حَزَنَهَا اللَّهُ يَأْتِي بِكُنْدِيرٍ ۚ ۸ فَأَلْوَبَنَ قَدْ جَاءَنَا نَذِيرٍ ۚ ۹

فَكَذَّبَنَا وَقُلْنَا مَا نَزَّلَ اللَّهُ مِنْ شَيْءٍ إِنْ أَنْشَمْ إِلَّا فِي ضَلَالٍ كَيْبِرٍ ۖ ۱ لِلْمُكَافِرِ ۖ ۷-۸

Isaan jaalala Rabbii(horachuuf) rakkataa, ijoolee abbaa hin qabnee fi hidhamaa nyaachisan, (jechaa) "Wanti isin nyaachifnuuf jaalala Rabbii argachuuf: mindaa ykn galata isin irraa hin barbaannu"(76:8-9).

Qajeelfamni itti gaafatamaa kana iraa wabii yaad-rimee fi tooftaa Islaamaa isa sirrii ti.

Gochaawan itti yaaduudhaan, namni hunduu waan yaade argata.(Mukaarii fi Muslim)

Muslimni karaa sirrii fi haqaa irraa jallatuu hin danda'u, sababnis addunyaa kanatti nageenyi sammuu, boru ammo qubsumni isaa kan mirkanaa'u, yoo amma itti gaafatama isaa kan hojii, qabsoo, wareegamaa fi hojii gaarii hojjate akka ta'e tolchee waan beekuuf jecha.

Yoo hii kni qajeelfamoota sadii, tokkichummaa, baakka bu'ummaa fi itti gaafatamummaa, kun Muslimootaa ifa ta'e, hawaasichi shakkii malee karaa isaa argata; bu'uuraalee humna isaa haaromfata, dargaggoo isaa kallattii tooftaa Islaamaa isa sirrii ta'een guddisun milkaa'a. kun, gara biraatiin, sammuu Muslimaa irra deebi'ee gahumsa kennaaf akka hawaasichi sadarkaa guddinaa fi waa uumuu seenaa keessatti irra ture sanitti deebi'a ykn gargaara.

Tokkichummaa dhugaan qayyabachuun, qor-qalbiin Muslimaa kallatti dhugaa agarti, ni milkoofti. Gahee isaa akka bakka bu'aatti taphachuun, sammuun Muslimaa fuuldura deemtee milkoofti. Tooftaa walitti hidhataa Kanaan, sammuun Muslimaa shakkii irraa bilisa(positive), ammas bu'a-qabeessa taati.

## **Yaadota Bu'uura Tooftaa Islaamaa: Amala Bu'a Qabeessummaa Uumamaa**

Akkaataa yaad-rimee fi tooftaan Islaamaa itti hojjatu qayyabatuuf ykn hubatuuf, qajeelfamoota isaan irratti ijaaraman qofa beekuun gahaa miti. San irra, yaadota barbaachisoo akkamitti ijaarsi sun qabatamaan hoiirra oola kan jedhus hubatamuu qaba. Haalota tiyoorii tooftaa sanii qofa beekuunis gahaa miti; sun akka tooftaan sun itti hojjatu dhugaan waan nu hin hubachiifneef. Gara kallattiiwwan haaromsaatti tarkaanfiwwan qabatamaa fudhachuu yoo feene, dirqama yaadota, wantoota barbaachisan, kan sammuum Muslimaa hojjatu beekuu qabna.

Akka haqaatti, hedduun yaadota tooftaa Islaamaa aadaawwan wallaalummaatiinii fi falaasama warra Islaamummaa haarawa seeneetiin liqimfaman. Aadaan wallaalummaa fi falaasamni kunniin waan beekumsaa fi muxannoo hawaasichaa keessa gadi fagaataniif, yaad-rimee hawaasichaarratti dhiibbaa geessan. Haalli kun kan dhufe murannoo dhabuu garee tokkoo fi barmaatilee jallinaa kan gaggeessitoota siyaasaa hawaasichaatiin fudhamaniin hammaate. Dhamaatiin tooftaa yaad-rimee Islaamaa waan meeshaa gaggeessummaa Islaamaa dadhabsiisuu fi hubannaam aamantii isaaniis laafisu, toowannaabbaa irrummaa fidaa dhufuun, yaada hawaasichaa hawachuun akka dhimmi gaggeessummaa fi barmaatilee fi galmoota isaa iraayis maqu taassise.

Yaadota tooftaa kanaaf daran barbaachisoo ta'an keessaa kanneen armaan gadii fa'a:

- Sababa-qabeessummaa amala uumamaa fi argamaa;
- Alloogummaa dhugaa fi walitti-hidhamiinsa haalotaa;
- Bilisummaa murteessummaa fi fedhii bilisaa;
- Bal’ina irkanna
- Sababa-qabeessummaa gochaawwanii
- Sababa-Qabeessummaa Amala Uumamaa fi Argamaa Yaad-rimeen Muslimaa tokkichummaa fi qajeelfama tokkichummaa kan tokkummaa uumamaa, jirenyaa, namaa fi dhugaa irratti hundaa’ a. tokkichummaan kunii fi tokkummaan kun, gara biroon, wanti ibsu sababa uumamaa fi argama bira jiruudha:

وَمَا خَلَقْتُ السَّمَاءَ وَالْأَرْضَ وَمَا بَيْنَهُمَا لَتَعْبِرَنَّ ﴿١٦﴾ أَلْيَاهُءَ: 16

*Taphuma duwwaa(akkanumaan) Nuti samiiwwanii fi dachee fi waan jidduu isaanii jirus hin uumne(21:16)*

وَمَا خَلَقْتُ الْجِنَّةَ وَالْإِنْسَانَ إِلَّا لِيَعْبُدُونَ ﴿٥٦﴾ مَا أُرِيدُ مِنْهُمْ مِنْ رِزْقٍ وَمَا أُرِيدُ أَنْ يُطْعَمُونَ  
الذاهيات: 57-56

*Ani jinni fi namootas kan uume Ana haa tajaajilanii fi. Isaan irraa kennaa takkallee hin barbaadu, akka Ana nyaachisanis Ani hin fedhu(51:56-57).*

Rabbiin waan kan uumu ta’uu amanuu wanti ibsu uumamaan hundee fi sababa tokko qofa qaba. Akkaataa miira dhala namaa walii galaatii fi tokkichummatti amanuu Muslimatiin, sammuun Muslimaa tokkummaa fi sababa uumamaa kana hubanna dhabuun, ykn walitti hidhamiinsaa fi waliin jirenya uumamni irratti bu’ureffate wallaaluun

fudhatama hin qabu. Qor-qalbiin Muslimaa uumamaan wanti addeessu gara tokkummaa(tawhid) yoo ta'u, haaluma Kanaan walitti dhufeenyaa uumama hafaniinis wajjiin jiraata. Akkaataa yaada sammuu Muslimaa fi walitti dhufeenyaa uumama hafanii kanaan, tasuma ykn irra-keessuma yaaduun fudhatama hin qabu akkuma uumama namummaa fi kaka'umsa Islaamaatiin wal simateen, Muslimtichi bakka bu'aa, raga-bahaa fi uumamarratti tiksaa ta'a.

Ta'us, yaadonni dogongoraa waa'ee sababummaa fi kayo-qabeessummaa uumamaa irratti ka'an, hubannaah dhabuu waa'ee irkannaatiin walqabatan. Ammas, murtee kabaja kan dur dabreen(qadaa fi qadara) wal qabata. Kun gara birootiin, sammuu Muslimaa gara haala of hifanna fi dadhabinna walqooduun, adda addummaa fi seera-dhabdummaatti geesse. Kanaaf yerooma gabaabaa keessa humnaa fi gahee akka haaromsa addunyaaatti qabu dhabe.

Yaadni kayo-qabeessummaa uumamaa, yoo sirritti namaa gale, bu'uura cimaa garaa garummaa fi dadhabiinsa ofirraa deebisuuti. Hunda caala kan barbaachisu, Muslimni akka beekumsa barbaaduu fi qabsoo walitti dhufeenyaa jireenyaa, addunyaa ykn hawaa fi taateewwan naannawa isaa kaka'umsa horata.

وَلَمْ يَكُنْ لَّهُ شَرِيكٌ فِي الْمُلْكِ وَخَلَقَ كُلَّ شَيْءٍ بِقُدْرَةٍ نَّعِيرًا ﴿٢﴾ قُرْآن: 2

*Bulchiinsa Isaa keessatti hiriyaa hin qabu: Inni Isatu waan hunda uume, qixa sirrii ta'een kaaye(25:2).*

صَنَعَ اللَّهُ الْأَكْبَرُ إِنَّمَا كُلُّ شَيْءٍ إِنَّمَا خَيْرٌ مَا نَعْمَلُونَ ﴿٨٨﴾ الْمُلْكُ : 88

(Sun) ogummaa Rabbiiti, kan waan hunda tolche, Inni waan isin hojjattan cufa gadi fageenyaan beekaadha(27:88)

### **Alloogummaa Dhugaa fi Hariiroo Haalotaa**

Uumamani Muslimaa kan ibsu yaada alloogummaa(objectivity) akka hiika uumama walitti fufaa murtaa'aa hawaa ykn addunyaa murtoostuu keesssa jirtuu ta'ee, seerota uumamaa bal'aa fi dogongora hin qabneef kan ajajamu ykn bitamuu dha. Seeronni addunyaa dhugaa jirenya namaa, kan inni isaaniif ajajamu, tokkoo tokkoo jirenya isaa keessatti isaan wajjiin walitti dhufeenya godhuu dha. Dabalataanis, namni addunyaa ykn hawaa irraa hubanna waan qabuuf ammas dhimmoota sirna uumamaa(dhimmoota jirenya isaa toowatan) garii tolchee waan keessa beekuuf, hunda isaa beekuu ykn waliin gahuu hin danda'u, ykn bu'ama isaayyu baasuu ykn qayyabachuullee akkasuma. Sammuun(qor-qalbiin) Muslimaa, garuu, hubannama argattee fi qajeelfamoota gara ergaa sama'atiin baratte seerota kanniin fudhatee irattti hojjatti. Karaa kanaan sammuun Muslimaa sababa jirenyaa fi argama dhala namaa hubatti.

Sammuun Muslimaa fi miirri walii galas arganno namaa kan ifaa fi qajeelcha ergaa beeksisaatiin (wahy) kennamanii dha. Sammuu Muslimaatiif dhugaan of dandaa dha ykn loogii hin uumu; argamaa fi kallattiwwan isaas ni hubata, ammas qixa sirrii ta'ee walitti dhufeenya isaa fi seerota isaa waliin uuma. Sammuun Muslimaa walumaa gala loogiin ala. Dhiibbaa alaatiin hin hoogganamu, dhugaas hin tuffatu. Amantii qabaatutu isa kakaasa,

tattaaffiwwan isaa gara qixa sirrii ta'een seerota hawaa ykn addunyaa keessa dhugaa barbaaduutti qajeeluu dha.

### **Yaada Milkaa'inaa**

Akkaataa sammuu Muslimatiin, yaadni milkaa'inaa jireenyaa duubatti hafiinsaa fi malaammaltummaa keessa hin jiraatu, garuu safuu, hubannaa fi seraan walta'uu keessa jiraata. Sammuu Muslimaa keessatti argama namaa keessatti maaltu dhugaa maaltu gaarii kan jedhu irratti wanti wal faallessu hin jiru, dhuunfaanis ta'ee gamtaan. Ammas ilaalcha amantii fi meeshaa sammuu Muslimaa keessas ta'ee waan har'a gaarii ta'ee fi boru aakiratti gaarii ta'e giddutti waldhibdeen hin jiru. Kunniin cufti akaakuuwwan dhugaa argama dhala namaa, waliin jirenyaa fi walitti dhufeenyaa isaa mul'isu.

Muslimni hojji hojjatuu fi kamuu gahee taphatu keessattii fi of eeggannoo fi itti gaafatama guddaa godha. Waan naannawa isaa jiru hundaa waliin walitti dhufeenyaa bilisaa qaba. Dhimmota isaa marii, dhugaa fi haqa barbaaduun raawwata. Karaa Kanaan yoo kufe, kaayoo kanatti hin gayu.

Tokkoon tokkoon keessan tiksee(eegduu) dha, tokkoon tokkoon keessan waan tiksii san irratti ni gaafatama(Bukaarii fi Muslim).

Lubbouwwan warra amananii gatiidhaan walqixa; isaan diinota isaanii akka tokkootti ofirraa ittisu; gad aanaan isaanii yoo xiqqaate dhimmoota isaanii keessa turuu danda'a(Abuu Daawud, Al Nasa'i).

*Nabiyyichi akka jedhan, "Amantiin gorsa." Yeroo Sahaabaan akkana jedhanii gaafatan: "Eenyuuf?" Nabiyyichi yoo deebisan: "Rabbii fi, Kitaaba Isaatii fi Ergamaa Isaatiif, ammas Hooggantoota Muslimootaatii fi warra isaan hordofaniif" '(Muslim).*

Muslimoonni dhimmoota isaaniirratti wal mari'atanii raawwatu, osoo gosummaan, naannummaan, aantummaan, gartummaan hin jiraatin, ammas osoo xiyyeeffannaan faallaa mul'isan kan akka wareeraa, gantummaa fi malaammaltummaa hin jiraanne.

Dhugaan jiru, akka sammuu(qor-qalbi) Muslimaatti, loogiin ala ta'us, kun dhiphina sammuu hin mul'isu. Dhugummaan waan jijiiramnee fi dhaabbataa ta'us, sadarkaan namaa achi keessatti, takkaa akka dhuunfaatti ykn garee hawaasaatti, hedduu xiqqaa fi kan jijiirama bakkaa fi yerootiin jijiiramuudha. Kana jechuun ilaalchi, sadarkaa ykn bakkii fi itti fayyadamni cuftuu walitti hidhata qabu. Karaa sammuun Muslimaa dhugaa ittiin hubatu fedhiwwanii fi haalota dhala namaa irraatti hundaa'a. Daa'imni akka ga'eessaatii miti; namni dandeettii qabu akka isa hin qabneetii miti; kan barate akka isa wallaalaatii miti; barnoonni akka murtee dabarsuutii miti; nageenyi akka lolaatii miti, akkasuma qabeenyi akka beelaatii miti. Qor-qalbiin Muslimaa tokkummatti amanuun beekamtuu taatus, fuula hedduu fi dandeettii deebiiwan hedduu fedhiwwan garagaraatiif kennuu qabdi; akkaataa haala, yeroo fi bakka saniitiin, osoo bu'uura ykn qajeelcha jiru gad hin dhiisin.

## Bilisummaa

Yoo abdii yaada bilisummaa hubachuu feetan, wanti hubatuun dirqama ta'u haalota isa hojiirra oolchuuf barbaachisaa ta'aniidha. Bilisummaan mirga, ilaalcha, ammas itti gaafatamummaadha; akkuma kan biroo. Adda bahuun ykn jeeqamaan hojiirra hin oolu. Waan hunda dura, inni gad-dhaabbatuu ykn sirraa'u qaba, sababnis inni waan ba'aa irra hamaa jirenya namaa akkasums hiika argamaa waan ta'eef. Bilisummaan fedhii waliigalatti, ammas kan kadhannaa keessattuu, mirgoota nama dhuunfaa bilchaataa fi hiikaa fi miidhaa bilisummaa hubachuu danda'uuti. Itti gaafatamummaa gochaawwan isaa jirenya isaa fi hawaasicha naannoo isaas kan baatu ta'uus nama hubatu ta'uu qaba.

Haala ijoolee fi maraattuu(doofaa) ilaalchisee, wanti dogongora ta'u hanqinoota isaaniitti fayyadamuu ykn hojiwwan eegdota isaanii warra hamma isaan of danda'aniif(bilchina dhuunfaarra gahuun ykn madaala fayyaa deeffachuun ykn argachuun) dhimmoota isaaniitiif itti gaafatama fudhatan tuffachuu dha. Bu'uura mirga bilisummaa kadhannaa fi itti gaafatama isaa bilisummaa san fayyadamuurraa wanti arginu, humni ittisa Muslimootaa humnoota wareertotaa amantii fi muranna cimaan ofirraa faccisan, bilisummaa kadhannaa ofii irraa deebisuun, itti gaafatama isaanii akka bahan godhamuunii fi wareera ittisuun.

Bilisummaa kadhannaa irratti Ilaalchi Islaamaa namni yaada fedhe filachuuf bilisa, kan fedhee itti amane, Islaama ta'uus kan biraatis ta'u. namni kophatti mirga murtee isaa murteessuu

qaba, ammassaniif inni itti gafatamaa dha. Mootumni Islaamaa fi hawaasichi dirqama dachaa kan mirga kana eeguu, murtee kana kabajuu fi wabii mirgi sun nama hunda bira, bakka cufa, dachee Islaamaatiin ala ta'us, jiraachuu qabu. Haalota fedhii bilisa namaa fi barmaata(practice) Islaamaa hubachuuf, wanti barachuu qabnu yaadota kanniin akka itti adda baafnuudha. Yaadonni kunniin haala sadiin guduumfamuu danda'u: kallattii amantaa, yaad-rimee Islaamaa fi kallattii amala hawasummaatiin.

### Bilisummaa Amantaa (Belief)

Islaamni ifaan ifatti bilisummaa amantaa dhala namaarratti kakaasa. Kanaaf, bilisummaan kun bu'uura waamichaa, sirna hawaasummaa Islaamaa fi lola guddicha Islaamaa kan wareertota irratti godhamerratti kan hundaa'e ture. Bu'uura yaada kanaatiin, mootumni Islaamaa mataa ishii wabii bilisummaa kadhanna namoota isii kan Muslima hin taaneef kenniti. Yaada kana irraa wanti hubannu, hiikni xalayaalee Nabiyyiin aanga'oottaa fi hooggantootaaf erganiin, kan gara Islamaatti isaan yaamu ykn wareera isaanii akka dhaaban gaafatu ta'ee, yoo isaan yaadicha fudhatan, bilisummaa amantii(kadhanna) kan kenneef ture.

قَالَ عَسَىٰ رَبُّكُمْ أَنْ يُهَلِّكَ عَدُوّكُمْ وَيَسْتَحْفِفَكُمْ فِي الْأَرْضِ فَيَنْظَرَ

كَيْفَ تَعْمَلُونَ ﴿١٢٩﴾ آل عِرَافٍ: 129

*Inni(Muusaan) jedhe “ takkaa Rabbiin keessan diinota keessan ni barbadeessa, isin ammo jiraattota dachee tanaa isin godha; kanaaf Inni gochootuma keessaniin isin qorata”(7:129).*

قُلْ يَأَيُّهَا النَّاسُ قَدْ جَاءَكُمُ الْحَقُّ مِنْ رَبِّكُمْ فَمَنْ أَهْتَدَى فَإِنَّمَا يَهْتَدِي لِنَفْسِهِ وَمَنْ ضَلَّ فَإِنَّمَا

يَضْلُّ عَلَيْهَا ﴿١٠٨﴾

Jedhi. “ Yaa namoota! Amma dhugaan Rabbii keessan iraa isin geette! Warra qajeelluma fudhatuuuf, gaarummaa nabsee ofitiif hojjatuuf; isaan warri jallatan, san ofimarratti dalagan” (10:108).

صَنَعَ اللَّهُ الَّذِي أَنْقَنَ كُلَّ شَيْءٍ ﴿٨٨﴾ لِلنَّمَلِ :

Hojii Rabiiti kan waan hunda tolchee uume(27:88).

أَلَا لِهِ الْخُلُقُ وَالْأَمْرُ ﴿٥٤﴾ أَلْ عِرَافٌ :

Uumu fi hoogganuunis kan Isaatii mitii?(7:54).

Amalli fedhii bilisaa namaa waan miirri uumama waliigalaa ifatti hubatuu dha; akkuma Qur'aana keessatti ibsame:

وَنَسِّئْ وَمَاسَوَنَهَا ﴿٧﴾ فَآفَمَهَا جُنُورُهَا وَتَقْوَنَهَا ﴿٨﴾ قَدْ أَفْلَحَ مَنْ رَجَّنَهَا ﴿٩﴾ وَقَدْ خَابَ مَنْ دَسَّنَهَا ﴿١٠﴾

الشمس: 10-7

Nabsee(lubbuu) fi waan isii sirreesetti; ammas diddaa fi soda Isaas kan isii beeksisettis(kakadhee); dhugumaan milkaa'e namani isii qulqulleesse; ammas namni(badiin) isii xureesses hoongahe(91:7-10). [84]

وَلِلَّهِ مَا فِي السَّمَاوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ لِيَعْرِيَ الَّذِينَ أَسْتَغْوَى بِمَا عَمِلُوا وَيَعْرِيَ الَّذِينَ أَحْسَنُوا يَأْمُلُهُنَّ ﴿٣١﴾

النحو: 31

Eeyyan, wanti samiwwanii fi dachee keessa jiru cuftuu kan Rabiiti: Inni warra badii hojjatan ni badhaasa akkuma

*gochaawwan isaaniitti, warra gaarii hojjatanis ni badhaasa waan daran gaarii ta'een(53: 31).*

وَخَلَقَ اللَّهُ أَسْمَاءً وَالْأَرْضَ بِالْحَقِّ وَلَتُجَزِّئَ كُلُّ نَفْسٍ بِمَا كَسَبَتْ وَهُنَّ لَا يُظْلَمُونَ ﴿٥٣﴾

*Rabbiin samiiwanii fi dachee haqaaf uume, tokkoo tokkoon nabsee(lubbuu) waanuma hojjatteen mindeeffamti, namuurratti miidhaan hin raawwatamu(45:22).*

### Bilisummaa Murteessummaa, Fedhii Bilisaa fi Itti Gaafatamummaa

Ilaalchi bilisummaa fedhii fi itti gaafatamummaa dhala namaa kan of keessatti qabatu qajeelfama bu'uuraa sadaffaa kan Islaamni irra dhaabbateedha. Hiika ergaa Islaamaa kan jirenyaa ykn hiika jirenyaa fi qabsoo nabiyyichaa ykn waldhibdee Muslimoonni duraa Peershiyaanotaa fi Impaayera Roomaa waliin godhan hubachuu kan dandeenyu, yoo yaada fedhi bilisaa fi itti gaafatama nama dhuunfaa bilisummaa saniin barbaadaman hubanne qofa. Gochoonni qulqullina fedhii ibsu, gaarii ykn badaa ta'uu, dhugaa, gaarummaa fi haqummaa hordofuu ykn hawwii isaa keessa laaqamuu. Dhumarratti, gochaaleen kallattima namni dhuunfaa itti gaafatama bakka bu'ooma isaa raawwateen madaalama; akkasumas, boruun(aakiraan) nama tokkoo qulqullina inni har'a addunyaarratti dalageen ibsama.

وَنَسِّـسَ وَمَاسَوَّنَـها ﴿٧﴾ فَأَلْهَمَهَا جُنُورَهَا وَنَقْوَنَـها ﴿٨﴾ قَدْ أَفْلَحَ مَنْ رَّكَّنَـها ﴿٩﴾ وَقَدْ خَابَ مَنْ دَسَّـها ﴿١٠﴾

لشمس: 7-10

*Nabsee(lubbuu) fi waan isii sirreesetti; ammas diddaa fi soda Isaas kan isii beeksisettis(kakadhee); dhugumaan milkaa'e*

*namani isii qulqulleesse; ammas namni(badiin) isii xureesses hoongahe(91:7-10).*

وَبِالْحُقْقِ أَنْزَلْنَاهُ وَبِالْحُقْقِ نَزَّلَ وَمَا أَرْسَلْنَاكَ إِلَّا مُشَرِّعًا وَنَذِيرًا ﴿١٥﴾ السراء : 105

(Qur'aana) haqaan buufne; haqaan bu'es; kan si Ergine akka gammachiiftuu fi rifachiiftuu(f(of eggaaachiiftuu)) (17:105).

وَلَقَدْ يَحْتَمِلُهُمْ بِكِتَابٍ فَصَانَنَاهُ عَلَىٰ عَلِيهِ هُدًى وَرَحْمَةً لِّقَوْمٍ يُؤْمِنُونَ ﴿٥٢﴾ الْعَرَافَ : 52

*Dhugumatti kitaaba beekumsaan addeessine akka ummata amananiif qajelchaa fi gara-laafina ta'u isaan irratti Buufne(7:52)*

إِنَّمَا نُنَزِّلُ الْكِتَابَ لِلْحَاجَةِ ﴿٩﴾ الْحَجَّ : 9

*Nuti, shakii malee, ergaa gadi ergine; ammas Nutu qabatamaan isa eega(badiirraa) (15:9).*

*Ilaalchonni abbaa-irrummaa fi dhiibbaa, haqa-dhabdummaa fi dirqisiisuu Islaama hin eegan ykn ilaalcha Islaamaa salphaa hin godhan. Bakka san, ilaalchonni akkasii wareera ergaa Islaamaarratti, dhugaa fi kaayoo isaarratti godhamu bakka bu'an.*

لَا إِكْرَاهٌ فِي الدِّينِ قَدْ تَبَيَّنَ الرُّشْدُ مِنَ الْغَيْرِ ﴿٢٥٦﴾ الْقَرْآنَ : 256

*Amantiirratti dirqisiisuun akka hin jiraanne: dhugaan sobarrraa adda bahee mul'ata (2:256).*

فَمَنْ شَاءَ فَلَيَؤْمِنْ وَمَنْ شَاءَ فَلَيَكُفُرْ ﴿٢٩﴾ الْكَافِرُونَ : 29

*Namni fedhe haa amanu, ammas namni fedhe haa didu(isa) (18:29)*

*Oodo Rabiin kee fedhee jiraatee, ilma namaa(cufa) ummata tokko godha ture(11:118).*

أَفَأَنْتُ تُكَرِّهُ النَّاسَ حَتَّىٰ يَكُونُوا مُؤْمِنِينَ ﴿٩٩﴾ يسوع: 99

*Kanaaf ati namoota akka, sedhii isaaniitiin ala, amananiif dirqisiiftaa?(10:99).*

مَنْ عَمِلَ صَالِحًا فَلَنَفِسِهِ وَمَنْ أَسَءَ فَعَلَيْهَا إِنَّ رَبَّكَ لَغَنِيٌّ عَنِ الْجَنِيَّةِ ﴿١٥﴾ لـ جن: 15

*Namni hojii gaarii hojjate, nabseema ofitiif, yoo hamaa hojjates nabsema isaa irratti(hojjate). Xumurarratti isin (cuftuu) gara Gooftaa keessanii deebitan(45:15).*

Beekumsa kabajamaa ergaa beeksisaatiin (wahy) irratti hundaa'ee, ilaalchi Islaamaa milkaa'uuf humnaa fi dandeettii akka qabu ifa/ifa ture, ba'aa mootumni baachuu dandeettuuf osoo hin ta'in, dhugaa jiru kan ibsu waan ta'eef. Haala ilaalchi Islaamaa gara tooftaa fi ijaarsa sirrii siqaa deemeen, walitti bu'iinsaa fi faallaa sodaachuun hin feessisu, sababnis ciminni uumama Islaamaa yeroo hundaa haawasicha ni qajeelcha waan ta'eef.

Karaa tokkichi nuti Islaama ittiin eegnu isa hubachuu, beekuu fi sirritti ibsuu dha, ijaarsi sirna Islaamaa sirrii ta'uu dhugoomsuuf jecha. Bilisummaan yaadaa fi hayyummaa yn beekumsaa mootuma Islaamaa, ykn qajeelfamoota bu'uuraa, kayoowwanii fi sirnoota Islaamaa irraa sodaa homaatuu hin qaban. Akka haqaatti, Islaamni wabii bilisummaa yaadaa fi

beekumsaati. Akkasuma, mul'ataa fi sirni Islaamaas bilisummaa yaadaa fi beekumsarraa sodaachuu hin qaban.

Bilisummaan yaad-rimee hawaasa Islaamaa akka laga gadi fageenya qabuu kan gara bakka xumura isaatti yaa'uuti. Yoo bal'ifamu hedduummatee yaa'a. bu'uura fedhii namaa fi walitti-hidhamiinsa sadarkaa dhugaatiin, yaad-rimeen Muslimaa waldanda'uu jaalata, sun wabii bilisummaa yaad-rimee fi amantaa, akkasumas, heddumina waldhibdee sadarkaalee yaadaa fi beekumsaati.

Hawasicha keessa yaadota waldhaban irraa kan ka'e sodaan bu'uura isaatu diigama jedhu xinnaadha. Kanarra, madaalaa fi yaada bal'aa fi karra saaqa, tasgabbii fi guddinaafis. Sababnis, yaad-rimeen Islaamaa, mul'ata isaa ifaa san wajjiin, qajeelcha, sonoota yaadotaa fi qajeelfamoota ergaa beeksisaa (wahy), cimaa ta'eeti itti fufa. Guddinni haarofnii fi waa uumuun oomishaalee hawaasichaa kan qajeelfamoota bu'uuraarratti waliigalaniidha.

Bilchinni aadaa ummanni akka bilisummaa ofii dagaagsuuf ulaagaa dirqamaati, keessattuu bilisummaa amantaa (belief). Sababnis, naannoona aadaa durii ykn duubatti-hafiinsi aadaa, baadiyummaan, gara-jabummaan ykn yeroo dur ta'uun, kan ibsu namni aadaan, hawaasummaan, ykn sammuin bilchina akka hin qabnee (murteewan itti gaafatamaa kennuu dadhabuun) dha. Shakkii malee, kun mirga bilisummaa iraa isa baasa. Kana jechuun, hamma sadarkaa bilchinaa gahuuf kunuusa

godhuu fi, ammas mirga bilisummaa ykn itti gaafatama baatuufii barbaachisa.

Kanaaf kan Islaamni jalqabuma duraa gosoota Araboota taabota gabbaran irratti hojjatuu fedha, yeroo carraa argame hundaan akka isaan barmaatilee duubatti hafaa fi hanqinoota sanniin irraa fagaatan ykn akka duubatti-hafiinsa hawaasummaa fi aadaa kan keessa jiraachaa turan irraa of bilisoomsan, ammas akka diinummaa isaan Muslimootaa fi tumsitoota isaa irratti qaban dhaaban, gorsaa ykn gargaaraa ture. Miirri itti gaafatama Muslimaa gara dhala namaa kun akka isaan gosummaa hamaa san dhiisanii sirna aadaa Islaamaa kan mala hawaasummaa fokkataa fi afoola taabotaa jalaa isaan baasutti deebi'an godhe. Kanarraa ka'uun, Islaamni dhimma gosoota tanaarratti, dhimmichi akka bilisummaa fedhii fi kadhanna namaa hin ta'in, ifatti labse. Garuu haalli sun gara sirna Islaamaatti akka dhufaniif dhiibuu dhiisee, hammeenyummaa qaban saniin akka jiraatan taassisa.

اللَّذِينَ عَاهَدْتَ مِنْهُمْ ثُمَّ يَنْقُضُونَ عَهْدَهُمْ فِي كُلِّ مَرَّةٍ وَهُمْ لَا يَنْقُوْنَ ﴿٥٦﴾ الْفَاتِحَةٌ : 56

*Isaan warri ati waadaa wajjiin seente, garuu isaan yeroo cufaa waadaa isaanii ni diigu, ammas sodaa(Rabbii) hin qabaatan(8:56).*

لَا يَرْجُوْنَ فِي مُؤْمِنٍ إِلَّا وَلَا ذَمَّةٌ وَأُولَئِكَ هُمُ الْمُعْتَدُونَ ﴿١٠﴾ الْتَّهْبِيَةُ : 10

*Dhimma Muslimaa keessatti firoomas ta'ee waadaa hin eeggatan, isaan warra daangaa dabaran(9:10).*

يَكَانُهُمُ الَّذِينَ أَمْنَى إِنَّمَا الْمُشْرِكُونَ بِهِمْ فَلَا يَقْرَبُوا الْمَسْجِدَ الْحَرَامَ بَعْدَ عَامِهِمْ هَذِهِ

الْتَّهْبِيَةُ : 28 ﴿٢٨﴾

*Yaa warra amantan! Dhugamaan warri Rabbitti waa ida'u (Mushrik) fokkatoodha(najisa); kanaaf waggaa isaanii kana malee, Masjida Kabajamaatti akka hin kaloofne(dhihaanne)(9:28).*

وَقَاتَلُوا الْمُشْرِكِينَ كَافَّةً كَمَا يَقْتَلُونَكُمْ كَافَّةً وَأَعْلَمُوا أَنَّ اللَّهَ مَعَ الْمُتَّقِينَ ﴿٢٨﴾  
النَّهْ‍ءَةُ : 36

*Warri Rabbitti waa ida'u walii galaatii lolaanii akuma isaanis walii galanii isiniin lolan. Garuu beekaa! Rabbiin warra isa sodaatan bira jira(tumsa)(9:36).*

وَقَاتَلُوهُمْ حَتَّىٰ لَا تَكُونَ فِتْنَةٌ وَيَكُونُ الدِّينُ كُلُّهُ لِلَّهِ فَإِنْ أَنْتَهُوَ فَإِنَّ اللَّهَ بِمَا  
يَعْلَمُكُمْ بَصِيرٌ ﴿٣٦﴾ أَفْهَالٌ : 39

*Hamma wareerri dhaabbatutti lolaanii, ammas haqxi argamtee amantiin Rabbii namaaf fi bakka cufa bira gahutti; garu yoo isaan dhaaban, haqatti, Rabbiin waan isaan dalagan hunda ni arga(8:39).*

﴿ قَاتَلَ الْأَعْرَابُ إِذَا مَرَأُوكُمْ قُلْ لَمْ تُؤْمِنُوا وَلَكِنْ قُولُوا أَسْلَمْنَا وَلَمَّا يَدْخُلُ الْأَيَّمَنُ فِي قُلُوبِكُمْ وَإِنْ تُطِيعُوا اللَّهَ وَرَسُولَهُ لَا يَلِتْكُم مِّنْ أَعْذَلِكُمْ شَيْئًا إِنَّ اللَّهَ عَفُورٌ رَّحِيمٌ ﴾ ١٤ لـ حـ جـ رـ اـتـ : 14

*Araboonni gammoojji wanti jedhan "Nuti amanne." Jedhiin "amantii hin qabdan, garuu jedhaa "fedhii teenya Rabbiirratti dhiifne; amantiin onnee keessan keessa waan hin seeniif. Garuu yoo isaan Rabbii fi Nabiyyii tole jedhan, Inni hojiitwan keessan lafa hin buusu(hin gatu), Waaqni waan Irra namaan darbaa fi Araaramaa ta 'eef"(49:14).*

Ilaalchonni Islaamaa namoota doofummaa qabani fi Araboota gammoojjii irratti qabu kan isa yaachisuu fi bilchina akka mirga bilisummaa fedhii qabaataniif isaan barbaachisu kennuufii fedha. Inni ilaalcha bilisummaa fedhii waakatu ykn kan of duuba gara yaada namaa kadhannaarratti qabutti deebi'uu hin turre. Ilaalchi Islaamaa ifa ture: mirga warra kitaabaa(Kiristaanaa fi Faranjii) kan bilisummaa kadhanna ni kabaja, ni kunuuns, diinummaa fi wereertota ta'anis. Islaamni ammas mirga kana ummata qarooma qabaataa turan kan akka Peershiyaa fi Maajiyaanotaa, warra gahumsa guddaa qabaniif, kennee, barruulee keessattis ifaan dubbate. Kanumaa ta'ee, isaan warra taabotaa fi ibidda gabbaruu dha. Wanti ifaanifatti addeeffamuu qabu tokko bilisummaan kadhanna(warship) bu'uura yaada Islaamaa ta'uu fi ijaarsii fi itti-fayyadaman yaad-rimee aadaa Islaamaa fi tooftaa sirrii hin ta'u yoo kallattiin kun siritti hin hubatamin.

### **Bilisummaa Yaadaa**

Dhimmi bilisummaa yaada ilma namaa kan madduu fi walitti galu bilisummaa amantiitiin. Bilisummaan yaadaa bilisummaa kaka'umsaatiin hidhata qaba, garuu ijaarsa muranoo xiin-sammuurraa dhufa. Hawaasa Islaamaa keessatti, namuu waan fedhe gara samuun isaa isa ajaajeen hodhachuuf, filannoowwan xiin-sammuu ykn hayyummaa qabaachuuf, amantaa kanarrattis hundaa'ee murteewwan dabarsuufis bilisa. Namni tokko waan itti hin amanin yoo hajjachiifame ykn waan fedhiin hin fudhatin, seera uumamaa waan faallessuuf, sun Islaamummaa biratti fudhatama hin qabu. Kanaaf, akkaataa

tooftaa fi yaad-rimee Islaamaatti, murteen xumuraa kan jiru nama dhuunfaa bira, ammas, fedhii bilisaa isaa ykn isheetti hidhata. Ammas, filannoo inni/isheen filattees qofa itti gaafatama/ti; akkasumas waan kana hordofee dhufus har'aa fi borus ofumaa baata/baatti.

*Onnee tee mari 'achiisi... namoonni ammaa amma yaada seera-qabeessa sii kennanis.(ahmad)*

وَمَنْ حَلَّ فِي أَنْسَابِهِ يُضْلَلُ عَلَيْهَا وَلَا تُرِكُ فَازِدٌ وَرَزَّاقٌ أَخْرَى ﴿١٥﴾ إِلَهُ رَاءِ :

*Namni jallatu ofuma miidha: ba'aa nama tokko inni kan biraan hinn baatu(17:15)*

sababa argamaa hubachuu fi itti gaafatama bakka bu'ummaa bahuuf, bilisummaan yaadaa fi dhugummaan beekumsaa dirqamoota bu'uuraati. yaadaaf iamantaa namaa humnaan itti fayyadamuun hiikaa fi itti gaafatama jireenyaa kan waakkatuu fi Islaamaa fi tooftaa isaa birattis fudhatama hin qabu. Yaad-rimeen Islaamaa kan ijaaramu bu'uura murannoo mirgoota bilisummaa amantii fi yaadaarratti.

Hawaasni Islaamaa kan isa keessa bilisummaan waa uumuu jirtuudha. Garuu dhumarratti, dagaaginni hawaasichaa, qajeelfamoonni bu'uuraa fi waa uumuun sababa argamaa qofaan walitti hidhata, sunis haaromsa, malaammaluu miti. Akkasuma, amalli hawaasummaas bilisummaa kadhanna fi yaadaa irratti hundaa'a. Wanti tiyoorii ykn dhoksaa hin jiru, isa qabatamaa malee.

Amalaa fi gochaa ilma namaa uumama ykn amala gamtaa qaba, san jechuun, hubannaa walitti dhufeenya hawaasaa irratti hundaa'een hojjatamuu qabu. Dhimma gamtooma amala hawaasaa jechuun fedhii nama dhuunfaa gadi qabuu jechuu miti. Bakka san, hawaasa keessatti, hojiin nama dhuunfaa toowatamuun dirqama ta'a.

Bilisummaa amantii fi yaadni nama dhuunfaa amantaalee fi barmaatilee hawaasaatiin toowatamuu qabu. Akkasuma, danbiawan, seeronnii fi dhaabbilee ummataa cuftuu kaayoo hawwasni irratti walii galu kana galmaan gahuuf, dhuunfaan bakka murtaa'e keessatti, hamma danda'u hunda akka hojjatuuf, fedhii fi hawwii isaa akka ibsatuuf, yaadaa fi amantaas akkasumas gochaanis akka mul'isuuf hundeffaman. Danbiileen hawaasaa fi sirnoonni ummataa garuu kan hundaa'an ilaalcha namoota wayyaba ykn hedduu ta'aniitiin. namni dhuunfaa osoo amantaa ofii qabaateeyyuu faallaa hawaasaa hojjachuu hin danda'u, sababni yaadaa fi amantaa ofiiti malee danbiilee hawaasichaa waan hin kabajneef. Kun hawaasicha keessa dhamaatii facaasuun mirgoonnii fi bilisummaan hundi manca'anii hiikaan argama dhala namaas bada.

Seera-qabeessummaan dalagaa kan hundaa'u dalagaan sun kaayoowwanii fi danbiawan walii gala namni heduunirratti walii galeetiin. Seera-qabeessummaan namoota wayyabaa, ammoo, bu'uura kaayoo argama dhala nama, akka ilaalcha Islaamaatti, itti gaafatama bakka bu'ummaa dacheerratti bahuu irratti. gochi faallaa kamuu kan danbiilee haawaasaa faallessan seera hin qaban. garuu, danbiileen mataan isaanii seera kan

qabaatan yoo bilisumaa amantii fi yaadaa kan nama dhuunfaa kabajaniidha.

amalli Muslimaa kan dhuunfaa fi sirnoonni seera hawaasa Muslimaa keesatti kan maddu seera-qabeessummaa isaan Islaamaa fi galmoota isaa, kaayoowwan, qajeelfamoota bu'uuraa fi sonoota isaa irraayi. Seera-tumtoonni Muslimaa hawaasa Muslimaa keessa jiran sonootaa fi galmootaa fi sonoota Islaamaa seerotaa fi danbiwwan baasuu keessatti galmootaa fi sonoota Islaamaa dhiisu hin danda'an, sababnis seerota san jechuun dandeettii qaamni ilaalu itti gaafatama akka bakka bu'aa dacheerraatti qabuu waan ta'eef jecha. Akkasuma, gochaawwaniifi haalli Muslima dhuunfaa danbiwwan bu'uura sirna Islaamaa Muslimaa kutannaq qabaniin ibsaman. Qajeelfamoota bu'uuraa sirna Islaamaa keessaa tokko kan wanti cuftuu seera-qabeessa(haalaala) waan ifaanifatti barruulee buufaman dhoowwame malee ykn waan faallaa bu'uura fedhiwwan hawaasaa ta'e malee.

akkaataa ibsa qajeelfama kanaatiin, wanti hubachuu dandeenyu yaada waan gaaritti gammaduu fi fokkataarraa dhoowwamuu(*al amr bil ma'arif wannahy anil munkar*) ti. Akkaataa bilisummaa yaadaa fi amantaatti, kun gorsa, of eeggannoo, qajeelcha fi kallattii akeekuu mul'isa. Akka amala hawaasummaatti ammo, qabsoo, gocha, wareegamaa fi dandeettii hawaasa diigamarraa ittisuu fi kaayoowwan haaromsa isaa akka hin irraanfanne gochuu addeessa.

## **Qajeelfama Bu'uura Irkanna [Tawakkul]**

irkanna[tawakkul] jechuun Rabbitti irkachuu fi dhimma jireenyaa keessatti murtee isaa kabajamtuu fudhachuu(qadaa fi qadara) dha. irkanna jechuun onnee warra amanantii aangoo, qarummaa fi haqummaa Rabbiitti amantii qaba, ammas akka waan hundi too'annaa Isaa jala jiru amanuu dha.

irkannaan Muslimaa kan burqu amanta isaa kan waan hin mul'anee fi tilmaama hin mul'anne kan Rabbiin, Mootiin samii fi dachee, toowatu, kan Inni qofti beeku irraati.

irkannatti amanuun Muslimaa uumamaa fi hubannaa murteessaa ragaawan barbaachisoo jabeenya xiin-sammuu fi humna isaa, madda obsi, of toowachuun, mueteen, itti quufinsi fi gammachuun irraa madduu dha.

قُلْ إِنَّ الْأَمْرَ مِنْ كُلِّهِ لِلَّهِ ۖ ١٥٤ آل عمران: 154

*Haqumatti, murteen hunduu kan Rabbii ti(3:154)*

أَلَا لَهُ الْخَلْقُ وَالْأَمْرُ ۚ ٥٤ آل عِرَافٍ : 54

*Dammaqaa! Murtee fi waa uumuunis kan Isaa qofa(7:54).*

وَمَا أُوتِنَتْ مِنَ الْعِلْمِ إِلَّا فَيَلَّا ۚ ٨٥ إِلَسْرَاءٌ : 85

*Beekumsarraa isin xiqqoo malee hin kennamne(17:85).*

وَلَا يُحِيطُونَ بِشَيْءٍ مِّنْ عِلْمِهِ إِلَّا بِمَا شَاءَ ۚ ٢٥٥ لِلْقَرْآنِ :

Fedhii iisaatiin ala beekumsarraa homattuu hin qaqqaban(2:255).

وَسَعَتْ كُلَّ شَيْءٍ رَّحْمَةً وَعِلْمًا ۚ ٧ غُلَامٌ :

*Qaqqabiinsi Isaawaan hundarratti, Rahmataa fi Beekumsaan(40:7).*

Amantaan(belief) Muslimaa dhimma muetee fi tooftaa yaad-rimee isaatti kan jedhu: wanti hunduu dhumarratti gaarii dha, sababnis Muslimoonni dhugaa yoo waan gaarii argatan ni galatoomfatu, yeroo yaalii ykn qormaataa ammo ni obsu. Akkasuma, yoo jirenya isaa keessatti waan gaarii argatu ni gammada, yoo waan fokkataan isa mudate ni obsa, Rabbirrattis irkata, Boru mindaa ofii argata. Muslimni murteewwan Rabbiitti amanuun tattaaffiwwan inni ittin milkaa'uu dha; milkaa\inni ykn kufaatiin meeshaa ykn qabeenyaa jirenya kana keessatti isa mudatus. amantaa dhumarratti dhugaan ni mul'atti, qabsoo hawaasni dhugaaf jedhu gaggeessu dhumarratti ni injifatu; sobni ni kufa; warri soba tumsus ni injifatamu(seenaa keessatti yoo dhugaan wal lolan), yeroo hunduu fuula Rabbii dhaabbatan.

[92]

وَلَنَبُلوْنَكُمْ حَتَّىٰ نَعْلَمُ الْمُجْهِدِينَ مِنْكُمْ وَالصَّابِرِينَ وَبَلُوا أَحْبَارَكُمْ ﴿٢٣﴾ مَحْمَد : 31

*Ammas Nuti isin qoranna hamma Nuti isin keessaa eenyutu qabsoo ol'aanaa fi obsarratti gadi dhaabata jechuu(47:31).*

كُلُّ نَفِيْسٍ ذَائِقَةُ الْمَوْتِ وَبَلُوكُمْ بِالشَّرِّ وَالْخَيْرِ فِتْنَةٌ وَإِلَيْنَا تُرْجَعُونَ ﴿٥٥﴾ الْهَيَاء : 35

*Ammas Nuti yaalii badaa fi gaariitiin isin qoranna. garuma Keenya deebitan(21:35)*

وَالَّذِينَ جَاهَدُوا فِي سَبَابِنَاهُنَّ يَنْهَا شُبَابُنَا ﴿٦٩﴾ لِلْعَلَيْبَوْت : 69

*Ammas isaan karaa Keenya keessatti qabsaa'an, Nuti shakkii malee gara karaa Keenyaatti isaan qajeelchina(29:69)*

*Amantii Rabbii keessatti qabsoo sirii qabsaa'aa, waa tole Eegaan, waa tole Tumsaan(22:78).*

يَتَأْمِنُهَا الَّذِينَ آمَنُوا إِنْ تَصْرُّفُوا اللَّهُ يَضْرُبُكُمْ وَيُنَزِّئُ أَقْدَامَكُمْ ﴿٧﴾ مَحْمُود: 7

*Yaa amantoota! yoo Rabbi(qabsoo keessatti) gargaartan, Inni isin gargaara fi miila keessan gadi jabeessaa dhaabaa(47:7).*

إِنْ أُرِيدُ إِلَّا لِأَصْلَحَ مَا أَسْطَعْتُ وَمَا تَفْعِلُ إِلَّا بِإِلَهٍ عَلَيْهِ تَوْكِيدٌ وَالْيَدُ أَنْتَ بِهِ مَوْدٌ ٨٨

“waan danda ’een tolinuma fedha, milkaa ’inni kiyya Rabbumaan dhufa, Isarratti irkadhe, gara Isaas deebi ’a(11:88).

نَعَمْ أَجْرُ الْعَمَلِينَ ﴿٥٨﴾ الَّذِينَ صَبَرُوا وَعَلَى رَبِّهِمْ يُنَوَّكُونَ ﴿٥٩﴾ الْعَاجِفُونَ ٥٨-٥٩

*Mindaan warra amanee waa tole! Isaan obsanii rabbii isaaniirratti irkatan(29:58-59).*

وَمَا عَنَّ اللَّهِ خَيْرٌ وَلَا يَقْنَعُ لِلَّذِينَ أَسْمَوْا وَعَلَى رَبِّهِمْ يُنَوَّكُونَ ﴿٣٦﴾ الشُّورِيٰ ٣٦

*Garuu waan Rabbi bira jirutu irra caalaa fi turaadha warroota amananii irkanna Isaanii waaqa Isaanii irra kaayataniif(42:36).*

wanti asitti adda bahuu qabu: irkannaan amantaa fi fudhannaa Muslimni murteewwan Waaqaarratti qabanii dha. kana jechuun waan Rabbi malee namuu hin beekne, hin hubanne, ykn hin toowannetti amanuudha. Hiikni irkanna, gara biraatiin, wantoota akka humnaa, dadhabbi fi haalota waliigala hanqinaa fa’ a irratti yoo ta’u, seerotaa fi sadarkaalee Rabbi uumamaan dhala namaatiif buuse gahuu dhabuu waan addeessaniif jecha. Wanti rakkisaan yaada irkanna keessatti kan ajajoota Rabbii diduu fi uumama waakkachuuti. Hanqinooni maloota qabsoo sirri beekuu dhabuu fi seerota uumamaa hordofuu dhabuu Rabbitti irkachuurraa dhufan. Kanarra, maloota sirrii barbaaduu fi fayyadamuutu maalummaa itti gaafatama namaa jirenya kanarratti mul’isa; kanaan fedhiin isaa qoratama, kayoon argama

isaas akkasuma. Garuu irkannaan malaammaltummaa amantii ykn iimaana akkanaati. Kanaaf, yeroo warra baadiyaa irkanna fi laafinsi (tawaakul) itti wal fakkaate Nabiyyitti dhufanii dhimma kana isaan gaafatan, Nabiyyiin tolchanii ibsaniif “ Hojji sirrii hojjadhaa, eegasii amantii keessan Rabbirra kaayadhaa.”

Qajeelfamuma walfakkaatu hordofuun ‘ Umar Ilmi Kaxxab’ warra akka waan inni ajaja Rabbii irraa dheessaa jiru yaadaniif, yeroo inni lafa ykn ganda dhiveen miidhamte seenuu dide, deebima fakkaataa kenneef. wanti isaan yaadan, maloota sirrii barbaaduu dhabuun ykn karaa seerota uumamaa hawaarratti buusee hojjachuu dhiisuun irkannaar Rabbiiti jedhan. ‘Deebiin Umar hedduu ifa ture. “ Ani ajaja Rabbii tokkorraa gara kan biraadheessa.”

Namni tokko yoo dhiveen qabame, sun murtee Rabbiiti; ammas yoo namni tokko dhiveerra of eege, sunis murtema Rabbiiti. wanti hunduu fedhii Rabbiitiin ta’ a, ammas maloota sirrii qabachuuf qabsaa’uunis ajajuma Rabbiitiin ta’ a. Kun karaa Isa ittiin tole jedhan. Shakkii malee, kun diddaa[kufr] hin mul’isu, ykn sun Isarratti Irkachuu miti.

Adda addummaan hiika irkachuu fi laaffisuu ykn irkachuu fakkeessuu gidduu jiruu fi wanti uumamni dhala namaa himu, ammas ajajaawwan Rabbiin ilmi namaa bakka bu’aa dachee tanaa ta’ee fi ishee raawwachiisu, kunuunsu beekuu sun irkachuu fakkeessuu dha, uumamaa miti. Islaamni kana hin barsiisu. faallaa san, laaffisuun hiika irkannaar Islaamaarratti homaa hin qabu; amantaa Muslimaa jalqabaa irrattis. Akka

haqaatti, dhimmoota jirenya Nabiyyiitii fi Sahaabaa isaaniis, qabsoos, tattaaffiwwan isaan seerota uumamaa hubachuuf godhanis, karooraan fi kallattii ilaalcha ykn yaada isaanis ni faallessa.

### Sababa Ta'uu Uumama Namaa

Kan armaan gadii yoo hubanne, wanti nama dinqisiisu tokko sababa ta'uun jirenyaa fi yaad-rimee Muslimootaa keessatti yaada bu'uuraati. Uumama[Fixraa] fi amantiin [Aqiidaa] kan ibsu Rabbi hawaa uumee, seerotaa fi sadarkaaleef akka ajajamu isa godhe. Eegasii ilmi namaa akka isa kunuunsuuf, hoogganuu fi isa qaroomsuu fi ajajame. Rabbi ilma namaa akka itti gaafatama isaa bahuu fi mala seerota uumamaa faayadamuun fedhii isaa akka mul'isu dandeessise. Kanaaf, sammuun Muslimaa fi uumamni itti gaafatama isaanii kan qajeelchuu fi haaraa uumuu kan bahan, yoo mala sirrii qabatanii fi dameewwan jirenyaa keessatti hojirra oolchuuf qabsaa'an qofaadha.

الَّهُ مَلِكُ الْسَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ وَلَنْ يَحْجُزَ لَكُمْ يَوْمًا إِذْ كُنْتُمْ شَرِيكِينَ فِي الْمُلْكِ وَلَكُمْ كُلُّ شَيْءٍ وَقَدْرَهُ نَفْعِيرًا ﴿٢﴾

شيءٌ وقدرهُ نفَعِيرًا ﴿٢﴾ تارق ان: 2

Inni kan ol'aantummaan samii fi dachee isaaf taate: ilma hin qabu, aangoo Isaa keessattis hiriyyaa hin qabu: Isatu waan hunda uume, Isatu kallattii hundaan qopheesse(25:2)

سَيِّدُنَا وَرَبُّنَا اللَّهُ أَكْبَرُ ﴿١﴾ الَّهُمَّ حَقَّ الْفَوَى وَالَّهُمَّ قَدْرَهُ فَهَدِئِنَا إِلَيْهِ فَهُوَ خَيْرُ هُدَىٰ ﴿٢﴾

Maqaa Rabbii kee ol Ta'ee guddisi, Isaa uumee sirreesse, Isaa murteessee qajeelche(87:1-3).

صَنَعَ اللَّهُ الْأَلِّي أَنْفَنَ كُلَّ شَيْءٍ إِنَّهُ خَيْرٌ بِمَا فَعَلَوْكَ ﴿٨٨﴾ لِلنَّمَل : 88

(Sun) ogummaa Rabbiiti, kan waan hunda tolche, Inni waan isin hojjattan cufa gadi fageenyaan beekaadha(27:88)

فِطَرَ اللَّهُ الَّتِي فَطَرَ النَّاسَ عَلَيْهَا لَا تَبْدِيلَ لِخَلْقِ اللَّهِ ﴿٢٠﴾ للروم: 30

Uumaa Rabbii kan nama irratti uume, uumaa Rabbii jijiiruun hin jiru(30:30)

وَخَلَقَ اللَّهُ أَسْمَاءَ وَالْأَرْضَ بِالْحَقِّ وَلَتُجَزِّئَ كُلُّ نَفْسٍ بِمَا كَسَبَتْ وَهُمْ لَا يُظْلَمُونَ ﴿٦٦﴾

الحجية : 22

Rabbiin samiiwanii fi dachee haqaan uumee lubbuu cuftuun waan dalagdeen akka mindaa argattuuf, namuu hin miidhamu(45:22)

فَدَخَلَتْ مِنْ قَبْلِكُمْ شَيْءٌ فَسَيِّرُوا فِي الْأَرْضِ فَانْظُرُوا كَيْفَ كَانَ عَبْرَةُ الْكَذَّابِينَ ﴿٦٧﴾

آل عمران: 137

Isin dura karraawwan hedduun dabarteerti, dachee keessa deemaatii waan xumurri warra dhugaa didee ta 'e laalaa(3:137)

إِنَّمَّا كَانَ اللَّهُ فِي الْأَرْضِ وَآتَيْنَاهُ مِنْ كُلِّ شَيْءٍ سَبَبًا ﴿٨٤﴾ اللَّهُ هُنَّا

Nuti isaaf dachee irratti mijeessineef, waan hundarraa karaa kennine(18:84)

فَلَنْ تَجِدَ لِسُلْطَنَ اللَّهِ تَبَدِيلًا وَلَنْ تَجِدَ لِسُلْطَنَ اللَّهِ تَحْوِيلًا ﴿٤٣﴾ اطر: 43

Garuu karaa Rabbii keessatti jijiirama hin argitu(35:43)

أَلَا نَرُزُ وَارِزَةٌ وَرَأْثَرَى ﴿٤٤﴾ وَأَنَّ لَيْسَ لِلإِنْسَنِ إِلَّا مَا سَعَى ﴿٤٥﴾ وَأَنَّ سَعْيَهُ سُوفَ يُرَى

الحج: 41-38

*Lubbuun yakka baattu takka yakka nama biroo hin baattu, namni hunduu waan hojjate malee kan biraan hin qabu, (bu'aan) qabsoo isaa of duratti ilaallama(53:38-40)*

وَسَخَّرَ لَكُمْ مَا فِي السَّمَاوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ جَبِيعًا مِنْهُ إِنَّ فِي ذَلِكَ لَذَيْنَ يَقُولُونَ يَنْفَعُوكُمْ ﴿١٣﴾

الجنيه : 13

*Inni waan samii fi dachee keessaa hundaa isiniif laaffise, isa san keessa warra xiinxaluuf mallattoo dinqiidhaatu jira.(45:13)*

وَلَلَّهِ مَا فِي السَّمَاوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ لِيَعْلَمِ الَّذِينَ أَسْتَعْنُ بِمَا عَمِلُوا وَلِيَعْزِزِ الَّذِينَ أَحْسَنُوا يَالْحَسَنَى ﴿٢١﴾

النجم : 31

*Haqatti, wanti samiiwan fi dachee keessa jiru kan Rabbiiti, akka warri yakka hojjatan waan dalaganiin adabamanii fi akka warri gaariin daran dalaganis mindaa argataniif.(53:31)*

الَّذِي خَلَقَ الْمَوْتَ وَالْحَيَاةَ لِبَلْوَثَمْ أَنْكُمْ أَحْسَنُ أَعْمَالًا وَهُوَ أَعْزَزُ الْعَفْوَرُ ﴿٢﴾ الملك : 2

*Inni Isaa du'aa fi jirenya uume, eenyu isin gidduu hundarra dalagaan akkan caalu qoratuuf(67:2)*

وَيَسْتَخْلِفُكُمْ فِي الْأَرْضِ فَيَنْظُرُ كَيْفَ تَعْمَلُونَ ﴿١٩﴾ آل عراف : 129

*Dachee keessatti bakka isini buusee maal akka dalagdan isin laala(7:129)*

وَمَا حَلَقْتَ النَّسَاءَ وَالْأَرْضَ وَمَا بَيْنَهُمَا لَئِنِّي أَنْهِيَ أَنْهِيَ ﴿٦﴾ النهياء : 16

*(nuti) samii fi dachee fi waan isaan jidduu jirus badiif hin uumne(21:16).*

Hiika jirenyaa hubachuun kun kan addeessu itti gaafatamni dhala namaa jirenyaa kana keessatti kan hundaa'u akkamitti seerota uumamaa kan Rabbiin uumamaa hundarratti

buuse akkamitti fayyadamu ykn dhimma itti bahan kan jedhuudha. Gaheen dhala namaa, kanaafuu, naannawuma isaan seerota kanniin hojjirra ittiin oolchanirra naanna'a. eegasii, dhimmoota qabatamaa uumama kana wajjiin haala adda ta'een hojjachuu ilmi namaa misooma, duroomas.

Yoo qajeelfamoota sababaatiif namoota giddutti dinqisiifannaan hin jirree, gochoota raawwataniif akkamitti itti gaafatamna kan jedhu hubachuu hin danda'an. yoo sammuun isaanii waa uumuu dhifte, gochoonni isaanis ni rincicu, ammas dandeettiin yaaduu fi hubachuu isaanii ni hir'ata. kun sababoota tooftaa Nabiyyii ittiin milkaa'eef addeessa:qabsoo, tilmaama, dhaabbata, yaad-rimee fi kabaja seerota uumamaa fa'a.

Bu'uurri jabeenyaa fi dandeettii Muslimaa, akkasumas waa uumuu, amantii miidhaawwanii fi dhiibbwyan dura dhaabbachuu fi kallattii seerota uumamaatiin mala sirrii ta'e argachuuf itti fayyadamu murteessuu dha. yoo Muslimoonni haala jabeenyaa, dandeettii fi waa uumuu kana shaakalan qofa, gargaarsa, tumsaa fi milkaa'ina Rabbi warra dhugaan amanee waadaa seeneef san haqa godhatan.

Dhaloонни Muslimootaa durii kana hubataniiti sababa kanaan milkaa'an. Muslimoonni har'aas yoo fedhii milkaa'uu fi gargaarsa Rabbii qabaatan, kanuma qofa dalagan. yoo dhimma manatii qofa irratti mari'achuun ala bahuu didan, duubatti hafiinsi isaanii ittuma fufa. Muslimoota dhugaatiif, karaan itti gaafatama dhugaa ittiin bahan kan biraan hin jiraatu yoo seera uumama hawaatiin walta'anii hojjatan malee; ammas waan uumama[fixraa] isaaniitiif barbaachisu hubatan, amantii

isaaniirraa qajeelluma fudhatan, tooftaa Rabbi akka isaan hawaa wajjiin ittiin jiraatan ykn hojjatan ajaje fudhatan malee.

وَعَدَ اللَّهُ حَقًاٌ وَمَنْ أَصْدَقُ مِنَ اللَّهِ قِيلَا ١٢٢ ﴿النَّبِي﴾ : 122

*waadaa Rabbii dhugaa dha...fi jecha kamtu isa kan Rabbii caala dhugaadha? (4:122).*

### Tooftaa Islaamaa: Malaa fi Itti Fayyadama

Mee amma bakkoota tooftaan Islaamaa hojjiirra itti oolu haa ilaalluu. Sababa duubatti hafiinsaatiif, adda baasuun gaggeessa hayyootaa fi yaada amantii, akka muxannoowwan warra Dhihaatiin hubatamanitti, nannoowwan yaad-rimeen Islaamaa fi tooftaa qabatamaan hojjiirra oolan sun fedhimaa fi dhimma namoota dhuunfaatiin haguugamanii argamu. Akka waliigalaatti, garuu, bal'inni yaadaa fi tooftaa adda ta'ee kun daran guddaadha.

Wanti ifa jiru tokko Islaamni tattaaffiwwan warra amananii kallaattii isaan gahee bakka bu'ummaa ittiin bahatanitti qajeelchuudha. Gabaabinnumatti, wanti addunyaa keessatti mul'atu kamuu akka hojjiawan seera-qabeessaa isaanitti hubatamuu qaba. Achitti, humnaa fi dandeettiwwan isaanii guutuu fayyadamuun, waan fedhan hunda dalaguu qaban, bu'uura qajeelluma, qajeelfamoota bu'uuraa, sonoota fi seerota uumamaa kaayoo argamaatiin walittigalaniin ykn akkan ragaalee buufaman vessatti waa'ee addunyaa hin mul'annee fi beekumsa Rabbiirraa dubbatameen.

Bu'uura hubannaa kanaatiin, kanaafuu, wanti ilaaluu mallu tooftaan yaad-rimee Islaamaa bal'aa fi hojiwwan Muslimaa kallattiwwan haaromsaa fi misoomaatiin kan qajeelchu ta'uu isaati.

Yeroo tooftaan yaad-rimee Islaamaa bal'ina itti fayyadama isaatiin adda bahe kanatti, bal'inna qabeenyä isaatiiniis adda bahuu qaba. Jirenya, haalota kanaan, badhee itti fayyadama Muslimootaati. Kana keessaa wanti hubatuuf dirqaman tokko, beekumsa barbaaduu fi beekumsi sun dhimmoota jirenya hawaasaatiif akka ooluu fi kaayoo isaanii galmaan gahuuf fayyadu gochuu qabu. Matoota beekumsaa fi hubannaa ittiin argatan keessaa tokkos Muslimoonni beekumsa qabatamaa, saayinsii, aartii, tiyorii, kan lakkaa'amu, kan hin lakkaa'amne, kan xiinxala ykn kan meeshaa fi kan biroos gatuu ykn dhiisuu ykn tuffachuu hin qaban. Garuu, malli ykn qabeenyi uumamaan ergaa kaayoo ergama dhala nammaa faallessu, hiika jallis ykn gocha hamaatti geessu kamuu kuffifamuu qabu. Yoo sammuin Muslimaa madaala ofii deeffattee itti gaafatama haaromsaa guuttatte, yaadaa faallaarraa of buqqisuu ykn of baasuun mala ykn adeemsa gaarii galmoottatti isii geessu baafachuuf of kennuu qabdi.

Tooftaan yaad-rimee Islaamaa uumamaan fi qabiyyeen bal'aa ta'uu yaaduun, wanti ifa nuu ta'u ijaarsi beekumsa, yaad-rimee fi aadaa Islaamaa dhugaa jirenya sadarkaa dhuunfaa, hawaasaa, ummataa fi qarooma nammaa hundarratti hundaa'uunis dirqama ta'a. Akaakuun beekumsaa barbaadamuu fi dhimma itti bahamuu qabu, kanaaf, kan qajeelfamoota bu'uuraatiin, kaayoon,

ijaarsaanis fudhatama qabaachuu kan qabu yoo ta'u, yoo haalota kanniin hin qabaanne sadarkaa barnoota Islaamaa fi qajeelchotasaan biratti gatii hin qabu. Ijaarsa beekumsa, yaad-rimee ykn saayinsii Islaamaa kamuu kan sammuu Muslimaatiif mala isiin itti hubanna fi raawwii cimaattii geettu kan laatuuf yoo hin ta'in, inni tooftaa ykn ijaarsa yaad-rimee ykn beekumsaa ykn jireenyaa Islaamaa isa dhugaatii miti. Tooftaa bal'aan malee, qabiyyee fi itti fayyadamaanis, Muslimoonni amanamummaa ofii hin argatan, ergaas hin geessan ykn bakka bu'ummaa isaa akka Rabbiitti deebisanii hin gonfatan.

**كُلْتُمْ خَيْرَ أُمَّةٍ أَخْرِجْتَ لِلنَّاسِ تَأْمُرُونَ بِالْمَعْرُوفِ وَنَهَاوْتُ عَنِ الْمُنْكَرِ وَنُؤْمِنُونَ**

آل عمران : 110 

*Isin ilma namaa argaman hunda caalaa filatamoodha; dhugaatti walgorsitu hammeenyarraa walseertu, Rabbiitti amantu(3:110).*

Milkaa'ina tooftaa Islaamaa yeroo durii hojiirra oole yoo ilaalle, rakkoleen hedduun isaan qunnamuu fi dhaabbilee hundeessuuf muxannoo gahaas dhabanis, karaa biraa hin qabnu tooftumaa fi tilmaama isaan baasan san qo'achuun alatti; qajeelfamoonni bu'uuraa akkamitti akka hojiirra oolan hubachuuf jecha. Dhaloottan durii fi warri isaan hordofanis barruulee buufaman, kaka'umsa irraa argatanii fi qajeelfamoota tooftaa isaanii iraa baafatan, kunuunsuun nutti dabarsaniiru kuni gara biraatiin, bay'inaan gaafii barnootaa fi qo'annooti. Sababa walqunnamtii guddaan hayyootaa fi gaggeessitoota siyaasa Muslimaa giduu jiruuf jecha, naannawa jirenyaa Islaamaatiif xiyyeffannaan walfakaataan hin kennamin jira. Egaa,

walumaagalatti yaalii xinnoo qofatu gaafilee siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaarratti godhame. Naanno kanatti sabaaba tilmaamni gadi qabamuutiin hamma har'aatti ijaarsi saayinsiilee qulqulluun kallatti Islaamaatiin hin ijaaramin hafe. Jecha biraatiin, tooftaa waalqabataan kan jirenya dhugaa fi hawaasaa Islaamaattif barbaachisu hin ijaaramneeyyu jechuudha.

Akka haqaatti, dagaaginni Islaamaa kan daran galmaa'e yeroo qajeelfamoonni bu'uuraa tooftaa dhaloota darbee ijaaruuf jecha ijaaramaa fi tarsiimoon lafa kaayamee, tooftaa ragaalee lammataas dablatee(as dura irratti mari'atame) kan *Maslaha*, *daf'addarar*, *urf*, *istihsan fi istishab* fa'a dabalateedha. Kanaaf, yaad-rimee fi tooftaa hawaasichaakka ummanni itti fayyadamu gochuuf, tooftaa durii qorachuu fi eegasii ragaalee, malootaa fi dameeleeqo'annoo fi itti fayyadama adda baafachuu dha.

Yaad-rimeen Islaamaa kaayoowwan, bu'aawwanii fi qajeelfamoota Shari'addeessuuf yaad-rimeen Islaamaa qo'annoo tooftaa gaggeessuun seensa qo'annoolee Islaamaa dameelee akka siyaasaa, diinagdee, xiin-sammuu, barnoota, aartii fi teknoolojii mijeessuu qaba. Eegasii, seensa waliigalaan kanaan, tooftaaleen adda ta'an dame qo'annoo cufaafuu ijaaramu. Karaa kanaan, yaad-rimeen Islaamaa gumaacha saayinsiilee hawaasaaf godhamu keessatti gahee taphachuu danda'a. Haala kanaan yoo ta'e, dhaabbileen amantii fi barnoota Islaamaa qo'annoolee isaanii barruulema buufaman qofarratti hin hidhan ykn dameewwan qo'annoo saayinsii hawaasaa fi teknoolojiirraa adda hin bahan. Kunniin hunduu dhimmoota dhala namaa fi hojiiti; ammas isaan cuftinuu dameewwan Islaamni irra hojjatuu

danda'uudha. Kanaaf, Muslimoonni tooftaa fi qajeelfamoota barnootaa kana haala saayinsiin Islaamaa fedhuun ijaaruuf itti gaafatama guddaa qabu.

Bu'uura qabeenya Islaamaa kayoowwan, sonoota fi qajeelcha Islaamaa ijaaruuf, xiinxaltoonni Muslimaa dursa baruulee buufaman, Qur'aanaa fi Sunna qoqqooduu qabu. Kanaafuu, barreeffamoota hayyootaas akkasumatti qoqooduu qaban. Yaalii lammataa kana keessatti, eenyu akka siyaasa, garee tokko ykn afoolaan, oduu durii fi Israa'iliyyootaa fi hojiwwan warra biraan keessa cuuphame murteessuudha. Qoodamni akkasii kun dameewwanii fi saayinsiwwan hundarratti kallattii ilaalcha Islaamaatiin raawwatamuu qaba. Qoodamani akkanaa kun barattoota qo'attootaa fi ispeeshaalistoota Muslimaatiif hedduu barbaachisaa yoo ta'u, barruulee buufamanii fi beekumsa dhaalames kayoowwan , sonootaa fi qajeelfamoota bu'uuraa kanniin irraa qabsiifaman. Achi booda, kallattii kanaan, beektonni Muslimaa barruulee Muslimaa haala gaariin irratti hojjachuu danda'u.

Ifaan ifatti, haalli addunyaa Muslimaa har'aa akkasumas miidhamaa fi dhama'aajira. Yaad-rimeen Islaama ammayyaa fi saayinsiileen fediiwwanii fi miidhaalee jiraniif deebii wahiituu hin kennan. Faallaa san, kun ammas dhamaatii Muslimaa irrumatti kan dabalu fakkaata. Haalota kanaan, eegasiis, yaad-rimeen Islaamaa saayinsii amantii fi aadaa adda baasu haaromsuu malee filannoo biroo hin qabu. Kanas leecalloowwan saayinsicha kanaa dameelee beekumsaa hunda keessatti kallattii adeemsa Islaamaatif barbaachisuun ijaaruu dha.

Barruuleen Sunnaa akkaataa jabina haadiisaatiin (gosaa fi qabiyyeen), akkasumas, qorattootaan barnootaa fi jechoota furtuu ta'aniin karaa itti fayyadamaaf toluun qophaa'uu qaba. Achi booda, barruulee kanniin qooduu fi tartiibaan kaayuu fi gabaasa hadiisaa ifatti ibsuun biratti, seenaa yeroo Nabiyyii fi warra dhaloota itti aanuu qo'atuu qabu; qo'annoq qorattooni akka aadaa fi haala hawaasummaa kan hadiisni sun itti bu'ee fi siritti hubatanii fi tattaaffilee dhaloottan duraa deebisaniif.

### **Jecha Xumura Irratti**

Geengoowwan barnootaa warra Dhihaa har'a, ammas Muslimoonni amantii fi mootumti adda ta'uutti amanan, warra Islaamummaa karaa amantiwwan biraan madaalaniin madaaluu yaalan. Akka yaada isaaniitti, Islaamni, akkuma amantiwwan biroo, hawaasa ammayyaa wajjiin walitti hidhamiinsa akka qabaatu godhamuu hin qabu. Akka tilmaama isaaniitti, Islaamaa fi amantiin walumaagalatti xinnoma yaadota durirra jiran; barruma oduu kan yeroo ammaa irratti waan hordofsiisu hin qabneedha. Yaadonni akkasii, god-hambaa keessa tursiifamuu ykn yaaduma muxannoo nama dhuunfaa iraatti gabaabbatan.

hanga ammaatti, yoo yaadni akkanaa kun garuma kamiinuu gara walitti dhufeenyaa amantiwwan Islaamaatiin ala jiraniin sirrii ta'e, amantiwwan baruuleenii fi amantaaleen jalqabaa ittiin malaammalamaniisa kan biraatiin bakka bu'u. kun dhugaa ta'uu dhabuu danda'a. wanti beekuun barbaachisu tooftaaleen har'a Islaamummaa ibsuuf itti fayyadan dhugummaa isaa ibsuuf gahumsa hin qaban; ykn akka inni isaan birooraa adda mul'isuuf, ykn barbaachisummaa isaa addunyaa ammaatiif

ibsuuf. Kun kan hojiirra oolu karaa carraa barnootaa armaan olitti dubbataman saniin yoo ta'u, caarrraa dhumarratti yaadota gara dalagaatti jijiiruu fi dhugaa jiru gaafilee hawaasa ammayyaatiif beekamummaa fi kabaja barbaadu ykn fedhu.

يَأَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا أَسْتَجِبُو لَهُ وَلِرَسُولٍ إِذَا دَعَاكُمْ لِمَا يُمْهِكُمْ ﴿٢٤﴾ الْفَاتِحَةٌ : 24

*Yaa warra amantan! Rabbii fi Ergamaa Isaatiifis deebii kennaa yoo Inni waan isin fayyisu ykn haaromsutti isin waanu(8:24).*

وَنَزَّلْنَا عَلَيْكَ الْكِتَابَ تِبَيَّنَتِ الْكُلُّ شَيْءٌ وَهُدًى وَرَحْمَةٌ وَبُشْرَى لِلْمُسْلِمِينَ ﴿٨٩﴾ الْقَصْدِلُ : 89

*Kitaaba isiniif buufne waa hunda ibsuudhaan akka qajeelcha, gara-laafinaa fi gammachuu warra amaneef ta'utti(16:89).*

أَفَنْ يَعْمَشِي مُكَبَّأَ عَلَى وَجْهِهِ أَهْدَى أَمَّنْ يَعْمَشِي سَوِيًّا عَلَى صَرْطَرٍ مُّسْتَقِيمٍ ﴿٢٢﴾ الْمُكَبَّلُ : 22

*Nama fuula gad-kombolfamee deemutu irra qajeelaa moo, yookaan isa karaa sirrii hordofee deemu?(67:22)*

هُوَ الَّذِي أَرْسَلَ رَسُولَهُ بِالْهُدَىٰ وَدِينِ الْحُقْقَىٰ لِتُظَهَّرَ عَلَى الْبَيْنِ كُلِّهِ وَلَوْ كَرِهَ الْمُشْرِكُونَ ﴿١﴾ الْعَصْفُ : 9

*Inni Isaa Ergamaa Isaa qajeelumaa fi amantii dhugaatiin erge, akka amantiiwwan biraarra daran isa caalchisuufjecha(61:9)*

وَمَنْ أَحَسَنُ فَقَلَّ مَمَنْ دَعَا إِلَى اللَّهِ وَعَمِلَ صَلِحًا وَقَالَ إِنِّي مِنَ الْمُسْلِمِينَ ﴿٣٣﴾ الشَّهْرُ الْمُرْكَبُ : 33

*Namni gara Rabbiitti waamu caala irra bareeda dubbatee, gaarii hojjatee fi jedhe "Ani tokkoo warra amaneeti," (41:33)*

## **BOQONNAA AFUR**

### **Barbaachisummaa Saaynsiiwan Qarooma Islaamaa**

Boqonnaa kana keessatti wantoota barbaachisan muraasa ilaalla, akkasumas, sadarkaalee fi waltajjiilee saayinsiiwan qarooma Islaamaa ijaaruuf barbaachisanis ni ilaalla. Asitti, saayinsiirraa yoo dubbannu, kan ibsinu beekumsa namaa fi namootaa, saayinsiiwan hawaasa namoomaa (kana jechuun: saayinsiiwan hawaasaa fi namoomaa), saayinsiiwan teknoolojii fi saayinsiiwan uumamaa fi qabatamaa fa'a.

Jalqaba qabee kana keessatti, barnoonni Islaamaa yeroo dheeraa (usul al fiqh) bu'uuraalee gaafiiwan barnootaa dhimmoota jirenyaatifiif ta'an hedduu of keessatti qabata. Carraa dhabuu ta'ee, qajeelfamoonni bu'uuraa waliigalaa kanneen tilmaamatti hidhata qaban barumsa hundee beekumsaa kana keessatti akka dagaagan hin hayyamamneef. Kun dhimmoottaa fi taateewan namoomaa irrattis kallattii Shari'aatiin gaafii ifaa ta'e kaasuufis ni oola. Ibsamoota ykn waadaalee kana keessaa tokkoyyuu bifa tooftaa bu'uuraatiin ykn barruu akaadaamiitiin siritti ibsamee dhimmoota jirenyaa qo'atuuf, keessattuu saayinsiwaan hawaasaa qo'atuuf hin qophoofne. Ifa ta'uu kan qabu, eegasii, qabxiin irra dhaabbannee seerotaa fi murteewan loojikii sassaabnuun barruulee beekumsa durii[fiqh] irraa ykn qajeelfamoota isaarraa, akka bu'uura beekumsaa fi barnootaatti deebiwwan ykn filnnoowwan ittiin argaman hin jiraatu; waan barumsichi sammuu Muslimaatiif dandeettii waa jalqabuu ykn waa haaromsuu hin kenniniif, ykn malli ifaa fi hayyummaa kan

dhugawwanii fi itti gaafatamummaa jirenya hawaasaa ittiin bahan waan hin jirreef.

Himni kun wanti jala sarau fidhiin as dura waa'ee tooftaa Islaamaa keessatti saayinsiwwaan hawaasaatiif fi namoomaatiif bu'uuraawwan haaraa barbaaduu sun, saayinsiwwan uumamaatiif teknoolojiifis akkasuma jira. Karaa Kanaan, saayinsiwwan ergama buufamee[revelation] saayinsiwwan hawaasaatiif fi namoomaa kanniin beekumsa ergaan qajeeleen gara tokkoon ni guuchisu; gara biraa immoo beekumsaa fi seerota uumamaas.

Qo'anno kana keessatti, saayinsiwwan hawaasaatiif ragaalee bu'aa qaban kanniin isa gad-dhaabuuf fayyadan yaad-rimee Islaamaarraa argachuu yaalii goona. Dabalataanis, haala hojii jalqabaatti fi karroora saayinsiwwan kana Islaamessuu nu dandeessisu ni qo'anna.

### **Barruulee Islaamaa Qoqqooduu**

Argannoo raga ergama sama'aattin ala, beekumsas ta'ee saayinsiwwan hawaasaas Islaamessuun hin danda'amu. Argamni(access) raga kun isa sirii fi hayyooni Muslimaa akka salphaadhumatti itti fayyadamaniif qophaa'uu feessisa. Akkuma dura ibsame, dhimmi barruulee sama'aa buufaman itti fayadamaa fi oolchuu kun barnoota san tartiibaan kaayuu qofaaf osoo hin taane badiirraayis eeguufi.

Barruulee buufaman keessattuu barruulee sunnaa qoqqooduuniif tooftaan isaan ittiin qoodan bifaa haaraa ta'een

qophaa'uu qaba; beektotaa fi Muslimoonni baratan teknikoota adda addaa qo'annoowwan Sunnaa keessatti argaman akka irra darbaniif jecha. Kallattii kana qofaan beekototaa fi qo'attoonni waliigalaa qabeenya barruulee kanaarraa fayyadamuu danda'u.

Barruuleen akka hubatamanii fi hojiitti jijiiraman, wanti murteessaa ta'u qo'annooleen seenaa barruu kamuu akka kallattii ilaalcha ofitiin kaayu. Karaa kanaan qofa barattoonni ykn qorattoonni bu'aa barruulee guututti hubatu; qajeelfamootaa fi yaada bu'uuraas akkasuma. Hiikni sirriin barruulee kanaa gonkumaa hin danda'u yoo dursanii miidhaawwan haalota yeroo san turanii fi bakka ragaan sun itti bu'e ykn barruulee Sunnaa ibsuu dha. Qophiin akkasii sun, barruuleen akkasii sunniin bakka bu'oottaa yeroo dheeraa kan hiikaa fi barbaachisummaa shakkii hin qabneeti. Akkasuma, wanti barbaachisu hojiin barnootaa kalaattii amansiisaa fi haala qulqullina qabuun hojjatamuu qaba, ibsa barruulee kessatti barreeffamu keessatti dogongorri akka hin uumamaneef jecha. Ammas, dhimmoonni dhugaa hin taane isa sirriittin akka wal hin makneefi. Egaa, mala tooftaa ijaarameetiin, hiikkaawwanii fi qabiyyeewan tokoo tokkoo barruu sanii ifa ta'u. Dabalataanis, barruulee ibsi akkasii itti kennamuu hin danda'amne ammoo kallattii guddicha Siiraa, seenaa Islaama durii fi qajeelfamoota bu'uuraa akkasumas kaayoowwan ol'aanoo Islaamaatiin hubatamuu danda'u.

Dabalataanis, wanti murteessaa ta'u tokko barruuleen tartiibeffamanii fi haqaa kunniin dhaabbilee barnootaa dhugaa ykn ykn beektota muxannoo fi gahumsa qabanirraa madduu qabu. Ammas wanti beektotaa fi qorattootarratti dirqama ta'u

barruulee qo'atamanii fi walitti qabaman sanniiniif ilaalcha gaarii qabaatuu fi haala ijaaraa ta'een yaada itti kennuu qabu. Akkasumas, marroowwan barnoota Islaamaa hojji kanaa caalmaa ykn dursa kennuun dalaggaan raawwatuu adda baafachuu qaban. Karaa kanaan, yaad-rimee Islaamaatiif waan guddaa hojjatu. Ammas wanti bu'uura ta'u odeeffannoowwan technologii ammayyaa fayyadamuun barruulee buufaman kanniin sassaabuu fi qoqqooduu dha. Hojiin biraq qabiyyeewan barruulee gurguddoo dhaala durii kanniin tartiibaan kaayuu dha. Haalli kun Muslimoonni akka hojiwwanii fi muxannoowwan waqrра isaan dura darbanii qabatanii fi walbeekaniin godhuun firii humnoota hayoota isaaniirraa bu'aa argatan ykn buufatan.

Yeroo ammaatti, dhaabbanni yaad-rimee Islaama Idil-Addunyaa dhimma kana akka isaa ijoo fi dursaatti ilaaluun isabeeksisuurattxiyyeefateera. Wanti yaadamu tokko namoonni, dhaabbileenii fi hayyooni Islaamaa cufti hojiin kun milkiin xumuramuuf walwajjiin hojjachuu qaban kan jedhuudha.

### **Ilaalcha Qarooma Waliigalaa**

Muslimonni saayinsiilee hawaasaafgahee guddaa bahuuf of qopheessuu kan qaban yoo ta'an, zerooraa jalqabaa akka hin jirre beekuu qabu. Faallaa san, Muslimoonni guumaataawwan gatii qaban hedduu qarooma seenaattif godhan. Keessattuu, akkuma hawaasni karaa Kanaan biraq sochii baay'ee godhan, Muslimoonnis faana guddina qaroomaa addunyaa ammayyaa hawaasa Muslimaa miidhaa jirtuu ilaalaaykn hordofaa jira.

Muslimoonni dhiibbaa kana akkuma hubataniin, tattaaffilee namoonni biroo karaa Kanaan godhan barchuu eegalan. Dabalataanis, walqunnamtii abdii waan dhabanii turan ittiin horatanii ijaaru jalqaban. Carraa dhabuu ta'ee, garuu, wanti hedduun hin hojjatamne, akkasumas galaanni isaanii fi hawaasa adda fooye bal'ataa dhufaa jira, tattaaffilee fi qabeenyi(qarshiin) heduun Muslimootaan dhangalaafamanis.

Wanti ifa jiru tattaaffileen gurguddoон saayinsiilee fi aadaa waarra biraa hawaasichaaf hiikuuf ykn baay'ina ijoollee yunivarsitiwwaan isaaniitti erguu dabalus, haala carra-dhabeessa kana hin jijiiru. Ammas, sababa haala nama gaddisuusuu kun kan deebi'u gara sammuu Muslimaa tan akkeessituu, toofaa madaallii walakkaa qofa fudhachuu fi hurkuu[dhabamuu] gara-laafinna amantii fi ofitti amanuu xiin-sammuutitti.

Wanti beekamuu qabu ijaarsa walitti dhufeenyaa sirrii yaad-rimee Islaamaa fi warra Dhihaatiif kan barbaachisu qo'annoowwan bal'ina qaban kan sammuu fi ijoolee Muslimaa irratti godhamaniidha. Qo'annoowwan kunniin kan irratti xiyyeffatan: yaad-rimee ammayyaa fi qarooma, seenaa isaanii, sonoota, kaayoowwanii fi walitti dhufeenyaa isaanii kan ammayyaa ti. Kara Kanaan, hayyooni keenya galoo warra Dhihaa keessatti baquu ykn liqimfamuurraa of bilisoomsuu danda'u.yaad-rimee sanis kophaa isaanii irratti hojjachuuf humna horatu. Bu'aan dhumaa yaad-rimee Islaamaa kan muxannoowwan warra biraa irraa baratuu(osoo utubaa fi mallattoo adddummaa isaa hin wareegin) ta'a.

Ammas wanti adda baasuun barbaachisu gidduu yaad-rimee fi aadaalee warra biraatiin gammaduu fi isa dhugumaan bu'aa qabu filuu fi fudhachuu jiru adda baasuu dha. Yoo filannoona xiyyeffannaa fi of eeggannaan godhame, gaafilee amantii, eenyummaa, yaadaa fi qajeelfamoota bu'uura hin mormisiisan. Sanirra, dhimmichi keessattuu waanuma mala daran bu'aa qabu filuu fi karaa hawaasicha daran tajaajiluun itti fayyadamuudha. Ergifannaan akkasii qaxxaammura seensa qo'annoorratti hundaa'e jedhamuu danda'a. Kun ammas bu'uura milkaa'ina gidduu qaroominaa walitti sufuuti. Nabiyyiin yeroo ummata kitaabaa wajjiin mari'atan mala kana fayyadaman. Warri Dhihaas yeroo dur(barra warqii) Islaamaa fi qarooma Islaamaatiin lolan maluma kanatti dhimma bahan. Addunyaa Islamaarraa ergifachuun eenyummaa, amantaa,ykn tartiiba hundee isaanii hin geeddarre. Faallaa san, warri Dhihaa sakatta'iinsaa fi olola adda addaa fayyadamuun mata matatti sochiiwan amantii fi qajeelcha Islaamaa lolaa turan. Yeroo hedduu, waa'ee Islaamaa, Nabiyyii fi namummaa Muslimaarratti kijiba uumu[oomishu].

Sababa kanaaf waa'ee hawaasa ammayyaa hubannaan bal'aa fi waliigalaa gosa aadaa waljijiirraa keessatti murteessa ta'a. egaa, hubannan akkasii barruulee fi teknoolojii warra biraarraa barachuuf( osoo sonoota, eenyummaa fi amantaan ofii hin tuqamin) faayyada. Waan ta'eef, yeroo waljijiirraa fi akkeessaa of eeggannoona guddaan godhamuu qaba. Ergifanni akkanaa kun bu'uura walqixxummaa garee lamaaniittin ta'uu qaba; osoo tokko dursaa kuun hordofaa hin ta'in.

Kun ergama dhaabbanni idil-addunyaa yaad-rimee Islaamaa qabate ykn hojiirra oolcheedha. Muslimoonni qo'annoo qarooma saayinsi hawaasaa warra Dhihaa bal'aa akka taassisan gochuun, faalla cal-jedhaniituma hiikuutiin, dhaabbatichi akka sammuun Muslimaa qarooma Warra Dhihaa siritti qo'attu, hubattu gochaa jira. Akka haqaatti, dhaabbatichi hojiwwan babal'aa jalqabootaa fi kaayyoowwan, dagaagina seenaa fi argannoowwan, akkasumas jabinaa fi hanqinoota qarooma warra Dhihaa irratti maxxansa hedduu qopheessuu yaada. Hojiin akkasiib qabaaqaa yeroo dheeraaf yaad-rimee Islaamaa ammayyaa keessa ture guuta. Akka haqaatti, dhaabbatichi pirojekti kana milkeessuu keessatti tumsa beektotaa fi xiinxaltoota Islaamaa hunda ni simata.

### **Leecalloowwan Saayinsiilee Hawaasaa**

Kayoowwan saayinsiilee hawaasaa fi namoomaa akaakuu tooftaalee gaafii sadiin dhihaatan:

- Uumamtootaa fi walitti dhufeenya namaa fi hawaa,
- Dhugaa fi dandeetti hawaasaa, akkasumas dhiibbaalee isa mudatan, fi
- Sirnoota, yaadota, imaammattotaa fi filannoowwan jirenyaa hawaasaaf barbaachisaa ta'an.

Kun hunduu jiraatee, garuu, walitti-hadhamiinsi kaayyoowwan barruulee buufamanii fi(akka Islaammi ibsutti) dameewwan barnootaa garagaraa kan saayinsiilee hawaasaa gidduu jiru maali?

Walitti-hidhamiiinsa kana uumuuf qabeenyaa saayinsiilee hawaasaa kana kallattii bu'uura Islaamaatiin qoqqooduun ijaarsa, kaayoo fi faaydaawwaan siritti adda baasuudha. Yoo kun hin hojjatamin, qo'annoowwan gaggeeffaman tilmaamuma istaatistiksi, gabatee ykn chaartii fi xiinxaluma ragaalee Islaamaatii fi egaalee buufamaniin yoo ta'een alawaan ta'aniifbu'aa tokkoo hin qaban.

Saayinsi hawaasaatiin walqabatee leecalloowwan Islaamaaf barbaachisan akaakuu lamatu jra. Kan duraa leecalloowwan waliigalaan kanneen qajeelfamoota waliigalaan Islaamaa ti. Leecalloowwan kunnin sonootaa fi caalmaalee gurguddoo jirenya Islaamaa, sirnootaa fi namummaa Islaamaa addeessan. Akaakuun lammataa kan hojii akaadaamiitiif murteessoo ta'an:

- Leecalloowwaniif bu'uuraalee tokkoo tokkoo saayinsi fi barnootaa, saayinsi hawaasaa dabalatee;
- Uumama, dhugummaa, dandeettii fi walitti dhufeenyaa tokkoo tokkoo gosa barnootaa jidduu jiru;
- Kaayoowwan, sonoota, tartiibotaa fi qajeelfamoota tooftaa kan tokkoo tokkoo barnootaa;
- Marii tokkoo tokkoo dame barnootaarratti, qajeelfamootaa fi sonoota isaaniirratti godhamu;

Mallattoowwan beekumsaa fi dhimmoota gurguddoo ilaalcha Islaamaa kan beekumsa san isa kan mul'ataa fi kaayoo

Islaamaa hin ta'in irraa adda baasuuf, dhiibbaawan issaan kunniin hawaasicharratti haalota addaarratti fidan.

Leecalloowwan kunniin barruulee buufama irraa kan fudhataman ta'anis, garagalcha tilmaamaan[ijtihad] fudhatamee fi gaafii akka biyyaatti ka'anii fi dhiibbaalee qaroomini fidee deebii kallattii Islaamaatiin kan kennaniidha. Haaluma kanaan issaan kunniin fakkeenyota yaada Islaamaa bilisaa fi waa uumuu kan mariif, mormii fi sirreessuuf banaa ta'e ibsu. Shakkii malee, adaduma gumaachaalee Islaamaa jabaachaa dhufuun, leecalloowwan [qabeenyaalee] kunniin bilchaataa fi beekumsa guddicha Islaamaa keessatti liqimfamaa dhufu. Haala Kanaan, gumaachi Islaamaa saayinsilee siyaasaa fi dameewwan beekumsaa biroof godhu dabala. Akkasuma, kunuunsi Islaamni barnoota kanaaf godhus kallattii adda ta'een ilaalchaa fi gumaachaanis dagaaga..

Wanti barbaachisaa nuuf ta'u yaad-rimee Islaamaa keessatti Muslimoonni jijiiramoota qaroomaa fi tooftaa fiduu akka qaban hubachuu fi hanqinoota kophummaa fi toyooriirraa, akkasumas miidhaawwan walitti-bu'iinsa gaggeessa siyaasaa waliin godhamanirraa gadi isa lakkisiisuudha. Muslimoonni ammas tooftaa cimaa fi hunda of keessatti qabatu yaad-rimee isaanitiif baafachuun hula tilmaamaa[ijtihad] irra deebi'anii saaquin hanqina qor-qalbii irra-keesssaan[taqliid] isaanitti dhufe qolachuu qabu. Yoo Muslimoonni hojiwwan kanniiniin hin milkaa'in, haalli fokkisaan amma hawasichi keessa jiru kun hin jijiiramu. Dabalataanis, tattaaffileen sochiilee Islaamaa

ammayyaa fi dhaabbileenis homaa hin fidan, akkuma warra isaan duraa.

Qo'annoona keenya kan waa'ee sochiiwwan Islaama ammayyaa kan gammoojiji keessatti habaqaalame wanti ibsu sababni milkaa'ina isaa haal[naannawa] waqtii Nabiyyii fakkaatu keessatti waan eegalaniifi. Wanti ifaa tokko sochiiwwan Islaamaa kan akkeessaan, addummaannii fi hubanna seena Islaamaa ta'e dhaabbilee isaa fi bu'uuraalee qarooma isaahedduu hin calaqsiifne, gammoojiji fagooraa ka'ee hin babal'atu. Kufaatiin sochiiwwan kanniinnii waan hin hafne, muraasni aangoo naannoo ykn biyyaatti dhufuun milkaa'aniis, waan isaa rakkooowwan hawaasichaa hiikuuf guutumatti qophaa'oo hin ta'iniif. Egaa, osoo kufaatii humna ittisaa ykn siyaasaatiin hin miidhamin dura, dachee lolaa yaad-rimee fi aadaatti kufan.

Karaa Kanaan, sochii Islaamaa tokko kan biraah hordofe, tokkoon isaayuuu aadaanis ta'ee beekumsaan isa kan dabre osoo hin gahinii fi jijjiirama qabatamaa kamuu osoo Muslimaaf hin fidin, osoo hin haaromsin, ykn humnoota argama isaatiif sodaachisan irraa osoo isa hin baraarsin hafan. Tarii qo'annoona gaggeessitoota isaanii( kan akka: al Sanusii Liibiyatti, Al Mahdii Suudaanitti, Shaah Wali Allah Hinditti fi Muhammad Ibni Abdul Wahaab Arabiyaatti) xiinxala fakkaa tu bal'inaan ibsan.

Sochiin Islaama kan milkaa'u addunyaa Islaama ammayyaa keessatti, jalqaba dirqama tooftaa yaad-rimee Islaamaa fi walii galatti kallattii qarooma ittiin ilaalu haaromsuu

qaba. Karaa kana qofaan tattaaffilee fi qabsoon hawaasaa fedhiimaa fi kaka'umsa yeroo(kan yaad-rimee fi aadaa keessatti dhiibbaalee ammayyaa qolachuu hin dandeenye) irra ol ka'a ykn guddata. Yoo kana eenyummaa fi namummaa hawaasichaa, akkasumas dhaabbilee hawaasummaa isaa deebisanii ijaaruun danda'ama.

Jijiiramooni tooftaa yoo hin godhamin, tattaaffileen ijaarsaas bakka hin qabaatan, ammas hojiinkamuu bu'aa hin qabaatu. Akka haqaatti, yaaliwwan akkasii wanti ibsan leecalloowwan gati-qabeeyyiin hedduun ariitiin dhiqamu, yeroo galaanni hawaasichaa fi addunyaa hafan gidduu jiru daran bal'ata. Hawaasichi qixaaxa[adaba] daangaarraan dhufan, qisaasa qabeenya, walitti dhufeenyi kufuu fi kufaatii dabalataa taa'eetuma laala, yoo har'a dhimmoota dhugaa isa mudataa jiran sirritti irratt hojjate malee.

Barbaachisummaan yaad-rimee fi tooftaa Muslimaa haaromsuu amma ifa ta'uu qaba. Qixuma saniin wanti beekuu qabnu miidhamni itti fufa, yeroon keenyaa miti, qabeenya amantii, seenaa, lafaa qabaannus haal yaad-rimeen, xiinsammuun fi aadaan keenya laaffateen ykn dadhabeen.

Itti gaafatamni keenya gadi fageenyaan of ilaaluu fi hanqinoota keenyatti garagaluu qabna. Kun salphaa miti, hadhaa'aa fi dhukkubsaadha. Garuu, yoo ofitti amannee, fedhii yeroo irra aannee fi dandeettii, argannoowwanii fi ofittummaa yoo balleessine, ni danda'ama. Yoo kana dalagne qofa barumsa darberra barannee fuuldura keenyatti itti fayyadamna.

Yaala tooftaa Islaamaa kana babal'isuuf, yaada qabeenya Islaamaa isa kaanirraa adda baasurratti mari'achuun barbaachisaadha. Haala Kanaan kallattii ilalcha Islaamaa kallattiilee qaroomina ammayyaa irraa adda baasuun danda'ama. Akka haqaatti, bu'uura leecalloowwan kanaatiin, namni tokko gaaf-tokko hawaasichi dhala namaatiif gumaachaalee bu'uuraa barbaachisoo ni godhu danda'u yaaduu danda'a.

Yaaddoowwan Islaamaa uumama namaa fi fixraa of keessatti qabachuun kun waan kallattii ilaalcha Islaamaa guutuu godhu. Kallattiin kun, qo'annoo fi qorannoo xiinxala saayinsii hawaasaa fi dhala namaatiif bu'uura sirrii fi adda ta'e kaa'uu dabalatee, ammas gumaachaawwan gaggaarii dhala namaatiif kennuuf waadaa seena. Leecalloowwan kanarratti mariin qabxiille armaan gadiirratti xiyyeffata:

- Islaamummaa keessatti kallattii argama ilma namaa; gamtaa baal-tokkee fi waliigala gamtoomaa
- Kaayoo argamaa fi sababa ajaja ykn tartiiba hawaa; fi
- Alloogummaa dhugaa fi dhugummaa uumama namaa fi walitti dhufeenyaa hawaasummaa
- Kallattiawan Argama Namaa Islaamummaa Keessatti
- Gamtaa Nam-Tokkee fi Guutummaa Hedduminaa

## **Kallattiwwan Argama Namaa Islaamummaa Keessatti Gamtaa Nam-Tokkee fi Guutummaa Hedдуминаа**

Argamni namma, kallattii ilaalcha Islaamaatiin, wanti adda baafamuun Guutummaa Hedдуминаа kan tokkummaa namtokkee dhana namaatiin. Illalchi kun kan ibsu toofaa tilmaamaa akkaan barbaachisaa bu'aa guddaa qo'annoo amalaarratti, uumama namaarratti fi keessattuu namooma Muslimaarratti kan qabaniidha.

Kan daran caalu, amantiiwwanii fi yaadonnis argamuma namaarrattii qofa akka gabaabbatan, ykn xiyyeefatan. Egaa, sadarkaa bal'aan, dhimmooni hedduun irraanfatamaniiru. Kanaaf, amantiiwwanii fi yaadonnis gara biraatiin milkaa'inaa fi argannoowwan hedduu fidanis, namoonni isaanuma qofa hordofan, dhuunfaanis ta'ee gamtaan dhama'anii walitti bu'iinsa keessoo isaaniitiin goolamu.

Meeshaaleyymmaan Dhihaa, sadarkaa dhuunfaatti, kan xiyyeefatu kaka'umsa, jaalalaa fi fedhiiwwan irratti. Achi booda, qaroomni warra Dhihaa waan nama jaalachiiisuu fi fedhii meeshaa qabatamaa nama guutu heduu horatanis, namni dhuunfaa isaanii dhibdee xiin-sammuu fi hawaasni ammoo dhiibbaa faallaa baayyachaa fi hammaataa dhufanii miidhamaa turan.

Akkasuma, meeshaaleyiyichi gamtaa'ummaa Maarkizimis kan xiyyeefatu agara caalu dhimmoota meeshaa fi diinagdeeti. Egaa, akka kaayyoo irra ol'aanaa kan fudhate oomishaa fi dhala

namaa fedhiwwan meeshaarraa bilisa baasuu dha. Haa ta'uutii, san ta'us, dhunfaan sirna Maarkiizimii kessatti dhibema xiin-sammuu warra Dhiha Awurooppaa faallaa isaarra qubate malee homaatuu miti. Kanaaf, yaadonni lamaanuu hawaasichaaf nagayaa fi tasgabbii kennuu dadhaban.

Amantiwwan baha fagoos, kanneen hawwii fi fedhiwwan dhalanamaa waakkatan kallattiwwan qajeelcha ofdagachiisuu fi of dhoowwuu warra kiristaanaarra hamaa ta'aniin socho'anis duubatti rokkolee hafiinsaa fi abdi-kutannaa hordoftoota isaanii dhuunfaafis ta'ee gamtaaf furuu dadhaban. Amantiwwan namoota hedduu qaban kanatti amanuu dhabdeeti, ummanni akka Chaaynaa, yaadota meeshaaleyymmaa fi gamtaa'ummaa keessafayyunnnaa (deliverance) barbaadan. Egaa, hanqinoonni amantiwwan kanaa nama isaan ilaaluu dhiiseef ifa ta'uu qaba. Wanti nama hin dinqisiifne, yoo ummanni amantiwwan kanneenirraa dhiise ykn fuula garagalee fi onummaa isaan keessa jiraniidha.

Garuu, Islaamni, akkuma barruulee mormii hin qabne[regaalee buufaman], karaa uumama, namoomaa fi ilma namaa ittiin qoratu ykn wajjiin jiraatuun adda baafama. Islaamni namni fedhii, hawwii fi qabeenya akka fedhu ni hubata. Akka haqaatti, kunniin Islaamaan akka kennaa ykn tolina Rabbiin namarratti buusee dha. Egaa, yoo itti fayyadama sirriitiin hojiirra oole, jaalala fi iit-quufinsa akkasumas haaromsa jabeenya fi jireenyaa fida.

Islaamni ammas beekamummaan kan kennuuf ilmi namaa fedhiwwan meeshaa fi diinagdee ti. Akkasumas, fedhiwwan sunniin mallattoowwan jirenyaa, guutaminaa, waa uumuu fi ijaarsa tartiiba, haqummaa fi nageenya miseensota hawaasaas ni hubata. Kanaaf, Islaamni ilma namaa akkuma wantatti hin ilaalu; ykn ilmi namaa akka lubbuu walitti qabamteetti qofa hin ilaalamu. Kanarra, Islaamni ilma namaa akka wantaa fi hafuuraa, qaamaa fi lubbuu jirenya lafaatii fi ergama sama'aatiin. Egaa, tokkoo tokkoon hojii ykn argannoon jirenya nnama keessatti, kallattii Islaamaatiin, dhimma alaati, ykn ibsa meeshaa kaayyoo amantii galmaan gahuuf qophaahee jirenyatti hiika kennuudha.

Akka Islaamni ilaalutti, ilmi nnama meeshaa fedhiwwanii fi qabeenya, ammas jiraachuuf hojjatuu barbaadu. Yeroma walfakkaatu, garuu, ilmi namma lubbuu kaayoo amantii guddoo qabsoo kallattiwwan gaarummaa fi haaromsaatti geessanii qaba. Sababa kanaaf kadhannaan ykn yaadannoo fi ofkennuun Islaama keessatti ibsame dhugumaan hojjidhaaf salphaadha. Dabalataanis, gochoonni sunniin warra isaan hojjataniif bu'aawwan amantii fi meeshaa[addunyaa fi aakiraa] fidu. Qulqullummaan, fakkeenyaaaf, wudu'a irraa dhufa, ajajamni salaatarraa dhufa, obsaa fi ofgadi qabuun soomarraa dhufa, arjummaan zakaarraa dhufa, akkasumas walqixxummaan hajjiirraa dhufa. Kaayoon waqtii hunda keessatti lubbuun akka waan gaarii hojjattu, amantaa akka horattu, itti gaafatama bakka bu'oomaa akka baattu fi dacheerratti waan gaarii haaromsaa fi qaroomaaf akka hojjattu qopheessuudha. Keewwattoota Qur'aanaa armaan gadii ilaala:

وَيَنْهَا عَنِ الْفَحْشَاءِ وَالْمُنْكَرِ وَالْبَغْيِ يَعْلَمُكُمْ لَعَلَّكُمْ تَذَكَّرُونَ ﴿٦﴾

الحل : 90

Ammas Rabbi waan fokkataa cufarraa ni dhoowwa, gocha badaa fi fincilaas: Inni akka isin dhimmoota kanniin onnetti qabattaniif isin gorsa(16:90).

أَرْءَيْتَ اللَّهَ يُكَذِّبُ بِالْدِينِ ﴿١﴾ فَذَلِكَ الَّذِي يَدْعُ الْيَتَمَ وَلَا يَحْصُلُ عَلَى طَعَامٍ

الْمُسْكِنِ ﴿٢﴾ لِمَاعُونَ 3-1

Takkumaa argitanii nama murtii xumuraa waakkatu? Sun nama ilmaan abbaa hin qabnerraar garagaluu fi hiyeessa nyaachisuttis hin kakaafne(107:1-3).

مَنْ عَمِلَ صَالِحًا فَلَنْفَسِهِ وَمَنْ أَسَاءَ فَلَيَهَا إِلَيْهِ رَبِّكُمْ تُرْجَعُونَ ﴿١٥﴾ الْجَنْوَبِيَّةُ : 15

Yoo namni tokko dalagaa gaarii hojjate bu'ama lubbuu isaa/ishiitiif; yoo inni/ishiin badaa dalage/dalagde, lubbuma ofirratti dalage/dalagde(45:15).

الَّذِي خَلَقَ الْمَوْتَ وَالْحَيَاةَ لِبَنِيُّومْ أَيَّمُكُمْ أَحَسَنُ عَمَلاً وَهُوَ الْعَزِيزُ الْعَفُورُ ﴿٢﴾ الْمُكَافِرُ : 2

Inni Isa jiruu fi du'a uume; Inni eenyuun keesssan akka hojiin gaarii[hojjate] isin qormaata(67:2).

فَمَنْ يَعْمَلْ مِثْقَالَ ذَرَّةٍ حَيْرَانَهُ ﴿٧﴾ وَمَنْ يَعْمَلْ مِثْقَالَ ذَرَّةٍ شَرَّانَهُ ﴿٨﴾

الْإِنْجَلِيَّةُ : 8 - 7

Eegasii namni kamuu kan waan hanga atamii ulfaattu gaarii hojjate, sanuma arga. namni kamuu kan waan hanga atamii ulfaattu badii hojjate, sanuma arga(99:7-8).

*Nabiyyiin Rabbii akka jedhan:  
Jechi gaariin kennaadha[Sadaqaa dha].  
[Warra keessaniif] fedhii saalaa guutuun kennaadha  
[sadaqaadha].*

Namni tokko sababa adurreetti dabeen[kunuunsa balleeseef] ibidda seene, hoggaa namichi biraa kan Rabbiin galatoomfamee dhiifamnis godhameef waan inni guyyaa hoo'a hamaa sareef bishaan kennef.

Ilaalchi Islaamaa ilma namaatiif akka cinaa argama isaa/ishii, fedhii fi namoomni baay'atu; inni/ishiin yeroma walfakkaatu, baaltokkee fi of danda'aadha qaamaa fi hafuuraanis akka isaan adda hin baane waan beekamuuf [qaamaa fi hafuuraanis]. Dhala namaatiif madaalli addunyaa kanaa hin jiraatu yoo haalota kannniin keessaa tokko dhiifame ykn haala sirriin hin raawwatin.

Ilaalcha Kanaan, addunyaa kanarratti, sammuu fi jireenyi gabaabduu ilma namaa kallattii haaraa hunda qabatti. Jireenyi jirenyya hordofa; duuti xumura jirenyya namaatiimi. Jireenyi[lubbuun] kaayoof ilma namaatiif kennamte; akkasumas dhimmoota jirenyaa keessatti namoonni waan fedhan hojjachuuf bilisa. Eegasii, jirenyi abadaa kan jirenyya kana hordofu sababa uumama jirenyya nama tokkoo addunyaa kanarraati. Gara biraatiin, qubsumni nama tokkoo jirenyya boruu kan hundaa'u akaakuu jirenyia inni addunyaa kanarratti jiraateerratti. Ilaalcha jiruu namaa kana qofatu dhugummaa walitti qabamiinsaa fi xumuraa[bakka itti gahan] akasumas uumaa[fixra] addeessa.

Kanaaf, namni tokko yoo asirratti fedhimaa fi kajeellaa lubbuu jala deemuu baate[ishee gammachiisuu qofa] , ofduratti itti quufinsa xiin-sammuu fi madaala, tasgabbii ykn gadidhaabannaq eega ykn argata. Faalla sanii, namni gariin bineensuma jiraachuuf jecha of gadi qabee jireenyuma xumura hin beekamnee jiraata. Bineensi akkasii eessa akka dhufe,ykn maaliif ykn eessa deema, akkamitti deema waan jedhu hin beeku. Kan inni beeku dhufuu fi deemuu isaati. Hubannaq isaa xinnaan sun, dandeetti gara deemuu fi kaayoo jirenya lafaarra itti dhufef beekuu hin dandeessisu.

Addunyaa kanarratti dhunfaan, yoo rakkoon, jijjiiramni fi qormaati wahii isa mudate, jirenyaa isaa keessatti gammachuu dhugaa argachuu hin danda'u hanga haala saniif kallatti biraattu jira, kan wanti hundi sirrii fi dhugaa jedhee amanatutti. Yoo kana hin ta'in, jirenyuu akkamii ta'a? Jirenyi bineensaa kanarra fooyya'aa ta'a, waan waa hunda dura, bineensi hin hubanneef ammas haqaa fi tolina hin gad-dhiisan osoo jalqaba qabaataniiti.

Kanaaf, yaadni Islaamaa kan jirenya boodaa karaa hundaanuu barbaachisaa; waan madaala qor-qalbi fi baraarrii nama dhuunfaa gumaachaaf. Jirenyi Muslimaa sirrii, baaltokkee, waliigala, fi jirenya boodaatti amantiin, itti-quufinsa, baraarri fi tasgabbii namaa kenna. Yaaliwwan nam-tokko karaa kanatti godhu jalaa hin badan, obsis, galatnis, haqummaa fi mala[hikma] Rabbiirratti irkatunis akkasuma.

Kunniin kennamoota Muslimni tokko adeemsa jiruu keessatti ofitti fudhatuu ykn qabatuu qabu. Akkasuma egaa namni

dhuunfaa kan itti quufuu fi dinqisiifatu waan jireenyi isaa har'aa fi borus ofkeessatti qabatuufi.

Achi booda yaaduun kan hin ulfaanne, dhamaatii fi rakkoo maaltu namummaa Muslimaa fi hawaasicharra [akkawali galatti] qubata yoo yaadni namni dhuunfaa jirenya boruutiif qabu miidhame ykn sirrii hin taane kan jedhuudha. Shakkiii malee, dhimmi jirenya boodaa isa lammataatii miti. Faallaa san, barbaachisummaan isaa inni hawwasaa fi Muslima dhuunfaas gad-gadi fageenzaan miidha. Ilma namaa kallattii Islaamaatiin akka nama dhuunfaa tokkoomeetti yoo ilaalle, walitti bu'iinsi gidduu jirenya dhuunfaa fi hawaasichaa hin jiraatu.

Kallattii ilaalcha Islaamaatiin ilma namaa akka baaltokkee gamtaa'eetti, wal-dhibdeen gidduu nama dhuunfaa fi hawaasaa hin mul'atu jirenya hawaasaa keessatti. Garuu, argamni nam-tokee fi fedhiwwan isaa lamaanuu, akkasumas meeshaalee fi dhugaawwan amantiis, kallattiilee fi waan isan hordofu ykn bu'aa mataa ofii qabu. Hawaasni ilma namaa, haala qabatamaa fi toyooriinis, qaamota dhuunfaarraa walitti qabame. Akkasuma, namni dhuunfaas kophaa ykn hawaasaan ala gonkumaa jiraachuu hin danda'u. Jirenyi namaa kanaaf, walittiqabama kallattiilee lamaanii yoo ta'u, ilaalchi Islaamaa jirenya dhala namaas, kanaafuu, wal hin dhabu. Bu'aan biraa kan loojikii[madaala] kanaa Islaamni gosoota ol'aantummaa, abbaa-irrummaa, haqa-dhabdummaa fi malaammaltummaa cufa balaaleffata ykn faallessa.

Wanti beekamuu qabu dhimmi Islaamni akkamitti malaammaltummaa afoo dhaabbata jedhuuf waan shakkii tokko malee ajaja Waaqaa ta'ee fi yaada namaa, hiika ykn tilmaama namaa adda baasuu isaatiin. Dhimmoonni hiikaan walqabatan, booda, yaaduma hawasichaatiif ykn keessattuu warroota rakkoo seeraa fi siyaasa hawaasichaa hiikuu fi dirqama qabaniin xiinxallamu. Egaa, kunniin dhimmoota murteen kamuu hamma hawaasni adeemsa mariitiin raggaassisutti sirrii hin taanedha.

### **Kaayoo Argamiinsaa fi Sababa Tartiiba Addunyaa**

As dura mata duree tooftaalee mari'annee ykn haasofnee turre, sababa argamiinsaa, akka gartokkee fi bu'uura tilmaama tooftaa Islaamaa kan gosoota qo'anno fi yaalii barnootaa qajeelchu kallattii dameelee beekumsatiin. Gar-tokkee (component) kanatu, haqatti, gaaffii akaadaamii Islaamawaa kana badiinsa, wallaala, jallinarraa eega. Karaa kanaan, gaafileen akaadaamii ilaalcha Islaamaatiin hojjataman itti fufan; xiinxala uumamaan namaaf kennaman kan gara ijaarsa tartiiba waliigalaa gaarummaa, haaromsaa fi qaroomaa kan isa keessatti malaammaltumman, jallini, badiin, raaguun, ykn diduun gola ykn bakka ykn qubsuma hin qabne.

رَبَّنَا مَا حَقَّتْ هَذَهُ بَطِلَّا آل عمران: 191

*Yaa Goftaa Keenya! Haqatti Ati kana badiif hin uumne(3:191)*

## Bilisummaa[Ifaa'ummaa] Dhugaa fi Haqummaa Uumama Namaa fi Walitti Dhufeenyaa Hawaasummaa

Yaad-rimeen Islaamaa, tooftaalee fi ilaalchota kan Rabbitti amanuu fi tokkichummaa Isaarrraa burquun, tilmaama bu'uuraa karaa damee beekumsaas of keesatti qabata. Tilmaamni waliigalaa fi bu'uuraa kan dhugaa fi haqxi, sirrii fi dogongorii fi gaarii fi fokkataan fa'a haqa bilisaa uumama Rabbiin ilma namaa ittiin uumee fi ergaa isaa ittiin buuseedha [ilma namaatti isaan qajeelchuuf]. Qabxii kanarrraa, sammuun Muslimaa saayinsaawaadha; yeroo beekumsa ofii barbaaduu fi akka seera ifa jiruutti, xiinxaluma ofii isaatiin. Sababa kanaaf tattaaffileen sammuu Muslimaa hin qisaasoftu hin jallattus.

وَلَوْ أَتَيْتَ الْحَقَّ أَهْوَاهُمْ لَفَسَدَتِ الْأَسْنَادُ وَالْأَرْضُ وَمَنْ فِيهَا ﴿٧١﴾  
Osso dhugaan akka fedhii isaaniitti taatee, dhugamatti silaa samiiwanii fi dacheenii fi wanti isaan keessa jiru ni badu ture[23:71].

وَمَنْ أَضْلَلَ مِنْ أَنْبَعَ هُوَ نَهُوكَهُ بِغَيْرِ هُدَىٰ إِنَّ رَبَّهُمْ لِفَصَصٍ ۚ  
Ammas eenyutu nama fedhii ofii hordofu irra jallataadha, qajeelluma Rabbiirraa ka fagaatu?[28:50]

أَفَرَأَيْتَ مِنْ أَنْذَلَ اللَّهُ مِنْ لِلْجَنَاحِيَةِ ۚ  
Egaa takkaa nama waaqa ofii fedhima isaa godhate argitanii beektuu?(45:23)

Yoo sammuun meshaaleyyii ammayyaa saayinsii fi teknoolojii qabatamaa[hard] qo'annaa bilisaa akka qo'atuuf

dirqame, sammuma santu didaa fi jallinatti geeddarama; yoo saayinsii hawaasaa fi namummaa gadidhiisan. Eegasii, maqaa gaafii saayinsiitiin haalota dabiinsaa jiran hir'isu. Waan ta'eef, saayinsii hawaasaa keessatti itti fufiinsa manneen ykn yaadota barnootaa kan adda hin cinne argina; tokkoon tokkoon isaa tiyoorii fi qabatamaan. Yeroma kana, garuu, hawaasichi haala dhamaatii keessatti hafuun, rakkolee irra qabatte irraa of baraaruu dadhaba.

Qo'annoowwan meeshaaleyyii saayinsii hawaasaa keessatti guutumatti ergaa sama'aa irraanfatan. Kana akka tokkoo dadhabina isaaniitti ilaaluu dhiisanii, saayinsii hawaasaa keessatti carraan barnootaa meeshaaleyyii akka waan saayinsiin hawaasaa walxaxaa fi nama ispeeshaalistii hin taaneef hin galleetti haasawan. Saayinsiin hawaasaa, kan guutumatti sababa namaarratti irkatu, garuu, dhugumatti ni jallata ykn karaarraa daba. Sababnis, matama ofiitii, sammuun namaas waa'ee ifummaa dhugaa guutumatti hubachuu hin danda'u, akkasumas kaayyoo ol'aanaa muxannoo namaas hubachuu hin danda'u.

Dhaalli hayyoota warra Dhihaa kan ergaa sama'aa bu'uura beekumsaa amanuu dhiisanii yaada amantii fi Nabiyyummaa sababa jallisanii fi irraanfatan. Tokkoon yaadrimee warra Dhihaa kan uumama ibsuun yaada amanamaa fi haala gaariinhubachuu yaale baruma seera uumamaati. Barumsi kun, garuu, sababa ergaa sama'aa dhugaa kan hin jijiramneen qunnamtii hin qabneef itti fufiinsa hin arganne. Yaadni amantii warra Dhihaa haala malee laaqamee yeroo ragaaleen ergaan dhufanii isaan harkaa qaban karaa raagaa fi amantaa

saayinsaawaa hin taaneen hiikamuun haqa dhabiinsa hawaasummaa fa'aaf karaa saaqan.

Qorannoonaakaadaamii saayinsii hawaasaa kessatti kallattii Islaamaatiin ofitti amanamummaanii fi ifaan gaafii jireenyaa, hawaa fi waan birootis of keessatti qabata. Kana hojjachuun, ifa barnootaa, kaayoowwanii fi sonoota keewwatoota ergamanii itti fufuu feessisa. Karaa kanaan qofa kallattii gadhindhiifne, ykn miidhamaa jallina mataa ofii akka hin taane.

Yaaduma itti fufuutiin, wanti nama hin dinqisiifne saayinsii hawaasaa kessatti carraan barnoota warra Dhihaa akka argannoowwan akka saayinsii fi teknoolojii jabaatti jijjiirama fiduu hin dandeenye. Ammas kan nama hin dinqisiifne milkaa'inummaan teknoolojii argameyyuu kufaatii dhaabbilee, isaanii sadarkaa hawaasaa, maatii fi dhuunfaatiin laamsha'e.

Bilisummaan dhugummaa fi haqaa yaada jiraatuu fi socho'u kan walqunnamtiileen uumamaan, seera uumama hawaatiin, sonoota dhugaa fi dhara adda baasaniin toowataman. Yaadni kun isa kijiba sammuu maqaa beekumsaa fi gaafii bilisaatiin dhibamte kan safuu hawaasaa bu'uura ta'an irraanfata sammuinakkasii waanuma fokkataa ta'eeyyuu hin balaaleffattu, akka dhugaatti ilaalti. Yaad-rimee fi tooftaaleen jaamaan akkasii diigama, malaammaltummaa fi jallina qadaroo hawaasummaa kutanii ijaarsa maatii diigan fidan. Yoo kun hawaasa Dhihaa keessatti itti fufe, sonoota ergaa sama'aatiin [kiristaanummaan] fi qarooma Islaamaatiin[yeroo duula qaxxaammuraa] argate ni dhaba.

Wantoota qo'annoowwan hawaasaa Islaamaa isa biraan irraa adda godhan keessaa tokko qo'annoonaan hawaasummaa Islaamaa yeroo hundaa kaayyoo fi galma ofii qabaata. Kun wabii dhugaa irraa hin maqne ykn haqa irraa hin jallanne ykn yoo hin ta'in maqaa bilisummaa barnootaatiin haala fokkisaa[malaammaltummaa] fida. Kanaaf, wanti haqaa hin ta'in, dhiibbaa fidu, ykn natu caalaan, haqa-maleessaa, dhiibaa, boonaa ta'ee hafa; jechoota barnootaa ykn yaada mormii kam keessattuu ibsamaniis yaada qofa ta'ee hafa.

## **BOQONNAA SHAN**

### **Leecalloowwan Saayinsiilee Hawaasaa**

Yoo wantoonni tooftaalee waliigalaa fi qabeenya kallattii Islaamaatiin beekumsaa fi saayinsiilee adda addaarratti ibsu jiraatu ta'e, ammas dhimmoota qabeenya fi tooftaalee akaakuu dame fi gosa barnootaanii fi itti gaafatama beektota Muslimoota ammaayyaatiin qabatamaan ibsamuu fessisa. Kunis akka yeroo barbaachisaatti, rakkoon malee, itti fayyadamuuf jecha.

Jalqabumarraa, yaada koo kan ture saayinsiin hawaasa Islaamaa leecalloowwan kanaan adda baafamuu qaba; sababa qabeenyi kun kallattii Islaamaatiin ibsamuu fi adda baafamuun, fedhii hawaasichaaf deebii kennuu fi qabatamaan bu'aawwan argamsiisuu qaban.

Dameewwan qo'annoo kanniin akaakuu meeshaalee fi tooftaawan ijaarsa kallattii Islaamaatiin beekamuu fi barruuleen ergaa Waaqaas[Qur'aanaa fi Hadiisa] haaluma kanaan kaayamu[eegamuu] qabu. Dameewwan biroo kan akka Maqaasid[kaayoo Shari'aa ol'aanaa], hubanna uumama namaa fi hawaasaa, karaalee hawaasa wajjiin ittiin hojjatanii fi akka galma isaa gargaaruu, dhaabbilee, siyaasa, ijaarsaa fi misooma, akkasumas, yaada hawaasa Isalaamaa ittiin gahan gargaaruu feessisa.

Tokkoo tokkoon dameewwan asitti dubbatamanii uumamman qoqqoodamuu malu; gara barnootaa fi dameewwan barnootaatti. Yaadni keenna, jalqaba sadarkaa Islaamessuu beekumsaa keessatti, barbaachisummaa dame sanii, kan akka

warri Dhihaa jecha isanii keessatti jedhu “ saayinsii amala’ kan ofkeessatti xiin-sammuu, hawaasummaa fi hidda dhalootaa fa’ a murteessuudha. Wanti barbaachisuu qabu asitti jalqabni saayinsiilee kanniin Islaamessuun, waan isaan ajandaa beektotaa fi xiinxaltoota har’aa, dameelee uumama dhala namaa, hawaasummaa, hiika namummaa, bu’uura tilmaama dhalanamaa, heeraa fi fedhii ta’aniif jecha. Dabalataanis, isaantu qabeenyyaa fi tiyoorii isaaniitiin saayinsiilee hawaasaa biroo fi namootarrattis dhiibbaa geessan.

Barnoottan akka barnootaa, saayinsii siyaasaa, diinagdee, bulchiinsaa fi walqunnamtii akkasumas falaasama tokkoo tokkoo saayinsiawan kanniinii kan hundaa’ an leecalloowwan bu’uraa saayinsii amala (behaviorial science) irratti; argama qorannoo isaaniirratti, yaadowwan inni walitti dhufewenyaa uumama namaa fi amala dhala namaarratti ijaare ykn uumerratti ta’uu shakkiin hin jiru.

Tattaaffileen dameelee beekumsaa hunda Islaamessuuf godhaman cufti kan hundaa’ an dura tokkoratti: uumama sirritti hubachuu fi sochiilee walittidhufenyaa dhalanamaa ti. Hubannaan akkasii kan dhufu karaa saayinsiilee amalaatiin qofa waan ta’eef, isaan Islaamessuun qabatamaan tarkaanfii jalqabaa saayinsiilee hawaasaa hafan Islaamessuuf godhamuudha. Akkumasan, yoo Islaamesuun barnootaa, saayinsii siyaasaa fi diinagdee dursa caalmaawwan (priorities) Islaameessuu ta’an, yoosan, saayinsii amala Islaamessuun ifaan kallattii itti gahiinsa milkaa’ina naannawa sanii ta’ a.

Yaaliin kun akka milkaa'uuf, jalqaba kan dirqama ta'u sagantaalee eebbfamtoota digrii duraa fi digrii lammataa, giddugaloota qorano fi gosoota barnootaa barnoonni sunniin beektotaaf xiinxalootaan itti barsiifamaniif kallattiwwaniif ilaachonni Islaamaa sirriin dhimmoota kanarratti ittiin barsiifaman ijaaruudha.

### **Islaamessuu fi Saayinsii Barnootaa**

Rakkooleedhaaf furmaata barbaacha of dadhabsiisuun, dhimmoota dadhabinaa fi duubattihafiinsa isaniitti geessan hiikuu dhabuun, qaamaan, human lolaatiin, seeraanii fi siyaasaan guddachuuf abdii jiruu hunda kutachuun, Muslimooni gara saayinsii barnootaa, bulchiinsaa fi dinagdee garagalan. Dhumarratti, gara sabaa himaalee fi walqunnamtii gamtaa garagalan.

Achi booda, hadhaa kufaatii warra Dhihaa of gochuuf ykn of ammayyoomsuuf godhan keessatti[ tooftaawwan biraan kan Islaamaa hin taane fayyadamuun], sochiin gara Islaamaa deemamu hawaasicha keesatti argame. Xiyyeeffannaan Muslimootaa gara hundee Islaamaa (Innovation application of original Islamic Principles) fi jirenya keessatti karaa Islaamaa fi sirna hawaasa Islaamaa qabachuutti dhufe. Kun, akka abdatametti, rakkoolee isaaniirra isaa baraara, akka isaan humnaa fi dandeettii isaanii deebifatanis ni taassisaa. Mallattoo akkaan barbaachisoo ilaalcha kanaa keessaa tokko dameewwan saayinsii hawaasaa qabatamaa[applied science] kan akka: diinagdee fi walqunnamtii, akkasumas, ijaarsa goloota barnootaa fi

giddugaloota qorannoo yunivarsitiwwaan keessatti Islaamessuudha.

Kaayoon tataaffiwwan kanniin hundaa shakkii malee bu'aa qabu. Kan beekamuu qabu, garuu, dameewwan addaa lamaan kunniin, diinagdee fi walqunnamtiin, qabeenyaan walqabatu. Kanaaf, dameewwan kunniin Islaameffamuun barbaachisaa ta'us, haqxi jiru yoo bu'urri beekumsaa fi hayyummaa Muslimaa Islaamummaan hin ijaaramin, dameewwan reefuurratti hojjachuun hawaasa Muslimaatif gatii tokkoo hin qabaatu. Ifaanifatti, yoo hawaasni Muslimaa dhaabbilee siyaasaa dabalatee tartiiba hin qabatin, jijjiiramni uumama kanaa hedduu xinnaata.

Sababa kanaaf beektonni Islaamaa kallattii humnoota haaromsa isaanii gara saayinsii barnootaa fi siyaasaa qajeelchuu malan. Akaakuwwan xiyyeffannaan kun fakkaatuu malu keessaa: marii, konfiransii, hojii kaarikulamii, giddugala qo'annoo fi qorannoo fi dame barnootaa adda ta'an fa'a uumuudha.

Sadarkaa kantti beekuun kan nama fayyadu, eenyummaa Islaamaa ifaa jiru kan yeroo ammaa waan himatamuu fi waan qabatamaan hojjatamu ykn dandeettii dalagamu gidduu jiruu dha. Muslimoonni Islaamni ol'aanaa ta'uu fi hawaasichis baataa ergaa qulqulluu gara dhalanamaa ta'uu kan amanan ta'anis, hawaasichi jirenya isaa keessatti Islaama bakka hin bu'u, dhaabbilee fi gochoota isaas. Islaamni jirenya hawaasichaa keessatti duwwaa, tasa akkuma afoolaa ykn oduu durii sirba keessatti

ayyaaneffamus. Sadarkama dhuunfaattuu bakka Islaamummaan akka sonaa, haalaa fi amalaa itti ibsamuu malutti, haala hanqina qabuu fi hin simanneen addeeffama. Haala kanaan Muslimoonni aangoo isaanii dhabanii namoonni biraa akka Islaamni kara jirenya barbaadamaa fi gaarii ta'e akka hin yaadne ykn hin kajeelle godhan.

Jaarrraa ammaa keessatti nam-tokko yoo waa'ee barnoota Islaamaa fi hanqina isaa yaadu, wanti salphaadhumatti adda namaa bahu deebiin waliigalaa fi xiinxalaan tahe hin argamu qo'annaan akaadaamii cimaan dhimmichaarraa hamma raawwatamutti. Tasuma ilaaluun, haga fedhee gadifageenya qabaatu, homaa hin fidu. Kanaaf xiinxaltoonni Islaamaa waa'ee kaayowwan barumsa Islaamaa hubachuu xiinxala hedduu godhanis, wanti hafu dhabamiinsa xiyyeeffannaa akaadaamii saayinsiwwan amalaa fi, gara biraatiin, qo'anno namoomaa, amala isaa fi karaalee inni ittiin ijaaramee fi uumame irratti godhamuuti.

Tooftaaleen, sonoonni, qajeelfamoonni fi bu'uuraaleen yaadota Islaamaa barattoota keessa ittiin akka seensifaman godhaman ifaanifatti hanqina kan qabanii fi sammuu fi sadarkaa misooma (guddina) tiin walhinsimatan. Akka haqaatti, haalli Qur'aanaa fi Nabiyyiin gosoota Araboutaa (Qureysh) waamuuf hojiirra oolan barnoota Muslimaarratti dhiibbaa fidaniiru. Yoo kana, har'umayyuu barsiisonni Muslimaa maluma kana fayyadaman, osoo haala warra baratanii hin hubatin ykn ilaalin. Sababa kanaaf ijolleen Muslimaa haala barsiisaa fi guddisa hamaa fi fokkataaf saaxilamuun, akka waan isaan ilmaan gosa

Arabaa bilchina qaban ta'anii, isaan Nabiyyiin barsiisuu yaalan, kan isaan yoo didan waan isaan hordofu beekuun fedhanii fi walitti dhaabani haqa fudhachuu didan.

Yoo dargaggeessi tokko barnoota akka keewwattoota amantii (faith) barsiifamu, barnoonni sun kan ibsamuuf karaa ittin waa cufa gaafataniidha; sababaan ala. Garuu yoo ijoolleef barruun kun dhihaateef, karaa isaan jajjabeessuu fi maalummaa isaanii dagaagsuun jirenya isaa keessatti waliin hafuun ta'uu qaba. Sababa kanaaf Nabiyyiin Rabbii 'Islaamummaan keessatti caalaan keessan Islaamummaa keessattis irra caalaa keessan ta'a; haala hubanna Islaamummaa guddifattaniin' jedhan. Jechoota biraatiin, isaan warroonni amaloota jajjaboo fi gaarii ijoollummaan isaaniitti horatan, yoo bilchaatanis amalootuma sanniin guddatan. Eegasii, yoo sadarkaa bilchinaarra gahan, hubanna fi amantiin isaanii karaa jabeenya fi dandeettii waan gaarii fi kaayoo gati-qabeessaatti isaan qajeelchu.

Ibsi barumsaa jalqaba daa'imaaf kennamu waa hunda dura adeemsa ijaarsa bu'uura amalaati. Barumsi ykn haasofni akkasi, yoo nama ol guddatuuf himamu, garuu, gara caalu gorsuma waliigalaa fakkaata. Dhimmoota irra barbaachisan nuti irratti xiyyeffachuu qabnu keessaa tokko karaa nuti ijoolle teenyatti dhihaannuu fi sadarkaa sadarkatti yeoo dagaagina sammuu fi kaka'umsi isaanii dagaaguudha. Karaa isaanitti dhihaannuu qo'achuu qabna akkasumas akka kunniin gosoota tooftaalee barsiisuuf fayadamanii fi ga'eessota bilchaatan qajeelchan irraa adda ta'anis qo'achuu qabna.

Wanti shakkii hin qabne ijoolleen olguddattu karaa haala gaarii isaan keessatti biqilchuun danda'amuun barsiifamuu qabu; kan fedhii of danda'uu fi ofitti amanuu fi isaan jajjabeessuun jirenya isaanii keessatti ergama isaanii boonaa fi fedhiin akka guutan gochuudha. Karaa kanaan, amaloonni isaanii firii isaan gargaaruu fi milkaa'inna hawaasichaa ergama dhalanamaatii fiduu keessatti. Qixuma wal fakkaatuun barumsi isaniif kennamu haala irrakeessaa fi laafaa ta'ee firii olitti tuqamte san isaan keessatti kutee ykn dagaaginää isaanii miidhee walqunnamtii isaan Rabbi (Ol'aanaa, Rahmat-Qabeessaa fi Rahmata-Godhaa) waliin qaban diiga. Jechoota biraatiin, ajajni amantii ijoollee yeroo sadarkaalee guddina isaaniitti kennaman qixa sirriin ta'uu qaba; yoo ijoolleef jaalala kan barsiisan, ittiin boonsisanii fi gumaacha kan godhaniif ta'e. daa'imni haala kanaan ijoollummaa isaatti jaalala argatee fi ittiin Boone, obsaan, kaka'umsaani fi dandeetti wareegama ganfalu horatee guddata. Tokko, gara biraatiin, daa'imni amantii fi barruulee isaa sodaataa guddate mormii ykn gogiinsa xiin-sammuu fi kaka'umsaa horatee sadarkaa ga'eessummaa isaattis akkasumatti hafa. Namni akkasii waan xiqqoon ala homaa hin baratu. Egaa, amaloonni akka yarummaa, sobdummaa fi ofeeggannoo dhabuu namummaa ykn eenyummaa isaa haguugaa dhufu. Jaarrotta ammaa keessatti, kun akaakuu haala Muslimoota hedduu keessatti dagaageeti.

Hogguu amantii keenya ilaallu, wanti hubannu Muslimni Rabbi biratti bakka addaa qaba; homa ta'ee ta'u, Muslimni dhumarratti Jannata badhaafama. Nabiyyiinakkana jedhan: "Namni Rabbi[Allah] malee rabbi hin jiru jedhee beeksise Jannata

seena, yoo inni/ishiin falfales ykn hates.” Ijoolleen Muslimaa hamma umrii ga’umsaa gahanitti hin gaafataman. Egaa, guddina isaanii quucarsuun hin barbaachisu, ykn itti gaafatama isaan baatuu hin dandeenye itti fe’uun hin barbaachisu.

Fakkeenyi Nabiyyii kun cufti, nagayaa fi rahmanni Rabbii isaan irratti haa jiraatuu, sammuu keessa kaayamuu qabu. Yaaliin Nabiyyiin ijoollef godhan yeroo hundaa jaalala fi jajjabeessuu dha. Fakkeenyaaaf, tolinni isaanii durbii isaanii Ibni Abbaasiif qaban beekkamaadha. Barruun Hadiisaa kan nuu hambisan waqtilee isaan Kuxbaa Jum’aa godhan yeroo mucaa akaakayyuu ta’aniif ceekuu isaa qabatan, yeroo sujuuda bu’an imaama ta’anii salaachisan (mucayyoo akaakuu ta’aniif dugdarra kaa’atanii, tolinna isaa Anas Ibni Maalikiif qaban[isa mucaa xiqqa ture yeroo san) fi aarii (mufii) isaan warra baadiyaa takkumaa ijoollee isaanii dhungatanii hin beeknetti agarsiisanitti.

Waqnti shakkii hin qabne, yeroo ergaan tokko dargaggoo Muslimaatiin qixa sirriin dabaruu, guddinaa fi dagaagina isaaniirratti gumaacha guddaa qaba. Kun dhimma Sahaabaa kan eega guddatanii Islaamummaa qabatanii kan akka;Abubakar, Umar, Kaalid Ilma Waliid, Sa’ad Ilma Abbaa Waqqaas, Abbaa Ubeeydaa, Amiir Ilma al Jaraah fi kanneen biroo hedduuti.

Qabxiin ijjannoo barnoota Islaamaa, kanaafuu, sodaachisaa miti, garuu kunuunsaa fi jaalala, jaalala Rabbii Ol'aanaa, Uumaa, Rahmata-Qabeesaa fi Irra namaa Dabraarraa jalqabeeti. Achirraa gara jaalala Nabiyyii, hojii gaarii, dhugummaa, haqaa, jireenyaa, bakka bu’ummaa, haaromsa,

qabsoo fi hawwii Rabbi qunnamuu fi nama abadii kabajamaa hawwuu keessatti fa'atu itti aana.

Barumsa keessatti, tarii dame kamuu caala, wanti hubannu barbaachisummaan kaayoowwan ergaa Waaqaa (revelations) yaaliwwan gaaffii barnootaa saaayinsii hawaasaa guutuu fi yaada sirrii kan dhiheessaniidha. Egaa, qo'annoon barnootaa waa'ee uumama namaa fi walitti dhufeenyaa mala bareeda kaayoon itti galmaan gahamuu fi dhimmoota Islaamaa ol'aanaa ittiin dhugoosaniidha. Muxannoon keenya waa'ee barnootaa Islaamaarratti jaarrota muraasa darban godhaman kan nuuf dhugoomu, hawwiin (*niyya*) bareedni qofti gahaa miti kan jedhuudha. Bakka san, wanti muerteessaan jiru wanta gaarii akka hojjataman feenurra akkamitti geenya waan jedhuudha.

Cabsata kanarratti wanti barbaachisaa ta'u maluu fi tuqamuu qabu yeroma bakka bu'oomaa boodayyuu, barmaatni Qureeshota warra magaalaa keessa jiraatanii hambifatan[*ijoollee* ofii baadiyatti guddisuu] dha. Ifatti, guddifni warri baadiyaa *ijoollee* isaanii guddisan qaamaan qofaa miti; xiin-sammuinis akkasuma. Baasii (itti gaafatamummaa) warra baadiyaatiin *ijoolleen* guddattee; qixa sirii hin ta'iniin, sirna malee fi dhowwama hedduu hawaasa baadiyaatiin isaanirratti godhamaniin guddatan. Qilleensa san keessatti ykn sadarkaa guddinaa duraa san keessatti, mallattooleen akka ofitti amanuu, of danda'u fi gootummaa uumamumaan qaama amala bu'uura daa'ima kanaa ta'an. Egaa, kun abbootii aangoo fi mootolii jarrota durii kan Islaamaa keessatti kun beekamaa ta'ee itti fufe; sababnis kun mala irra filatamaa isaan *ijoollee* isaanii itti

gaafatama gaggeessummaa cimaaf qopheessaniin ta'uu waan beekaniif. Eega jalqaba baadiyatti (gammoojjitti) guuddatanii, ijoolleen barumsa seera qabeessa (formal) qo'achiiftotaa fi barsiiftotaan barachuuf magaalota gurguddoo fi xixiqqootti deebi'u. karaa kanaan barumsa isaanii xumuru.

Seensi barruulee Islaamaa kamuu tooftaalee Nabiyyiin dur ijoolee fi dargaggoo barsiisuuf fayyadaman of keessatti qabachuu qaba; jaalala, kunuunsaa fi obsa Inni isaan barsiises. Dhgumatti, barruulee seenaa keessatti wanti Nabiyyiin ijoollee ykn dargaggoo haala kabajaatiin ala itti bu'an (rifachiisan) jedhu hin jiru. Golli dogongora hubannaah kan yaada gaarummaa fi jaalalaa amala gaarii faallessu hin turre. Bakka san, wanti ifa ta'uu qabu amalli waan ijoolleen adeemsa yaalii, barmaata fi fakkeenyaa birooraa baratuun dagaagsaniidha. Amala gaarii barachuu keessatti, garuu, ijoollee waan gaggaarii milkaa'ina, jaalalaa fi kajabaa isaan barsiisuuf fayyaduuun isaan gargaaruu barbaachisa.

Jaalala isaanitti mul'isuun, achi booda, akka daa'ima 'faaluutti' hubatamuu hin qabu. Akkasuma, daa'ima sodaachisunis akka daa'ima amala gaarii barsiisuu tokkootti hubatamuu hin qabu. Hubannaan akkasii hanqina kan qabuu fi dogongorsaadha. Wanti ijoollee guddisuuf barbaachisu jaalalaa fi amala gaariidha. Yoo kanaan milkoofne, ijoollee keenyas milkeessuu dandeenya.

Dhimmi barbaachisummaa muraasa qabu tokkos gaggeessitoonni, beektonnii fi barsiisonni ammaa kan beekuu

qaban hojiileen barumsaa fi haaromsaa kanneen isaan qunnaman isaan durii (Waqtiilee Nabiyyii kan durii) irraa karaa hedduun adda ta'uu dha. (Yeroo san), ummanni Inni ergaa itti dabarse jajjabaa fi cimoo, garuu rakkoleen isaan qunnaman boonuu, mormii fi gosummaadha. Gara biraatiin, hawaasni har'aa fi dargaggoonni isaanii kan caala ibsaman akka hanqina qabnii fi, qoodamtoota, kan hawwii hin qabnee fi ofitti amanamummaa hin qabneetti.

Karaa hedduun hawaasichi ijoollee Israa'iil yeroo waqtii gabrummaan isaanii Gibxi keessattii fakkaata; yeroo Nabi Muusaan akka gammoojji siinaa keessatti waggoota afurtamaaf ture yeroo dhaloonni haarofni dhufe. Yeroo san qofa gammoojji gadi dhiisanii gara bakka kabajamtuu deemuun hawaasa Islaamaa deebisanii ijaaru, tokkummaa Rabbii fi obbolummaa cimsuu kan danda'an.

Wanti hubatamuun barbaachisu assitti beektota ciccimoo isaan raaganiin bakka buufaman; yeroo sammuun ummataa gamtaan dhugaa haala jijiiramaa deemuu waliin hojjachuu dadhabanii misooma itti fufuu fi dhiibbaawan fudhachuu dadhaban. Kun waan ijoollee Israa'ilii fi hordoftoota isaaniirratti qaqqabeedha. Bu'aan argame tokko yoo isaan keessaa hiyyeessi tokko hate, adaba (qixaaxa) daran hamaa irra geessan; garuu yoo sooressi waan walfakkaatu dalage, bilisa gadi-dhiisu. Sababa kanaaf barnootaa fi ergaan Nabiyyii isaan ijoollee Israa'il hundee isaaniitti deebisu, gaarummaa fi jaalala nama hordofaa tokkoo fi onnee qulqulluu fi kunuunsa fa'as.

Egaa, hojiiwwan haaromsa barnootaa fi guddina har'a hawaasicha keessaa amala leenjii namoota bilchaatanii fi guddaatanii miti. Faallaa san, namoota hanqinaa fi dadhabina qabaniif yaala yoo ta'u, jabina, murteessummaa, dandeettii, ofeeggannoo fi jaalala isaan dhabanis yaala.

Barsiisonni Islaamaa ergama jirus hubatuu qabu. Tiyoori Islaamaa kaayoo fi tooftaawwan jala sararamanii cimaa ta'an oomishuuf walwajjiin qabsaa'uu qabu. Kessattuu, kallattii xiin-sammuu fi beekumsa barnootaa adda baasuun dirqama. Yoo kana ijaarsa xiin-sammuu hawaasichaa fi ittiin inni haaromfamu ilaaluu feessisa.

Ammas wanti feessisu, kallattii ifaa ergaawwan Waaqaa nutti himan, kallatiwwan amantii, kaka'umsaa fi wantootaa kan awwaalaman, isaan warri xiin-sammuu Muslimaa fi qoratoonni hawaasummaa tattaaffiwwan isaanii ittiin haaromsuun xiin sammuu Islaamessuun ammas saayinsii hawaasaa biraas barsiisaa Muslimaaf beekumsaa fi kaka'umsa uumama namaa, akka itti guddatee fi isa wajjiin hojjatamu kennuudha.

### **Islaamessuu fi Saayinsii Siyaasaa**

Saayinsiin siyaasaa naannawuma saayinsii siyaasaa, caalmaalee ([priorities), qajeelfamoota bu'uuraa fi dhaabbilee hawaasaa, tooftaalee gaggeessi siyaasaa ittiin filamu, ibsa siyaasaa waliigalaa hawaasichaa godhuu, ijaarama sirna siyaasaa hawaasichaa, sadarkaalee fi seerota, seera-tumaa sirnicha qabachuuf fayyadan, bulchiinsa sirna sanii, kallattii humnoota isaa fi dandeettii isaarratti xiyyeffata. Mata-dureewwan kunniin

zeroo ammaa kallattii yaadaa fi dhaabbataattinis dhimmoota gurguddoo isaa bakka bu'u.

Qo'anno fi yaaliin siyaasaas wantootuma kanniin siritti hubachuurraatti, karaa isaan walqabataniini fi haftee isaan hambisanirraatti hundaa'a. siyaasaan ammas wanti fedhu deebii kennuu fi karaa jijiiramaaf nageenyummaa hawaasaa, misoomaa fi gad-dhaabannaa hawaasichaa agarsiisuuudha. Egaa, qo'anno moodeelii seenaa hawaasichaan hojjatame, yoo ofitti of gahaa ta'uu dhabes, waan bu'aa qabu, raga barbaachisaa ummanni irraa baratee fuulduratti soso'u waan ta'eef. Qo'annoolee kana keessatti wanti gorfamuu qabu xiyyeffannaan gahee dhaabbileen siyaasaa kallattii fi al-kallattii taphachuu qaban adda baafamuu qabu. Qo'annooleen akkasii sababa dhaabbileen sunniin karaa saniiin hojjataniif ibsuun haaromsa ykn uumama dhaabbilee sirrii ta'aniitiif, sirnootaa fi dhaabbilee biroofis karaa banan. Haqatti, yoo hawaasni mataan isaa dhaabbilee siyaasaa haalotaa fi sonoota isaa simatan ofumaa hin ijaarin, xumura[galma] isaatti hin gahu.

Wanti hubachuu nu barbaachisu tokko gageessi siyaasa hawaasichaa fi dhaabbileen siyaasaa fi adeemsonni hojii wanti ibsuu qaban uumamaa fi yaad-rimee dhugaa hawaasichaati. Yoo kana hin ta'in, gaggeessi ykn dhaabbanni siyaasa kamuu abdii guddachuu, misoomuu ykn jiraachuu hin qabu. Yoo siyaasaan hawaasichaa akka qixa sirriitti deebi'u eegne, wanti beekuu qabnu furtuun kana hundaa barumsaa fi guddisa dargaggoota kanyaaf goonu. Shakkii malee, sirnootaa fi gaggeessi hawaasichaa lamaanuu wanti ibsan yaadumaa fi eenyummaa (namummaa) isaati. Dabalataanis, amalli sirna tokkoo hin

jijiiramu hamma bu'urri xiin-sammuu fi yaadaas jijiiramutti. Egaa, sirnoota, gaggeessa fi dhaabbilee hawaasichaas yoo jijiiruu feene, hundeerraal eegaluu qabna; karaa hawaasichi yaaduu fi itti dhagahamuun.

Waan hunda duraa, hawaasicha fayyaa kan siyaasni Islaamaa sirrii qabu ta'ee yaada dhugaa fi fudhatama qabu oomishuu danda'uudha. Dhaabbileen gaggeessa siyaasaa hawaasichaa akkasii dirqama hooggansa isaaniirraa amantaa qabaachuu fi hawaasichaan bakka bu'uu qabu.

Sababa kanaaf yaad-rimeen siyaasa hawaasichaa jijiirama (guddina) hamaa barbaada. Akka haqaatti, gara barumsatiiniis kanumatu dhugaadha. Yoo kun hojiirra oole qofa sirnoonni siyaasaa fi barnoota hawaasichaa ijaarsa amantii fi xiin-sammuu addaa ibsuun ; yoosan qofa amalli jirenya siyaasa Islaamaa hubatama, ykn kaayoonis qabatama. Qo'annooleen akaadaamii saayinsii hawaasaa keessatti hawaasichi akka ol'aantummaa fi dhageetti horatu, jabinna dhaabbilee isaa akka deebifatuu fi gaggeessa siyaasaa gara murannoo Islaamaatti qajeelu gargaara. Yoo kun ta'u, gaggeessi siyaasa hawaasichaa dhumarratti amanamummaa fi deeggarsa argata.

Wanti murteessaa tokko gaggeessi siyaasa yaad-rimee Islaamaa fi dhaabbileen isaas hawaasicha kufaatii fi xiqqeenyarrraa baraaruun; sammuu gabroomte, fedhii fi gochaa bilisaaf gara saaquu qabu. Gaggeessi amantii fi siyaasa hawaasichaa mankaraarsummaa aadaa xiin-sammuu fi akaadaamii ittisuun yaada amanamummaa, xiinxala kay-

qabeessaa fi eenyummaan ofitiin boonuu fi gara gabrummaatti, hiika sobaatti, qabrii gabbaruu, fakkeessattii fi dhumarratti gaddaa fi diigamatti isaan jijiirutti geessu dhaabuu qaba. Sanirra, wanti nuti qulqulleeffachuu qabnu, namoonni yaad-rimee Islaamaa akka injifataa kajabaa fi ulfinaa, akkasumas bakka bu'aa dhugummaa, gaarummaa, wareegamaa, bakka bu'iinsaa fi haaromsaa ta'uu hubatuu jalqaban.

Haalli gaddisiisaan hawaasni keesssa jiru, dadhabinaa fi kufaatiin, diinota ofii sodaatuun, hawwii fi fedhii diinotaatiif, akkasumas lolli waliiwaliinii ibsoota gabrummaa sammuu hawaasichaa kan sababa yaada dhibamaa fi guddina xiinsammuu jallataati.

Dabalataanis, dame qo'annoolee siyaasa Islaamaa keessatti jidduu barruulee ergaa sama'atii fi hiika qo'annoolee akaadaamii fi murteelee seera-tumtootaa fi warra siyaasaa wanti adda baasu jiraachuu qaba. Qo'annooleen akaadaamii xiinxaltootaa fi hayyootaan hojjataman ergaa sama'aa irraa hedduu gargara.; murteewan seera hawaasaa fi aktiivistummaa siyaasaanis wal hin fakkaatan. Sanirra, isaan ragaalee bu'uura yaadota hawaasa Islaamaa bakka bu'u; mala mul'anni ittiin addeeffamuudha. Qabxiileen ilaalcha garagaraa kan beektotaan seera siyaasaa fi hawaasummaa iraatti ibsaman yaadota gama lamaaniyyuu hin fakkaatan. Egaa, yaadni fudhatamu kamuu akkuma hawaasni yaada harkaa qaban hubataniif. Kanaaf, akkuma yaadonni hedduun beektota Islaamaatiin burqaniin, carraan hawaasni seera siyaasaa fi hawaasummaa haala bilisa ta'ee fi bilchina qabu ittiin xiinxalan guddataa dhufa; haaluma

fedhii fi ilaalcha isaatiin. Karaa kanaan murteewwan waa'ee seera hawaasummaa fi siyaasaa waliigaltee fi fedhii ummataa qabatamaan addeessan; yaada namoota ykn gareewwan muraasaa yeroo hunda bakka bu'uu baatanis.

Dhugaa yoo dubbanne, gochaalee irra barbaachisoo ta'anii beektota saayinsii siyaasaa mudatan keessaa tokko rakkolee ijaarsaa fi yaad-rimee hawaasichaa adda baasuudha. Beektonni ammas addeessuu kan qaban rakkolee kanniin akkamitti akka siritti irratti; gara naannawa seera-tumaa fi bulchiinsaatiin hojjachuu qabanii fi akkamitti akka miidhaalee kanniin irratti hojjatan (osoo bulchiinsaa fi ijaarsa seera hawaasaa) addeessuu qaban. Akkasuma, dhugaan hawaasichi ergaa beeksisaa (wahy), uumaa fi sababa keessa barbaadu kaayo-qabeessa. Mariin hawaasaicha biratti tooftaa bu'uuraa dhugatti ittiin gahan, yeroo kallatti dhugaa hordofan, karaa irra filatamaa bareedina Islaamaarra, sadarkaalee dhuunfaa fi ummataattis ittiin qaqqabaniidha. Amma wanti ifa ta'uu qabu dhaabbileen warra Dhihaa fi Bahaas fedhii siyaasa Muslima addunyaatiin walhin simatan. Hawaasni Islaamaa, akka isaan biroo osoo hin ta'in, tajaajila dhugaa fi haqaa akka dirqama ol'aanaa isaatti ilaala. Asitti kan ilaallu sirni paartii Dhihaa kaayoo dhugaa irra gahuu hin fedhu, sochiilee marii Islaamaarra gahuufis hin karoorfatan. Gara biraatiin, waliigalummaan (totalitarianism) biyyoota Maarkizimii Bahaa bakka bu'u kun dabalataanis yaadota Islaamaa murteessoo hedduu balleessan.

Meeshaaleeyyummaa fi loogummaan lameenuu bu'uuraalee qoraamman (civilizations) warra Dhihaa kan

ammayyaati (kan yeroo dheeraa waliin jiraataniidha). Yoo haalonni amantii qarooma warra Dhihaa keessa jiraatan, isaan hambaawan dhaalaa kan du'u didanii fi, osoo haasofnuu, hedduminaan qarooma Islaamaarra ergifatamaniidha.

Ibsaa meeshaaleyyummaa dhiphaa (rational) keessatti, sirni dimokraasii kan dhufe sagalee bakka bu'oota ummataa kan qaamni caalu qofti waan dhuunfaa fi hawaasaaf daran fayyadu qaqqabuuf hojjataniidha. Murteewwan dimokraasii, eegasii, murteewwan caalmaa fedhiwwan paartii ofii guutuuf dabarfamaniidha. Markizimiin, gara biraatiin, kan dhufe sochiwwan haaromsaa sammuu namaa bilisa baasan kan amanteeffanna garee balaaleffatuu fi ifatti amantii ofii haaraa lallabatan. Egaa, Maarkizimiin diinagdee fi qabeenya meeshaa akka kaayoo ilmi namaa galma ittiin gahuuti. Hubanna kanaan bu'uura yaadaa kanarratti, seenaa jireenyi nama dhuunfaa akka barbaachisaa hin ta'in yoo dagaagina meeshaa dhalli namaa irra gaheetiin walbira qabamu kan jedhu yoo ta'u, wanti nama hin dinqisiifne hundacaaltummaa fi abba irrummaan Awurooppaa keessatti yeroo dheeraaf karaa qabame (hojiin ala ta'e).

As biratti wanti ibsamuun fedhamu warri Dhihaa keewwata sama'aa (Revelations) qajeelcha amantii hafuuraa fi mooralirraa fageessanii, meeshaaleyyummaa keessatti kufan. Dhumarratti, amala xiinxala uumama ilma namaa dhiphaa fi hubanna sababa rakkolee siyaasaa, lammummaa fi diinagdee warra Dhihaa miidhaaniiti.

Qabxiin biraa kan yaadatamuu qabu yaad-rimeen Islaamaa isa kan warra Dhihaarraa adda kan ta'u adeemsa ykn tooftaa bu'uraa isaan ilma namaarratti qabaniidha. Islaamni dhimmota dhalanamaa fi kaayoowwan inni bilisaan murteessu, bareedaa fi badaa, sirrii fi dogongora, dhugaa fi dhara, nihubata. Toofaan kun kaayyoo dhugaa hojiirra oolcha, fedhii nama dhuunfaa ni dhiisa. Haala kanaan, eegasii, waan inni/ishiin qabsooftuuf ykn soqxu, sababa yaadni seera Islaamaa (al hukm) yaada dimokraasii seera paartii caaluuirraa adda ta'eeti. Bakka san yaadni marii waliinii (Shuura) dhimmoota barbaachisaa hawaasichaa hunda keessattii fi bilisummaa dhimma haqaarratti yaada waljijiiruu fi furmaata rakkolee ibsa. adeemsa kana keessatti barruulee ergaa (wahy) qofa barsiisuun , seerota uumamaa fi fedhiilee hawaasichi barbaadu hundi xiyyeffannaa keessa galuu qabu.

Adeemsi kunii fi kaayyoon marii, kanaaf, isaan dimokraasiitiin ala, haalota walfakaatu keessa jiraatanis walfakaatus, fedhii murtee paartii caaluutiin bulan, dhugaa ta'uu isaa shakkiin jiraatus, ykn yoo murteen dhimma waliigaltee (Ijmaa'a) irratti waliigalteen dhabamus. Akka haqaatti, tilmaamni jiru yaadni waliigalaa isa sirriidha.

Dhaabbanni marii fi sirnoonni isaa, ragaalee buufaman kessatti dhugaa barbaaduu , ibsa uumamaa fi seerota uumamaa keessatti, amala yaada kanaa ibsuu qaba. Sababa kanaaf mariin, dhaabbilee dimokraasiirraa adda ta'uu fi adeemsota sochii murteessoo fedhiwwanii fi yaadota paartiilee bulchiinsa waliinii irraayis adda ta'a.

Eegasii, yoo sirni siyaasa Islaamaa tooftaa fi kaayyoowwaniin isa sirna dimokraasii warra dhihaarra adda ta'e, dhaabbilee sirna siyaasa Islaamaa adda addummaa san ibsuu (calaqqisiisuu)f dirqaman (qaban). Kanaaf murteessaan sirni siyaasa Islaamaa bilisummaa filannoo fi wantoota isa faana (duuka) deeman of keessatti qabatuu yoo qabaatu, bilisummaa amantii, yaadaa fi gurmaa'ina sochii hawaasa fa'a dabalata. Yeroma walfakkaatutti, wanti murteessaan sirnichi waliigaltee hawaasichaa fi yaada isaa ibsuu qaba. San keessaa tokkoo hin mijatu, yoo bakka bu'oonti dhugaan filaman (gahumsa qaban) gorsaa fi qajeelcha dhaabbileen isaan gargaaran kennaniif hojiirra oolchan malee. Agarsiisni adeemaa jiru wanti mul'isuu qabu sababoota barbaachisummaa mul'ata waliigalaa kan yaalii sirnoota hubachuuf godhamuu fi isaan biroo wajjiin waldorgomsiisuuti. Kun mallattoolee gurguddoo sirna Islaamaa isaan bu'uuraa walitti qabuu fi muxannoolee akkeessuun ala ta'an gara garaa (kanneen tooftaalee fi kayoowwan) iaasnii isa kan hawaasa Muslimaarra adda ta'uu beekuuf nu gargaaru.

Egaa, eegasii sirna kamtu dame siyaasaa keessatti qor-qalbii Islaamaa sirritti ibsa? fi sirnichi akkamitti argama ykn dagaaga?

Sirni Islaamaa shakkii tokko malee kan adda baafamu haalotaa fi gahumsaalee yaadaa fi dhaabbataa wabiin kan kennamuuf ta'uu isaati. Akkasumas, tooftaalee barnootaa, kaka'umsa dammaqiiinsa siyaasaa fi sirna siyaasa Islaamaa fi dhaabbilee gargaarsaa fi seera tumiinsaa muxannoon barbaachisaadha. Ijaaramni paartiilee siyaasaa kan irratti hundaa'uu qabu gahumsaa fi jijiirama yoo ta'u, mul'anni

Islaamaa akka gorsaa fi muxannoon raggaassifamu godha. Kana jechuun sirni Islaamaa sadarkaalee hooggansaa hunda of keessatti qabata; akkasumas, qaamota gorsaa fi seera tuman hedduus qaba; fedhiwwan qabatamaas dabalatee.

Haalli yaada siyaasaa ittiin ibsatani fi dhaabbanni siyaasaas kan jijjiiraman ta'uu qabu; bakka bu'oota hawaasichaa filataman akka siyaasaa karaa sirriitiin jabaataniif jecha. Egaa, paartileen siyaasaa sirna siyaasaa Islaamaa kan fakaatan gareelee paarlaamaa yoo ta'u, callisuu ykn ijjannoo paartii ibsuu malan. Deebiin gareelee sanii kan hundaa'u kaayoowwan, waliigaltee fi ilaachotaa argaman hubachuurratti yoo ta'u, gorsa mariirraa argamerrattis hundaa'uu danda'u.

Tasa tarkaanfilee haalaan barbaachisoo kan aanga'oota biyyoota Muslimaa takka takkan yeroo ammaa fudhaman, paartilee siyaasaa kan isaaniitiin ala akka ijaaraman hayyamuu dabalatee, namoota muraasa gaggeessota Islaamaarraa gara aangoo bulchiinsaatti galchuu (fuuchuu) isaaniiti. Egaa, gaggeessitoonni Muslimaa ofitti amananii fi hawaasa biratti kabaja qaban qaroomaa fi hubanna siyaasaa fi dhugummaa isaa tolchanii hubataniiru.

Misoomni (guddinni) kan mul'ate jirenya siyaasa ammaa keessatti gara waan biyyoota 'guddatan' irraa wanti ifa ta'u akka hawaasichi jirenya siyaasa isaa toowachuuf gahee isaa bahuu fi malaammaltummaarraa eeguudha. Amma wanti barannu akka itti fooramii siyaasaa ijaarruu fi aktiivistoota siyaasaa ijaarruun walabummaa gaggeessa siyaasaa, mueteelee bilisaa fi bakka

bu'ummaa ummata bal'aa fi fedhiwwan waliigala guutuu qabnuu dha. Kunniin cufti xiinxalootaa fi seera-tumtoota ykn baaftota Muslimaa gara filannoolee sirrii fedhiwwan hawaasichaa guutuu danda'anii kakaasuu qaban. Yoo kun dalagame fedhii akkeessuu fi maxxantummaa ni bada.

Dabaliinsa hawaasa Muslimaa fi karaa ummatni isaa addunyarraa babal'ate, lafa, ummattoota, aadaalee fi muxannoolee seenaa yoo ilaalle, wanti siritti hubannu tasa irra gaariin sirna bulchiinsaa isa itti gaafatama qooduun hooggansa lafa Islaamaa naannawatti, biyyaatti fi sadarkaa giddugalaatti federeeshiinii jijiiramuu danda'uun ijaaruudha. Tartiibni akkasii dhimmoota gaggeessaaf haala mijeessuuun hawaasaa fi carraalee itti gaafatama mootummaa keessatti hirmaatuuumma.

Qabiyyeen Islaamaa saayinsii siyaasaa Islaamatii fi sochii siyaasaa Islaamaa hubanna bakka bu'ummaa ammaa tana, dhaabbata seenaa kallattimaan waraabamee haaluma dhaloota Muslimootaa duriin hojiirra oola jedhu ,jijiiruu qaba. Bakka san, bakka bu;ummaan kan hubatamu malu akka sirna jijiiramaa kaayoowwan gurguddotti geessuu ta'ee ijaarsa sonootaa fi qajeelfamoota bu'uuraa kan jirenya dhala namaa, fedhii amantii fi yeroos lammileef kan guutuudha. Bu'uura saniin, gaaffilee Islaamaa gadifageenya qaban sirnoota, adeemsotaa fi dhaabbilee isaatti galchuun dhoowwamuu hin qabu; kaayoo karaa fedhiwwan hawaasichaa dhugaa tajaajluuf deebisanii ijaaruuf jecha.

Namoonni heddu warri bakka bu'ummaa qo'atan wanti argan sirna gogaa (hin jijjiramne) kan giddugalummaa aangoo fi hooggansaati jedhan dhugaan sirna siyaasaa kana hin hubanne. Sirni bulchiinsaa homa ta'ee ta'u, hawaasichi waan amantii fi addunyaaafis isaaf ta'u ofii fedhii isaatiin filatan. Kanatu bakka bu'ummaa dha; gargaarsa hawaasichaas haqa godhata. Barattoonni unkaalee seenaatiif bakka kennuu hin qaban; sababnis jalqaba isaa osoo hin beekin uunka guutuun bu'aa muxannoo dhabuuti.

Leecalloolee saayinsii siyaasaa Islaamaa keessaa tokko, gahee kaayoowwan Islaamaa jirenya hawaasichaa, dhaabbilee isaa, dandeettii isaa,garaagarummaa fedhii fi kallattiilee ilaalchaa, keessatti qaban beekuudha. Ilaalchota oduu fi dhugaa, gara birootiin ammoo, dhimma kanarratti ijaarsa yaad-rimee siyaasa warra dhihaa ijaaruun, sonootaa fi qajeelfamoota jiran tuffatan; sababa isaan haalotaa fi fedhiwwan guyyaa har'aa hin ibsineef jecha.

Egaa, yoo namni dhihaa tokko yakka (ergaa Waaqaa haquu) hojjateef kan dhiifamni godhamuuf ta'e, Islaama keessatti oduu durii himuuf bakki hin jiru. Kaayoowwan, qajeelfamoonni bu'uuraa fi qajeelfamoonni bira Islaamummaa dhufan tilmaamaan ykn malaan miti garuu kan fudhataman uumma fi dhugummaa samii fi dacheen ittiin dhaabbatte irraayi.

Islaamni gosa faallaa jiranii adda baasa: bareedaa fi badaa, dhugaa fi soba, qajeellumaa fi jallina, haqaa fi malaammaltummaa fa'a. Garuu hawaasni Islaamaa yaada ykn

oduu durii akka faalla dhugaatti hin ilaalu. Hinumaa, dhugummaa, qajeellumaa fi haqummaatu faallaa sobaa, jallinaa fi malaammaltummaati. Hawaasicha keessatti dhimmoonni kan adda ta'an bu'ura hamma wantoonni faallaa sun nam-tokkee fi hawaasa irratti dhiibbaa godhaniin ta'uu isaati.

Taateen barbaachisaan biraa ammo yaad-rimee Islaamaa ammaa wantoota faallaa fi haalota hawaasa miidhanirraa[durii irraa jalqabee hanga hiika ragaalee buufamanii kara fedhii fi hawwii nama ykn garee siyaasaa tokkoo ykn kan biraajijiiruu] qulqulleessuu dha. Akka haqaatti, kun akka miseenonni tokkummaa (towhid) fi maree durumarraa jalqabee dhimmi hawaasichaa hoogganurraa adda baafamaniidha. Bakka san, beektonni barbaachaa kan turan barruulee fi fakkeenyota seenaa, kan komii siyaasaa maamiltoonni isaanii himatan ittiin furan yoo ta'u, kan hawaasni Muslimaa dandeettii itti gaafatatummaa ergamaa Islaamaa ittin buhu dhabee ajaja isaas dacheerratti hojiitti hiiku dadhabe.

Jirenyo siyaasaa Islaammessuu jechuu dhugaan yaadotaa fi barumsa, obsa bu'uuraa, gaggeessaa fi dhaabbata Islaammessuu jechuudha. Hiikni Islaamessuu sonoota bu'uuraa, kayyoowwan Islaamaa gochaan, jechaanii fi marii Islaamaatiin hojjachuu jechuudha. Kanas, hawaasa barsiisuun, hundee siyaasaa karaa bu'uuraa fi ifa ta'etti qajeelchuu dha.

Dhimmi biraa kan hubachuu nu barbaachisu xiinxala xumuraa kan waa'ee waan ta'e tokko ilaalchota hawaasaa fi beekumsaa keessa galchuudha; murtee siyaasaa fayyadamuun. Akka yaadaatti yoo dubbannu, murteewan akkasii bu'aalee

walitti dhufeenya barruulee buufamanii fi kaayoo ol'aanaa Islaamaa kanuumamaa fi dhugaa ta'anii, ilaalchota, murtiilee fi gochaawwan gaggeessaatin kan raawwataniidha. Fakkeenya kanaatii fi kan keewwanni Qur'aanaa tun buute:

يَأَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا أَطِيبُوا لَهُ وَأَطِيبُوا إِلَيْهِ الرَّسُولُ وَأُولُو الْأَمْرِ مِنْكُمْ ٥٩ اللَّهُمَّ إِنِّي نَعُوذُ بِكَ مِنْ أَنْ يَكُونَ مِنْيَ أَذْنَانُ الْمُنْكَرِ

*Rabbi tole jedhaa, Nabiyyiis tole jedhaa, warra isiniratti angoo qabanis [4:59].*

Akaakuun tole jechuu (eetamuu) fi muxannoo asitti dubbatamee kun tasuma waan gaaffii akaadamii barruulee Qur'aanaa fi Sunnaatti dhiheessaniif hin dhufu, garuu kara walqunnamtii yaalii jidduu barruu fi qabatama gaggeessitoota Islaamaa kutannoo qaban ummata bakka bu'anii hojjataniin, haala isaa dhugaa ibsuunii fi mala gaariin[hikma] fedhii fi dhiibbaa isa qunnamuf deebiikenun ta'a. Yoo kana hin ta'in, barruuleen buufaman (Qur'aanaa fi Sunnaa) diigama, qoqqoodama, jallisaa fi yaada ykn ilaalcha sirrii hin ta'initti geessu.

Hawaasichi gaggeessitoota Islaamaa murannoo qaban kanniin ofumaa akka dhabu godhuu hin qabu. Qajeelumatti, gaggeessa akkasiitiin qofa hawaasichi barruulee waaqarrraa buufaman irraa fayyadama. Yoo yaad-rimee keenya haaromsuutti milkoofne, shakkii tokko malee yaadaa fi bakka ittiin bu'uura hawaasa Islaamaa bal'aa ijaarrurra geenya. Achi booda, bu'uura san iraa, gaggeessi Islaamaa cimaanii fi murataan dhugaan burqa.

Yaad-rimeen Islaamaa waa heddu mul'ise yeroo namoota ciccimoo akka: al Mawardi, Ibni Teeymiyyaa, al Farabii fi Ibni Kalduun, san ammas burqisiisuu mala, tooftaa isaa ijaaruu fi xumuruun karaa hawaasichi qarooma keessatti gahee isaa ittiin bahu uuma.

### **Islaamessuu, Saayinsii fi Teknoolojii**

Sadarkaa duraa jirenya hawaasichaa keessatti, dhiibbaa aadaa fi saayinsii warraa dhihaatiin irratti godhameen, Muslimoonni baratan waa lamarratti dhama'an: jalqaba, amala dhugummaa uumamaa fi seerota waliigalaa; lammata, namummaa uumamaan dhaalan kan namoonnii fi hawaasonni dhugummaa kanaa fi seerota waliigalaa ittiin fayyadaman. Egaa, Muslimoonni baratan qarooma warri dhihaa fi saayinsiin oomishe cufa fudhatan(kuni uumamaa fi bilisa se'anii).

Dhugummaan dhimmaa, garuu, qaroomni warra dhihaa, akkuma qaroomaa fi ummatoota bira, amantaa, xiin-sammuu, qabiyyee fi taateewwan seenaa mataa ofii irraa madda. Misoomni isaa ammas, dhiibbaa isaan ergaa sama'aa amanuu dhabuun ofitti amanamummaa hin qabneen goolama(jeqama), yeroo akka isaan fooyeffaman beekeen asitti. Kanaaf, fedhiwwan ilma nاما meeshaaf qabu dabalaan dhufuun nam-tokkee fi hawwiin isas/ishees qulqullinuma taate. Karaa Kanaan, haadni[wadaroon] gara jirenya amantii geessu cufti citte. Sababa kanaaf yeroo hawaasni dhihaa ummata ofiitiif meeshaa fi kunuunsa (comfort) jabaa kennutti, rakkolee xiin-sammuu

hedduu fi jeeqama hawaasummaatiif saaxilamanii goolamuu fi diigamuutti dhihaatan.

Muslimootaaf akkaan beekuun kan barbaachisu saayinsiin warra dhihaa hundi uumamaan bilisaa miti kan jedhuudha. Akka saayinsiin hawaasaa ifumatti dhimmi addaaf (subjective) ta'e beekuun salphaa yoo ta'e, akka saayinsiin qabatamaas (hard seince) haaluma Kanaan dhugumaan adda ta'e beekuun hin ulfaatu. Adda addummaan yoo jiraate, sadarkaa tokko qofaan. Akka haqaatti, qo'annooleen saayinsii haala tasatiini miti kan gaggeeffaman. Faallaa saniitiin, burqaan namni itti yaadee kaayeffatee ilaalcha sammuu warra dhihaatiin bocamanii fedhii fi kaayoo ofii galmaan gahuuf qofa kan hojjataniidha. Saayinsiileen qarooma alaa hundi kallattii kanaan ilaallamuu qaban.

Kallattii Islaamaatiin yoo hin ta'in, saayinsii waa'ee alloogummaa saayinsii dhugaan haasawuufuu karaan hin jiru. Sababnis, yaad-rimeen Islaamaa, qo'annoo isaa maalummaa uumamaa, seerota uumamaa fi taateewan uumamaa keessatti, mul'ata loogtotaa (rationalist) gabaabaa qofaanii miti kan ilaalu, garuu isa kanattiseera uumamaa kan waliigalaa fi hunda of-keessatti qabatu (beekumsa Qur'aanaa) dabaluun, saayinsiilee fi beekumsi kunniin akka sonaan adda bahanii fi fedhii namaa addunyaa fi aakiraa guutaniin ilaallamuu danda'uu dha.

Beekumsa Islaamessuun akka waliigalaatti, kan saayinsii qabatammaa keessatti, jechuun dirqama meeshaalee fi beektonni (barsiisonni) adda ta'uu qabu jechuu miti. Garuu,

barbaachisummaan ykn murteessummaan isaa qo'annoo saayinsii fi gochaaleetti qajeelchuu danda'u isaati; kan eegasii argannoowwan kunniin fedhii dhala namaa isa dhugaa guutan. Kanaaf, Islaamessuu jechuun kallattii sirii, kayoowwan sirrii fi falaasama sirriiti. Karaa kanaan beekumsi Islaamaa uumamaan haaromfamaa, ijaaraa, sonaawaa, qajeelfamaa fi tokkummaawaa ta'a.

Dhiibbaan (qormaanni) Islaamessuu qunnamaa jiru tokko mul'ata saayinsiin tajjajilaa ilma namaa fi bakka bu'ummaa ti jedhu isaaf dhiheessuu yoo ta'u, yeroo san itti gaafatamni deebisanii of-ijaaruu fi eeggumsi qixa sirrii dacheerratti dagaaga jedha.

Wanti haarawa ta'u, haqatti, gaaddisa qarooma warra dhihaa jalatti, wanti humna lolatiin ykn meeshaa sanyii namaa ariitiin duguugu oomishuun waldorgomuu caalu hin jiru. Tartiiba Kanaan dhugaan yeroo hundaa warra meeshaa lolaa fi humna cimaa ykn qabeenya qabu bira qubatti. Shakkii malee, haalli amma keessa jirru haala qabatama uumamatiin ol deemaa jira. Haqatti, ilmi namaa amma cabsata qajeellumni sama'aa dhaloota boruuf daran barbaacisaa ta'anirra gaheera; bakka tokkummaan mul'ata Islaamaa daddaffiin barbaachisuu fi ijaarsi qarooma fooya'aa fi haarawaa murteessaa itti ta'e.

Fakkeenya jiruun ala, garuu, ilma namaatti wanti ulfaatu mul'ata Islaamaa qabachuu fi hojiitti hiikuun rakkoleef furmaata kaayuudha. Kanaaf, yoo Muslimoonni dirqama ofii bahuun

mul'ataa fi deebiilee sanniin hojiirra oolchan qofa, dhalli namaa gahumsa deebii Islaamaa sirriitti hubata.

## **BOQONNAA JAHA**

### **Islaamaa fi Fuuldura (Hegeree)**

Xumura qo'annoq kanaarratti wanti gadi jabeeffamuu qabu haaromsi hawaasichaa fi dhala namaatiif walqixa barbaachisa. Kanaaf xiyyeefannaa fi tattaaffiileen hojjattootaa fi gageesitoota Islaamaa gara dhimmoota sadan bu'uuraa kanniinii ta'uu qaba:

Fuuldura hawaasichaa, kana jechuun dargaggoota Muslimaa giddutti hojjachuu; Gahee dhaabbilee barnootaa kallatti ilaalcha Islaamaa Islaamessuu fi ibsuu keessatti, akkasumas beekumsa, qaroomaa fi dhaloota haaraa gahumsa qabuu fi ergaa Islaamaa yeroo irra hin dabarre dhala nmaa hundee dabarsuu danda'u uumuu keessatti; Karaa fuuldura qarooma ilma namaaf ta'utti qajeelchuu; itti gaafatama hawaasichaa bahuudhaanii fi adeemsa guddinaa fi yaad-rimee ilma nmaa sirreessuu.

### **Fuuldura Haala Hawaasichaa**

Wanti ifa ta'uu qabu yaad-rimeen hawaasichaa akka har'a jirutti haaromsa barbaada. Qixuma walfakkaatuun xiin-sammuun hawaasichaa akka har'a jirutti rakkoo[mudaa] qaba. Nam-tokees ta'e dhaloonni guutuun odeeffannoolee haaraa fudhachuuf dandeetti qabaatanis, wanti fudhatan sun aartee (fakkeessaa) dha, guutumatti isa adeemsa ijaarsa haala dhugaarraa fagoodha. “Islaamummaa keessatti irra caalaan keessan wallaalummaa keessattis irra caalaa dha , haala hubanna Islaamaa gahaa argateen” jedhan Nabiyyiin. Sababa kanaaf Araboонни bilisaa

kan gammoojiji, eega Islaama seenanii, injifannoo gurguddoo akkasii yeroo gabaabaa keessatti argamsiisan.

Gaheen dhaloota Muslimoota har'aa jalqaba amala qilleensa (naannawa) amma jiruu hubatuu, wanta hojjatamuun danda'amuu fi dandeettii jiru qoratuu, eegasii yaadota hojiitti hiikamuu fi bu'aa qaban dhiheessuu dha. Kun akka ta'uuf mana barumsaa dargaggootaaf fakkeenyaa gaarii ta'u, kan isa keessatti amalaa fi kaayyoowwan fi ilaachota Islaamaarratti amantii hin sochoone (cimaa) horatan ijaaruudha.

Abdiin jiru kan jijjiramni hawaasichaaf ni dhufa jedhu kan hundaa'u baasii(investment) fuulduratti godhamu, qophaa'inna kaka'umsaa fi beekumsaa dargaggootni hojii qarooma waliigalaa fiduurratti godhaniin ta'a. yoo dhaloonni har'aa dirqama ofii bahee dhaloota itti aanu fuulduraaf qopheesse, yoos itti gaafatama isaa milkiin bahe. Gara biraatiin, yoo hojii ofii ofumaa hojjachuuf kutate (murteesse), yoos qabxii fi humna ofis balleesse.

Barbaachisummaan gahee dhaloota ammatin taphatamuu qabuu kan kufu adeemsotaa fi maloota sirrii ta'an kan dhoolata boruu qaruuf gargaaran qopheessuudha. Takka yoo muxannoo kana hubanne, wanti murteessaa ta'u hojilee armaan gadii sadan irratti xiyyeefachuudha:

- Humnaa fi leecalloo hojii ijaarsaa (gaarii) fi qopheessuu (kennuu) fi isaanuma ammo qisaasarraa eeguu

- Yaadota gaggaarii ta'an kallattii ilaalcha Islaamaatiin burqisiisuu
- Leecalloo (qabeenya) jiru gara mul'ata Islaamaa hiikuun meeshaa barumsaatti jijiiruu fi dargaggoota guddisuurratti qajeelchuu (baasii gochuu)

Kana jechuun beektotaa fi gaggeessitoota hawaasichaaf dhaloota ammaatiif wanti hunda caalu haaromsa yaad-rimee Islaamaa kan kallattii ilaalcha Islaamaa sirrii ta'e qopheessuun jalqabuudha.

Sadarkaa jalqabaa kanarratti, hojiin fuuldura hawaasaa ijaaruu kan raawwatuu qabu beektotaa fi dhaabbilee barnootaati; isaan irraa humnoonni haaromsaaf fayyadan burqaa waan ta'eef. Haalota amma jiraniin, eegasii, hawaasichi dhaabbata siyaasaa fi humna ittisaarratti basii basuu kan qabu akka ijaarsaa fi haaromsi isaa ariitiin itti fufuuf qofa.

Yeroo ammaatti itti gaafatamummaan gaggeessitoota hawaasaa hiika misooma xiin-sammuu, barbaachisummaa inni hawaasaaaf qabuu fi wantoota isa argamsiisuuf barbaachisanii maatii fi barsiisotaaf ibsuu qaban. Yoo kun hojjatame, dhaloonni boruu doofummaa fi malaammaltummaa jaarraa hedduuf Muslimootarra qubateen hin miidhaman ykn hin hubaman. Fuuldurri hawaasichaa ifatti kan hundaa'u jijiirama amma gara misooma xiin-sammuu fi beekumsa dhaloota dhufu qaruuf godhamurratti. Akkuma nuti yaalii darggeessa itti gaafaatamaa uumuurratti hojjannuun, galmoota keenyarra qaqqabutti dhihaachaa deemna.

Humnoota yaad-rimee hawaasichaa haaromsuun, mul'ata isaa qoodanii itti dhiheessuun akka dhaabbileen isaa irraa fayyadamantu gochuu uumuun itti gaafatama xiinxalootaa fi hayyoota hawaasichaati.

Ammas, seenaa misooma hawaasaa qoratuun maaltu akka karaa inni qabate kana miidhe, eessatti jallate kan jedhus adda baasuun itti gaafatama xiinxalootaa fi hayyoota hawaasichaati. Yeroo san qofa hawaasichi karaa haaraa baafatee yaadota fuulduura bareeda (dansaa) tti isa qajeelchan uumata.

Bu'uura ykn utubaa yaad-rimee Islaamaa, walitti dhufeenya isaa fi miseensota isaa fi gahee isaan yaada haaraa hawasichaa uumuurratti qaban qorachuunis itti gaafatama xiinxalootaa fi hayyoota hawaasichaati.

Yaad-rimee Islaamaa isa ganamaatti, haqummaa fi guutummaatti deebi'uunis itti gaafatama xiinxalootaa fi hayyoota hawaasichaati. Yoo kun dalagame qofa yaad-rimeen hawaasaa waan qabatama qabu (mul'ata dhugaa) tokko ta'a.

Hundeewwanii fi yaad-rimee Islaamaa qo'achuun itti gaafatama xiinxalootaa fi beektota hawaasaa yemmuu ta'u, barruulee Islaamaa adda ta'an barnoota amantaa qofaan osoo hin ta'in saayinsii jirenyaa fi hawaasaatiiniis hundeessuun. Shakkii tokko malee, yaad-rimeen Islaamaa dandeettii barnootaaf, siyaasaaf, diinagdeef, bulchiinsaa fi walqunnamtii, akkasumas, falaasama saayinsii qabatamaa fi tiyooriitiifis gumaacha guddaa akka kennuudha.

Xiinxaltoonnii fi beektonni hawaasichaa wanti fudhatuu qaban itti gaafatama hawaasicha karaa dura irra turetti[adeemsa sirrii] deebisuu kan isaanii qofa ta'uu isaati. Kanneen biroo cufti ifuma mul'ataa fi gorsa isaanii kana hordofan. Kanaaf, milkaa'inni isaanii yaada dhiheeffachuu keessatti mikaa'ina yaadota sanniin firii itti godhuu danda'uu murteessa.

Sadarkaa ulfaataa hawaasni kessa jiru kanatti itti gaafatamni isaanii warra kan biraa amantii qabanne jedhan kaka'umsa qor-qalbii Islaamaa itti uumuudha. Kun kan hiika qabaatu yoo jalqaba sadarkaa barnootaa gad-aanatti tooftaaleenii fi sonoonni gaggaariin hojiirra oolaniidha.

Kana hojjachuun, barsiiftonni hawaasaa gahee maatiin ijoollee isaanii guddisuu keessatti qabu ilaalu malan. Akka haqaatti, dhimmoota kana keessatti (ijoollee sonaan guddisuu) haadhaa fi abbaan kan dorgomu hin jiru. Yoo bal'ifnu, dagaaginni haalaa[sona] fi amalaa walitti dhufeenyaa maatii fi ijolleerratti hundaa'a. Tattaaffiin (yaaliin) kamuu kan manneen barnootaa fi hawaasaan godhamu, yoo maatiin keessa hin jirre alanuma kufaatiif saaxilama.

Carraan milkaa'inaa kamuu, kanaaf, kan xiinxaltootaa fi beektonni qaban, kan hundaa'u dandeettii isaan dhimmicha gara barnootaa fidanii xiyyeeffanna maatii akka argatu godhanirrattii dha. Yoo sun ta'u, maatii fi mannis bu'aa barbaadamu fiduurratti gahee taphatan qaban. Karaa bu'uuraa Kanaan, eegasii, hawaasichi waan karaa isaarr qubate kana injifatee haaromsaa fi misooma dhaabbileen ykn sirnoonni kamuu fidan tumsa.

## Islaamessuu fi Dhaabbilee Barnootaa

Waa'ee fuulduraarratti mari'achuun guutuu kan ta'u yoo dhaabbileen barnootaa galmoota Islaamessuutti geessan hundi gahee isaanii bahanii fi kallattii sirrataa ijaarsa Islaamaa ijaaraniidha. Xiinxala xumuraa waa'ee gaaga'ama hawaasaa iraatti wanti ifa jiru tokko sonootaa fi yaadota bu'uuraa kan ijaarsa hawaasaa moo'aa (dorgomaa) ta'e hundeessuudha. Ammas wanti ifa jiru tattaaffilee fi wareegamoonni hawaasichi gara siyaasaa fi humna ittisaatiin godhe gonkumaa kophaa isaa boolla hawaasichi dur keessatti kufe keessaa isa baasuu hin danda'u. San irra, galaanni gidduu ummata Islaamaa fi ummattota guddatanii guyyama guyyaan bal'ataa dhufaara.

Hojirra oolmaan qabatamaa kan yaada qaroomina Islaamaa fi sirnoonni dagaagoon isaa hin danda'amu yoo qaamolee fi qorattooni beekumsa Islaamaa fi tooftaaleenis qaama ijaarsa hawaasichaa ta'anii, keessattuu, sirna barnoota Muslimootaa keessa galfaman malee. Kanaaf, badheen jijjiiramaa guddaan, maatii fi naannawa manaa dabalatee, dhaabbilee barnoota hawaasichaati. Ifaatti, yoo ergamni isaanii meeshaa hawaasichi keenya ittiin geeddaramu ta'e,akkuma dhaabbilee alaa akka jaamaatti akkeessanitti itti fufuu hin qaban; ammas, dhaabbileen barnootaa keenya namoota sammuu qaban univarsiilee alaatti erganii maqaa leenjii ykn muxannoo guddifachuu jedhuun dhamaasuu hin qaban. Bakka san, kan xiyyeffachuu qaban naannawa barnootaaf nama harkisu, kakaasu fi sammuu dhugaan guddatte, yaada bu'uuraa fi waa uumtummaa uumu horachuudha.

Yaadni murteessaan ammas, dhaabbileen barnootaa addunyaa Islaamaa keessa jiran barbaachisummaa ofii isaanii beekanii sammuu isaanii jijiiruun ifaan hawaasichaaf of kennanii leecalloo, amantii, yaad-rimee fi kaayoo isaa galmaan gahuuf xaaruu qaban. Yeroo hundaa sagantaalee leecalloo hawasichaa qixa sirriin itti fayyadaman uumuu qabu. Karaa kanaan dhiibbaa jiru qolachuu fi fedhi hawaasa Islaamaa dhugaa guutan.

Ammaan achi fudhatama kan hin qabne dhaabbileen barnootaa keenya saayinsima warra dhihaa fi bahaa qofa hiikanii nuuf dhiheessuun gahaa miti. Hayyoota Muslimatiifis yaadotuma ykn hojiidhuma warra biraa baay'isuu fi irra deebi'anii barreessuun qofatti quufuun gahaa miti.

Dhaabbileen barnootaa addunyaa Islaamaa kan eegaluu qaban dhugaa waliigalaa, waligaltee fi kaayyoowwan Islaamni irraa uumame irraa ta'uu qaba. Kana qaqqabuuf, dhaabbileen kunniin giddugalota, golootaa fi waldaalee dameelee beekumsa cufa keessatti tooftaalee barumsa Islaamaa ijaaruuf hojjatan ijaaruu qaban. Beekumsa Islaamessuun kan eegaluu qabu dame hunda keessatti tooftaalee beekumsaa ijaaruun seensa waliigalaas lafaa kaa'uudha. Hundeeleen kunniin eegasii qo'annoo Islaamarratti hundaa'ee fi tilmaama guddinaa fi dagaagina dhaloota haaraa Muslimootaa qajeelcha kennuu dha.

Milkaa'ina tattaaffilee Islaamessuu damee barnootaa kana fiixaan baasuuf humnoota qo'attootaa, beektotaa, barsiistotaa fi barattootaa gara ijaarama Muslimootaa haaraa kanatti qajeelchuun dirqama ta'a. galmoonni, qabiyyeen Islaamaa fi

madaalaawwan irratti hirkatamuu qabani fi sammuun haarofni ijaaramuu qaba. Eegasii dhaalli Islaamaa fi addunyaa biraa qoqqoodamuu danda'an. Kunniin gosoota yaaliiwwan dandeettii fi bilchina barbaadamu itti dhugoomsaniidha.

Banamiinsi dameelee barnoota Islaamaa kan saayinisii hawaasaa addunyaa Islaamarraa univarsitiilee garii kessatti godhame fakkeenyaaaf dame akka: diinagdee, walqunnamtii, qarooma Islaamaa fi banamuu giddu-galoota qo'annoo kanneen akka yaad-rimee fi diinagdee Islaamaa, aakasumas, saayinsii Islaamaa muraasa barsiisuun (saayinsii hawaasaa akka walqummantii addunyaa Islaamaa, yaad-rimee siyaasaa Islaamaa, siyaasa Islaamaa, misooma siyaasa Islaamaa fi kkf) hundi jalqabbii gaarii kallattii sirrii kara danda'ame hundaan jajjabeffamuu qabaniidha.

Rakkoolee irra hamaa ta'an qorannoolee siyaasa Islaamaa haaraa kanniin irraa qaqqabaa jiran keessaa tokko hanqina galteewwanii (resources) ti. Giddugala, dame, kutaa barnootaa kamuu yoo laalle, kan arginu meeshaaleen isaanii muraasa, nama gahumsa qabus hin qaban.

Sadarkaa kanatti giddugala, kutaa barnootaa banuu, akaakuu barnootaa haaraa barsiisuu osoo namni gahumsa qabu hin jirre, qofti gahaa miti. Ergama kana galmaan gahuuf gahumsa meeshaan gahaan murteessaadha. Yaaliin namuma gahumsa qabu qofarra dirqama kaa'anii dameelee barumsa Islaamaa fi saayinsii hawaasaa akka barsiisan godhoo; eegasii hooggansaan irratti dhiibbaa godhoo (osoo gargaarsa gahaa hin godhiniif), gocha itti

fufuu hin qabne, keessattuu sadarkaa jalqama adeemsa Islaamessuutti. Hayyooni akkasii sun barruulee san siritti bilcheessanii beekuuf yeroo barbaadu; kanaaf hayyoota san itti fe;uu mannaa jajjabeessuu wayya. Kallattiin mikaa'ina adeemsa Islaamessuu beekumsaa fi barumsaa tattaaffii jabaaa ta'ee itti fufa. Dhimmichi dhaabbilema walqunnamtii hawaasaatiin (media) beeksisuurra daran walxaxaadha.

Sadarkaa jalqabaa beekumsa Islaamessuuf barbaachisu dhaabileen barnoota Islaamaa hojiileen armaan gadii hojjachuu qabu:

- Barruulee ergaa beeksisaa (wahy), Qur'aanaa fi Sunnaa qoqqooduu fi tartiibaan kaa'uu; hubannaar barruulee kanneenii fi kaayoolee isaanii qo'attootaa fi barattootaaf galchuu; argama barruulee kanaa fi karaaleen ittiin fayyadamanis tolchuu
- Barruulee adda ta'an, sirreessuu, qoqqooduu fi tartibessuu akka qo'attoonni qabiyyee isaanii hubatan taassisuu. Asitti, adeemsi barattonni Muslimaa dhaala Islaamaa durii ittiin argatan keessaa qaama barbaachisaata'e kan miira eenyummaa fi qulqullummaa aadaa isaan keessatti uumuudha. Yoo kun hin hojjatamin, yaaliin yaad-rimee Islaamaa haaromsuuf godhamu kamuu yeroo gubuudha.

Yuuniversitiileen Islaamaa fi dhaabileen barnootaa beektota muuxannoo qaban, kan saayinsii hawaasaa fi duubaan dhaala beekumsa Islaamaa qaban qacaruu qabu. Sababa qo'annoo fi qorannoo kanaan, mul'ata akaadamii fi toofaa barbaadamu

ibsuu danda'an. Jalqabuuf, giddu-galli qo'annoo fi kutaa eebbfamtootaa dhaabbachuu mala. Tataaffiin itti fufiinsa qabu barattoota eebbfamanii fi qo'attootaan godhamee suuta suuta kaarikulamaa fi barruulee sadarkaalee sirna barnootaa alaa bitaman bakka bu'an qopheessuu qabu. Fedhiin bal'inaan tamsa'ee barruulee sirrii hin taane maxxansuu fi itti fayyadamuu kun kan ibsu yaalii itti gaafatamummaa jalaa miliquuf yoo ta'u, yoo hin ta'in waan milkaa'uuf jecha. Haala kanaan itti fufuu jechuun mufanna dabalataa uuma.

Dhaabbileen barnoota Islaamaa hooggantootaa fi Muslimoota baratan keessatti akka waliigalaatti, waa'ee Islaameessuu, caalmaalee isaa, fi bakkitee caalmaalee sanniinii ajaandaa hawaasichaa biratti qabanirratti kaka'umsa uumuu qabu. Dhaabbileen kunniin ammas hula isaanii namoota saniif banuu qabu; Islaamessuurratti waltajjiilee, konfaransiilee fi barruullee qopheessuunii fi kennun ykn barsiisuun. Dhaabbileen barnootaa ammas ijaarama hawaasa akaadaamii fi maxxansa barruulee akaadaamii barumsichaan walqabatan (academic journals) jajjabeessuu malan. Dhugamatti, yeroon Islaamessuun jecha qofarraa gara qindaa'ee akka addunyaatti ijaarameetti socho'uutti ceessifamu dhufee jira.

Dhaabbileen barnoota Islaamaa amma dirqama qo'annoo fi sagantaalee eebbaa gara barruulee dhimmoota Islaamessuutti qajeelchuu qabu. Karaa kanaan human baratee sadarkaa itti aanuuf barbaachisu oomishuun danda'ama. Ammaan achi yuuniversitiileen keenya namootuma sammuu fi ilaalchi isaanii cehumsa aadaa ormaatiin wareeramanii eeguun hin malu.

Kanaaf, kan adda baafachuu qabnu, karoora qindaa'eenii fi hojii bareedaan itti gaafatamummaa hawaasaa bahuu dandeenya. Karaa kanaan jaalala Rabbii fi sodaa Isaa haqa godhanna.

### **Karaa Fuuldura Dhala Namaa**

Yoo fuuldurri hawaasa Islaamaa sadarkaa milkaa'ina inni haaromsa tooftaa, yaad-rimee, barumsaa fi dhaabbataa, akkasumas bu'uura saayinsii hawaasaa haaraa buufamerraar argaterratti hundaa'e, yoos fuuldurri ilma namaa dhama'ee fi sodaachifamee cufti kan kufu sadarkaa milkaa'inaa Muslimoonni argataniirra ykn irra gahanirratti hundaa'a; fakkeenya jireenya barnoottan islaamaa bakka ba'uurratti.

Islaamni dhala namaatiif sababa jireenya kennaaf (sababa jiraattuu qaba), koodii safuu ykn adabaa kan ittiin jiraatu. Inni ilma namaatiif hubannaa uumamaa fi kallattiilee walitti dhufeenya waliigalaa, kan mul'attuu fi hin mul'anne, kan dhuunfaa, hawaasaa fi addunyaa kennaaf. Islaamni ilmanamaatiif bu'uura hawaasa ijaaramee, dagaagee, eeggamee fi nageenya addunyaa akka argatu godha.

Islaamni dhaabata maatii eega; qajeelfamoota bu'uura haqaa, ofgahuu, itti gaafatamummaa dhuunfaa fi gamtaa, bilisummaa amantaa fi yaadaa, marii [shuura] fi walqixxummaa dhalanamaa (argamaan, fedhiwwanii fi xumuraan) gadi dhaaba. Mul'ata Islaamaa sirrii kanatu dhibee ykn madaa hawaasa meeshaaleyyyii ammayyaa fi hammeenya isaan oomishan yaala ykn fayyisa. Dhugumatti, kufaatiin hamilee hawaasa ammayyaa

namuufuu dhoksaan miti. Gaaddisa meeshaaleyyummaa (materialism) jalatti, addunyaan kaabaa fi kibba, adii fi gurraacha, sooreessaan fi hiyyeessa, furdataa fi huqqataa, koloneeffataa fi koloneeffatamaa, mootii fi gabra jedhamee qoodama.

Hawaasa isaanii keessa dadhabinni hamaan yoo ilaalamu, ummanni guddatan kan addunyaan takkumaa Islaamka fi fedhii guddaa horatanii hin beekan. Sababanis Islaamni dhimmoota dadhabina isaanii san hunda san qurcu of keessatti qabata.

Yaadonnii kunniin qabxiilee lamaan kanaan guduunfamuu danda'an:

### Hawaasa Tokkumma Islaamka

Hawaasni Islaamka bu'uura tokkummaa fi yaada obbolummaarra dhaabbata. Akka Kanaan, kan xiyyeefatu fedhii bu'uura nam-tokkee fi fedhiilee namni sun maatii, ollaa, ummataa fi dhala nammaa waliin qooddatu deebisurratti. Yoo aanga'oonni meshaaleyyii addunyaan ammayyaa falaasama wareeraatti amanan, yoos falaasamni Islaamka, nageenya waliinii falaasama boruuti.

Rabbi akkana jedha:

يَأَيُّهَا النَّاسُ أَنْقُوْرِبْكُمُ الَّذِي خَلَقَكُمْ مِنْ نَفْسٍ وَجَعَلَكُمْ وَحَقَّ مِنْهَا ذَوَّجَهَا وَبَثَّ مِنْهَا رِجَالًا كَيْرًا وَنِسَاءً  
النَّهْنَاءُ : 1

Namoota har'aatiif, nageenyi sodaan humnoota waa hunda barbadeessanii ol'aantumaa ummatootaa, gareelee ykn qubsuma ol'aanaa uumachuuf walfalmanii balleessuun ala kan caaluu mit.

*Yaa namoota! Rabbii keessan sodaadhaa Isa lubbuu takkarraa  
isin uumee eegasii isarraa hiriyyaa uume. Eegasii isaanirraa  
dhiiraaf dhalaa lakkoofsa hin qabne baase [4:1]*

الله عَلِيْمٌ حَيْثُ يَتَابُهُ النَّاسُ إِنَّا خَلَقْنَاكُمْ مِنْ ذِكْرٍ وَأُنْثَى وَجَعَلْنَاكُمْ شُعُورًا وَبَإِلَّا لِتَعْرِفُوا إِنَّ أَكْرَمَكُمْ عِنْدَ

الله أَقْنِنُكُمْ إِنَّ ١٣ لِحِجَّرَاتٍ :

*Yaa namoota! Nuti dhiiraa fi dhalaarrraa isin uumnee ummataa fi  
gosoota isin goone akka walbeektaniif. Haqumatti caalaan  
keessan Rabbi biratti isaan Isa sodaatan [49:13]*

وَمِنْ أَيْنِهِ خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ وَأَخْيَلَهُ أَسْنَنَكُمْ وَالْوَنْكُمْ ٢٢ الدِّرُومُ :

*Mallattoolee Isaa iraa samii fi dachee, ammas garaagarummaa  
qooqaa fi bifaati [30:22]*

وَمَا كَانَ الْكَافِرُونَ إِلَّا آمَةٌ وَجَدَةٌ فَأَخْتَلُفُو ١٩ يَهُنُسُ :

*Namoonni hawaasa tokkoon ala hin turre, garuu eegasii adda  
babahan [10:19]*

وَبِالْوَلَدَيْنِ لِهَسْنَتِهِنَّ وَبِذِي الْقُرْبَى وَالْيَتَامَى وَالْمَسْكِينَ وَالْجَارِ الْجُنُبِ

*Maattii, fira, ijjoolle abbaa hin qabne, kadhattuu, ollaa dhihoo fi  
olla fagoo, fira gara keetii fi kara-deemtuuttis gaarii dalagi  
[4:36]*

مِنْ أَجْلِ ذَلِكَ كَتَبْنَا عَلَى بَنِي إِسْرَائِيلَ أَنَّهُ مَنْ قَتَلَ نَفْسًا بِغَيْرِ نَفْسٍ أَوْ فَسَادٍ فِي الْأَرْضِ

فَكَانَمَا قَتَلَ النَّاسَ جَمِيعًا ٣٢ الْمُهَاجَرَةُ :

*Sababa saniif Ilman Israa' il irratti namni nama biraa ajjeese,  
sababa lubbuu inni balleesseetiin alatti, akka waan dhala namaa  
cufa ajjeeseeti [5:32]*

وَلَا تَنْسُو النَّضْلَ بَيْنَكُمْ ﴿٢٣﴾ القراءة: 237

Jidduu keessanitti arjummaa hin irraanfatinaa [2:237]

وَقُولُوا لِلنَّاسِ حُسْنًا ﴿٨٣﴾ القراءة: 83

Namoota haala gaariin haasofsiisi [2:83]

لَا يَنْهَاكُمُ اللَّهُ عَنِ الَّذِينَ لَمْ يُقْتَلُوكُمْ فِي الْأَرْضِ وَلَا هُمْ جُنُونٌ مِّنْ دِيْنِكُمْ أَنْ يَبْرُوْهُمْ وَلَا يُقْسِطُوا إِلَيْهِمْ إِنَّ اللَّهَ يُحِبُّ عَجَابَ الْمُقْسِطِينَ ﴿٨﴾ القراءة: 8

Rabbiin warra lola isinirratti hin banin kan manneen keessanirraa isin hin buqqisin wajjiin obsaa fi haqaan jiraachuu isin hin dhoowwu [60:8]

وَإِنْ عَاقِبَتْمُ فَعَاقِبُوا بِمِثْلِ مَا عَوْقِبْتُمْ بِهِ وَلَئِنْ صَرَبْتُمْ لَهُوَ خَيْرٌ لِلصَّابِرِينَ ﴿١٦﴾ القراءة: 16

النحل: 126

Yoo ofirraa ittistan, eegasii haala ittiin wareeramtaniin caala hin hammeessinaa. Garuu yoo obsitan, waa'een warra obsaniif daran bareeda taati [16:126]

وَقَاتِلُوا فِي سَبِيلِ اللَّهِ الَّذِينَ يُقْتَلُونَ كُوَّلَا تَسْتَدُوا ﴿١٩﴾ القراءة: 190

Karaa Rabbii keessatti lolaa warra isin lolaniin; garuu daangaa hin dabrinaa [2:190]

فَإِنْ أَنْهَوْا فَلَا عُذْنَى إِلَّا عَلَى الظَّالِمِينَ ﴿١٩﴾ القراءة: 193

Yoo isaan (lola) dhaaban, eegasii hammeenyi akka hin jiraanne warra jallatanirratti yoo hin ta'iniin alatti [2:193]

وَلَا يَجِدْنَكُمْ شَنَعًا فَوْرٌ عَلَىٰ أَلَّا تَعْدِلُوا أَعْدِلُهُمْ أَقْرَبُ لِلتَّقْوَىٰ ﴿٨﴾

*Namoota isinirratti daba hojjatan hin jibbinaa. Haqa hojjadhaa, suntu sodatti (Rabbi sodaachuutti) dhihaataa[5:8]*

وَإِذَا حَكَمْتُمْ بَيْنَ النَّاسِ إِنْ تَحْكُمُوا بِالْعَدْلِ ﴿٥﴾ لِلْفِسَادِ :

*Yoo dubbattan (jecha raga kennitan) haqa dubbadhaa, osoo dhimmi fira dhihootis ta'ee[4:58]*

وَتَعَاوَنُوا عَلَى الْإِيمَانِ وَلَا تَعَاوَنُوا عَلَى الْإِثْمِ وَالْمُنْدَوْنِ ﴿٦﴾ لِلْفِسَادِ : 2

*Gaarummaa fi sodaa (Rabbi) irratti walgargaaraa, garuu yakka hojjachuu fi jallina irratti miti[5:2]*

وَإِنْ طَالِفَنَا مِنَ الْمُؤْمِنِينَ أَفْتَلُوا فَأَصْلِحُوهُ بَيْنَهُمَا فَإِنْ بَغَتْ إِحْدَاهُمَا عَلَى الْآخَرِ فَقَاتِلُوا أَنَّى يَتَعْلَمُ حَقًّا

تَفْعِيلٌ إِلَيْهِ أَمْرٌ اللَّهُ فِي إِنْ فَاءَتْ فَأَصْلِحُوهُ بَيْنَهُمَا بِالْعَدْلِ وَلَا يُسْطِوْنَ إِنَّ اللَّهَ يُحِبُّ الْمُقْسِطِينَ ﴿٧﴾ إِنَّمَا

الْمُؤْمِنُونَ إِلَّا حِلْوَةٌ فَأَصْلِحُوهُ بَيْنَ أَهْوَيْكُمْ وَلَا نُغْوِيَ اللَّهُ لَعَلَّكُمْ تَرْحَمُونَ ﴿٨﴾

*Yoo gareen lama warra Rabbitti amanerraa wallolan, eegasii jidduu isaaniitti nagaya buusaa. Garuu yoo tokko kaanirratti waliigaltee cabsee, isa waliigaltee cabse kana lolaa hanga inni kara seera Rabbiitti deebi'utti. Eegasii yoo deebi'e, giduu isaaniitii haqaan nagaya buusaa, ammas walqixxeessaa, Rabbiin warra walqixxeessu jaalataa. Dhugumatti, warra amanan obboleeyyan. Kanaaf jidduu obboleeyyan teessan lamaaniitti nagaya buusaa ammas Rabbi dhagahaa sababa san rahmata isinii godhinnaa [49:9-10]*

## **Islaamni Beekumsatti Fayyadamuu Ilaalchisee**

Qabxiin kun kan walqabatuun hiika beekumsaa fi karaalee qo'annoonaakaadaamii ittin gaggeeffamaniidha. Yaad-rimeen warra Meeshaaleyii (Materialists) jalqabumaa kan irratti hundaa'u tooftaalee mul'atan, qabatamaa fi kan hin mul'anne ta'ee, muxannoo fi beekumsa qabatama addunyaaraa tiyoorii waa'ee seerota jirenya kanaa fi addunyaas toowatanii qabsiifata ykn baasa. Yaad-rimee kanaaf ergaa buufamte[revelation] gidduu hidhannaan hin jiru. Sababni guddaan kanaa warri dhihaa amantii beekamaa kamittuu amantaa (confidence) dhabuudha. Haalli kun kan mul'ate yeroo barruuleen Kiristaanummaa keessattuu haqamanii, waan hin fakkaanneen, walfaallessuunii fi safuu hin qabneen guutamaniidha.

Walxaxiinsa hawaasummaa ilma namaa fi taateewwan yeroo kamittuu walitti dhufanii amala isaarratti dhiibbaa geessan akkuma hubanneen, wanti nuu gale akka itti saayinsii fi tiyooriin hawaasaa babal'ataa garuu fokkisaa dhufaniidha.

Dabalataanis, bu'aaleen dogongoroota dameelee kana keessatti raawwatamanii kunniin yeroo gabaabatti kan beekaman (hubataman) waan hin taaneef, ammas miidhaa eega qaqqabiisanii salphumatti hiikuun (balleessuun) waan hin danda'amneef, beekumsa Islaamaa adda baasuun taatee cimaa ta'uu jajjabeessuu qabna. Beekumsi Islaamaa beekumsa warra waan mul'atutti amanii (rationalists) fi meebsaaleyiiitii waliigala, keessattu uumamaa fi seerota uumama addunyaay irratti. Calliseetuma beekumsa san walitti qabuu osoo hin taane,

garuu, beekumsi Islaamaa qulqulleesee (adda baafatee) ka'ee ti kan itti fayyadamu; hanqinootni beekumsa isaanii hawaasicha akka hin miineef jecha. [156]

Kanaaf, Muslimni adeemsaalee fi qajeelfamoota gara beeksisaa (*wahy*) buufamanii fi dhimoota bu'uura amala ykn haala hawaasaa ilaalan qaba. Sababa kanaaf kan osoo Muslimni barumsa wahii irratti waanhamaa agarsiisellee, wahyiin isa sirreessuuf oola. Kanaaf, yeroma walfakkaatutti, beekumsi Islaamaa beekumsa qabatamaa (empirical) fi isa kan dhoksaas ergaa beeksisaatiin walitti qabamee, Muslimoonni akka fedhaatti dhimma itti bahan, kan miidhaa hamaa homaatu hin qabne ta'uu qaba. Muslimoonni kanaafuu jirenya ofii fi maatii ofiis haaluma isaanii mijaween adeemsifachuu danda'an. Barruuleen Islaamaa akka xaxaa fi harqootaatti osoo hin taane akka faayaa fi mallattoo jirenya isaaniitti hubatamuu qaban.

Rabbii haqatti ajaja, gaarii dagaluutti, fi firaaf gaarii oolutti, fi Inni waan fokkataa cufa, haqa-dhabdummaa fi fincila irraa dhoowwa [16:90].

Tuqaaleen lamaan kunniin, tokkummaa hawaasa Islaamaa fi beekumsa ofii fayyadamuun, yoo Muslimoonni tolchanii hubatan, addunyaa boruu keessatti akkaan barbaachisoodha. Hawaasni ilma namaa rakkoo har'a raawwatuuf boru gatii kanfaluu gonkumaa hin danda'u.seenaa lolaa (qabsoo) murteessaa keessatti baayinni warra du'anii xinnoma namoota dhibboota caala, ummanni hedduu hin miidhamu yoo ollaanis

gargaaruu baatan. Amma garuu Addunyaan guutuun balaa battala lolaa ta'uuf deemti.

Yoo ilmi nama dandeettii ofii fi pilaanetii irra jiraatus barbadeessuu qayyabate, yeroosan danbiileen akka Qur'aanaa fi Sunnaa keessatti hafuuraan buufamanii akka isa barbaachisan hubata. Yoo kun galeef qofa ilmi namaa diigamaa fi kufaatii boolla gadi fageenya qabdurraa of qusata. Kana keessas kan bahuu danda'u tokkummaa fi fedhii waliiniirratti hojjachuu dha. Galmoota kanneen galmaan gahuuf, Muslimoonni ergama itti ajajaman ykn ergamte hubatuu malan.

وَكَذَلِكَ جَعَلْنَاكُمْ أُمَّةً وَسَطًا لِنَكُوُتُوا شَهَدَاءَ عَلَى النَّاسِينَ ﴿١٤٣﴾ لِقَرْبَةٌ: 143

*Kanaaf Nuti ummata giddu-galeessa isin goone akka ilma namaarratti raga baataniif [2:143]*

فَمَنْ يَعْمَلْ مِثْقَالَ ذَرَّةٍ خَيْرًا يَرَهُ ۚ ۗ وَمَنْ يَعْمَلْ مِثْقَالَ ذَرَّةٍ شَرًّا يَرَهُ ۚ ۗ لِلزَّلْزَلِ : 8-7

*Kanaaf namni waan gaarii hamma ulfaatina atoomii dalage isuma arga, namni daba hamma ulfaatina atoomii dalage isuma arga, [99:7-8].*

Itti gaafatatummaan beektotaa fi xiinxaltoota Muslimaa cufti guddinaaf, yoo namoota biraan guddina islaamaa hubachiisani hawaasa Muslimaa fakkeenya ta'u uumuu danda'an, ofii fi hawaasa isaanii qofa osoo hin ta'in, garuu dhala namaa fi qaroominas bal'inaan fiduu danda'an. Yoo san hawaasa nageenyaa fi eegumsa, tattaaffilee saayinsii fi dagaagina meeshaa fi hawaasa dacheerratti bakka bu'aa Rabbi ajaje san ta'u.

## **Islaamessuun Dhimma Hawaasichaati**

Kayyoon qo'annoo kanaa kan ture haala waliigalaa hawaasichaa fi Muslimootatti fiduun akka isaan rakkolee isaaniirratti mari'atanii furmaata nam-tokkee, haawasichaa fi ilma namaa cufaaf barbaadan gochuudha. Wanti guddaan tattaaffii kanarrraa eggamu kan kallattii kaayoo galma ol'aanaa qabutti qaqqabuuf fayyadu: sammuun Muslimaa akka gaafii of gaafattee yaada sirrii kan duubatti hafiinsa hawaasichaatiif sababa ta'e xiinxaltuuf.

Wanti ifa ta'uu qabu, ammas,hawaasni fedhii leecalloo, carraalee ykn sonootaa hin qabu. Bakka san, kan dhabe tooftaa fudhatama qabuu dha. Akka haqaatti, rakkoleen hawaasichaa kan walqabatan ilaalcha walxaxaa, mul'ata hawaasaa haguugamaa, barnoota sirrii hin taanee fi hanqina qabuu fi akka waliigalaatti kufaatii (dadhabiinsa) dhaabbilee isaati. Bu'aan argamu qoqqoodamuu fi qabatamaanis akka gabra dadhabee laamsha'eetti walitti sunturra'uudha.

Wanti abdatamu Islaamessuun waliigalatti, Islaamessuun beekumsaa keessatti, dhimmoota daran barbaachisoo ta'anii ajandaa hawaasichaa kan baroota dhufanii ta'uu dha. Ammas kan abdatamu gaggeessi sochiilee Islaamaa kan ammaa Islaamessuu akka waan kaayoo ykn tattaaffilee isaaniitti gufuu ta'uutti laaluu hin qaban. Inumaayyuu, tarkaanfiin siyaasaa fi walitti qabiinsi yaadota ykn namoota isa raawwachiisuu danda'aniin ala godhaman qisaasa.

Rakkoo kana akka rakkoo hawaasichaatti hubachuu qabna; akka sadarkaa qophaa'inaa kan keessa darbanitti; osoo inni bakka sirrii qaroomina addunyaa ittiin hoogganu irra hin gahin. Kanaaf, dhimmi waa'ee gara aangootti dhufuutii mit, ykn naannoo tokko bulchuu, ykn paartii siyaasaa ijaaruutii mit. Yaad-rimeen wanta sadarkaa bu'uuraatti hojjatu, kan hojii kamuu raawwachuuf gahumsa qabuu fi bu'aawwan amansiisoo fiduu dha.

Ammas yaadni bu'uuraat tattaaffileen dame adda addaarratti godhamaa jiran walitti fidamanii tokko kan biraagargaaruu danda'uu qabu. Dhimmi tokkoof isa kan biraarra caalmaa kennuun, akkuma yaadatamu, dhimmoonni kuunniin dhiifamuu ykn irraanfatamuu qaban jechuu miti. Kanaaf, ammatti tattaaffileen siyaasaa kamuu godhamaa jiraatanis, tattaaffileen gara barumsaa fi beekumsaas godhamuu qaba. Akka haqaatti, tattaaffileen siyaasaa uumamaan akka ofirraa ittisuutti hubatamanii akka hawaasichi ofii fi leecalloo (qabeenya) ofiis ijaaree sammuu ofii haaromsuu fi beekumsa ofiis cimsatu godha.

Dhimmi biroo asi irratti ibsamuu qabu tokko hojiin barnootaa sadarkaalee fi bal'ina ofii qabaatuudha. Kanneen keessa warra bu'uuraati; kan akka warra tooftaa, qo'annoobEEKUMSAA fi falaasamaa fa'a. kanneen keessa ammas warra: hojii qabatamaa, tarsiimo, sadarkaa jijiiramaa fa'a. Rakkoleen hawaasichaa, kan irratti jabeeffamuu qabu, kanarra bu'uuraa fi walxaxaa kan ta'eedha. Milkaa'inni sadarkaa qabatamaa fi hojiirra oolmaatti argamu utubaa tooftaaleen sadarkaa bu'uurrarratti itti fayyadaman sirrii ta'uu gadi fageenya qabaachuu

mul'isa. Kun kan ibsu waan yaadonni 'Abdurrahmaan Al Kawaakibii kitaaba isaa kan 'Ummu Al Qura' jedhu keessatti ibsaman, kan naannawa waggoota dhibba tokkoo dura barreeffaman addeessaniin wal fakkaata. Kunis, Islaamni ittiin bayyanatu bal'inaan kan lafa kaa'e yoo ta'u, kan isa wahitti geessu argannoowwanuma xixinnoo naannawarraa argaman, kan guddina hawaasichaaf akka waliigalaatti homaa hin fayyadne ta'uu ibse. Bakka san, kan yaadamu hojiin haaromsa Islaamaa sadarkaa addunyaatti akka qormaataatti akka hojjatamuuf tattaaffileen itti fufuu qabaniidha.

Shakkiimalee, yoo dhimmoonni kunniin xiinxaltootaa fi hayoota hawaasichaatiif ibsaman, yoo isaanis dhugumaan ergaa kana bal'inaan hawaasichaaf dabarsuuf muratan, yoos dhimmichi qabamee akka qeenqee dungootti faca'a. muxannooleen (barnoonni) seenaa kara Kanaan jira ifa; ummanni yaadota sirrii fi xiinxala qulqulluu qaban isaan akka galotti dhoohanii argannoowwan haarawa fidaniidha. Garuu, yeroo muraasa booda, haalli yeroo hundaa ni jijjiirama.

Xiinxaltootaa fi hayyooni hawaasichaa dirqama kan xiyyeffachuu qaban, muranno fi kutannoon, haaromsa hawaasichaa gaggeessa isaarratti. Kanaaf, fedhii Rabbii yoo ta'e, hawaasichi fuuldura ofii ni ijaara, kara kallattii haaraattis ni qajeela.

Guduunfuuf, Rabbiin malaa fi qajeelluma nuuf haa kennu; gataa (balfa) keessatti gatamnerra hawaasichaa fi dhala namaa

cufaa haa baasu; warra dhugaa dalagu, kan waamicha dhagahee gaarii isaa hordofu nu haa taassisu.

Galatni kan Rabbiti, Uumaa Addunyaati!!



Giddu Gala Odeeffannoo Islaamaa

Waliin gahumsa

Islaamaa: ABIM

## KITAABNI KUN

Kitaabichi walitti dhuseenya Qur'aanaa fi Sunnaa, akkasumas gadi fageenya gaggeessummaa siyaasaatii fi hayyoota amantii hawaasichaa gidduu jiru ibsa. Akka barruun kun jedhutti, koloneeffataa Awurooppaa fi kufaatii sirna Kilaafaa hordofee adda bahiinsa geggeessitoota amantii Islaamaa fi geggeessitoota siyaasaatu dhufe. Kun gartuulee akka Ismaaa'iyyaa Qaadi'aaniyyaa fi gosummaa fa'a uume. Booda yeroo addunyaan industirii fi teknoolojiin dagaagetti, hawaasni Muslimaa eeggataa ta'ee hafe. Burjaajin tures gara caalu rakkoo hubannooti jedha.

Rakkoo kana jalaa bahuuf: surmaata Islaamaa kan bu'uuraa ykn asaalaa barbaaduun saayinsiwwan Shari'aa fi al-Shari'aa, saayinsiwwan hawaasaa fi dhaabbilee barnootaa Islaamessuun hawaasa deebisanii ijaaruu feesisa jedha. Akkeessuu fi fakkeessuu osoo hin taane, beekumsa Islaamaa of danda'aa saayinsii hawaasaa Islaamaatiin argame barbaadas jedha.

Fuuldura hawaasichaa bareechuuf, tattaaffiileen hojjattootaa fi gageesitoota Islaamaa dhimmoota sadan bu'uuraa irratti hundaa'uu qabu jedha: humnaa fi leecalloo hojii ijaarsa namaa qopheessuu fi kunuunsuu, yaadota gaggaarii burqisiisuu fi qabeenya jiru gara mul'ata Islaamaa hiikuun meeshaa barumsaatti jijjiruu fi dargaggoota guddisuurratti baasii gochuudha. Kanaaf, yoo fedhii Rabbii ta'e, hawaasichi fuuldura ofii ni ijaara, kallattii haarawattis ni qajeela, beekumsi Islaamaa uumamaas haaromfamaa, ijaaramaa, qajeelsamaa fi tokkummaawaa ta'a jechuun xumura.